



**BULCHIINSA MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA**

**KAROORA IMALA BADHAADHINAA WAGGAA SADII  
(2015 – 2017)**

**KOMISHINII KAROORAA FI MISOOMAA OROMIYAA**

**MUDDEE 2015  
FINFINNEE**

KOMISHINII KAROORAA FI MISOOMAA OROMIYAA

**KAROORA IMALA BADHAADHINAA  
WAGGAA SADII (2015 – 2017)**

MUDDEE 2015  
FINFINNEE

## **Seensa**

Mootummaan Naannoo Oromiyaa guddina dinagdee itti fufiinsa qabu mirkaneessuifi badhaadhina uummataa dhugoomsuuf karoora Imala Badhaadhinaa (KIB) qopheessee hojiiti hiikaa jira. Galmi guddaan *KIB* misooma dinagdee qulqullina qabu itti fufiinsaan mirkaneessuu fi hiyyummaa balleessuun jiruu fi jirenya uummata keenya sadarkaa guddinaa fi badhaadhinaatti ceesisuudh.

Yaadni badaadhina bal'aa yoo ta'u badhaadhinni milkaa'ina, jiruu fi jirenya fooyya'aa, mijahina haala kan agarsiisuu fi yaadni bu'uura badhaadhinaa, badhaadhina dinagdee fi hawaasummaa kan hammatuudha. Falaasama *Ida'amuu* keessatti badhaadhinni soona isa ijoo yommuu ta'u lamiileen fedhiwwan bu'uuraa fi walabummaa isaanii itti fufiinsaan akka guuttatan humna kan horachiisuudha. Milkaa'inni KIB kallattiwwan kanaan kan ilaallamuu waan ta'eef karoorri misoomaa qophaa'u bu'uura kana akka qabaatu taasisuun barbaachisaadha.

Waggoottan lamaan dabran (2013-2014) hojiirra oolmaa *KIB* keessatti milkaa'inootaa fi bu'aawwan hedduu argamanii jiru. Misooma dameewwan dinagdee fi hawaasummaa keessatti maniwwan *KIB* haala gaariin milkeessuun kan danda'ame yoo ta'u humna guutuun yoo socho'ame kana caala hojjechuun akka danda'amu muuxannoon kan irraa argameedha. Gama biraatiin, bakka raawwiin keenya gadi aanaa ta'ee fi maniwwan KIB milkeessuu hin danda'amnetti hudhaalee jiranu adda baasuunii fi toftaa raawwii keenya irra deebiin ilaaluun akkasumas carraa qabnu babal'isuun yaada haaraan milkaa'ina dabalataaf hojjachuun barbaachisaadha.

Karoorri irra deebiin fooyya'ee qophaa'e kun yaadama KIB irratti hundaa'uun bu'aawwan sadarkaa sadarkaan eegaman dhugoomsuu fi haala jijiirama qabatamaa fiduu dandeessisuun kan qophaa'eedha. Dokumantii kun boqonnaa shan kan qabu yommuu ta'u Boqonnaan Tokkoffaa waa'ee Karoora Imala Badhaadhinaa fi Boqonnaan Lammaffaa bu'aa gamaaggama raawwii KIB waggaalamaarratti kan xiyyeffateedha. Haaluma walfakkaatuun, Boqonnaan Sadaffaa KIB waggaaladii (2015-2017), Boqonnaan Afur haala hojiirra oolmaa KIB fi Boqonnaan shanaffaa hordoffii fi gamaaggama KIB kan qabatededha.

Kanaafuu, galma barbaadame dhugoomsuuf karoora keenya waggaan waggaan qophaa'u karoora fooyya'ee qophaa'e kana waliin walsimsiisuun hojiirra oolmaa isaatiif qindoominaan hojjachuun barbaachisaadha.

## Ergaa Komishinaraa

---

Mootummaan Naannoo Oromiyaa misooma hawaas-dinagee itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf Karoora Imala Badhaadhinaa (KIB) qopheesse hojiitti hiika jira. KIB jijiirama bu'uuraa gama dinagdee, hawaasummaa, siyaasaa fi bulchiinsa gaarii galmeessisuurratti kan xiyyeffatee fi ce'uumsa caaseffama dinagdee fi jijiirama hawaasummaa (economic and social transformation) dhugoomsuuf yaadota haaraa fi dhimmoota ijoo ta'an irratti kan hundaa'e ta'uun ifaadha.

Waggoottan dabran, haala qabatama siyaasaa fi dinagdee adunyaa fi weeraara dhukkuba COVID-19 irraa kan ka'e dinagdeen gooroo keenya tasgabbaa'aa fi madaalawaa ta'uu dhabuun sochii dinagdee irratti miidhaa uumeera. Haa ta'uut; hojiirra oolmaa KIB waggoottan lamaan dabranii keessatti (bara 2013 fi 2014) bu'aawan gaarii abdii namaaf kennanii fi fuula duraaf muuxannoo ta'uu danda'an argamaniiru. Rakkoo umamaa fi namtolchee garaa garaa keessa taa'uun carraa misoomaa keenya bal'ifachuun sochii taasisaa turreen bu'aawan gaggaariin akka galmaa'an taasisuun danda'ameera.

Milkaa'inoota argaman kana keessati hirmaannaan hawaasa keenyaa bakka ol'aanaa kan qabuu fi galmoota badhaadhina dhugoomsuuf abdii guddaa kan namatti horuudha. Harras, rakkolee gurguddoo gama dinagdee, siyaasaa fi hawaasummaatiin nu qunnamaa malan dandamachuun imala badhaadhinaa eegalame itti fufsiisuuf hojjachuu qabna. Karoora keenya waggoottan sadan dhufanii keessatti hojiiwwaan harca'anii hafan itti dabaluun yeroo hafe keessatti gahumsaan raawwachuun manniwwan KIB waggaa shanii (2013-2017) bira gahuuf hojjatamuu qaba.

Jijiirama eegamu dhugoomsuuf, karoora keenya bu'aa waliigala KIB fi jijiirama dhufuu maluu waliin walqabsiisuu akkasumas dhimmoota ijoo ta'an irratti xiyyeffachuu hojjachuu barbaachisa. Kanaafis, hawaasni Naannoo fi deeggartootni misooma keenyaa har'as akkuma kaleessaa qooda isaanii akka bahan taasisuun dhimma murteessaadha.

Walumaagalatti, Naannoo keenya keessatti jijiirama eegalame kallattii hundaan bu'aa qabeessa taasisuuf carraalee misooma hedduu waan qabnuuf, yaada haaraa fi humna guutuun yoo sochoone badhaadhina hawaasa keenyaa akka mirkaneessinu abdii guddaan qaba. Kanaafuu, sadarkaa hundatti tumsa keenya cimsuun jijiirama Naannoo fi hawaasa keenyaa dhugoomsuuf tokkumman akka sochoonu waamicha dabarsuun barbaada.

## Cuunfaa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa misooma dinagee qulqullinaa fi itti fufiinsa qabu fiduuf Karoora Imala Badhaadhinaa (KIB) qopheesse hojiitti hiika kan jiru ta'uun ni beekama. Oromiyaa sadarkaa badhaadhinaatti ceesisuun fayyadamummaa hawaasa keenya kallattii hundaan mirkaneessuun dhimmoota xiyyeffannoo KIB keessa isa ijoodha. KIB jijiirama bu'uuraa gama dinagdee, hawaasummaa, siyaasaa fi bulchiinsa gaarii galmeessisuurratti kan xiyyeffatee fi ce'uumsa caaseffama dinagdee fi jijiirama hawaasummaa (Social Transformation) dhugoomsuuf yaadota haaraa fi dhimmoota tarsiimo'aa ta'an irratti kan hundaa'eedha.

Waggoottan lamaan dabran, hojiirra oolmaa *KIB* keessatti milkaa'inootaa fi bu'aawwan hedduu argamanii jiru. Akka waliigalaatti, misooma dameewan dinagdee fi hawaasummaa keessatti maniwwan taa'an haala gaariin milkeessuun kan danda'ame yoo ta'u humna guutuun yoo socho'ame kana caala hojjechuun akka danda'amu muuxannoon kan irraa argameedha. Milkaa'inni waggoottan laman dabran galmaa'es rakkoo uumamaa fi nam-tolchee akka adunyaa fi biyya keenyaatti mudataa turan keessatti yommuu ta'u keesumaa akka Naannoo keenyaatti gaaga'ama rakkoo nageenya, ongee fi dhimmoota garaa garaa keessatti bu'aan kunneen galmaahuun abdii gaarii kan namaan kennsuudha.

Hojiirra oolmaa KIB wagga lamaa keessatti, dinagdeen Naannoo Oromiyaa g/galeessaan %7.8n guddachaa kan ture yoo ta'u, guddina dinagdee itti fufinsaan galmaa'aa jiru kana caalmaatti itti fufsiisuuf waggoota sadan dhufan waggaatti gidduu galeessaan filannoo isa bu'uuraatiin %8 fi filannoo g/galeessaatiin immoo %8.8n akkasumas filannoo ol'aanaatiin %10.4n akka guddatu ni tilmaamama. Guddina kana keessatti gumaacha sektarootni qaban yemmuu ilaallu, qonnaa fi kanneen qonnaan walqabatan gahee ol'aanaa kan qabaatan yoo ta'u, kutaan dinagdee kun yeroo karoora kana keessatti g/galeessaan waggaattii filannoo isaa bu'uuraatiin %7.1, filannoo isa giddugaleessaatiin %7.5 fi filannoo isa ol'aanaatiin %9 akka guddatu ni tilmaamama.

Haaluma walfakkaatuun, xiyyeffannoo addaa misooma induustiriif kennamee jiruun guddinnii industirii yeroo karoora kana keessa g/galeessaan waggaatti filannoo isaa bu'uuraatiin %9.5, fi filannoo isa giddugaleessaatiin %12.3 fi filannoo isa ol'aanaatiin %16.6 ta'ee keessumaa industiriin manufaacharinigii filannoowwan sadan kanaan wal duraa duuban %9.6, %12.3 fi %14n akka guddatu ni eegamaa. Haaluma walfakkaatuun, tajaajilli filannoowwan sadan kanaan walduraa duubaan %8.5, %8.7 fi %9.4n n akka guddatan tilmaamamee jira.

Guddina dinagdee naannichaa keessatti ce`uumsa caasaa dinagdee fiduuf hojiin eegalamee jiru cimee yoo hojjatame, gahee kutaaleen dinagdee hundmataa omishaalee keessa qaban filannoo isa bu'uura, giddugaleessaa fi ol'aanaatiin; qonni %43.7, %43.6 fi %43.5; industiriin %15.7, %16.3 fi %17 akkasumas tajaajillii %40.9, %40.6 fi %39.9 akka ta'u tilmaameera.

Qonni bu'uura dinagdee keenyaa ta'uun hubatamee misooma qonnaa qorannoo saayinsaawaa akkasumas hojimaata fi teknolojii fooyya'aan deeggaramee oomishaa fi oomishtummaan guddatee waabiin midhaan nyaataa akka mirkanaa'u, oomishaaleen biyya alaatii galan kan biyya keessaa bakka bu'an akkasumas misooma qonnaa keessatti maddi caarraa hojii bal'aa akka uumamuf xiyyeffanna ol'aanaatiin ni hojjetama. Keesumaa, milkaa'ina misooma qonnaa argamaa jiruuf hojimatni kilaasteraan misoomsuu gahee ol'aanaa kan gumaachee jiru yommuu ta'u misooma kilaastara babal'isuun murteessaadha.

Wabii midhaan nyaataa mirkanneesuf sochii taasifamaa jiru keessatti, carraa gama misooma qonnaatiin jiru babal'isuun oomishaa fi oomishtummaa qonnaa keenya dachaan dabaluun murteessa ta'uun ni beekama. Haaluma kanaan, waggoottan laman dabran kallattii ijoo qabamee hojjetamaa jiru keessaa inni tokko rooba qofa eeguu caalaa qabeenya bishaan lafa irraa fi lafa jalaa fayyadamuun misooma jallisii saffisiisuu yommuu ta'u; muuxannoowwan gama kanaan argaman qindeessuun bu'aa ol'aanaaf kan hojjatamu ta'a. Gama kanaan, oomisha gahaa ta'e oomishuun qamadii gabaa biyya alaatiif dhiyeessuuf sochii taasifamaa jiru milkeessuuf qindoomina ol'aanaan ni hojjatama.

Qonnaan/horsiisee bulaan oomisha harkaa gara afaniitti oomishuu keessaa bahee kuufama galii argatuun gara dameewwan oomishitootaa birootti ce'uun abbaa qabeenya akka ta'u hojjechuu barbaachisa. Damee qonnaa keessaa jallisii xixiqqaa fi gurguddaa babal'isuu, dhiyeessii galtee qonnaa fi faayinaansii fooyyessuu, misooma Ashaaraa Magariisaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa, fi oomishaalee midhaanii gurguddoo irratti xiyyeffatamee kan hojjetamuudha.

Haaluma walfakkaatuun, gahee qabeenyi beeyladaa dinagdee naannicha keessatti qabu olaanaa ta'uun beekame oomishtummaa beeyladaa ol'guddisuun wabii nyaata sadarkaa maatiitti mirkaneessuu fi sagantaa maaddii madaalawaa dhugoomsurra dabree qixa qabeenya jiruun kutaa dinagdee kanaarraa fayyadamaa ta'uuf karoorfamee jira.

Akka Naannootti, waliin gahiinsa bishaan dhugaatii qulqulluu fooyyessuuf haaluma hojjatamaa jiruun uwvisaa bishaan dhugaatii naannoo keenyaa bara 2014tti %80.23 (magaalaa %78.43;

baadiyyaa %82.03) gahee jiru xumura bara 2017tti gara %87.34 (Baadiyyaa %87.95 fi Magaalaa %84.06)tti kan guddatu yommuu ta'u uummatin baadiyyaa mil. 33.18 fi magaalaa mil. 5.88 waliigala ummata naannoo keenya keessaa mil. 39.06 ta'an bishaan dhugaatii qulqulluu kan argatan ta'u.

Lammii naamusaa fi amala gaarii qabu horachuufi ijaarsa sirna diimookiraasii fi bulchiinsa gaarii dhugoomsuuf baruumsi shoora ol'aanaa akka taphatu ta'uun ni beekkama. Misoomni barnoota keenya bu'uura guddina dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa ta'uun imala badhaadhinaa eegalame akka saffisiisuuf carraa barnootaa baba'lisuu, qulqullinaa fi walgiitinsa barnootaa mirkaneessuu, ga'umsa keessoo barnootaa fooyyeessuurratti xiyyeefatamee ni hojjatama. Gama kanaan, BSTD babl'isuun lakkofsa barattootaa dabalaan jiruun istaandardii hira barataa daree fooyyessuurratti ni hojjatama.

KIB keessatti milkaa'inni misooma barnoota keenya ittiin madaalamu keessaa inni ijoon dhaloota sadarkaa adunyaatti dorgomuu danda'u uumuu yommuu ta'u sochii taasifamaa jiru kana keessatti gaheen manneen barnoota bultii addaa sadarkaa lammaffaa ol'aanaadha. Gama kanaan, lakkofsa barattoota simataman yeroo gara yerootti dabaluu fi haalli baruu fi barsiisuu sirnaan akka adeemsifamu deeggarsi itti fufiinsa qabu ni taasifama. Akkasumas, sagantaan midhaan nyaataa harcati barattootaa hir'isuu fi qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa waan qabuuf sagantaan kun akka milkaa'uuf qindoomina ol'aanaan ni hojjatama.

Qulqullina barnootaa mirkaneessuuf riifoormii hoggansa manneen barnootaa keessatti jalqabame ittifufsiisuun; manneen barnootaa naannoo keenyatti argaman hundi dura bu'oottaa fi supparvaayizaroota gahumsaa fi kaka'uumsa hojii qabanii fi istaandardii guutaniin akka hogganaman ni taasifamma.

Gama misooma fayyaatiin, dhaqqabummaa tajaajila fayyaa foyyeessuuf bu'uraalee misooma fayyaa babal'isuun tajaajila si'aataa fi qulqullinna qabu kennuu akka danda'aniif meeshalee yaalaa fi humna namaatin guutuu irratti xiyyeefatamee ni hojjatama. Reeshoo baay'ina ogeeyyi fayyaa baay'ina ummata 1,000 jiru keessa bara 2014tti 0.57 irra ture dhuma bara 2017tti 1.71'tti fooyyessuu, reeshoo Hakimoota baay'ina ummata 10,000 keessa 0.28 irra ture gara 1.8tti fooyyessuu, reeshoo baay'ina Narsoota baay'ina ummata 10,000 keessa 4.2 irra ture 7tti fooyyessuufi reetii gadilakkisa hojjetaa 5 irra gara 4.5 xiqqeessuuf karorfameera.

Du'aatii haadholii fi daa'immanii xiqqeessuu keessatti gumaacha guddaa kan qaban kanneen akka, ANC-4, dahumsa haadholii ogeessaan, PNC, talaallii (penta-3, measels-2, fi talaallii guutuu) irratti hojii bal'aan hojjatamaa kan turee fi waggoottan sadan dhufan keessatti milkaa'ina gama kanaan eegamu dhugoomsuuf ni hojjatama. Haaluma kanaan, reeshoo du'aatii haadhoolee (MMR) bara 2014tti 412 /100,000 irra ture dhuma bara 2017tti 279/100000 tti hir'isuu, uwvisa tajaajila kunuunsa da'umsa duraa marsaa 4ffaa (ANC-4 contact) %41 irraa gara %80tti guddisuu, uwvisa tajaajila kunuunsa da'umsa duraa marsaa 8ffaa (ANC-8 contact) %65tti guddisuu, tajaajila da'umsa boodaa guyyaa lama keessatti kennamu %26 irraa gara %70tti guddisuu fi reetii daa'imman du'anii dhalatan dahumsa 1000 keessaa 11 irraa gara 9tti hir'isuuf kan hojjetamu ta'a.

Gama biraatiin, qaala'insi gatii uumamaa jiruun walqabatee dhiibbaa gahu xiqqeessuuuf dhiyeessii qorichootaa fi ri'eejentoota laaboraatoori bu'uuraa ykn barbaachisoo ta'an sadarkaa dhaabbilee fayyaa mootummaa hunda keessatti akka dhiyaatan xiyyeffanna ol'aanaan kan hojjatamu ta'a.

Waggoottan lamaan dabran, hirmaannaa fi fayyadamummaa dubartootaa cimsuu akkasumas miidhaa dubartootaa fi daa'imman irra gahuu xiqqeessudhaaf hojii hubannoo uumuu cinaatti leenjiwwan humna raawwachiisummaa bal'innaan kennamaa kan turan yommuu ta'u dinagdee dubartootaa cimsuuf hojii hojjetamaa tureen dubartootni hedduu ijaarama gamtaa misooma dubartootaa keessatti akka dabalaman kan taasifamee fi waggoottan sadan dhufan dubartoota garee walgargaarsaan ijaaraamanii fi quşanna irratti hirmaatan guddisuu, akkasumas dubartoota WHG 'tti miseensa ta'uun gurmaa'anii jiruu fi jirenyisaanii akka fooyeffatan ni taasifama. Akkasumas, pirojektota misooma dubartootaa bocuun fayyadamummaa dubartootaa kallattii hundaan dhugoomsuuf ni hojjatama.

Gama biraatiin, hirmaannaa dargaggoottaa gama hundaan cimsuun sochii siyas-dinagdee biyya keessatti akka hirmaatanii fi gahee akka qabaatan taasisuun misooma itti fufiinsa qabu mirkaneessuu fi biyya ceesisu keessatti gahee ol'aanaa ni qabaata. Kanaafis, haala mijataa dargaagootaaf uumuu, hojimaata dargaggoottaa fooyyeessuu, fayyadamummaa gama fandii dargaggoottaa jiru guddisuu akkasumas tajaajila lammummaa dargaggoottaa babal'isuun ijaarsa biyyaa keessatti gahee isaanii akka bahan taasisuuf xiyyeffanna KIB waggaa sadiiti.

Nageenyi bu'uura waan hundaa waan ta'eef bakka nageenyi hin jirretti waa'ee misoomaa yaaduun ulfaataa yoo ta'ees; mootummaan Naannoo nageanya hawaasaa mirkaneessuudhaaf

xiyyeffannoo guddaa kennee hojjechaa jira. Ummanni naannoo keenyas sochii nageenya mirkaneessuu fi dimookiraasii dhugoomsuu keessatti dammaqinaan hirmaachuudhaan nageenyi waaraa akka mirkanaa'u ni taasifama.

Haaluma walfakkaatuun, walitti dhufeenya mootummoota naannolee ollaa fi obbolummaa ummata Oromoo fi naannolee ollaa cimsuuf piroojeektii manneen barnootaa Ifa Boruu naannolee ollaa shan keessatti ijaarame fakkeenyummaa gaarii kan qabuu fi hojiin gama kanaan hojjatamu cimee kan itti fufu ta'a. Haa ta'uuti; misooma gama dinagdee, hawaasummaa, bulchiinsa gaarii fi ijaarsa sirna dimokiraasiitiin jalqabaman lafa qabsissuuf yeroo kamiyyuu caalaa xiyyeffanna ol'aanaan kan hojjatamu ta'a.

## **Hiika Jechootaa/Acronyms**

@CMP	At Current Market Price
A.L.A	Akka Lakkoofsa Awurooppaatti
AI	Artificial Insemination
AIDS	Acquired Immune Deficiency Syndrome
ANC-4	Anti Nathal Care 4-times
BEF	Buufata Eegumsa Fayyaa
BGO	Biirroo Galiiwan Oromiyaa
BGQGX	Barnoota Ga'eessotaa Qindaa'aa Gocharratti Xiyyeffate
BID	Barnoota Idilee Duraa
BLTO	Barnootaafi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa
BMG	Barmaatilee Midhaa Geessisan
BMO	Biirroo Maallaqaa Oromiyaa
BSTD	Barnoota Sadarkaa Tokkoffaa Duraa
CPR	Contraceptive Prevalence Rate
CRC	Cluster Resource Center
CRGE	Climate Resilient Green Economy /Dinagdee Misooma Magarisaa
EDHS	Ethiopian Demographic Healthy Survey
EGRA	Early Grade Reading Assessment
FDI	Foreign Direct Investment
GDP	Growth Domestic Product
GPI	Gender Parity Index
GPS	Geographic Positioning System
GSANN	Gocha Seeraan Alaa Namoota Naannessuu
GWH	Gumii Walgargaarsa Hawaasaa
HCT	HIV Councilling and Testing
HDI	Human Development Index
HGN	Hundumtaa Galii Naannoo
HON	Hundamtaa Oomishaa Naannoo
ICT	Information Communication Technology
ICU	Intensive Care Unit
IGA	Income Generating Activities
IMX	Interpiraayizoota Maayikiroo fi Xixiqqaa
KBB	Koolleejjii Barnoota Barsiisotaa
KGT	Karoora Guddinaa fi Tiransifoormeeshinii
KIB	Karoora Imala Badhaadhinaa
MIS	Management Information System
ODF	Open Defecation Free
OUEAP	Oromia Utility Electric Access Program
PCDP	Pasturalist Community Development Program
PPP	Public Private Partnership
RHD	Reettii Hirmaannaa Dilboo
RMDD	Raayya Misooma Damee Dubartootaa
RSHD	Reettii Simannaa Hirmaannaa Dilboo

RSHQ	Reettii Simannaa Hirmaannaa Qulqulluu
SDGs	Sustainable Development Goals
SMBKT	Sirna Madaallii Bu'aa Karoora Tarsiimoo
STI	Sexual Trasmitted Infections
SWGDB	Sagantaa Waliin Gahinsa Daandii Baadiyyaa
TEI	Tajaajila Ekisteenshinii IMX
TQO	Teeknoolojii Quunnamtii Odeeffannoo
UNESCO	United Nations Educational Scientific and Cultural Organization
WALQO	WaldaaLiqii fi Qusanna Oromiyaa
WHG	Waldaa Hojii Gamtaa
WKTIT	Wiirtuu Kenna Tajaajila Iddoo Tokkoo
WLQB/HB	Wirtuu Leenjii Qonnaan Bulaa/Horsiisee Bulaa

## Baafata

### Qabiyee ..... Fuula

Seensa .....	iii
Ergaa Komishinaraa .....	iv
Cuunfaa.....	v
Hiika Jechootaa/Acronyms .....	x
Gabateewwan.....	xvi
Boqonnaa Tokko: Karoora Imala Badhaadhinaa .....	1
1.1 Badhaadhina.....	1
1.2 Yaada ka'uumsaa Karoora Imala Badhaadhinaa .....	2
1.3 Kaayyoolee Karoora Imala Badhaadhinaa.....	3
1.4 Toora Xiyyeffanna KIB.....	4
1.5 Kallatiwwan KIB (Strategic Themes).....	12
Boqonnaa Lama:Bu'aa Gamaaggama Raawwii KIB Wagga Lamaa.....	19
2.1 Dinagdee Gooroo .....	19
2.1.1 Guddina Dinagdee Naannoo .....	19
2.1.2 Qusannoo fi investimentii .....	19
2.1.3 Faaynaansii Mootummaa .....	20
2.1.4 Hojii dhabdummaa fi hiyyummaa.....	20
2.1.5 Qaala'insa gatii .....	21
2.2 Misooma Qonnaa .....	23
2.3 Misooma Invastimantii fi Ce'umsa Caasaa Dinagdee .....	34
2.4 Bu'uraalee Misoomaa .....	40
2.5 Misooma Magaalaa.....	44
2.5 Misooma Hawaasummaa .....	48
Boqonnaa Sadii: KIB Wagga Sadii (2015-2017) .....	56
3.1 Karoora Dinagdee Gooroo .....	56
3.1.1 Guddina Hundamtaa Omishaa (GDP).....	56
3.1.2 Gahee Kutaalee Dinagdee 'GDP' Keessaa .....	57
3.1.3 Qusannoo fi Investimentii.....	58
3.1.4 Galii Nam-Tokkee .....	59
3.1.5 Faayinaansii Mootummaa .....	59
3.1.5.1 Galii Naannoo .....	61

3.1.5.2 Tilmaama Fedhii Faayinaansii .....	62
3.1.5.3 Fedhii Faayinaansii Sektaroota Hiyyummaa Hir'isanii .....	63
3.1.6 Kenna Tajaajila Lammummaa .....	63
3.1.7 Qalaa'insa Gatii .....	63
3.1.8 Hiyyummaa Hir'isuu .....	64
3.1.9 Hojii dhabdummaa.....	65
3.2. Karoora Damee Misooma Dinagdee.....	66
3.2.1 Misooma Qonnaa.....	66
3.2.1.1 Misooma Midhaanii .....	67
3.2.1.2 Misooma bunaa.....	71
3.2.1.3 Misooma Mi'eestuu .....	72
3.2.1.4 Itti fayyadaama teeknoloojii qonna.....	72
3.2.1.5 Misooma Qabeenya Beeyladaa.....	76
3.2.1.6 Sagantaa Maaddii Guutuu.....	83
3.2.1.7 To'annoo Galteewwanii fi Oomisha Qonnaa .....	84
3.2.1.8 Qorannoo Qonnaa .....	85
3.2.1.9 Babalinaa fi Misooma WHG .....	86
3.2.1.10 Misooma Naannoo Horsiise Bulaa .....	89
3.2.1.11 Misooma Lafaa .....	92
3.2.2 Misooma investimentii fi ce'uumsa caasaa dinagdee .....	94
3.2.2.1 Misooma Investmentii fi Industirii .....	94
3.2.2.2 Insheetiviiwan Misooma Investmentii fi Industurii .....	98
3.2.2.2.1 Misooma Zoonii Dinagdee Addaa .....	98
3.2.2.2.2 Misooma paarkiwwanii industurii (PI) .....	100
3.2.2.3 Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa.....	102
3.2.2.3.1 Misooma IMX.....	102
3.2.2.3.2 Misooma Barnootaa fi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa.....	104
3.2.2.3.3 Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa.....	106
3.2.3 Misooma Magaalaa .....	107
3.2.3.1 Tajaajila Mana Qopheessaa .....	108
3.2.3.2 Hiyyumaa Hir'isuu.....	108
3.2.3.3 Ispeeshaalayzeeshinii magaalotaa.....	109
3.2.3.4 Qulqullinaa fi magariisummaa magaalotaa.....	110
3.2.3.5 Misooma manneenii .....	111
3.2.3.6 Bu'uuraalee Misooma Magaalaa .....	111

3.2.3.7 Qonna Magaalaa .....	112
3.2.3.8 Pilaanii Magaalotaa.....	113
3.2.4 Tajaajila Geejjibaa .....	114
3.2.5 Misooma Daldalaa .....	116
3.2.6 Misooma induustirii konistiraakshinii .....	120
3.2.7 Misooma Albuudaa.....	122
3.2.8 Misooma Aadaa fi Tuurizimii.....	126
3.2.8.1 Misooma Aadaa .....	126
3.2.8.2 Misooma Tuurizimii .....	127
3.2.9 Bu'uraalee Misoomaa .....	128
3.2.9.1 Misoma Bishaanii .....	128
3.2.9.2 Misooma Inarjii.....	133
3.2.9.3 Misooma Daandii.....	135
3.2.9.4 Misooma Jallisii .....	137
3.2.9.4.1 Qorannoo fi Dizzaaynii.....	138
3.2.9.4.2 Ijaarsa pirojektootaa.....	139
3.2.9.4.3 Bulchiinsa Iskiimotaa.....	139
3.2.9.5 Misooma Sululaa .....	140
3.3 Karoora Damee Misooma Hawaasummaa.....	141
3.3.1 Misooma Barnootaa.....	141
3.3.2 Misooma Fayyaa.....	148
3.4 Karoora Dhimmoota Seektaroota Hedduu .....	153
3.4.1 Misooma Dubartootaa.....	153
3.4.2 Misooma Daa'immanii .....	154
3.4.3 Misooma Dargaggootaa .....	155
3.4.4 Hojjetaa fi Eegumsa Hawaasummaa.....	156
3.4.5 Misooma Isportii.....	159
3.4.6 Misooma Eegumsa Naannoo fi Dinagdee Magarisaa .....	161
3.4.7 Misooma Saayinsii, Teknoolojii fi Qunnamtii Odeeffannoo .....	163
3.5 Haqaa fi Nageenyaa .....	165
3.5.1 Ol'aantummaa seeraa fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuu .....	166
3.5.2 Nageenya waaraa mirkaneessuu .....	168
3.5.3 Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa .....	171
Boqonnaa Afur: Haala Hojiirra oolmaa fi Raawwatiinsa KIB.....	173
4.1 Hojiirra Oolmaa Imaammataa fi Tarsiimoowwanii .....	173

4.2 Sirna qophii karoora misoomaa amayyeessuu .....	174
4.3 Humna Dandamanna Balaa cimsuu .....	174
4.4 Kenniinsa tajaajilaa.....	175
4.5 Komunikeshinii Misoomaa .....	177
4.6 Gahee Miidiyaa cimsuu .....	178
Boqonnaa Shan: Hordoffii fi Gamaggamaa Raawwii Karoora Misoomaa.....	180

## **Gabateewwan**

Gabatee 3.1: Guddina dinagdee Naannoo	55
Gabatee 3.2: Gahee kutaalee diangdee	56
Gabatee 3.3: Galii Nam-tokkee, qusannoo fi investmentii	57
Gabatee 3.4: Sassaabbii galii Taaksii	61
Gabatee 4.1: Misooma midhaan gurguddoo	67
Gabatee 4.2: Misooma midhaan gurguddoo qonna Arfaasaa	68
Gabatee 4.3: Misooma midhaan gurguddoo qonna Gannaan	68
Gabatee 4.4: Oomiishaa midhaan hiddaa, kuduraa fi muduraa	69
Gabatee 4.5: Misooma muduraa	70
Gabatee 4.6: Misooma qamadii jallisii	70
Gabatee 4.7: Misooma jallisii idilee	71
Gabatee 4.8: Misooma bunaan	72
Gabatee 4.9: Misooma mi'eessituu	72
Gabatee 4.10: Itti Fayyadama Callaa Guddistuu	74
Gabatee 4.11: Itti Fayyadama Tiraaktaraa fi kombaayinaraa	75
Gabatee 4.12: Misooma sululaa fi eegumsa biyyee fi bishaanii	75
Gabatee 4.13: Dhiyeessii sanyii beeyladaa	77
Gabatee 4.14: Misooma nyaata beeyleeda	78
Gabatee 4.15: Misooma nyaata beeyladaa	78
Gabatee 4.16: Misooma beeyladaa aannanii	79
Gabatee 4.17: Oomisha aananii	79
Gabatee 4.18: Misooma Horii Foonii	80
Gabatee 4.19: Oomisha Foonii	81
Gabatee 4.20: Omisha Gogaa fi Kal'ee	81
Gabatee 4.21: Eegumsa Fayyaa Beeyladaa	82
Gabatee 4.22: Misooma Lukkuu	82
Gabatee 4.23: Oomisha Dammaa	83
Gabatee 4.24: To'annoq qulullina galteewwan qonaa	84
Gabatee 4.25: Misooma Waldaa Hojii Gamtaa	86
Gabatee 4.26: Kaappitaala Waldaa Hojii Gamtaa	87
Gabatee 4.27: Oomishaalee WHG gabaakeessatti	88
Gabatee 4.28: Qophii lafa baadiyyaa	91
Gabatee 4.29: Qophii lafa magaalaa	92
Gabatee 4.30: simannaa pirojektoota investmentii	94

Gabatee 4:31: Carraa hojii uumamu	97
Gabatee 4.32: Bu'uuraalee Misooma magaalaa	111
Gabatee 4.33: oomishaalee midhaan gabaa g/galeessaaf dhiyaatu	117
Gabatee 4.34: Walitti hidhamiinsa oomishaalee gabaa biyya keessaa	118
Gabatee 4.35: Dhiyeessii oomishaalee al-ergii	118
Gabatee 4.36: Adda baafanna fi qorannoo qabeenya albuudaa	122
<b>Gabatee 4.37: Misoomaa fi oomisha albuudaa</b>	<b>123</b>
Gabatee 4.38: Galii misooma albuudaa	124
Gabatee 4.39: Uwwisa bishaan dhugaatii	128
Gabatee 4.40: Baayyina uummata tajaajila bishaan qulqulluu argatu	129
Gabatee 4.41: Ijaarsa iskiimoota bishaan dhugaatii	130
Gabatee 4.42: Misooma saaniteeshinii bishaanii	131
Gabatee 4.43: Waliingahiinsa humna ibsaa	133
Gabatee 4.44: Qabeenaya fi uwvisa daandii	135
Gabatee 4.45: Qorannoo adda baafanna misooma jallisii	137
Gabatee 4.46: Pirojektoota qorannoo jallisii	137
Gabatee 4.47: Pirojektoota ijaarsa jallisii	138
Gabatee 4.48: Hirmaannaa barnootaa	141
Gabatee 4.49: Hirmaannaa barnoota fedhii addaa	142
Gabatee 4.50: Hirmaannaa barnoota aanaalee horsiisee bulaa	142
Gabatee 4.51: Harcaatii barattootaa	143



## Boqonaa Tokko: Karoora Imala Badhaadhinaa

### 1.1Badhaadhina

Mootummaan Naannoo Oromiyaa guddina dinagdee itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf karoora Imala Badhaadhinaa (KIB) qopheessee hojiiti hiikaa jira. Galmi guddaan *KIB* misooma dinagdee qulqullina qabu itti fufiinsaan mirkaneessuun fayyadamummaan uummataa mirkaneessuudh. Badaadhina jechuun yaada bal'aa yoo ta'u milkaa'ina, qabeenya, jiruu fi jirenya fooyya'aa, mijahina haala kan agarsiisuudha. Badhaadhinni haawaasa yaadaan badhaadhee fi qaroomeedha.

Gosootni badhaadhinaa; bilisummaa dinagdee, bilisummaa hawaasummaa, bilisummaa siyaasaa fi guddina kuufama humnaa yoo ta'u bilisummaa dinagdee misooma qulqullinaa fi itti fufiinsa qabu mirkaneessuu yommuu ta'u badhaadhinni siyaasaa jaarmiyaale fi dimokiraasi dagaagee fi hirmaachisaa mirkaneessuurratti kan xiyyeffateedha. Haaluma walfakkaatuun, badhaadhinni hawaasummaa qaabeenyaalee hawaasummaa uummattootaa dagaagsuu akkasumas badhaadhinni guddina kuufama humnaa fi dandeettiwwanii furmaataa biyyaattii kan agarsiisuudha.

Falaasama *Ida'amuu* keessatti badhaadhinni soona isa ijoodha. Badhaadhinni lamiileen fedhiwwan bu'uura fi walabummaa isaanii itti fufiinsaan akka guuttatan humna isaanii ijaaruudha. Badhaadhinni, lammileef fedhiwwan bu'uuraa kan akka; nyaata, dhugaatii, uffata, fi mana jirenyaa akkasumas tajaajila fayyaa, barnootaa fi qulqullinaa guutameefi arguudha.

Yaadamaafi falaasama dinagdee Idaa'amuun ittiin ibsamu keessaa dinagdeen maatii baadiyyaa isa tokkodha. Dilbiin tokkoo tokkoo manaafi namaa kan kanneen biroo waliin walitti idaa'amee humna humna dabalataa kan ittiin uummannuudha. Miseensonni maatii baadiyyaa hundi qabeenya uumamaa, beekumsa, dandeettii, kaappitaala walitti qindeessuudhaan misoomaaf kan oolchaniidha. Idaa'amuu jechuunis kanumadha. Miseensi maatii tokkoo tokkoonsaa, maatiin tokkoo tokkoonsaa, kilaasterriifi mandarri tokkoo tokkoonsaa, yuuniyeeniin hojii gamtaa tokkoo tokkoonsaa kanneen biroorratti idaa'amuudhaan, dabalamuudhaan humnasaa cimsata. Idaa'amuusaatiin humna faayinaansii uummataa; gabaa keessatti humna dorgommii dabalata.

Gama biraatiin, utubaalee badhaadhina kan jedhaman; badhaadhina dinagdee fi misooma itti fufiinsaa fi qulqullina qabu mirkaneessuu, badhaadhina siyaasaa dhugoomsuun hirmaachisummaa dimookraasi fi ijaarsa jaarmiyaalee mirkaneessuu akkasumas badhaadhina

hawaasummaatiin kuufama qabeenya fi horataalee hawwaasaa (social capital) cimsuudha. Bu'uruma kanaan, amaloota dadhaadhinaa yoo jedhamu badhaadhinni;

- hiyyummaa balleessurratti kan kaayyeffateedha;
- jijiiramaa fi fooyya'iina itti fufiinsa qabu mirkaneessuu;
- badhaadhinni furtuudha;
- Rakkolee biyya keenya hidda gadi-fageeffate hiikuu;
- Sadarkaa fi qulqullina jirenya lamiilee itti fufiinsaan fooyyessuu;
- fedhiin hawaasa kan ittiin guutamuu fi
- Badhaadhinni Misoomaa fi ijaarsa sirna diimokraasi waliin adeemsisu;
- Cunqursa nam-tolchee fi caaseffamaa hambisuu

## 1.2 Yaada ka'uumsaa Karoora Imala Badhaadhinaa

Baroottan dabran mootummaan Naannoo guddinaa fi misooma hawaas dinagdee mirkaneessuuf hojjataa tureera. Hojji misoomaa adeemsifamaa turen jijiiramni kan argame ta'ullee sadarkaa barbaadameen jiruu fi jirenya hawaasa keenya jijiirurratti hedduu kan hafuudha. Kanaafuu, jijiirama qabatamaa fiduu fi gaaffii misoomaa bal'aa uummata keenya qixa barbaadameen deebisuun dhimma ijoo ta'a. Mul'ata kana dhugoomsuun fayyadamummaa fi abdii lammii egeree keenyaaf murteessaa waan ta'eef bu'uura kanaaf ta'u kaa'uuf hojjatamuu qaba. Hawaasaa fi Naannoo keenya gara badhaadhinnaatti ceesisna yoo jennu, badhaadhinni mirkaneeffatnaa fedhii bu'uuraa, kan kabajaa, eenyummaa, walqixxummaa fi bilisummaa ennaa ta'u;

- Lammileen fedhii isaanii kan ittiin guuttatan humna galii fi kuufata akkasumas dhimmoota kanneen uumuuf gargaaran humna bu'uuraa, namoomaa fi dhaabbilee ,
- Lammileen dandeettii kuufamaa qaban baasuun itti fayyadamuun waan gaarii uumuu kan dandeechisan kan akka barnootaa, fayyaa fi tajaajilota kanneen fakkaatan qaqqabummaa haqa qabeessaan,
- Lammileen hundi qabaatanis qabaachuus baatan jiraachuuf kan barbaachisan nyaata, mana jirenyaa, bishaan dhugaatii qulqulluu, tajaajila bu'uuraa fayyaa fi barnootaa argachuun,
- Lammileen eenyummaan, amantiin, umrii fi saalaan osoo hin daangeffamin dhimma dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaa irratti dhiibbaa tokko malee walqixxummaan hirmaatnaan isaanii fi
- Dhimmoota gaggaarii armaan olitti ibsaman mirkaneeffachuu sirnoota haqa qabeessa waloon ijaaramaniin ibsama.

Hojiirra oolmaa KIB waggoottan laman dabraan, guddina misooma-hawaas dinagdee galmaa'een jijiiramni dhufe baayyee jajjabeessaa ta'us galma barbaadame bira gahuudhaaf jalqabbiin gaarii kan jiru

ta'uu agarsiisa. Keessumaa guddina misooma hawaas-dinagdee Naannoo keenya kallattii hundaan haqa qabeessa fi madaalawaa ta'uun jijiirama bu'uraa fidurratti hudhaaleen hedduun kan jiru ta'uun ni beekama. Kanaafuu, guddinaa fi misooma hawaas-dinagdee Naannoo keenya kallattii yaadameen sadarkaa ol'aanaatti ceesisuufi jijiirama hunda-qabeessa ta'e fiduuf KIB qophaa'ee hojiitti hiikamaa jira.

Ka'uumsi bu'uuraa KIB (2013-2022) guddina dinagdee qulqullina qabuu fi misooma hawaasummaa fiduun badhaadhina mirkaneessuudha. Karorri kun dhimmoota ijo Badhaadhinni irratti xiyyeffate kunneen bu'uureeffachuun hawwii jijiiramaa hawaasa keenya dhugoomsuuf kan qophaa'eedha.

*KIB* waggaa sadii (2015-2017) kun bu'uura cimaa akka qabaatu taasisuu fi jijiirama barbaadame kallattii yaadameen dhugoomsuuf imaammattootaa fi tarsiimoowwan, Rifoormii Dinagdee Gooro, haala dinagdee fi siyaasaa idil-addunyaa fi biyya keenya, fi waliigalteewan idil-addunyaa fi biyyaa hubanoo keessa akka galu ta'ee jira.

Karorri misooma waggaa kudhanii toora xiyyeffanoowwan tarsiimo'aa, kallatiwwan raawwii fi agarsiiftuwwan gurguddoo kan bu'uureeffateedha. Agarsiiftuwwan kun sosochii mul'ata Naannoo keenya dhugoomsuun jijiirama misooma hawaas-dinagdee kallattii hundaan mirkaneessuuf taasifamu keessatti bakka ol'aanaa kan qaban ta'uun beekamuu qaba. Waan ta'eef, badhaadhina yaadame sadarkaa agarsiftota ijo fi gurguddoo armaan gadiitti filatamaniin kan hubatamuu fi madaalamuu danda'u ta'uun beekamuu qaba. Isaanis agarsiiftuu misooma namaa fi agarsiiftuwwan kanneeniin walqabatan (HDI), agarsiiftuu hiyyumaa gar-hedduu (poverty Analysis) fi sadarkaa itti quufinsa lammileen jireenyarratti qaban (Perception of Wellbeing) dha.

### **1.3 Kaayyoolee Karoora Imala Badhaadhinaa**

Naannoo Oromiyaatti jijiiramni bu'uuraa fi ce'uumsi hawaasummaa fi dinagdee akka mirkanan ufi jiruu fi jirenya hawaasaa keenya akka fooyya'uuf imala badhaadhinaa amma eegalamee jiruu bu'aa qabeessa taasisuuf hojjatamuu qaba. *Imala Badhaadhinaaf* taasifamu keessatti, kaayyooleen itti aanan mula'ata misoomaa yeroo dheeraa galmaan ga'uu keessatti ga'ee olaanaa kan gumachaniidha.

1. Haala yeroo biyyattii ilaalcha keessa galachuun sirna diinagdee gabaan dursamu (pragmatic market based economic system) hordofuu ga'ee fi hirmaanna damee dhuunfaa guddisuun Oromiyaa badhaatuu ijaaru;
2. Diinagdee gooro tasgabbaayaa uumuun guddina diinagdee ariifataa fi ittififiinsa qabu galmeessisuun carraa hojji bala'aa uumuu;
3. Omishtummaa, qulqullinaa fi dorgomummaa dinagdee galmeessuun jijiirama caasaa dinagdee (structural economic transformation) mirkaneessuu;

4. Hammatamummaa hawaasummaa kan mirkaneessan fi qulqullinaa fi qaqqabummaa bu'uuraalee misoomaa mirkaneessuun lammileen abbaa fi fayyadamaa misoomaa akka ta'an gochuu;
5. Sirna kenniinsa tajaajila hawaasaa ga'umsa, al-loogumaarraa bilisa ta'e ijaaruun dandeettii raawwachiisummaa mootummaa cimsuu fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuun fedhii hawaasaa guddisuu fi
6. Sirnoota nageenyaa fi haqaa mirkaneessan ijaaruun olaantummaa seeraa fi mirga namoomaa kabachiisuun nagummaa dhalootaa mirkaneessuu dha.

#### **1.4 Toora Xiyyeffannaa KIB**

Karoora kana keessatti gumaachi dameeleen dinagdee, hawaasummaa fi kanneen biroo galma ga'iinsa galmoota gorguddoo KIBf murteessaa ta'us KIB keessatti iddoowwan xiyyeffannaa addaa keennammeef kanneen itti aananiidha.

##### **1.4.1 Misooma maddi guddina dingdee hedduuminaa (economic diversification)**

Guddina diinagdee saffisaa, ittifufiinsaa fi bu'uura bal'aa qabu galmeessisuuf sirni diinagdee hedduuminaa kan harodofamu ta'a. Hedduumini diinagdee maddi galii fi guddinaa madda tokkorraa odoo hin taane maddoota heddurraa akka ta'u xiyyeffannaa kenna. Haaluma kanaan, qonnaa fi industirii maanufaakchariingii omishaa dabalatee albuuda, tuurizimii fi guddina magaalaa kan bu'uureffate damee ICT akka dabalata madda guddinaa fi carraa hojii uumuutti adda ba'anii jiru.

**Misooma Damee Qonnaa:** waggoottan karooraan darban keessatti raawwiin damee qonnaa jajjabeessaa ta'us damee kana hammayeessuu keessatti qaawwa hedduu mul'ata. Waggoottaan darbanitti guddinni damee qonnaa waggaatti giddugaleessaan guddachaa ture guddina ummatni naannichaa ittiin guddachaa ture kan caalu waan ta'eef jirenyi baadiyyaa fooyya'aa akka ture kan agarsiisudha. Dameen kun roobarratti kan hundaayee fi teeknoolojii hammaya'aa fayyadamuurraatti baaye'ee kan isa hafu waan ta'eef gumaachi jijiirama caasaa dameelee kaaniif gumaachu keessattuu wabii nyaataa mirkaneessuu, galtee industrii dhiyeessuu fi madda gabaa ta'uurratti ammas hanqinoonni kan mula'atanii dha.

Tiransfoormeeshinii qonnaa akaa hin mirkanoofne akkasumas jijiirama caasaa dameewwan kaaniif haala barbaadameen akka hin mirkaneessine kan taasisan hanqina itti fayyadama teeknoolojii, inavastimentiin qonnaa fi humni raawwachiisummaa gadaanaa ta'uu isaati. Rakkoolee gurguddoon damichaa misoomni jallisii babal'achuu dhiisuu fi teeknoolojojin kan deeggarame ta'uu dhiisuu; sirni qindaa'aa bulchiinsaa fi ittifyyadama lafa qonnaa jiraachuu

dhiisuu; sirni burqisiisa, babal'isuu fi tamsaasa teeknoolojii itti fufiinsa qabu babala'chuu dhabuu; faayinaansii fi inshuraansii qonnaa akkasumas invastimantiin qonnaa guddachaa deemuu dhabuu; sirni gabaa qonnaa hammayyaa'aa, haqa qabeessaa fi seera qabaate ijaaramuu dhabuu; misooma qonnaa keessatti sirni hirmaannaa damee dhuunfaa jajjabeessu jiraachuu dhiisuu; dandeettiin raawwchiisummaa ilaalcisee hanqinni dandeettii fi kaka'umsi gadaanaa ta'uu, gurmaa'insii fi hojimaatni walfakkaataa fi wal hin dubbisne jiraachuun hanqinaalee jiran waan ta'eef qonna hammayyeessuun xiyyeffatnaa karoorichati ta'a.

Dameen qonnaa lubbuu eeguu qofaaf aadaan omishuu keessaa ba'ee akka seektara bu'a qabeessaaf hojjetuutti hammayyeessuu fi damee dhuunfaas irratti hirmaachisuun qonna aadaan raawwatamu bakka buusuun barbaachisaa dha. Humna jallisii cimsuun eeggattummaa roobaa jalaa ba'uu, meeshaalee qonnaa fooyya'aan fayyadamuun mekaanaayizeeshiinii damee qonnaa hunda keessatti hojiirra oolchuu, qonnaan bultoota omishtummaan bu'a qabeessa ta'aniif lafa fooyya'aa akka argatan gargaaruufi gara invastimentitti guddisuu; misooma qabeenya beeyladaa cimsuufi hirmaannaan abbootii qabeenya dhuunfaa akka guddatu kan hojjetamu ta'a. [Dabalatan](#), misooma qonna naannoorratti xiyyeffate (Agro-ecology) giddugaleessa godhachuu, sirna omishaa hammayyeessuu; keessattuu ekisteenshini qonnaarratti dameen dhuunfaa akka hirmaatu gochuu, sirna qonna kontiraktii lafa qabsiisuu fi bu'uura seerummaa qabsiisuu, dameen dhuunfaa qabiyyee lafaa amansiisaa ta'erratti qonna akka hammayyeessan gochuun tarkaanfilee olaanoo hojiirra ooluu qabaniidha.

**Misooma Industirii Maanifaakchariingii:** Guddina diinagdee ittifufiinsa qabu fiduu fi diinagdee dhiibbaalee adda addaan hin raafamne ijaaruuf dameen maanifaakcariingii murteessaadha. Waggoottan darban dinagdeen keenya guddina agarsiisaa turus ga'ee maanufaakchariingii hundamtaa oomishaa naannoo keessaa qabu heddu xiqaadha. Guddinni damee kanaa qususaa ta'uun alatti industriiwan xixiqoodhan kan liqinfameedha. Dameen kun galtee biyya alaarraa galanirratti kan maxxane waan ta'eef bu'aan inni fidaa ture dadhabaadha. Dandeettiin omishtummaa maanufaakchariingii dhiyyeessi sharafa alaarratti kan hundaaye ta'uun; walitti hidhaminsi industirii biroo waliin qabu laafaa ta'uu, bu'uuraaleen misoomaa keessattuu dhiyeessiin humnaa, hanqina humna namaa barate, birokiraasi mootummaa walxaxaa fi hidhaa ta'ee fi hanqina dandeettii damee dhuunfaa irraa kan ka'e dandeettiin omishtummaa damee maanufakchariingii %50 gadi akka ta'u godhee jira. Kanaafuu, yeroo karoora dhufu kana keessatti omishtummaa fi saafina damee maanufaakchariingii guddisuun ce'umsa caasaa dhugoomsurratti xiyyeffafnaan kennamee kan hojjetamu ta'a.

Misoomni maanufaakchariingii qabeenya beeyladaa, midhaan dibataa, qabeenya algee fi muduraatti fayyadamuuf dursa kenna. Misoomni damee maanufaakchariingii damee qonnaa irraa galtee fi midhaan nyaataa ga'aa argachuun fayyadamaa yoo ta'u gama biraan dameen qonnaa immoo galtee fi meeshaalee omishaa akkasumas omisha qonnaaf gabaa argachuun walitti hidhamiinsa dameewwanii fi guddina diinagdee fi kallattii jijiirama caasaa mirkaneessuu kan hordofamu ta'a.

Saaffina guddina dinagdee keessatti kan dursaa jiru industiriin konistiraakshinii galteen fayyadamaa jiru baasii guddaan sharafa alaa itti ba'ee biyya alaa irraa kan galuu dha. Kanaaf, misooma maanifaakchariingii keessatti galtee konistiraakshinii biyya keessaatiin oomishuun iddo xiyyeffannaan itti kennamuudha. Dameen konistiraakshiniis adeemsa ijaarsa maanifaakchariingii keessatti ga'ee olaanaa qabaata.

Dameen oomishaa fi konistiraakshiniis albuuda akkasumas qabeenya madda humnaa uuman fayyadamuu fi gama biraan walitti hidhamiinsa dameewwanii uumuun horata dabalataa maanufaakchariingiin, albuudaan, bishaaniin fi elektiriikan akkasumas damee konistiraakshiniin uumamu guddisuun misooma damee industirii akka saffisiisan gochuurratti xiyyeffatnaan ni hojjetama. Sochii kanaan, shaqaxa biyya alaatii galan kan biyya keessaan bakka buusuu, teeknooloiji hammayyaa fi haaraan omisha haaraa fedhii haaraa uumuu, sadarkaa addunyaatti dorgomaa ta'uun sharafa biyya alaa argamsiisuu, hojii dhabdummaa hiri'isuu fi adeemsa keessa madaalli daldala madaalawaa mirkaneessuu galma guddaa damichaa ta'a. Maanifaakchariingii babal'isuuf bu'uuraalee misoomaa waggoota darban diriiran ilaalcha keessa galchuun maanifaakchariingiin dameewwan kaan irraa akka adda hin baane, walitti hidhaminsa cimsuufi fedhii dameewwan kanneenii waliin walitti hidhuun damee omishaa ol kaasun ni barbaachisa. Kana malees, maanifaakchariingii dorgomaa gochuuf galteewan teeknooloiji barbaachisoo ta'an guutuurratti xiyyeffatamee kan hojjetamu ta'a.

Adeemsa hojiirra oolmaa karoora wagga kudhanii keessatti misoomni industirii giddugala guddinaa (growth corridors) bu'uureffateef xiyyeffatnaan kan argatu ta'a. Ijaarsa industiriwwan gurguddaa fi giddugalaa cinaatti industriiwwan maayikiroo fi xixiqqaababali'isuun carraa hojii uumuun alatti galtee warshaalee gurguddaa fi giddugaleessaa dhiyeessuun walitti hidhaminsa akka uumanii fi waliin akka hojjetan xiyyeffannaan ni kennama. Dabalataanis, bu'uuraaleen misoomaa barbaachisoo ta'an giddugaleessota guddinaan dhiyeessuun omishtummaa fi saffinaan dabaluun misoomni maanifaakchariingii akka dhugoomu ni taasifama.

**Misooma damee albuudaa:** akka biyyaattis ta'ee akka naannoo keenyaatti qabeenyi albuudaa jiraatus misoomni isaa sadarkaa gadi aanaa irra jiraachuun isaa duubatti hafummaa keenyaaf sababa tokko ta'uu danda'a. Kanaafis, akka sababaatti investimantiin damichaa baayyinaan, akaakuufi qulqullinaan gadaanaa ta'uu; ragaan uwvisa albuudaa agarsiisu ququllinaa fi hanga barbaadamuun jiraachuu dhabuu, ragaanis yoo jiraate sirni hayyama kennuu, abba qabeenya humna qabu hawwatuu dadhabuu fi damicha

bulchuurratti hanqinni dandeettii jiraachuu; humni namaa baratee fi dandeettiin teeknoolojii dadhabaa ta'uu; damichaaf ilaacha kennuu dhiisuu, hawaasaa hanga dhaabbilee imaammata baasaniitti ilaalchiifi beekumsi investimentii albuudarratti qaban sirrii akka hin turre; dandeettiin hojiirra oolchuu seerota seektarichaa gadi aanaa ta'uun rakkolee damichaa keessaa kan xuqamanii dha. Kanaaf, yeroo karooraan kana keessatti hanqinaalee kana furuun damichi kan isarrraa eegamu akka ba'uu danda'u ciminaan kan hojjetamu ta'a.

Walitti hidhamiinsa dameen albuudaa dameewwan dinagdee biroo waliin qabu cimsuu ilaalchisee kan akka cirrachaa, dhagaa gurraachaa fi Dhagaalee biroo, Imnabaradii, Giraanayitii fi Dhagaan nooraa damee konistiraakshinii fi damee maanifaakchariingiif galtee murteessoodha. Guddina dinagdee biyyaa kan arrifachiisan keessaa dameen konistiraakshinii galtee hanga %70 sonni kan itti dabalamo albuudaalee biyya alaatii galchuun kan fayyadamaa jirru waan ta'eef oomisha biyya keessaan guutuun akka danda'amu agarsiisa.

Dameen albuudaa jijiirama caasaa fiduu keessatti ga'ee olaanaa yoo qabaatu walitti hidhamiinsa dameewwanii cimsuu; hammayyummaa qonnaa fi maanifaakchariingii saffisiisuun galteewwan qonnaa fi maanufaakchariingii biyya alaarraa galan bakka buusuun albuudaalee seeraan ittifayyadamuu, sona itti dabaluun guddina diinagdee keessatti ga'ee ba'uu, jijiirama hawaasummaa ittifufiinsa qabuuf damee deeggaru taasisuun itti fayyadama misoomaa fi qabeenyaa walqixa ta'e mirkaneessuu fi industirii albuudaa dorgomaa ta'e ummuun jijiiramni caasaa akka dhufu xiyyeffannaan ni kennama.

**Misooma damee tuurizimii:** Dameen kun guddina hawaasummaa fi dinagdee biyya tokkoof kennu daraan olaanaa dha. Naannoon keenya qabeenya uumamaa fi aadaa boonsaan kan beekamee dha. Barreen darban garuu qabeenya kana haalaan itti fayyadamuurratti hanqinaalee guddaatu mul'achaa ture. Iddoowwan hawwata tuuristii ta'an haalaan qorannoorratti hundaayanii misoomanii faayidaa biyyaaf fiduurratti kan argaman hin turre. Gahumsi tuuristii fedhii hundaa haala guutuu danda'uun geejjiba, iddo bulmaataa, nyaata, tajaajila teeleekoom, baankii, haara galfannaa daandii cinaa, iddo dhiqanna, sadarkaan isaanii kan eeggome daandii miilaa kkf kan guutamanii miti. Damee kanarratti warra hojjechaa jirani fi haaraa irratti hirmaachuu barbaadaniif onnachiiftun haala gahumsaa qabuun jiraachuu dhabuu fi humni namaa barate damee kana bu'a qabeessa taasisuu danda'u industirii kanaaf kan hin dhiyaanne waan ta'eef qabeenyi kun hojiirra ooluu akka hin dandeenye godhee jira. Kanaaf, rakkolee xuqaman kana furuun faayidaa damicharraa argamu malu akka argamu dandeechisuun murteessaa ta'ee fudhatamee jira.

Waggoottan kurnan dhufanitti iddoowwan hawwata tuurizimii adda baasuu fi misoomsuu, bu'uuraale misoomaa ga'umsa tuurizimii cimsuu, kanneen turan cimsuu fi omisha tuurizimii akaakuun babal'isuun gabaa haaraa uumuu, haala mijataa investimentii uumuu fi sirna onnachiiftuu diriirsuun carraa hojii uumuu, sharafa biyya alaa argamsiisuu, galteewwan muraasarratti fi bu'uuraalee misoomaa

rawwatamaniin dameewwan heddu kakaasuu keessatti ga'ee olaanaa waan qabuuf xiyyeffannaan akka kennamuuf ta'ee jira.

**Damee Misooma “ICT” madda guddina dinagdee taasisuu:** Guddina diinagdee heddummina bu'a qabeessa taasisuuf teeknooljii fi ce'umsi beekumsaa kan akka "ICT"tti irratti hirmaachuun murteessaa dha. "ICT" fi teeknooljii fakkaatteewan biyya alaa irraa galchurra biyya keessatti misoomsuun guddinaa fi misooma diinagdee akka saffisiisan haalan ni hojjetama. Kana malees, diinagdee dijitalaa ijaaru; kan hojiirra jiran hojii "e-governace" mootummaa, waradaa neetii, sagantaa konneektiivitii baadiyyaa fi dhiyeessii intarneetii mootummaa baadiyyaatti kif misoomsuu, bittaa teeknooljii, ittifayyadama faayinaansii fi loojistikii guddisuu, paarkii "ICT" fi ikoo siistamii misoomsuu; "ICT"n beekumsa, ogummaa fi barnoota sadarkaa olaanoo babal'isuurratti xiyyeffatnaan kennameefii kan irratti hojjetaman ta'u.

#### **1.4.2 Misooma damee faayinaansii ittifufiinsaa fi dhaqqabamaa**

Waggoottan darban bu'a qabeessummaan pirojektootaa odoo hin ilaalamin hojiitti galamuun isaa piroojektootni yeroo yaadamee fi baasii tilmaamameen xumuramuun dhiisuun hanqina qabeenya fiduun alatti pirojrktootni akka harkifatan godhee jira. Waggoottan karoora kurnan dhufan keessatti rifoormii dhaabbilee misoomaa gaggeessuu, dandeettii qabeenya sassaabuu cimsuu, walitti dhufeenya dhuunfaa fi mootummaa jajjabeessuu fi bulchiinsi faayinaansii mootummaa akka cimu xiyyeffannaan kan hojjetamu ta'a. Damee faayinaansii olaantummaa baankii daldalaattiin qabamee ture dhaabbileen faayinaansii kanneen biroos akka itti hirmaatan taasisuun dhaqqabummaan tajaajila faayinaansii akka babal'atu gochuu fi sirna faayinaansii dijitalaa diriisuun iddo xiyyeffannoo ta'u. Humna faayinaansii cimsuun madda amansiisaatti ceesisuu, qulqullinaa fi faayidaa faayinaansii dabaluu fi qisaasama hiri'isuu, qusanno biyya keessaa dhaabbilee baadiyyaa hanga magaalaa jiran keessatti babal'isuu, humna faayinaansii invastimentii alaatiin cimsuu akkasumas galii biyya keessaa sirna taaksii hammayan deeggaruun xiyyeffannaan ni kennama.

#### **1.4.3 Bu'a qabeessummaa humna namaa**

Qabeenyi guddaan biyya tokkoo ummata. Misooma ittifufiinsa qabu akkasumas badhaadhinni kan mirkanaayu bu'uurri humna namaa ti. Guddina misooma diinagdee, bu'uuraalee misoomaa fi misooma hawaasummaa amma irra geenyeef akka bu'uratti kan fudhatamu humna namaa baratee dha.

Waggoottan darban gama misooma damee qabeenya namaatiin bu'aaleen gaariin heddu galmaayanis gama ququllinaan, haqa qabeessummaa fi dhaqqabummaatin hanqinaaleen heddu galamaayaniiru. Gama damee barnootaan hirmaanna barnoota idileen duraa, hirmaatnaan qulqulluu sadarkaa tokkoffaa marsaa lammaffaa; sadarkaa lammaffaa hirmaannaa dilboo fi qulqulluun; barnoota qophaa'inaa hirmaannaa dilboo fi qulqulluun akkasumas waliin gahiinsa barnoota olaanoo akkaataa istaandaardii addunyaatiin gadi aanaa dha. Akkasumas, irra deebii fi addaan kutuu barnootaa galmaayan gadaanaa ta'uun isaa

xiyyeffannaan kennameefii kan hojjetamu ta'a. Haala walfakkaatuun, gama damee fayyaatiin tarsiimoo dhibee ittisurratti xiyyeffate hordofuun rakkoon fayyaa hawaasaa ittifufiinsaan akka hiikuu danda'e qabatamaan mul'atee jira. Tajaajila fayyaa bu'uuraa waliin gahuu fi qulqullina isaa egsisuurratti tattaaffiin gaariin godhamee jira. Kunis, raawwiin paakeejii ekisteenshinii tajaajila fayyaa bu'aa gaariin akka dhufu gumaachee jira. Kanaanis, tatamsa'ina dhibee daddarboo hiri'issun du'aatii haadholee fi daa'imani hir'isuun danda'ame jira. Baay'ina haadholee mana yaalaan ala dahan hir'isuun du'aatii hadholee hir'isuun danda'amus ammas hanqina hedduutu mul'ata.

Waggoottan darban hanqinni waliin gahiinsaa, walqixxummaa fi qulqullinaa jiraachuu, sirni too'annoo damichaa cimaa ta'uu dhiisuu; dhaabbileen tajaajilaa istaandaardii gadi ta'uu; teeknooloijiin deeggaramuu dhabuu; hirmaannaan hawaasaa fi qooda fudhattootaa, beekumsii fi dandeettiin hanqataa ta'uu; sirni qindoominaan hojjechuu jiraachuu dhiisuu; rakkoo dandeettii fi itti gaafatamummaa bulchiinsaa fi gaaggeessummaa akkasumas hirmaannaan damee dhuunfaa gadaanaa ta'uun rakkolee mul'atanii dha.

Yeroo itti aanutti, damee misooma namaatiin, humna namaa fayyaan, beekumsaa fi dandeettii cimaa fi ilaalcha gaarii qabu uumuun mirkaneeffanna guddina dingdee fi jijiirama caasaa dinagdee keessatti ga'ee olaanaa qaba. Akkasumas, ummata umrii hojii keessa jiru akka dabalu qorannoowwan waan agarsiisanif humna kana fayyummaa isaa eeguun beekumsaa fi dandeettii yeroon gaafatuun ijaaruuf haala mijataa uumuun kan isaanirraa eegamu akka ba'an gochuuf xiyyeffannaan ni godhama. Kanaafis, waliin gahiinsa tajaajilaa, qulqullinaa fi walqixummaa damee kanaa ittiin egsifamu diriirsuu, hordofuu fi too'achuu; dameelee raawwchiistuu waliin hojjechuu, wal deeggaruu, qoranno gaggeessuu fi bu'aaleen teeknoolojii, qoranno fi saayinsii qaqqabamaa gochuuf xiyyeffannaan ni kennama. Waggoottan kurnan karoorichaa dhufan keessatti, sadarkaa hundattuu qulqullina, dhaqqabummaa fi walqixxummaa mirkaneessuun xiyyeffanna addaa ni argatu.

#### **1.4.4 Bu'uuraalee misoomaa qulqullina, dhaqqabummaa fi fayyadamummaa dinagdee ilaalcha keessa galche**

**Bu'uura misoomaa innoveeshinii fi teeknoolojii:** raawwiin karoora yeroo dheeraa keessattuu guddinni diinagdee issaan yeroo gabaabaa fi giddugaleessaa caalaa humna teeknoolojii qabnuun kan murtaayanii dha. Dorgommiin biyyoonni gurguddoon gaggeessan haaluma teeknoolojiirratti hundaayeen biyyoonni akka keenya guddachaa jiranis gara sanatti deemmuuf karaa qaxxaamuraan investimentii damee teeknoolojii fi inooveeshiniirratti guddisutu irraa eegama. Keessattuu, dameen "ICT" akka bu'uura misoomaa ta'uun dameelee kaan ceesisuufi kan gargaaru, ofiin akka industirii dorgomaa, carraa hojii uumuusaa fi ijaarsa humna namaa isatiin xiyyeffatnaan kennameefii irratti hojjetamuun kan barbaadudha. Waggoottan karoora dhufan keessatti diinagdee dijitalaa ijaaruuf karoorfanneef ragaa

innooveeshinii fi teeknoolojii misomsuu fi dhaqqabummaa babal'isuu akkasumas tajaajila "ICT" guddisuun xiyyefatnaan kan kennamuuf ta'a.

Hojiileen sirna humna namaan omishaa jirurraa gara saffina guddina teeknoolojii kan buu'reeffate mekaanaayizeeshinii qonaa fi maanifaakchariingiif bu'uura buusuun, dinagdee damee tajaajila teeknoolojii fi beekumsa bu'uureffate ijaaruun, dorgomummaa innooveeshinii fi teeknoolojii guddisuun iddoowwan xiyyeffanna damichaati. Haaluma walfakkaatuun, bu'uuraalee tajaajila qorannoo fi misooma teeknoolojii oolanoo ijaaruu fi gurmeessuun; dandeettii humna namaa innooveeshinii fi teeknooloijiif oolu guddisuu; qorannoowwan omishaa fi omishtummaa guddisan adeemsisu; teeknooloijiwwan misoomsuu; teeknooloijiwwan rakkoo hiikan madaqsuu; teeknooloijiwwan misooman babal'isuu fi bu'aalee qorannoo fi innooveeshinii dinagdee keessatti olaanaa qaban jajjabeessuu; carraa hojii teeknoolojii bu'uureffate uumuu fi intarpiraayizoota teeknoolojii uumuun qabeenya horachuun xiyyeffannaan kan raaawwataman ta'u.

**Bu'uura misoomaa geejjibaa:** Daandiin sochii diinagdee biyyaaf akka hidda dhiigaatti kan lakkayamu waan ta'eef mootummaan xiyyeffatnaa guddaan itti kennamee babala'achaa turee jira. Daanddiin bonaa fi gannaa heddu ijaaramanis bali'ina naannichaa irraa kan ka'e heddu hafa. Gama misooma bu'uuraalee geejjibaatiin rakkolee ciccimoon baasii guddaa gaafachuu fi hanqina dandeettii raawwachiisummaa ti. Hanqina daangaa kabachiisuu fi kaffaltiin beenyaa saffina xumura piroojektootaa irratti dhiibbaa qabaachuun alatti baasii yaadamee oliin akka raawwatamu kan gumaacha godhanii dha. Raawwiin sagantaa waliin ga'hiinsa daanddi baadiyyaa gandoota baadiyyaa waliin qunnamsiisuuf jalqabamee ture hedduun isaa hanqina maallaqaa fi dandeettii raawwachiisummaa irraa kan ka'e raawwi gadi aanaan akka galmaa'u ta'ee jira. Karoora wagga kudhanii kana keessatti guddina hawaas dinagdee ittififiinsaa fi haqa qabeessaa ta'e mirkaneessuufi fedhii sochii ummataa dabala jiru yaada keessa galchuun bu'uuraalee misooma daandii babalisuun barbaachisaadha. Gama kanaan, daandilee haaraa ijaaruu, kan jiran yeroo isaa eeguun suphuun haqa qabeessummaa fi qaqqabummaa bu'uuraalee misooma daandii mirkaneessuu ta'a.

**Misooma bu'uura Inarji:** Guddina diinagdee saffisaa jiruu fi baay'ina ummataa dabala jiru waliin walqabatee fedhiin inarji heddu dabala deemaa jira. Kana malees, misoomni bu'uura inarji dameelee diinagdee kanneenis kan kakaasuu fi harkisu waan ta'ef damee misoomaa xiyyeffannoon itti kennamuudha. Waggoottan darban humni ga'aan dhiyaachaa waan hin turreef humni ture ciccitaa, hanqataa, dhaqqabamaa fi haqa qabeessa kan hin turree dha. Yeroo karoora kana keessatti tajaajila dhiyeessii humnaa qulqulluu ta'e yeroo fi haala amansiisaa ta'een dhiyeessuuf kan hojjetamu ta'a.

**Bu'uuraalee misoomaa jallisii fi bishaanii:** Misoomni jallisii qonna hammayeessuun omishaa fi omishtummaa dabaluu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Waggoottan darban misooma jallisii

hammayyeessuuf tattaaffiin godhamaa turus damee misoomaa kana guddisuuf ammas hojii hedduu hafa. Kanaaf, yeroo karoora kanaa keessatti damee qonnaa hirkattummaa roobaa jalaa baasun wabii nyaataa hanga sadarkaa maatiitti mirkaneessuu akkasumas galtee ga'aa dameelee dinagdee biroof dhiyeessuun akka danda'amu ijaarsa bu'uuraalee misoomaa gurguddoo fi giddugaleessaa adeemsisuun misooma jallisii babal'isuun oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuun iddo xiyyeffanna ta'ee irratti ni hojjetama. Bishaan dhugaatii jiraattota naannoo kenyaf walii ga'uuf akkasumas industiriwwan fi beeyledootaa walii ga'uuf ijaarsi bu'uuraalee bishaan dhugaatii kan raawwatamu ta'a. Kanaaf, iddo bishaan qulqulluun hin geeny walii gahuu, bu'uuraalee bishaan dhugaatti kunuunsuu fi misooma sululaa qindaa'aa babal'isuurratti xiyyeffannaan kennamee kan hojjetamu ta'a. Dabalatan, hawaasaa fi horsiisee bulaa sababa uumamaa fi nam-tolcheen balaaf saaxilamoo ta'aniif bishaan qulqulluu ta'e haala ittififiinsa qabuun dhiyeessuurratti deeggarsi barbaachisaan akka godhamu ni hojjetama.

#### **1.4.5 Magaalummaa ittififiinsaa (sustainable urbanization)**

Baayi'inni jiraataa magaalaa naannoo kenna xiqqaa ta'us guddinni magaalummaa dabala deemaa kan jiruudha. Guddinni kun jijiirma caasaa fi oomishtummaarratti kan hundaa'e waan hin taaneef akka carraatti osoo hin taane akka sodaatti fudhatamaa kan jiruudha. Babal'inni magaalotaa dhimma karooran oggonamuu qabanii yoo ta'u jijiirma caasaa dinagdee fiduu keessattis carraa gaarii kan uumanii dha. Waaggioottan digdamman darban keessatti ummatni humna oomishaa keenyaa dachaa lamaan kan dabala dhufe ta'uun isaa ummatni baadiyyaadhaa gara magalaatti akka godaanu gochuun hojii dhabdummaan akka babal'atu taasisee jira. Damee misooma magaalaa ga'umsaan gaggeessuuf hanqinni muuxannoo fi dandeettii jiraachuun, uummata baadiyyarrraa gara magalaatti galaa jiru kanaaf carraa hojii uumuu dadhabuu fi hanqinni dhiyeessii faayinaansi magaalaa rakkolee gama kanaan mul'ataniidha.

Kanaaf, waggoottan karoora dhufan keessatti iddo xiyyeffanno magaalaa ta'an keessaa sirna kenniinsa qabiyyee lafaa fooyeessuu, walitti hidhamiinsa magaalotni misoomaa naannoo isaanii fi giddugaleessota misoomaa biroo walii qaban cimsuun omishtummaa guddisu, dhiyeessii lafa misoomaaaf oolu fooyeessuufi adeemsaa deebisanii misoomsuu magaalaa keessatti ittififiinsa misooma magaalaa mirkaneeffachuu, walitti hidhamiinsa mootummaa fi abbootii dhuunfaa cimsuun hanqina mana jirenyaa hiikuu, misooma magaalaa alwalitinsa ta'e cimsuu, bu'uuraalee misooma magaalotaa babal'isuun keessatti kan hammataanii dha. Humna namaa dandeettii fi kaka'umsa qabuu fi teeknooljii bal'inaan, qulqullinaa fi baasii madaalawaa ta'een dhiyeessuufi hojii qindoominaa cimsuu akkasumas hojiileen qunnamtii ragaa gara dijitalaatti guddisu iddoowwan xiyyeffanna kennamaniifidha.

#### **1.4.6 Sirna nageenyaa, haqa qabeessaa fi hammattummaa**

Waggoottan darban keessa rakkoleen nageenyaa, haqa qabeessummaa, dimokiraasii, bulchiinsa gaarii fi hammattummaa qunnamaa akka turan kan beekamuu dha. Dameen haqaa saffina jijiirma mootummaa fi

fedhii hawaasnii haqa bu'uuraa fi gaaffii tajaajila haqa qabeessa ta'e argachuu waliin yoo ilaalamu jalqabbiirra ta'uun, dirqamaa fi mirgi dhalootaa, madaallii mirgaa fi dirqama gidduu jiru eeguu dhabuu fi gaaffii mirgaa humnaan haala gurmaayeen raawwachuuf yaaluu fi seera dhabummaan mul'achuu, walitti bu'uunsi sabaa fi sablammoota giddutti raawwatamaa ture hojii kanarratti qaamolee hirmaatan seeratti dhiyeessuu dhabuun sirna haqaa fi neegeenyarratti qaawwaa uumaa turaniiru.

Waggoottan karooraan dhufan keessatti tajaajila haqa qabeessa, dhaqqabamaa fi cimaa ta'e kenuun guddina misooma diinagdee gargaaruun, sirna tajaajila hawaasaa ga'umsa qabu ijaaaruun, sirna misoomaa fi bulchiinsa humna namaa fooyeessuu, kenniinsa tajaajila hawaasaa damee siiviil sarviisii keessatti jijiirama bu'uuraa akka fidu gochuun iddoowwan xiyyeffatnaan kennamuufiidha. Gama biraan, misooma invastimeentif haala mijataa uumuuf gama nageenyaa, seeraa, haqa, imaammataa fi adeemsa hojjirratti danqaa ta'an irratti fooyya'iinsa taasisuun misooma investimantiif haala mijataa uumuuf kan hoijjetamu ta'a.

## **1.5 Kallatiwwan KIB (Strategic Themes)**

Guddina dinagdee qulqullina qabuu fidun jirenya hawaasa bal'aa akka fooyya'uu fi lammileen hundi haqa qabeessumaan akka fayyadamaan taasisuun guddinaa fi misooma hawaas-dinagdee keenya ttifufiinsa akka qabaatu taasisuun xiyyeffannaa KIB dha. Dinagdeen keenya rakkolee/hudhaalee hedduu kan qabu ta'ullee rakkolee kana keessaa bahuun daandii guddinaa fi badhaadhinaa qabachuuf kan gargaaran carraawan heddu kan jiranu waan ta'eef dhimmoota armaan gadiirratti xiyyeffatamee yo hojjatame jijiirama qabatamaa fiduun ni danda'ama.

### **1.5.1 Guddina dinagdee qulqullina qabuu fi badhaadhina waloo mirkaneessuu**

Baroottan dabran guddinni arifataa ta'e kan galmaa'e ta'us carraa hojii bal'aa uumuu, fayyadamummaa haqummaa qabuu mirkaneessuu, jijiirama caasaa dinagdee fiduu fi walitti hidhaamiinsii seektaraalee (Linkage) jiduutti eegamu mirkaneessurratti hanqinaaleen hedduu kan jiran ta'uun hubatamee jira. Gama biraan tiin, dinagdee keessatti, haalli qala'iinsa gatii, hojii dhabdummaanii fi hanqinaalee dinagdee gooroo irratti mul'atee jirurraa kan ka'e, itti fufiinsa guddina dinagdee keenya gaaffii keessa kan galchee fi uummattarrattis dhiibbaan akka gahu kan taasiseedha.

Dinagdee keenya qulqullina irratti kan xiyyeffatedha yoo jedhamu, hanqinaalee ijoo kunneen sirreessuun hawaasa fayyadamaa guddina dinagdee taasisuudha. Guddinni dinagdee eegamu qama hawaasaa hunda hirmaachisuun fayyadamummaa haqa qabeessa ta'e kan mirkaneessu, haala hiika qabuun jirenya hawaasaa kan fooyyessuu, hiyyummaa kan hir'isu akkasumas

hanqinaalee gama qaala'iinsa gatii fi hojii dhabdummaatiin mudatan kan furmaata kennuu, fi jijiirama caaseffama dinagdee kan dhugoomsuudha.

KIB keessatti xiyyeeffannaan guddaa kennamee kan jiru bu'uura guddina dinagdee fedhiirratti xiyyeeffatee gara dhiyeessii guddisutti ceesisuudha. Kallattiin kun oomisha dabaluuf, qaala'iinsa gatii to'achuu fi waliti-hidhamiinsa duubaa fi duraa (backward and forward linkages) cimsuuf, carraa hojii amansiisaa ta'e uumuu (Decent job) fi hiyyummaa hir'isuun fayyadamummaa haqummaa qabu mirkaneessuuf kan gargaaruudha.

Akkasumas, oomishaalee biyya keessaa akka galteetti fayyadamuu, dhiibbaa sharafa biyya alaarratti mul'atu xiqqeessuu, fi daldala biyya alaa guddisuufi babal'isurratti xiyyeeffatamee kan hojjatamu ta'a. Kanaafis, qonna hammayyaaf, industirii omishaa fi damee albuudaaf xiyyeeffatnoon ni kennama.

### 1.5.2 Oomishtummaa fi dorgomummaa dinagdee guddisuu

Oomishtumma mirkaneessuuf sadarkaalee oomishaa hundaa irratti teekinolojii fayyadamuun, qisaasama galteewan oomishaa xiqqeessuunii fi humna oomishaa qabnu dugugnee fayyadamuun baasii oomishaa xiqqeessudhaani. Walitti hidhamiinsa seektaraalee oomishaa saffisisuu fi cimsuun, sadarkaalee oomishaa hundatti oomishtummaa qulqullina waliin walsimsiisuun dorgomummaan bu'uura cimaa akka qabaatu taasisuun barbaachisa.

Sirna daldala addunya keessatti hirmaachuuf qulqullinaa oomishaa fi oomishtummaa guddisuun dhimma murteessaadha. Akka biyyaatti, omishtummaan seektara oomishaa baayyee xiiqqaadha jechuun ni danda'ama. Dinagdeen keenya oomishtummaa fi ce'uumsa caaseffama dinagdee eegamu waan hin fidneef, oomishni al-ergee keenya omishaalee qonaa soona dabalataa hin qabneedha.

Kanaafuu, humna namaa dinagdee fi dameen omishaa barbaadu qulqullinaan dhiyeessuu, haala oomishaa kalaqa irratti xiyyeeffate hordofuu, galii daldala biyya alaarraa argamu guddisuu fi shaqaxa biyya alaa irraa galan oomisha biyya keessatiin bakka buusuu fi walitti hidhamiinsa duubee fi fuullee (backward and forward linkage) cimsuun uwvisa dinagdee bal'isurratti xiyyeeffatanii hojjachuun dhimma ijoodha.

Dhiyeessii bu'uuraalee misoomaa ulaawwan misoomaa (growth corridors) waliin walitti hidhuu, sirna lojistiikii hammayyaawaa fi si'ataa ta'eef dursa kennuu, fi sirni onnachiiftuufi deeggarsaa haqa qabeessa ta'e akka hundaa'u taasisuun barbaachisaadha. Muuxannoon biyoota dorgomaa ta'an akka agarsiisutti oomishtummaa guddisuuf teeknoloojii fi qorannoon dhimma

murteessaadha. Jijiiramni teekinolojii dhufuu kan danda'u qorannoo itti fuffinsa qabu gaggeessun rakkolee dameewwan keessatti mudatan furuun yoo danda'ameedha. Kanaafuu, mootummaan fedhii teekinolojii dameewwanii sakata'uun teekinoloiwwan oomishtummaa guddisuuf gahee ol'aana qaban mijeessuuf kan hojjatu ta'a.

### **1.5.3 Dinagdee dijitalaa ijaaruu**

Adeemsa guddina dinagdee adunyaarrraa akkuma hubatamutti, xiyyeffannaan teeknoloojii fi dinagdee dijitalaa ijaaruuf kennamaa jiru bakka ol'aanaa kan qabuudha. Biyyi keenya,dinagdee fi daldala adunyaa keessatti hirmaachuufi doegomaa ta'uuf humni teeknoloojii fi dinagdee dijitalaa cimuu qaba. Haaluma walfakkaatuun,sochii gabaa kaappitaala (Capital Market) fi aksiyoonii gabaa maallaqaa hundeessuu fi babal'isuuf taasifamu keessatti dame kanaa cimsuun murteessaa ta'a.

Kanaafuu, bu'uura misoomaa kanaaf barbaachisu, ragaalee innooveeshinii fi teeknoloojii misoomsuu fi dhaqqabummaa babal'isuu, tajaajila teeknoloojii qunnamtii infoormeeshinii guddisuu, teeknoloojii fooyya'insa omishtummaa fi dorgomummaaf oolchuurratti xiyyeffatamee hojjatamu qaba. Bu'uuraalee misoomaa tajaajila misooma qorannoo fi teeknoloojiif oolan ijaaruu fi gurmeessuu, dandeettii humna namaa misooma innooveeshinii fi teeknoloojiif oolu guddisuu fi teeknoloojii bu'uureffachuun carraa hojii uumuu fi intarpiraayizoota teeknoloojii uummuin qabeenya horachuurratti xiyyeffatamuu qaba. Keessumaa, invastimantiin bu'uura misooma dijitalaaf taasifamu misooma barnootaa, fayyaa, qonnaa fi dameewwan biroo irratti gahee ol'aanaa kan qabu ta'uun dagatamuu hin qabu.

### **1.5.4 Ce'uumsa Jaarmiyaalee mirkaneessuu (Institutional Transformation)**

Sirnootni ilaalcha hawaasaa, gahee mootummaa, haala walitti dhufeenya hawaasaa, jaarmiyaalee haala hariiroo mootummaa fi uummataarratti murtoo kennan, seerota jaarmiyaalee kanaan bahan, imaammataa fi tarsiimoowwan, haala aadaa fi amantaa, akkasumas sirna siyaasaa kan ibsuu fi yaada bal'aa ta'e kan qabateedha. Dhimmootni ijoon kanarra maddan keessaa, mirgi namummaa, bulchiinsi gaarii, nageenya, haqummaa fi bilisummaan galmoota gurguddoo fi qajeeltoo badhaadhina yoo ta'an kan akka galii, horata, akkasumas walgiinsi qabeenya badhaadhina safaruuf galtee kan ta'aniidha.

Bulchiinsi gaarii, nageenyi, soona hawaasaa haqummaa fi bilisummaarra maddu, jaarmiyaalee mootummaa fi hawaasaa; seerota, imaammataa fi tarsiimowwan hundinu misooma birootiif humna bu'uraati. Haaluma kanaan, waligalteewwan dimokrataawaa mootummaa fi hawaasa, akkasumas hayyoota siyaasa gidduutti uumamanii fi qophaa'inni mootummaa dhimmoota ijoo bu'ura misoomaa ta'an; nageenya mirkaneessuu, dammaqina hawaasaa uumuu fi miira tajaajilummaa siiviil sarvaantii humna dabalataa fi mul'atni waloo ta'e akka jiraatu ni gargaaru.

Misooma gaggeeffamu keessatti mootummaan, galama oomishtummaa guddisuufi dorgomummaa milkeessuuf dame dhuunfaa kan deeggaru, qindoominaa fi hariroo kan saffisiisuu fi biirookraasiin ogeessota gahuumsa qabaaniin guutame akka jiraatu taasisuudha. Dhaabbileen barnootaa, umrii ijoolummaarraa kaasee, lamiilee amalaa fi naamusa gaarii qaban akka oomishan maatii, hawaasaa fi barsiisota waliin qindoominaan kan hojjatan ta'a. Maatii, gaggeessitoota hawaasaa, abbootii amantaa hirmaachisuunii fi qindeessuun dhaabbileen amantaa fi baruumsi isaanii sochii bal'aa hiyyummaa keessa bahuuf taasifamu cinaa hawaasa hiriirsuurratti akka xiyyeeffatu ni taasifama.

### **1.5.5 Dinagdee damee dhuunfaan durfamuu ijaaruu**

Dameen dhuunfaa humna guddaa misooma keenyaa ta'uun oomisha waligalaa biyyaa keessaa, invastimenti, bobbii hojji, daldala biyya alaa guddisuun akkasumas ce'ummsa teeknoloojii dhugoomsuun badhaadhina mirkaneessuuf gahee ol'aanaa qaba. Mul'ata akka biyyaa fi Naannootti qabamee jiru dhugoomsuuf gahee dame dhuunfaaf xiyyeeffanna kennuun barbaachisaa dha.

Gama kanaan, invastimentiif haal-duree mijessuu fi deeggarsa mootummaarraa barbaadamu adda baasuun abbootiin qabeenyaa biyya keessaa dameewwan murteessoo ta'anirratti akka hirmaatan gochuuf ni hojjatama. Hanqinaalee gama damee dhuunfaan jiranu (humna fi ilaalchaa) hiikuun akkasumas hudhaalee gara fuula durraatti quunnamuu danda'anii fi deeggarsa gama kanaan mootummaarraa taasifamuu malu adda baasuun irratti ni hojjatama. Invastimenti kallattiin alaa dhufu (FDI) jajjabeessuu, walta'iinsi mootummaa fi damee dhuunfaa gidduutti godhamu miira gabaarratti akka hundaayu taasisuu, fi dinagdeen gabaa bilisaa ijaaramuu isaa karaa mirkaneesseen hojjachuu barbaachisa.

Mootummaan kaallatti guddinaa haaraa agarsiisuu, iddoowan murteessoo ta'anii fi dhaabbileen dhuunfaa itti seenuu hin onnannerratti damee dhuunfaa deeggaruu, onnachiisuu fi

hojjetanii agarsiisurratti ga'e ni qabaata (Zonii Dinagdee Addaa, SEZ). Qulqullina fi dhiyeessii bu'uraalee misoomaa fooyyessuun abbootii qabeenya dhuunfaaf akka haalli mijahu ni taasifama. Keessumaa, abbootii qabeenya biyya keessaa gara sadarkaa industiriyaalistiitti geessisuun kutannoo cimaa waan barbaaduuf kana dhugoomsuuf ce'uumsi teekinolojii murteessaadha.

### **1.5.6 Fayyadamummaa misoomaa haqa-qabeessaa taasisuu**

*KIB* keessatti, dhimmi sirna-korniyaa damee dinagdee fi hawaasummaa keessatti xiyyeffannaan addaa argatee akka idileefffamuu fi hirmaaannaan dubartootaa haqa qabeessa ta'e sadarkaa barnootaa hundatti akka mirkanaa'u ni ta'a. Dubartootaa fi dargaggootni carraa fi bobbii hojji irratti akkasumas qabeenya horachuun mirgi abbaa qabeenyummaa isaanii akka mirkanaa'u taasisuurratti xiyyeffannaan ni hojjatama. Gaggeessummaa siyaasaa fi murtoo kennuurratti dubartootnii fi dargaggootni hirmaanna haqa qabeessa ta'e akka qabaataniif kutannoon ni hojjatama. Kanaafis, hubannoo fi ilaalcha hawaasuu cimsuurratti haala itti fufiinsa qabuun kan hojjatamu ta'a.

Haaluma walfakkaatuun, gahuumsa dargaggoottaa ijaaruun sochii dinagdee, hawaasummaa fi siyaasa biyyaa keessatti hirmaanna haqa qabeessa ta'e akka qabaatanii fi dammaqinaan hirmaatan ni ni taasifama. Gama bira tiin, hirmaanna qaama miidhamtootaa fi maanguddotaa misooma dinagdee, hawaasummaa fi siyaasa keessatti guddisuuf ni hojjatama.

Hiyyummaa hir'isuu fi dhiibbaa hiyyummaa sadarkaa sadarkaan jiru xiqqeessuuf seeftiineetii misoomawaa, wabii hawaasummaa fi babal'ina carraa hojji akkasumas tajaajila bu'uraa haqa qabeessa ta'e guddisuuf, fi tajaajilli wabii hawaasummaa hammataa fi hunda ga'eessa akka ta'u ni godhama. Kanaafis, sirna wabii hawaasummaa cimaa ta'e uumuuf ni hojjatama. Haala jirenya horsiisee bulaa fi gartokkee horsiisee bulaa fooyyessuuf bu'uraalee misoomaa fi tajaajila hawaasummaa babal'isuun fayyadamummaan hawaasaa akka cimu ni hojjatama.

### **1.5.7 Dinagdee magariisaa fi balaa dandamatuu ijaaruu**

Biyyoota dinagdeen isaanii qonnarratti hundaa'ee keessatti, jijiiramni qilleensaa guddinaa dinagdee fi hawaasummaa irratti dhiibbaa akka geessisuun ni beekama. Jijiiramni qilleensaa haala roobaa irratti faalla'iinsa gessisuun seektara qonnaa miidhuurra dabree kuufama bishaan lafa keessaa fi jiidhina biyyee akka xiqlaatu taasisa, akkasumas haala dhiyeessii inarjii fi misooma jallisiirratti dhiibbaa geessisuun wabii midhaan nyaataa mirkaneessurratti dhiibbaa fida.

Gama biraa tiin, dhibeewan dadarbboo akka babal'atan ni ntaasisa. Kanarra kan ka'e, waggoottan dabran biyyi keenya ongee fi rooba hamaa yeroo isaa hin eeganneef saaxilamoo taatee jirti. Kanaafuu,dinagdee magariisaa fi balaa dandamatu akkasumas jijiirama qilleensaatiin hin raafamne ijaaruun baayyee murteessaadha. Kuufama gaazota hoo'ina qileensaa dabalan xiqqeessuurratti xiyyeffannaan hojjatamuu qaba. Hojii misooma sululaa jajjabeessuu, bosona eeguu fi misoomsuu fi humna ibsaa madda haaromsamurraa maddu bal'inaan burqisiisuu, teeknoloojiwwan hammayyaa fi inarjii qusatan seektaroota geejjibaa, industrii fi konistrakshinii keessatti hojiirra oolchuuf xiyyeffannaan ni hojjatama. Kanaafis,dandeettii balaa kamiinuu damdamachuu danda'u ijaaruu fi hoggansa sodaa balaa cimsuurratti xiyyeffatamee hojjatamuu qaba.

### **1.5.8 Itti fufiinsa dhiyeessii faayinaansii mirkaneessuu**

Guddina dinagdee galmeessisuuf hojjatamaa jiru keessatti xiyyeffannaan misooma damee faayinaansiitif kennamuu qabu bakka ol'aanaa kan qabuudha. Misoomaa dame faayinaansii sadarkaa dinagdeen irra gahee jiru gitu ijaaruuf riiformiin damee faayinaansii adeemsifamaa tureera. Akkasumas, sochii bal'aan hojimaata faayinaansii fi dhaabbilee faayinaansii fooyyessuurratti taasifamaa tureera.

Dhaqqabummaa faayinaansii hammaayaa'aa baadiyyaa keessatti guddisuun aadaa qusannaa hawaasaa akka jajjabeessu gochuu fi dhaabbileen daldala fi korporeetonni bu'aa argatan dameele omishaa irratti akka dhangalaasan jajjabeessuun barbaachisaadha. Hanqinaalee kenna deeggarsaa dhaabbileen faayinaansii dhuunfaa, dameelee industrii omishaa fi qonnaaf kennan furamee gahee isaanii akka ba'an ni taasifama. Omishtummaa fi dorgommii seektara dhuunfaa guddisu, madda faayinaansii babal'isuu fi haqaqabeessumaa isaa mirkaneessuu ni barbaachisa.

Akka waligalaatti, sochii misooma keenyaa deeggaruuf, gabaa akisiyoona cimsuufi bu'a qabeessummaa faayinaansii guddisuuf ni hojjatama. Sirnaa fi bulchiinsa galii dijitaalawaa ta'e ijaaruun dhiibbaawan kontiroobaandii fi taaksii burjaajessuu waliin walqabatee jiru xiqqeessuu fidinagdee sirnaan alaa jiru gara sirna taaksiitti fiduuf ni hojjatama.

### **1.5.9 Sirna haqaa dhaqqabamaa taasisuu fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuu**

Mootummaan naannoo Oromiyaa imaammattootaa fi tarsiimoowwan gama misoomaa, ijaarsa sirna dimokiraasi fi bulchiinsa gaarii gaggeeffamaa turan keessatti fayyadamummaa hawaasa naannoo keenyaa gama hundaan mirkaneessuuf sochii bal'aan taasisaa tureera.

Olaantummaan seeraa akka mirkanaa'u fi nageenyii fi tasgabbiin itti fufiinsa qabu akka mirkanaa'u gochuun guddina dinagdee ittifufiinsa qabu mirkaneessuuf murteessaadha. Kanaafis, ijaarsa sirna diimokiraasii cimsuu, rakkowan bulchiinsa gaarii hiikaa deemuu fi nageenya mirkaneessuuf jaarmiyaalee bu'a qabeessa, gaafatamummaa fi iftoomina qaban horachuurrtati hojjatamuu kan qabuudha.

Kanaafis, rifoormiwwan seektara haqaa fi nageenyaakkaataa qajeeltowwan bulchiinsa gaarii fi mirgoota namummaa kabachiisuu dandeessisuun haala guutuu ta'een hojiirra oolchuu; tajaajila haqaa haqa qabeessa fi dhaqqabamaa taasisuu, akkasumas sirna tajaajila ummataa ga'umsa qabu uumuuf kan hojjatamu ta'a. Gama biraatiin, hoggansa bulchiinsaa fi misooma namaa fooyya'insuu, jijiirama amalaa fi ijaarsa horataa hojjettoota mootummaa fooyyessuu fi sirna kenna tajaajila bu'a qabeessa ta'e damee pabliiki sarvaantii keessatti diriirsuun jijiirama bu'uuraa fiduuf hojjachuu ta'a.

### **1.5.10 Ittifufiinsa nageenya fi walta'iinsa dinagdee qaxanaa mirkaneessuu**

Biyyi keenya hariiroo fi walta'iinsa misoomaa biyyoota ollaa fi qaxanaa waliin qabdu (Regional Integration) cimsuuf adda durummaan hojjachaa kan jirtu ta'uun ishee ni beekama. Gaanfa Afrikaatti mul'ata walitti-hidhamiinsa dinagdee fi hawaasummaa dhugoomsuu fi nageenya fi tasgabbi mirkaneessuuf bal'inaan hojjatamaa jira. Sochii taasifamu kana keessatti, fayyadamummaa naannoo keenya gama dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaatiin cimsuun kaayyoo KIB isa ijoodha. Qaxanaa Gaanfa Afrikaa kanatti, nageenya ittifufiinsaa qabu mirkaneessuu, walittihidhamiinsa hawaasummaafi dinagdee akkasumas badhaadhina waloo mirkaneessuu fi dirree hirmaanna bal'isuu irratti hojjatamuu qaba.

## **2.1 Dinagdee Gooroo**

### **2.1.1 Guddina Dinagdee Naannoo**

Waggoottan lamaan darban (2013-2014) akka biyyaattis ta'e akka naannoo keenyaatti dhiibbaa rakkoo nam tolchee kan ta'an waraanna fi hanqina, tasgabbii nageenyaa biyyaa keessaa fi waraanaa biyyoota Raashiyaa fi Yukireen giddutti gaggeeffamaa jiruun dhiyeessii calla guddistuu qonnaa, galteewwan industirii, omishaalee nyaataa fi miti nyaataa biyyoota kanneen irraa bitamanii gara biyyaa fi naannoo keenyaa galan dhibuun ykn akka waliigalatti hanqinni dhiyeessii biyyoota alaa irraa galan uumamuu, hanqinni sharafa allaa jiraachuu; akkasumas taateewwan uumamaa kan akka dhiibbaa jijiirama qileensaa(ongee), weerara awwaanisaa; dhiibbaa dhibee COVID-19'n dinagdee irra gahaah turee fi taateewwan kanaan walqabtee qaala'insi gatii uumame dabalatee rakkolee cicimmoo turaniin guddinni dinagdee naannichaa manii isaa xiqqaa %10.2 kaa'amee akka hin milkeesine gumaachaniiru.

Manii guddina dinagdee KIB naannichaa waggaalamaa shanii (2013-2017) keessa kaa'amee bira gahuu baatus akka waliigalaati dinagdee naannichaa giddugaleessaan waggatti %7.8'n, damee dinagdeetiin immoo qonnii %5.3'n, industiriin %7.8'n fi tajaajilli %10.8'n giddugaleessaan waggaatti guddachaa tureera. Guddinni galmaa'e kun dinagdee naannichaa sadarkaa dhiibbaa dandamachuu irra akka gahe kan agarsiisudha.

Gama ce'umsa caasaa dinagdeen gaheen damee qonnaa, industirii fi tajaajilaa "GDP" naannichaa keessa qabu walduraa duubaan bara 2012tti %46.8, %15.4 fi %38.1 kan ture waggoottan KIB shan (2013-2017) filannoo bu'uuraatiin %38, %26 fi %38.1 akka ta'u maniin kaa'amee irratti hoijetmaa turamus industiriwwan hedduun rakkoo hanqina tasgabbii nageenyaa bara 2008 irraa eegalee naannicha keessa tureen, akkasumas industiriwwan omishaa jiranis sababa hanqina humna ibsaatiin gahee bara ka'umssaatti qabu irraa waan hinfooyyofneef manii kaa'amee galama gahuu hin dandeenye. Haaluma kanaan, gaheen qonni, industirii fi tajaajilaa hundamtaa omishaalee naannichaa keessa qaban wal duraa duubaan bara 2013 %45.5, %15.3 fi %39.6 yoo ta'u, bara 2014tti immoo %44.7, %15.4 fi %40.3 akka ta'u raagameera.

### **2.1.2 Qusannoo fi investimenti**

Hundamtaa omishaalee (galii waliigala) naannichaa bara 2012 keessaan kan qusatame qar.bil. 242.8 (%22.4) kan ture waggoottan lamaan darban (2013-2014) giddugaleessaan waggaatti qar.bil.416.1 qaqqabee jira. Sababootaa kan akka hanqinaa nageenyaa irraa kan ka'e qabeenyi

hojii investimantiif oolee hundamtaa omishaalee keessaa bara 2012tti qar. bil.156.7 (%14.5) kan ture waggaattan lamaan darban giddugaleessaan waggaattii qar.bil.240.91 (%15.6) ta'ee jira.

### **2.1.3 Faaynaansii Mootummaa**

Galii Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 2012tti deeggarsa Mootumma Federaalaa dabalatee waliigalatti qar.bil.75 kan ture bara 2017tti qarshii biiliyoona 238.5tti akka guddatu maniin kaa'amee galmaan gahuuf hojji hojjetameen bara 2014tti qar.bil.128.8 irra gahee jira. Kunis manii bara 2017tti irra gahuuf karoorfame irraa %54 kan ta'udha. Keessummaa, sassaabbi galii maadda naannoo guddisuun walqabatee pootenshala jiru waliin hangi galii taaksii irraa galuu qabu ammallee guutumaan kan hin gallee ta'uus waggoottan lamaan darban galii taaksii irraa sassabamaa giddugaaleessaan waggaatti qar.bil.35.88 ta'uun isaa akka milkaa'inaatti kan fudhatamuu fi caalmaatti milkeessuuf kutaannoo cimaan hojjetamuu kan qabudha.

### **2.1.4 Hojii dhabdummaa fi hiyyummaa**

Bara 2012tti hojii dhabdummaan naannichaa %6 akka ta'u Komishinii Karooraa fi Misooma Dinagdee Oromiyaatiin raagamee ka'umsa KIB mootummaa Naannichaa wagga 10 taasisuun bara 2022tti hojii dhabdummaan gara %1.6tti akka xiqlaaatu maniin kaa'amee hojjetamaa tureera. Haa ta'uu malee, hojii dhabdummaan naannichaa bara 2013 %6.9tti (dhi. %3.6 fi dub. %11) ol ka'ee jira. Bara 2017tti hojii dhabdummaa magaalaa naannichaa filannoo isa bu'uuraatiin %15tti gadi buusuuf karoorfamee hojjetamaa jiraatus waggoottan lamaan darban (2013 fi 2014) keessas itti fufiinsaan dabaluun bara 2013tti %18.5 fi bara 2014tti %19.1 akka ta'e ragaan sarveeyiwwan "ESS" ni agarsiisa. Bara 2014tti waliigala dargaggoota magaalaa umrii 15-29 qaqqaban keessaa hojii dhabaan (youth unemployment) %27.9 (dhi.%16.2 fi dub.%37.9) kan ta'uudha.

Akkasumas, uummata naannichaa sarara hiyyummaa gadi keessa jiraatuu bara 2008tti %23.9 ture bara 2012tti gara %21.4tti akka xiqlaaate raaguun bara 2017tti filannoo isa bu'uuraatiin gara %17 tti gadi buusuuf maniin kaa'amee irratti hojjetamaa tuameera.

Yeroo ammaa haala hiyyummaan uummata naannichaa irra jiru irratti waanti qoratame jiraachuu baatus uummatni iddoowan rakkoon nageenyaa jiru jiraatan hojii fi qabeenya isaanii dhiisani buqqa'uun; ongeen jirenya uummata gammoojii miidhee waan jiruuf hiyyummaan caalmaatti akka dabale ni yaadama. Gama biraatiin, qaala'insi jirenyaa hammaataa jiraachuun hojjetootaa fi namoota galii gadi aanaa qabanii caalmaatti sarara hiyyummaa gadii keessatti akka galan waan godhuuf uummata naannichaa hiyyummaan keessa jiru kan bara 2008 akka dabalu taasissee jira.

Bara 2008tti uummatni naannichaa sarara hiyyummaa gadii jiran %23.9 (PDC, 2018) kan ture bara 2012tti %21.4 akka gadi xiqqaatu tilmaamamee bara 2017tti filannoo bu'uuraatiin gara %17 akka gadi bu'u raagamee maniin kaa'amee irratti hojjetamaa jiraatus bara 2014tti %25tti (UNICEF, 2020/23) ol ka'eera.

Akka waliigalatti dabaluu hojii dhabdummaa naannichaaf akka sababaatti kan yaadaman rakkoo nageenyaan walqabatee hojiin investimantii laafaa ta'uu irraa fedhiin gabaa humna namaa dhibuu, ogummaa hojiin investimantii barbaaduu fi ogummaan humni namaa horatee qabu walsimu dhabuu (skill mismatch), humni namaa umurii omishtummaa keessaa jiru guddaa ta'uu, akkasumas muuxannoo fi leenjiin dargaggoota hojii uumuu dandeessisu (entrepreneurship training) fedhii irratti hundaa'e fi liqiin dhibuu fi aadaan hojii tuffachuu dargaggoataa bira jiraachuudha.

Kanaafuu, hojii dhabdummaan hudhaa guddina dinagdee naannichaa ta`e akka itti hin fufne hundee irraa furuu fi lakkofsa uummataa dabala jiruu fooyessuuf tarsiimoo carraa hojii uumuu danda`u kalaquun dhimma xiyyeffannoo barbaadudha. Dargaggoataa, keessumaa dubartoota magaalaa fi baadiyyaa hojii hin qabneef leenjii fedhii irratti hundaa'e kennuu fi liqii mijeessuun hojii mataa isaanii akka uummatan gochuun eeggattumma jalaa baasuuf hojjetamuu qaba.

## **2.1.5 Qaala'insa gatii**

KIB Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 2013-2017 keessaa qaala'insi gatii bara 2012 keessaa qaala'insa waliigalaa %18.3, qaala'insaa nyaataa %23.9 fi qaala'insa miti nyaataa %11.4 ture diijitii tokko akka hin caalle gochuuf maniin kaa'amee hojjetamaa turamus haala dinagdeen biyya keenyaa fi addunyaa keessa jirun walqabatee qaala'insi gatii hir'isuun dhibee yeroodhaa yerootti dabala jira. Haaluma kanaan, naannicha keessatti giddugaleessan qaala`insi gatii ittiin dabale bara 2013tti qaala`insi waliigalaa (general inflation) %20.2, qaala'insi nyaataa %23.19 fi qaala'insi miti-nyaataa %16.4 ture. Bara 2014 keessa immoo qaala'insi kan ittin dabale giddugaleessan qaala`insi gatii waliigalaa %38.1, qaala'insi nyaataa %43.5 fi qaala'insi miti-nyaataa %29.8 ta'uun dinagdee naannichaa fi jirrnya uummataa miidhaa kan jiruu fi dhimmaa tarkaanfii addaa fi ariifataa kan barbaadu ta'ee jira.

Qaala'insa gatii tasgabbeessuuf yeroo gabaabaa, keessatti galteewwaan omisha qonnaa fi qonnaan walqabatan guddisan gahumsaa fi yeroon akka dhiyaatan gochuun inisheetiiviwan qonnaa eegalamaan itti fusiiisuu; haala omishtootaa fi shamaattoota (producers and consumers)

gidduutti kallattiin walitti hidhamiinsi gabaa uumamu diriirsuu fi ashaaxiraa omishaalee dhoksuu irratti to'annaa eegalame cimsuudha.

Yeroo giddugaleessa keessattii gama hundaan omishini biyya keessaa nyaataa fi galteewwan industirii ta'an bal'inaan omishuu, kalaqa teknolojii fi saayinsii babal'isuu fi investimantii dhuunfaa qonnaa fi industirii omishaa irratti bobba'an kan biyya keessaa fi alaa jajjabeessuun inustirii omishaa biyya keessatti babal'isuun dinagdee naannichaa dadammaqaa akka deemu gochuudha.

## 2.2 Misooma Qonaa

**Omishaa fi Omishtummaa Midhaanii:** Oomishaa fi oomishtummaa midhaanii guddisuuf qonna gannaan fi arfaasaatiin bara ka'umsa KIBtti lafa hek. mil.6.58 irra oomisha kunt. mil.175.34 fi oomishitummaa kunt. 26.65 kan ture; hanga bara oomishaa 2013/2014tti walduraa duubaan waggaatti giddu galeessaan %1.68, %8.9 fi %7.1 guddisuudhaf karoorfamee hojjatamaa tureen lafti, oomishaa fi oomishtummaa walduraa duubaan %5 fi %9 fi %3.8 guddina agarsiisee jira. Haata'u malee, sababiin oomishtummaan bifaa karoorfameen guddachuu dadhabeef immoo Itti fayyadama calla-guddistuu fi kenna tajaajila eksteenshii qonaa, gosa midhaanitiin akkaataa ogummaa gorfamu fayyadamuu irratti garaagarummaa jiraachuu fi dhiibbaa jijiirama qileensaa uumamuun omisha argachuuf qabame bira gahuu irratti qawaan kan uumamuudha.

Qawwaan oomisha midhaanii keessatti mul'ate maksuuf teeknoloojiwwan omisha guddisu danda'an (itti fayyadama calla guddistuu istaandardiin faayyadamuu, tejaajila teknolojii fi meekanayizeeshiini qonnaaf) xiyeefannoon kennamuu barbaachisaadha. Misooma qonaa gaggeeffamu haala ammayya'aa ta'een gaggeessuun misooma qonna ceesisiun barbaachisaadha. Oomishaa midhaanii gosan yommuu ilaaluu, midhaan biilaa fi agadaa waggoota lamaan darban kanatti lafti, oomishaa fi oomishtummaan 0.87% , %8.7 fi %7.77n dabaluuf hojjetamaa tureen raawwiin walduraa duubaan %4.3, %6.28 fi %1.89 ta'eet argama. Akkasumas, midhaan dheedhiinis lafti, oomishnii fi oomshtummaan %4.14, %10.4 fi % 5.8n dabaluuf karoorfamee raawwiin bara 2013-2014tti laftii fi oomishnii %11.3 fi %1.55 yoo dabalu oomshtummaan garuu %8.8 hir'ina agarsiisee jira.

Gama oomisha midhaan dibataanis baroottan KIB keessatti lafti, oomishaa fi oomishtummaan %7.12, %11.36 fi %3.75 walduraa duubaan dabaluuf yoo karoorfamu raawwiin garuu lafti %6.73 kan dabale ta'us oomishaa fi oomishtummaan garuu %3.46 fi %9.56n akka hir'ina agarsiise xiinxala irraa hubachuun danda'ameera.

**Omisha midhaan jallisii:** Oomishaa fi oomishtummaa midhaan jallisitiin naannoon keenya lafa waliigalaa qabdu keessaa misooma jallisii gosa garaagaraatiif kan ooluu danda'u hekt. mil.4.5 akka ta'e qoranno ni mul'isa. Kana keessaas hanga ka'umsa KIBtti lafa, oomishaa fi oomishitummaa walduraa duubaan hekt mil. 0.565; kunt. mil. 92.76 fi kunt. 164.2 argamee turee, karoora imala badhaadhinaa wagga shanii keessatti lafa, Oomishaa fi oomishtummaa wal duraa duubaan wagga waggaan giddu galeessaan %16.5, %26.58 fi %8.76 dabaluuf hojjetamaa tureen

raawwii hanga bara 2014tti laftii fi oomishni %19.73 fi %17.46n kan dabale yoo ta'u oomishtummaan %1.7 hir'ina agarsiise jira.

Kun kan ibsu lafti misooma jallisii oole karooran ol yoo dabalu oomishni argame hanga karoorfamee gad waan ta'eef oomishtummaa irratti hir'inni mul'atee jira. Misooma jjallisii keessatti sababoonni oomishaa fi oomishtummaan hir'ateef ittifayyadama bishaanii jallisii fi itti fayyadama galtee omishaa irratti beekumsaa fi ogummaan deegaruu irratti hanqinni bal'aan waan jiruuf. Gama birootiin waggoottan KIB lamaan darban keessatti lafti misooma jallisii %19 ka'umsa irraa dabalaan yoo deemu qonnaan buaan qixuma dabaltii lafaatiin dabaluun hanga dhuma bara 2014tti q/buaan mil.2.38 fayyadamaa misooma kanaa taasisuun danda'ameera.

Misooma jallisii keessatti akka inisheetiviitti hojjatamaa ture bakkeewwan gammoojji keessatti qamadii jallisiin oomishuudha. Sochiin taasifamaa ture kun jiruu fi jirenya hawaasaa jijiiru irra darbee wabii midhaan nyaataa mirkaneessuufi qamadii biyya alaa irraa galu oomisha biyya keessatti oomishamuun bakka buusuuf gahee guddaa ni qabaata. Oomisha qamadii jallisiitiin yeroo bonaa keessatti qamadii jallisii marsaa 1ffaa; marsaa 2ffaa fi qamadii qonna arfaasaan bara 2013tti lafa hekt.mil. 0.38, oomisha kunt.mil.22.63 fi oomishtummaa kunt.8.6 ture bara 2014tti wal duraa duubaan %71.4, %97.36 fi %15n dabaluuf karoorfamee hojjetamaa tureen raawwiin argame %73.68, %133 fi %34.55 dabaltii agarsiisudhaan bu'aan gaarii argamee jira.

Gama pirojekttii misooma jallisiitiin, bara KIB lamaan darban keessatti qorannoo adda baafanna pirojektoota jallisii gosa adda addaa 245 lafa hekt.407,280, misoomsuu danda'uu fi abbaa warraa 1,143,911 fayyadamaa taasisu qar. 488,819,047 ta'uun gaggeessuuf karoorfamee qorannoo adda baafanna jallisii 101 lafa hekt.200,212 misoomsuu danda'u qar.2,345,245n gaggeessuun abbaa warraa 729,774 fayyaadama misooma jallisii gochuun danda'ameera. Raawwii kan yoo ilaaluu raawwii karoora wagga lama irraa %41.22 irraa akka jiru hubachuun danda'ameera.

Haaluma walfakkaatuun, bara 2012 keessa qorannoo fi dizzaayinii jallisii gadi-fagoo 936 (jallisii xixqaa 894, jallisii giddu galeessa 36 fi jallisii gurguddaa 6) lafa hekt. mil. 0.368 irratti gaggeeffamee ture bara 2013 keessa qorannoo gadi fagoo 91 raawwachuuuf karoorfamee 61 gaggeessuun kan danda'amee yoo ta'u bara 2014 keessa qorannoo jallisii gadi-fagoo 164 gaggeessuuf karoorfamee 140 raawwachuuun danda'ameera. Akka waliigalaatti waggoota lamaan darban keessa qorannoo jallisii gadi fagoo pirojektoota 255 (xixqaa, giddu galeessa fi gurguddaa) lafa hektaraa 214,018 misoomsuu danda'u fi abbaa warraa 1,028,057 fayyadamaa

misooma jallisii gochuu danda'uu maallaqa 846,700,469n gaggeessuuf karoorfamee qorannoон jallisii gadi fagoo 225 (xixiqaa 175, giddu galeessa 47 fi gurguddaa 3) lafa hektaara 102,698 misoomsuu danda'u maallaqa 251,965,460 gaggeessuun abbaa warraa 234,488 fayyadamaa gochuun danda'ameera.

Gama raawwii ijaarsa pirojektoota jallisiitiin Baroota KIB lamaan darban keessatti ijaarsa pirojektoota jallisii gosa adda addaa 470 lafa hektaara 153,830 misoomsuu fi abbaa warraa 651,830 fayyadamaa misooma jallisii gochuu danda'uu maallaqa 12,380,740,143n ijaaruuf karoorfame keessaa pirojektoota jallisii gosa adda addaa 181 lafa hektaara 12,472 misoomsuu danda'u maallaqa 6,628,545,267n ijaaruun abbaa warraa 113,722 fayyadamaa misooma jallisii gochuun danda'ameera.

Gama biraatiin ijaarsa jallisii Finna Oromiyaa bara 2014 keessa kan jalqabee yoo ta'u baruma kan keessa ijaarsa jallisii Finna Oromiyaa 73 lafa hektaara 50,950 misoomsuu fi abbaa warraa 104,507 fayyaadamaa misooma jallisii gochuu danda'u maallaqa 5,950,320,809n ijaaruuf karoorfamee pirojetiin jallisii Finna Oromiyaa 1(Booraana) lafa hektaara 31 misoomsu maallaqa 3,591,430,047n ijaaruun abbaa warraa 62 fayyaadamaa misooma jallisii gochuun danda'ameera.

Bulchiinsa iskiimota jallisii ilaachisee, baajata motummaa fi hirmaannaa hawaasaan bara 2013 fi 2014 keessa iskiimota jallisii (xixiqaa, jiddu-galeessaa fi gurguddaa) 571 ta'an maallaqa 5,676,490 shallagamuun suphuun lafa hektaara 49,547 misoomsuun hawaasa 214,686 fayyadamaa taasisuuf karoorfamee ture iskiimota jallisii 485 ta'an maallaqa 3,972,150, suphamee lafa hektaara 42,195 misoomsuun hawaasa 168,780 fayyadamaa taasisuun danda'amee jira. Bifuma wal fakkaatuun baajata mootummaa fi hirmaannaa uummataan bara 2013 fi 2014 keessa paampota jallisi (xixiqaa fi gurguddaa) 45,303 ta'an maallaqa 90,606,000 shallagamuun suphuun tajaajilaaf oolchuuf karoorfamee ture keessaa, paampota jallisi 41,280 ta'an maallaqa 82,560,000 shallagamuun suphuun tajaajilaaf oolchuun danda'amee jira.

**Misooma Lafa Dheedumsaa:** Rakkoolee hawaas-dinagdee naannoo horsiisee bulaa irratti qo'annoo fi qorannoо gaggeessuun adda baasuuf hojii hojjatameen bara 2012tti qorannoо jallisii lafa misooma lafa dheedumsaa 2 kan gaggeeffamee yoo ta'u bara 2013-2014tti bifuma wal fakkaatuun qorannoо tokko (1) gaggeessuuf karoorfame 1(%100) kan raawwatamee jira. Kunis, KIB wagga shanii keessaa qorannoо 3 gaggeessuuf kan karoorfamee yoo ta'u 2n gadi hafan waggoota sadan hafan keessa kan gaggeeffamu ta'a.

**Misooma qabeenya umamaa:** Qabeenya uumamaa (biyyee, bosona) kunuunsuun karaa omishaa fi omishtummaa midhaanii itti dabaluun danda'amu keessaa isa tokkodha. Dhiqaminsa biyyee maloota qonnaa addaaddaa fi teeknoloojii fayyadamuun hambisuun akka qaljii lafaa dabalu taasisuun omishtummaa midhaanii itti fufinsaan dabaluu keessatti gahee guddaa qaba. Karaan itti dhiqaminsa biyyee hambisan keessaa dagaa hidhuu, gaabonii, biqiltuuwan faayidaa lamaa ol qaban maasaa qannaq keessa dhaabuun kunuunsuun isaan muraasa.

Gama biraatiin rakkolee dhiibbaa jijiirama qilleensaatiin omishaa fi omishtummaa midhaanii irra geessisan kanneen akka lolaa, goginsa fi hongee xiqqeessuuf gaheen biqiltuu dhaabuun kunuunsuu fi uwvisa bosona dabaluun gahee olaanaa niqabaata. Haaluma kanaan, Uwwisa bosona babal'isuu fi hojji hojjetamaa tureen hanga ka'umsa KIBtti biqiltuun bil.12.94 lafa hekt. mil.1.99 irratti dhaabbatee jiru irratti walduraa duubaan %6.6 fi % 6 dabaluuf karoorfamee waggoottan lamaan darbaniin biqiltuun dhaabame dachaa afurii oliin (%28) fi lafti irra dhaabbates dachaa lamaan (%12) karoora taa'en olitti raawwachuun danda'ameera. Kanaaf hojji bonsaa fi karoora KIB wagga shaanitti qabame bira waan darbeef bifaa haaraan irra deebinee calmaatti akka karoorfamuu qabu agarsiisa.

Sababni milkaa'ina kanaas hawaasa bal'aa qindeessuun sagantaa ashaaraa magariisaa irratti qophii sanyii, biqiltuu akkasumas dhaabbii biqiltuu bal'inaan hirmaachisuun kan hojjatame ta'uun isaati. Akkaattaa raga sagantaa ashaaraa magariisaa waggoontan afraan darbaan biqiltuun dhaabame agrsiisuutti uwvisaa bosona ka'umsa bara 2012 irra %20 irra ture, bara 2014 % 27 ol gudachuu agarsiisee, yaata'u malee biqiltuun dhaabamee sadaarkan lalisuma isaa akka naannoo jiruu (survival rate) lakkawwamuu akka qabuu xiinxalli jiru agarsiisaa.

**Misooma Muduraa:** Potenshaala godinaaleen Oromiyaa qaban irratti hundaa'uun waggoottan lamaan darban keessatti oomishi muduraalee kanneen akka Avokaadoo, Muuzii fi Paapayya tarkaanfii addaatiin (inisheetivii) xiyyeffannoon laatameefii hojjetamaa hojjetamaa jira. Haaluma Kanaan oomishni Avokadoo, muuzii fi paappayyan ka'umsa KIB irraa Oomishni argame %18.96, %13.45 fi % 0.22 walduraa duubaan dabaluu isaa ragaan xiinxalaa kana irra hubatameera. Tarkaanfii addaa (Insheetiiviin) qabamee xiyyefannaan hojjetamaa kan ture waan ta'eef, teeknoolojii ammayyaan (tissue culture) biqilaa sanyii filaatamaa qopheessuun q/bulaaf raabbisama kan ture fi buufata biqilaa ammayyaa hundeessuun biqilaa muduraalee baayyinaa fi qulqullinaan raabsamaa kan ture ta'uun dha.

**Misooma bunaa:** Bunni madda jiruu fi jirenya hawwasa bal'aa ta'uu irra darbee dinagdee biyya keenyaa utubuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Haaluma kanaan misooma bunaa babal`isuun oomishaa fi oomishitummaa daran dabaluun, gabaa biyya alaaf dhiyaatee diinagdee biyyaa keessatti caalmatti gaheen isaa akka guddatu gochuun hojjetamaa jira. Baroota lamaan darban keessa misooma bunaa lafa, oomishaa fi oomishtummaa ka'umsa KIBtti walduraa duubaan hekt.mil.0.52, kunt.mil. 3.51 fi kunt/hekt. 6.75 argamee kan ture baroottan KIB 2013 fi 2014tti giddu galeessan walduraa duuban %13.77, %22.39 fi %7.57 dabaluuf karoorfamee ture raawwiin isaanii yoo ilaallu %54.4, %62 fi %4.9n ragaan ni agarsiisa. Misooma bunaa ilaachisee lafti misoomaf ooles ta'ee; fi oomisha bunaa argame karooraan ol dabalee jira. Akaataa itti milkaa'efis bunni xiyyeffannoos add itti kennamnee kilaasteeraan lafa haaraa irra dhaabbachaa waan turee fi piroojeektiin fooyya'insa dhangaga'ina biyyee godinaalee rakkoo dhangaga'ina biyyee qaban jijiirama fidaa waan jiruufidha. Hojii kanaan bu'aan argames: Bunni qulqullina qabuu fi sadarkaa isaa eeggate oomishuun fi gabaaf dhiyaatee galii argamsiise.

**Misooma beeyladaa:** Qabeenya Beeyladaatiin Oromiyaan akka biyyaatti kan dursitu ta'e illee Omishaa fi omishtummaa isaanii dabaluun fayyadamummaa bu'aa beelladaa argachaa jirtu gad-aanaa waan ta'eeef tarsiimoowwan omishaa fi omishtummaa beelladaa fooyyeessuu danda'an adda addaa qopheessuun hojjetamaa jira. Dhimmota agarsiiftuu guddina bu'aa beelladaa fiduu danda'an keessaa fooyya'insa sanyii beelladaa, uwvisa kunuunsa fayyaa beelladaa, misooma nyaata beelladaa raawwatamaa jiru xiinxaluun jijirama omishaa fi omishtummaa aannanii, foonii fi gogaa, kallee fi killee irratti jiru armaan gaditti madaalameera.

**Foyya'insa sanyii beeyladaa:** Bu'a qabeessummaa beeyladaa guddisuuf sanyii beeyladootaa oomishtummaa gad-aanaa qaban kanneen oomishitummaa ol-aanaa qabaniin waliin diiqaloomsun sanyii Loonii fooyyesuuf hojjetamaa jira. Haaluma kanaan, sanyii loonii fooyyesuuf sochii taasifamaa tureen mala naman loon diiqalomsu /AI/ bara 2012 tti loon 221,571 irra ture bara baraa %50n dabaluun bara 2013 fi 2014tti walduraa duuban gara loon 332357 fi 500,000tti ol guddisuuf karoorfamee raawwiin 270317 fi 321,045 raawwateera. Hojii AI hojjatameen baayi'ini jabbilota sanyii foyya'aa dhalatanii bara 2012 lakk. 92,214 irra ture waggoottan KIB lamaan darbanitti % 46.9n guddisuuf karoorfamee raawwiin bara 2014tti jiruun %30.4 ol guddatee gara jabbilee 156,863 (dhira 124,247 fi dhalaa 29,192) (%79) diqaalomani dhalachuun danda'amme jira. Haata'u malee Haala karoorfameen raawwachuu dhabuun sababni dhiheessiin sanyii kormaa fi nitrojiinii dhagalaa fi gahumsi rimaa qaqlisiisuu teeknishaanii AI

hanga barbaadame dhihaachuu dhabuun mul'ateera. Kanaafuu fuula duraa sanyii beeyladaa fooyyeessuf dhiheessiin sanyii kormaa fi nitrojiinii dhanganlaa baay'inaan akka dhihaatu gochuun mala kanatti bal'inaan fayyadamuun barbachisaadha.

**Nyaata beeyladaa:** Nyata beeladaa fooyyeessun oomishaa fi oomishtummaan beeyladaa fi bu'aalee beeyladaa akka dabalanii gochuu keessatti tajaajila yaalaa irratti xiyyeffachuura dhimma dursa argachuun qabudha. Kaayyoo kana galaan gahuuf dhiyeessii nyaata beeyladaa gahaa fi foyya'aa ta'e akka jiraatu taasisuudha. kana bu'ureeffachuun waggootan KIB lama darbaaniitti hojiin misooma nyaata beeyladaa ragaa jiru milkaa'ina agarsiisa. Nyaata beeladaa bara ka'umsa KIBtti tonii mil. 19 ture %14.4n guddisuun gara tonii mil.25tti ol guddatee jiraachuun milkaa'ina dhufaa jiru agarsiisa. Haala itti milkaa'inni kun argames, Inisheetivii Misooma nyaata beeyladaa godinalee adda addaa keessatti calqabamuu isaa fi baayisa sanyii nyaata beeyladaa fi omisha nyaata beeyladaa calqabamuuniifi hubannoong argamaa dhufuu isaati.

Nyaata beeyilada karoora wagga shanii ol irra akka gahee ragan jiru ni ibsan, haata'umalee qabatamadhanan waggoota kib lamaan kanatti hanqina nyaata beeyiladaa mul'ateen du'atiin beeyiladaa mudate jira. Kanfuu nyaata beeyilada haala agro climate jiru margaa foayyaa fi haftee midhaan jiru irraa balinan hojetamee hanqinaa nyaata beeyilada jiru salphisuun irratti hubannoo guddaa hojjeetamua akka qabuu dhimmaa garaa fuulduraa karoora hamtaa ta'e qophaa'uu qaba.

**Eegumsa fayyaa beeyladaa:** Gama eegumsa fayyaa beeyladaatiin, uwvisa talaallii, wal'aansaa fi kilnika eegumsa fayyaa beeyladaa bara ka'umsa KIB walduraa duubaan %55.98; %76; fi %90 ture karoora imala badhaadhinaa keessatti waggaa waggadhaan giddu galeessan % 5.97, % 2.77 fi % 1.05'n guddisuudhaaf karoorfamee hojjetamaa tureen raawwiin waggottan lamaan darbanii walduraa duubaan uwvisni talaalli fi uwvisni wal'ansa beeyladaa %2.66 fi %3'n kan dabale yoo ta'u uwvisni kilnika fayyaa beeyladaa garuu %4 gad bu'ee jira. Sababni uwvisni kilnika beeyladaa hir'ateef inni ijoon kilnikoota dullomanii fi sadarkaa tajaajilaan ala ta'an suphuun hojiitti galchuu irratti rakkoon bajataa jiraachuu.

**Omishaa fi Omishtummaa Aannanii:** Misooma aanaanii guddisuun fayyadamummaa hawaasaa dabaluuf hojii hojjetamaa tureen bara 2012tti Oomisha aananii sanyii naanoo lit.bil.0.96 fi sanyii loon foyya'aa irraa lit. bil. 0.4 walduraa duuban %29.6 fi %8.68 dabaluuf karoorfamee hojjetamaa tareen raawwiin bara 2014 akka agarsiisutti sanyii naannoo irraa argame %42.8 fi sanyii foyyaa irraa kan argame immoo %20.4n dabaluun gara lit.bil.1.96 fi lit. bil.

0.58tti ol guddisuun guyyaatti loon sanyii naannoo irraa lit.1.8 fi loon sanyii fooyya'aa irraa immoo guyyatti lit. 11.5 argachuun danda'ameera.

**Omishaa fi Omishtummaa Foonii:** Bara 2012itt baay'ina horii foonii waliigalaa(loonii,re'ee,hoolaa,gaalaa fi lukkuu) mil.14.59 gabbisuu fi kunuunsuun oomisha foonii toonii mil. 0.643 argame ture waggootan KIB lamaan bara 2013 fi 2014itt wal duraa duubaan baay'ina horii foonii waliigalaa mil.16.404 fi 18.557 irraa oomisha foonii toonii mil.0.7065 fi 0.7778 oomishuuf karoorfamee, baay'ina horii foonii waliigalaa mil.18.015 fi mil. 19.531 gabbisuu fi kunuunsuun foon toonii mil.1.012 fi mil. 1.033 oomishuun danda'ameera. Sochii taasifamaa tureen baay'inni horii foonii fi oomishni foonii karoora olitti kan dabale ta'us, oomishini foonii horii tokko irraa argamu kan hin daballe ta'uu ragaan xiinxalame kan mul'isuudha.

Kun kan agarsiisu baay'ina horii foonii dabaleen oomishni foonii dabaluu irraa kan hafe qulqulina galteewwan horii foonii gabbisuu fi kunuunsuuf barbaachisan dabaluun oomishtummaan foonii akka dabalu hojjechuu irratti hanqinni jiraachuu kan nutti agarsiisudha. Kanaaf oomishtummaa foonii dabaluuf galteewwan oomisha foonii dabalan irratti xiyyeffachuun dirqama kan ta'uudha

**Misooma lukkuu:** Gama misooma lukkuu killeen bara ka'uumsa KIB lukkuu sanyii fooyya'aa mil.1.4 oomisha killee fi foonii bil.0.71 fi tonii mil. 0.31 ture hanga dhuma karoora wagga shaniitti guddina giddu galeessaa wagga waggaan wal duraa duuban %28,%20 fi %23 dabaluun karoorfamee hojjatamaa tureen baay'inni lukkuu sanyii fooya'aa fi oomishni killee dachaan lamaan yoo dabalu oomishini foon lukkuu immoo dachaa sadiin dabaluun hojiin jajabeessan akka hojjatame xinxala taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

**Misooma Dammaa:** Gama misooma dammaan hojilee hojjetamaa tureen gaagura waliigalaa bara ka'uumsa KIBtti gaagura mil.2.25 irraa oomisha kg. mil.28.46 argachuun oomishtummaa kg 12.65 irra ture waggootan KIBitt wagga waaggaan giddu galeessan %9.7, %20 fi %9.43 duuraa duubaan guddisuuf karoorfamee raawwii baay'ina gaaguraa,oomishaa fi omishitummaan hanga bara 2014tti jiruun dacha sadii oliin dabaluun danda'amee jira.

**Misooma Qurxummii:** Sagantaa nyaata madalawaa (nutrition security) haawaasa keenyaa mirkanneessuu keessatti misoomni qurxummii shoora guddaa ni qaba. Bara 2012 oomishaa qurxumii toonii 130,395 oomishamaa ture KIB wagga lamaa keessatti wagga waggaan %16.9 dabaluuf karoorfamee haaluma hojjetamaa tureen raawwii (2013-2014) karoorri qabame irraa

%8.35 qofaan kan guddatee yommuu ta'u toonii kuma 153.1 irra jira. Hanqinaalee gama faalama bishanii, babal'achuu marga weerartuu (inbochii), manca'iinsa lafa jidhinsaa (wet land degradation), dhiyeessii ilmaan qurxummii, teekinolojii qonna qurxummii akkasumas oomisha qurxummii seeraan alaa xiqqeessuun faayidaa gama kanaan eegamu dhugoomsuu barbaachisa.

**Hirmaannaa Misoomaa fi Bu'a Qabeessummaa WHG:** Kaayyoon waldaalee Hojii Gamtaa rakkoo hawaasummaa fi dinagdee isaanii qabeenya, beekumsaa fi human isaanii walitti qindeessuun hiikkachhudha. Mikaa'insa kaayyoo kanaatiif waldaaleen gurmaa'anii kaappitala horachuun tajaajila miseensota isaaniif kennuu qabaniin mirkaneessuun fi hirmaannaa misooma keessatti qaban fooyyessuun murteessaadha. Tarsiimoowwan fi tootaawwan ittiin kun mirkanaa'u keessaa Waldaalee Hojii Gamtaa Bu'uuraa haaraa gurmeessuu, Qusanna miseensa walitti qabuun miseensotaaf liqii mijeessu fi gahoomsuun gabaa keessa galchuudha. Hojiwwan kunis waggoota lamaan darban keessatti karoorfamanii hojjetamaa turaniiru.

Haaluma kanaan, Bara 2012 waldaalee hojii gamtaa bu'uuraa haaraa gurmeessuu 20,453 irraa ture kan waggoatan KIB keessatti waggaatti giddu-galeessan % 0.43 guddisuun hanga bara 2014tti lakk.680 ijaaruuf karoorfamee waldaan bu'uuraa 2289 (%100 ol) ijaaramanii hojiitti galanii jiru. Raawwiin ijaarsa waldaa bu'uura kan olka'u danda'eef kallattii mootummaan kaa'een waldaa bu'uura haara lakk.1609 ta'an kunuunsa qabeenya naannoo irratti waan ijaaramaniif akka ta'e ragaa irra hubachuun danda'ameera. Waldaaleen haaraa ijaaraman Kun jirenya isaaniis foyyeffachaa hongee fi jijiram qilleensa xiqqeessuu keessatti gumaacha guddaa taasiisu jedhame abdatama. Yeroo amma kana akka naannoo Oromiyaatti uummanni miliyoona **10.7**ta'u WHG gosa adda addaa lakk. 22,078 ta'an keessatti gurmaa'uudhaan misooma gosa adda addaa keessa galanii jiru.

Tajaajila Liqii ilaachise miseensa waldaaleef liqii mijeessu karoora hanga 2014itt qarshii bil.4.773 liqii kennuf karoorfame waliigala raawwii wagga lamaan darbeen qar.bil. 5.021 (% 105) kennuun danda'ame jira. Baayyinii qotebulaa /horsiise bulaa miseensa waldaa ta'anii liqii liqeefatanii gara Inveestimenti xixiqaatti ce'an waliigala lakk. 819,482 ( dhiiri 393,031 fi dubartiin 426,451) ta'an jirenya isaanii fooyyefatanii carraa hojii uumuu dandaa'anii jiru. Miseensa gara invastimantii xixiqaatti ce'an keessa %52.39 ta'an dubartoota akka ta'e xinxala kanan hubachun danda'ameera.

Akkasumas, Bara 2012tti kaappitalli waldaalee bu'uuraa qar.bil.7.032 irra kan ture karoorri waggoatan lamaan darbanii reetii giddu-galeessan %11.02 guddissun waliigala gara qar.bil. 9.248

irraan gahuf karoorfamee raawwiin hanga xumura Bara 2014tti qar.bil. 10.228itt (% 110) guddisun danda'ame jira. Aadaan qusannoo fi liqii babalacha deemunsa miseensi waldaa waan qusataniirra liqeeffachuu hanqina qarshii isaan mudatu bu'a bu'i baankii utu isan hin mudatin salphaatti liqeeffatanii rakkoo isaanii furu danda'anii jiru Qar 676,001,878 ta'u miseensa waldaaf qodame jira.

Gama biraatiin, bara ka'umsa 2012 Omisha bunaa gabaa biyyaa alaatti dhiyeessu toonii 128,387 irra kan ture hanga xumura 2014 omisha bunaa toonii 76,020 dhiyeessuf karoorfame rawwiin toonii 14,319 (%19) qofatu dhiyaate jira. Raawwiin kun karoora gadi akka ta'e kan ifatti argamuta'e sababi inni guddaan sababa jijjirama qilleensaatiin naannoo godinaalee omisha buna keessatti hongeen waan mudateef oomisha buna hanga egame argamu hun dandeenye. Dabalatanis, godinaaleen omisha buna dhiyeessa turan tasgabbii nageenyaa wajjin walqabte rakkoo waan jiruf hanga yaadame raawwachu hin dadeenye.

Gama biraatii Omisha qonna biyya ala ergun Sharafa biyya alaa argamsiisuf bara xumura 2012 USD bil. 0.31 irra ture hanga xumura 2014 USD bil. 0.26 argamsiisuf karoorfame waliigala USD bil. 0.083 (%32) argamun dand'ame jira. Sababin raawwiin sharafa biya alaa gadi aanaa ta'eef oomishaalee gabaa biyya alaatti hanga barbaadame ergu dhabu fi ququlina barbaadameen omishu dhabu irra akka ta'e gabaasa 2013 fi 2014 irra hubachuun dandaa'ame jira.

**Qorannoo qonnaa:** Teeknoloojiwwan qonnaa oomishaa fi oomishtummaa qonnaa fooyyessan dhiyeessuu fi babal'isuun itti fayyadama teknolojii fi odeeffannoowwaan dhiyaataniif deeggarsaa fi tumsa barbaachisu taasiisuun ammayuummaa adeemsa oomishaa qonnaatiif bu'ura akka ta'e beekama dha. Haaluma kanaan, yaaliwwan qorannoo adda addaa geggeessu bara ka'umsa KIBtti 811 irra kan ture waggoottan KIB lamaan darbanitti lakk.1,934 geggeessuf karoorfamee ture waggoottan KIB laman kanneenitti yaaliwwan qorannoo adda addaa 2,161 (%112) gaggeeffamee jira.

Teeknoloojiwwan/odeeffannoont gosa garaa garaa baasuu bara 2012itt lakk. 246 irra kan ture waggoottan lamaan darban keessatti (2013-2014) teknoloojiwwanii fi odeeffannoowwan adda addaa lakk.541 baasuuf karoorfamee raawwii wagga lamaatiin lakk.566 (%104.62) baasuun danda'amer. Kunis, karoora wagga shanii irraa %33 raawwatamu Gama hojii teekinooloojii babal'isu (scaling up) 128 qonnaan/horsiisee bulaa 4,027 garee FRG 135tiin gurmaa'an biratti babal'isuuf karoorfamee teekinooloojiwwan 185(144.5%) qonnaan/horsiisee bulaa 6,223 (154.5%)irra gahee jira

Waggotan lamaan darban (2013fi 2014) keessatti hojii teekinooloojii baay'isuu lakkoofsaan 572 ta'an raawwachuuuf kan karoorfate keessaa, teekinooloojiiwwan baay'ina 698 ta'an baay'ifamanii kan yommuu ta'u, raawwiin karoora waggaa lamaan darbanii kun yoo ilaalamu %122 ta'e karoora waggaa shanii irra %45 irra akka jiru mul'isaa.

Akka mikaa'inaa fi bu'aatti teknolojiwwan midhaanii 21 (Midhaan biilaa fi agadaa 7, midhaan dheedhii fi dibataa 9, kuduraa muduraa fi mi'eessituu 5) Koree sanyii filatamaa biyyooleessan (National Variety release committee) milkanaa'anii omisha keessatti akka galu gadilakifamanii jiru. Sanyii haaraan bahan ulaagaa garaa garaa (oomisha, dandeettii dhukkuba dandamachuu fi qabiyyee nyaataa qabaniin fi kkf) ilaalamani akaakuu sanyii walfakkaatuu kana dura jiru waliin walbira qabamanii yeroo ilaalamen %17- %65 hanga giddu-galessan %30 caalmaan akka kennuu danda'aniidha.

**Itti fayyadama callaa guddiftuu:** Adeemsa oomishaa fi oomishtummaa dabaluu keessatti dhimmi itti fayyadama callaa guddiftuu dhimma murteessadha. Kanuma irraa ka'uudhaan itti fayyadama xaa'oo keenya yeroo ilaalluu ka'umsa KIBtti itti fayyadamni xaa'oo keemikaala, sanyii filatamaa fi keemikaala farra aramaa, dhibee fi ilbisotaa akkasumas xaa'oo uumamaa (kompostii) walduraa duubaan kunt. mil 4.95; mil.0.44; g/lit.1.56 fi m<sup>3</sup> 0.016 irra kan ture waggaa waggaan giddu galeessan 13%, 24%, 12.9%on guddisuuf kan karoorfame yoo ta'u raawwi KIB waggottan lamaan kanaa yoo ilaallu itti fayyadamni xaa'oo keemikaala, sanyii filatamaa fi keemikaala farra aramaa fi ilbiisotaa walduraa duubaan %16.3, %12.56 fi %20.1n guddina kan agarsiise jira. Garuu fayyadama sanyii filatamaa bara baraa dabaltii agarsiisaa haa dhufu malee karoora kaa'ameen kan wal hin simee ta'uu agarsiisa. Gama xa'oo uumamaatiinis ka'umsa irraa dacha hedduun kan dabalee fi fayyadamummaan Q/bulaa ka'umsa KIB tti mil.2.9 ture bara baraan %6n guddisuun bara 2014tti gara mil.3.54tti guddatee jira. Hata'u malee, raawwiin callaa guddiftuu jijiirama kan argisiisaa dhufe ta'us, lafa walii gala misoome keessaa lafa xaa'oodhaan misoome yommuu ilaalamu ammas reeshoon itti fayyadama xa'oo standardii (mismatch between soil nutrient requirements and fertilizer applications) gad ta'u agarsiisaa.

Kanaafuu, raawwiin callaa guddiftuu jijiirama kan argisiisaa dhufe ta'us, lafa walii gala misoome keessaa lafa xaa'oodhaan misoome yommuu ilaalamu ammas reeshoon itti fayyadama xa'oo standardii gad kan ta'ee fi lafa waliigala qoonaaf oole keessa % 72.5 qofti xa'oon waan misoomef gara fundura haala staandardii jiruun ittifayadamuu barbaachisa.

**Ittifayyadama Makanayizeshinii Qonaa:** Qonni naannoo keenya teeknoloojii ammayyaatiin akka gaggeeffamuuf sochiin taasifamaa jiru bal'aadha. kana irraa ka'uudhaan dhiyeessii fi ittifayyadama makanayizeeshinii qonaa sadarkaa barbaadamuuun dabaluun oomisha qonaa guddisuun ni danda'ama. Qonna ganna fi arfaasaa marsaa  $1^{ffa}$ n bara 2012tti lafa hek mil. 0.74 tiraaktaraan qotamee ture hanga bara 2014tti % 93 guddisuun. lafti mil.2.78 tiraaktaraan qotamee qonnan bulaan mil.1.55 fayyadamaa ta'eera. Akkasumas marsaa laamaanuu bara 2014tti lafa hekt. 759,672 ta'u irraa kombayinaraan haamuun qonnaan bulaan 609,511 fayyadamaa teeknoloojii kanaa taasisuun danda'amee jira. Hanqina jiru makanizeshiniin qonaa kun hanga barbaadamu kan hin babal'anee fi bakka ga'etis itti fayyadama irrattis rakkoon teknikaa fi deeggarsa gahaa dhabuun kan mul'atuudha.

Kallattii fuula duraa qonna keenya ammayyesudhaaf qonnaan bulaan gurmaa'anii tajaajila kira maashinoota qonaa argachuu akka danda'aniif deggeruun bu'a qabeess akka ta'an gochuu fi rakkooawan qunnaman hiikuun deggersa teekinikaa fi gorsa kennuufiidhaan hordooftii taasiisuun barbaachisaadha.

**Misooma Eegumsa Naannoo fi Dinagdee Magariisaa:** Misooma dinagdee magariisaa dhugoomsuuf sochii taasifamaa jiru milkessuuf hojiwwan misoomaa karoorfaman keessatti tarsiimoon kun akka lafa qabatuu fi gadi lakkisa gaazii miiteenii ykn kaarboonii (Methane or Carbon emission) bifa xiqqeessuun danda'amuun hojiileen adda addaa (Biogas, solar, improved cook stove, loon sanyii fooyya`aa fi verm compost) hojjetamaa turan bara 2012tti gadi lakkisa gaazota ho`aa MmtCO<sub>2</sub>e 23.06 irra ture bara 2013tti MtCO<sub>2</sub> equ. 4.25'n hir'isuuf karoorfamee MtCO<sub>2</sub> equ 4.38 fi bara 2014tti MtCO<sub>2</sub> equ 6.24 hir'isuuf karoorfamee MtCO<sub>2</sub> equ 7.30 hir'isuun danda'ame jira.

Gama biraatiin, qabeenya bosonaa adda baasuu iddoowwan ciccitaa dabalatee daangeesuu fi galmeesuun eegumsii fi kunuunsuu hanga bara 2012tti hekt. 185,459 kan ture bara 2013tti gara hekt. 133,726 (%267.4) yoo dabalu bara 2014tti gara hekt. 13,805 raawwiite jira. Akkasumas, eegumsaa fi kunuunsa bineeldoota bosonaa fooyyeessuuf paarkiwwaan fi dawoo bineensota bosonaa qoratamanii adda bahan ilaalchiisee raawwi ka'umsa bara 2012 61 ture, hanga bara 2014tti 3(%75) dabalamee jira. Kanaafuu, uwvisa bosonaa fi eegumsaa fi kunuunsa hedduummina lubbu qabeeyyiirratti hojjachuu, xiyyeffannaa damee turizimiif kennameen bakkeewwan ikoo-turiizimiidhaaf oluu danda'an misoomsuu akkasumas miidhaa qabeenya

bosonaa irratti qaqqabuu danda'u dursanii xiinxaluun eeggannoo barbaachisu taasiisurratti xiyyeefatamee hojjatamuu qaba.

**Bulchinsaa fi Itti faayadama Misooma Lafaa:** Xuumura bara 2012tti lafa hekt. 449,153 (baadiyyaa hekt. 420,570 fi magaalaatti hekt. 28,583) qophaa'ee ture, bara 2013-2014tti hekt. 191,086 (baadiyyaa hekt. 173,729 fi magaalaatti hekt. 17,357) qopheesuuf karoorfamee hekt. 171,463.5 (%89.7) qopheessuun dandaa'amee jira. Hanga bara 2012tti lafa baadiyyaa safaruu fi galmeessuun waraqaaragaa abbaa qabbiyyummaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> 4,023,712 kennamee tureen qonnaan buaan lafa isaa akka wabiitti qabsiisuun dhaabbilee faayinaansiiraa qar. 114,247,830 liqeefachuu danda'ee yoo ta'u, bara 2013-2014tti waraqaaragaa abbaa qabbiyyummaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> 3,486,019 kennuuf karoorfamee 1,970,987 (%56.5) kennameen qonnaan buaan lafa isaa qabsisee qar. 320,415,788.96 liqeefachuun namooni 8,482 fayaadamoo ta'anii jiru. Maallaqa liqeefate kanaa keessaa qar.% 74.3(qar. 238,072,018.65) deebii'ee jira.

Lafa magaalaa mirkaaneesuu fi galmeesuun gaheen isaa ol aanaa dha buu'uraa godhaachuun bara 2013-2014tti cittuu lafaa (parcel) 122,800 mirkaaneesuun galmeessuuf karoorfamee ciituu lafaa (parsiili) 81,874%67 mirkaneessuun galmeesuu dandaa'amee jira. Sabaabiin raawwiin gadii aanaa ta'eef mirgi abbaa qabbiyyummaa ibsu gahaa ta'uu dhabuu fi lafni mirkanaa'ee galmaa'u istaandardii magaalaaf kennamuu gadii/ol ta'urraa kan ka'e murtee hoggaansa adda addaa kan barbaadu waan ta'eefii dha.

Hanga xumuraa bara 2012tti qabiyayee durii 176,748 fi ijaarsa seeraan alaa pilaaniin wal-simu 22,183 seeraa qaabeesa gochuun kan raawwatame yoo ta'u, bara 2013-2014tti qabiyayee durii 135,215 fi ijaarsa seeraan alaa pilaaniin wal-simaan 49,577 seera qabsisuuf karoorfamee qabiyayee durii 153,798 (%114) fi ijaarsa seeraan alaa 49,183 (%99) seeraa qabsisuun dandaa'amee jira.

### **2.3 Misooma Invastimantii fi Ce'umsa Caasaa Dinagdee**

Guddina dinagdee naaannichaa (GDP) keessatti gaheen industirii (omisha Albuudaa, manufakcheringii, Ibsaa, fi ijaarsa) bara ka'umsaa (2012)tti %15.4 ture waggottan laman KIB darbanii (2013-2014) keessa hundumtaan omishaalee giddu galeessaan %18 irra gahuuf karoorfamee %15.3 kan jiruu fi c'eumsi caasaa dinagdee qonna irraa gara industiriitti taasfamu harkifataa ta'uu agarsiisa.

**Misooma Interpiraayzoota Maakroo fi Xixiqqa (IMX):** Gurmaa'insa Interpiraayzootaa baroota lamaan kana keessa 246,550 gurmeessuuf karoorfamee 179,382 (%73) kan raawwatee fi karoora KIB waggoota shanii irraa %29.24 kan raawwate yommuu ta'u manii waggaa shanii irraa raawwiin jiru gad-aanaadha.

Dhiyeessii Paakeejii Deeggarsa: Deggersa Mootummaadhaan waldaalee IMX ttif Tajaajila Eksiteenshini Induustirii (TEI) guutuu kennname ilaalchisee waldaalee IMX haaraa 126,000 fi buleeyyi 159,610 deeggarsa TEI guutuu kennuuf karoorfame walduraan duubaan 128,675 fi 183,163 raawwateera. Sochoostotaan haaraa 630,000 (dh 315000 fi du 315,000) fi buleeyyi 890,306 (Dhi. 516241 fi Dub. 374,065) deeggarsa guutuu kennuuf karoorfamee schoostoota haaraa 727,211 (dh 456434 fi du 270,777) (%115.4) fi buleeyyi 934,413 (Dhi. 290,326 fi Dub. 326,088) akka argatan ta'eera. Akkasumas, Kaappitali deeggarsa TEI kennameen horatame bara 2012tti qar. 219.68 ture gara 280,019,453 guddisuuf karoorfame qr 367,175,015 (%131.1) irra gaheera.

Deggersa dhiyeessii iddo Omishaa fi gurgurta lafa magaalaa fi baadiyaa hekt.84,181 dhiyeessuuf karoorfame lafa hekt. 97,619 dhiyaateera kunis karoora waggaa shanii irraa %55 ta'a. Deggersa Sheediiwan haaraa ijaaramee fi dabarfamee kennname 5,008 magaalatti, interpiraayzoota 5,008 sochoftoota 22,534 tajajiiluuf karoorfame keessaa 5,050, 5,050 fi 26,155 walduraan duubaan raawwatee jira. Gama biraatiin Sheediiwan seeraan ala qabamanii turan 4,660(%215) gadhiisisuun qamaama biraaf dabarfamee deebi'ee akka kennamu yoo taasifamu manii waggaa shanii irraa % 65.53 raawwatamee jira.

Kenna liqii deeggarsa faaynaansii Baadiyaa fi Magaalatti interpiraayzoota 112,000, schooftoota IMX 560,000 kennuuf karoorfame walduraan duuba 25,187 fi 93,791 yoo raawwatu qar.bil 7.0 kennuuf karoorframee keessaa qar.bil 4.83 (%69) liqaan kennamee jira. Gama kanaan, liqiin ala bule hanga deebi'uu qabu deebi'uu dhabuun rakkoo cimaadha.Liqii bilchaate deebi'e deebisuuf qar.bil 3.46 karoorfame keessaa qar.bil 3.096 (%89.53) kan deebi'e yommuu ta'u liqii ala bule deebisuuf qar.bil 1.92 karoorfame keessaa qar. mil 666.36 (%34.70) qofa kan deebi'eedha.

Gama deggersa walitti hidhaminsa gabaa fi promooshinii Magalaa fi Baadiyaa gabaa biyya keessaa fi biyya alaan interpiraayzoota 380,606, Miseensota 2,640,750, qar.bil23.1 akka argamsiisuuf karoorfame raawwiin walduraan duubaan 202,339 fi 1,483,675, hojii kanaan qar. bil. 29.6 argamee kan argame yoo ta'u karoora waggoota shanii irraa %51.89 raawwatee jira. Haata'u malee, kanneen keessaa carraa walitti hidhaminsa biyya alaa kanatti kan fayyadaman

interpiraayzoota afur sochoostota 23 (Dhi. 5 fi Dub. 18) hirmaachuun qar. 2,528,000 (USD 48,615.38) argamsiisuu danda'an. Gama kanaan hanqinaaleen jiranu kaappitaalaa dhabuu, rakkoo qulqullina oomishaa, fi baay'inaan oomishuu dhabuudha.

Hojiiwwan deggersa addaa addaa armaan olitti kennaammaa turan kanaan Interpiraayzota moodeela ta'an 6,665(%109) kara adda baasuun kan danda'amee yoo ta'u karoora wagga shanii iraa %57 kan rawwatamee fi interpiraayzoota sadarkeeffamanii qophaa'an 223,926 (97.54) akka ce'an ta'eera. Haata'u malee,baay'ina waldaalee gurmaa'ee jiru waliin yoo walbira qabnee madaallu baay'ee xiqaadha. Waldaaleen IMX gurmaa'anii hojiitti seenan bu'a qabeessa akka ta'an irratti hojjatamuu qaba.

Waggootan lamaan darban 2013-2014 keessatti poteenshala carraa hojii adda bahe qoratameen hoji dhabaa 2,999,801 adda baheen keessaa hojii dhabaan 2,185,382 (Magaala 868,093 fi baadiyaatti 1,317,289) carran hojii dhabbi (qacarrii fi gurmiin) kan umamef yoo ta'ui hojii dhabaa 709,462 (magaalaatti 334,417 fi baadiyaatti 375,045) carraan hojii yeeroo ummameefii jira. Leenjifamtoota madaallii gahumsa Ogummaa fudhatanii milkaa'an/Gahoomanii leenjii idilee fi gaggabaaboodhaan %72 irran gahuuf karoorfame % 71.5 irraa gahee jira. Karoora waggoota shanii irraa %86 irra gaheera. Raawwiin haala gaarii irra jiraatus, qulqullina leenjii sakatta'uun teknoolooji haaraa babal'isuu irratti xiyyeffatanii hojjechuun barbaachisaadha.

Sochostota IMX deegarsa TEI Guutuu argatanii xumuranii gahumsi isaanii MGO'tiin mirkanaa'e galmaan gahuuf karoora waggoota lammanii 470,762 yeroo ta'u, raawwiin isaa 9,835 (%2.1) ta'e Karoorii manii wagga Shaniirra ammoo % 0.8 akka ta'e ni mulisaa. Kun ammo, deeggarsi naannoo kanatti kenname baay'ee laafa akka ta'e fi humna namaa beekumsaa fi gahums industuri IMX keessatti qabu horachuu fi dorgoma ta'uu irratti guffuu guddaa akka ta'u kan agarsissuu waan ta'eef hordofii fi deeggarsi cimaan naannoo kanniinsa TEI irratti godhamuu qaba.

Dhaabbileen leenjii teeknikaa fi Ogummaa giddugala Kalaqaa fi babalissuu teeknolooji akka ta'aniif hojii hojjetamuun teeknolooji waraabuu fi ceesisuun ilaachisee leenjistoota 100% Teeknolooji waraabuun IMXtti ceesisuun danda'an hanga bara 2014tti 5404 irra gahuuf karoorfameef 5029 (dh 3958 du 1075)% 96.03 kan raawwatame yoo ta'u raawwiin isaa gaarii ta'uus qulqullina isaa irratti hojjachuu xiyyeffanna guddaa barbaada. Gama biraatiin Teeknolooji bu'a qabeessummaan isaa mirkanaa'ee dhaabbileen leenjii keessatti 100% waraabuun IMXtti Cesiisuuf bara 2012tti 310 irra ture bara 2014tti 2759 irraan gahuuf karoofamee

teeknoolojii 4,379 (158.72%) ta'an waldaalee IMXtti Cesiisuun danda'ameera. Sababa qaamni Teeknolojii filatu, waraabuu fi madaqsuu ofii isaatiif qaawwa ogummaa qabaachuu isaa, Teeknolojii haawaasa naannoo fayyadu osoo hin ta'in ulaagaa sadarkaa guddinaa itti guuttachuu qofaaf kan itti hojjetamaa ture ta'usaa fi qaamni Teeknolojiin itti ce'u (Waldaalee IMX) Teeknolojii kana fudhatanii baay'isuun ofii fi haawaasa naannoo isaaniif dabarsuu hin dandeenye

**Investimenti Dhuunfaa:** Misooma Inveestimentii naannoo keenya saffisaan guddisuuf pootenshaala naannoon keenya qabdu karaa gahumsa qabuun fayyadamuuf Lafa inveestimentiif oolu bal'inaa fi qulqullinaan qopheessuun hojii ijoodha. Haaluma kanaan,lafa hekt. 76,698.89 (baadiyaatti hek. 69,203.20 fi Magaalatti hek 7,495.69) qopheessuuf karoorfame waliigala lafa hekt.71,413.85 (baadiyyaatti hek. 70,143.02 fi Magaalaatti hekt. 1,270.83) investimentiif qophaa'ee jira. Gama kanaan, birokiraasii walxaxaa bulchiinsa lafaa waliin walqabatee jiru, rakkoo kaffaltii beenyaa fi al-seerummaarratti jiru hanbisuun carraa inveestimentii bal'aa oromiyaa qabdutti fayyadamuun abbootiin qabeenya gosa inveestimentii adda addaa irratti akka hirmaatan gochuun barbaachisaadha.

Hayyama inveestimentii 3,090 haaroomsuuf karoorfame keessaa 1,586 (%51.3) kan raawwatamee fi fedhii dhabuu abbootii qabeenya irraa kan ka'e jijiirraa pirojeektotaa 96 raawwateera. Raawwiin kun akka agarsiisutti bu'a qabeessummaa pirojektoota investimenti keenya waan ilaalamuu kan qabu fakkaata.

Oromiyaa keessatti pirojektooni investimenti hanga bara 2014tti eyyama argatan 20,876 (%26 qonnaa, %18 Agiro industrii, %17 manufakcherii, fi %39 Tajaajila) ta'ee sektarri qonnaa fi tajaajila irratti fedhiin investimenti dabala jiraachuu agarsiisa. Haata'u malee, kanneen eyyama argatan keessaa pirojektooni omisha/tajaajila eegalan 8,599 (%41) qofadha (%18 qonnaa, %17 agiro-industrii, %17 manufakcherii, fi %47 pirojektoota tajaajilaa). Waggoota lamaan darban keessa Pirojeektota inveestimentii Abaaboo, Kuduraa fi Muduraa fi oomishaalee industiriwwan manifaakcheringii al-ergee irratti bobbaaniif deggarsa adda addaa taasisuun oomisha isaanii metirik toonii 175,363 gabaa biyya alaatiif dhiyeessuun galii dolaara Amerikaa mil. 608.85 argamsiisuuf karoorfame oomisha toonii 144,263(%82) dhiyeessuun galii sharafa biyya alaa doolaara mil. 512.33(%84) argamsiisuun danda'ameera.

Waggoottan dabran, pirojektooni 1,954 (%9) hojii akka hin eegaliin fi pirojektooni 568 (%2.7) hojii adda kan kutanii ta'uu ragaan ni agarsiisa. Akkasumas, inveesteroota naannoo keenya

keessatti hojii inveestimenti adda addaa irratti bobba'aniif yeroo adda addaa deeggarsi taasifameefii hojii keessa galuu didan pirojeektota 278 waliigalteen isaanii akka adda citu ta'e irraa lafti hekt. 7,621.14 ta'u gara baankii lafaatti deebi'ee jira.

Rakkoolee pirojektooni investimenti naannoo keenyaa keessatti mul'atan; simanna irratti hojimaata jiruun qophaa'ummaa abbooti qabeenyaa (gahumsa, dandeettii kaappitaalaa fi bu'aa qabeessummaa) xiixaaluun mirkaneessuu dhabuu, lafa investimentiif qophaa'e jedhame qulqullinaan dhimma ooluufii qabu adda baasanii dabarsuu dhabuu, abbootii qabeenyaa gara hojiitti seensuuf deggersaa fi hordoffii gaha kennurratti xiyyeffachuu dhiisuu, qaala'insa jirenyaa, ol-ka'insa gatii meeshaalee ijaarsaa, sharafa biyya alaa dhabamuu irratti hojjatamuu qaba. Akkasumas, gahumsi hordoffii fi deggersi pirojektoota investimentiif kennamaa jiru karaa waliigaltee galame mirkaneessuu fi murtoo kennisiisuun raawwachuu dhiisuu fi karaa lafa ittiin fudhatan taasisanii ilaaluun hojimaata badaa seera qabeessa fakkaata dhufe ta'u fi kan biro ta'u mala.

Haaluma kanaan wiirtuu tajaajila iddo tokkoo (**WTIT**) jajjabeessuufi hammayyeessuu, hojimaata alsoerumaaf saaxilu dhiphisuu fi kan dandeettii fi gahumsa cimsu diriirsuun barbaachisaadha. Kilaasteraa itti fayyadamuun idoon tokko isa birof galtee yokiin gabaa akka ta'uun qindeessanii tarsiimoon hogganuuf inisheetiviwwan industirii paarkii fi zoonii dinagdee hundeessuu eegale bu'a qabessa taasisuun invastimenti seektara "agro processing" fi manufaakcheringii akka guddatu taasisuun murteessaadha.

**Inisheetiviwwan Ce'umsa Dinagdee:** Mootummaan naannoo oromiyaa ce'umsa caaseffama dinagdee kallattii adda addaan milkeessuuf bara 2010 irraa eegale inisheetiviwwan adda addaa eegalee jira. Rakkoolee bu'uuraalee misoomaa fi iddo hojii simanna abbootii qabeenyaa irratti mul'ate hiikuun milkaa'ina ce'umsa dinagdee milkeessuuf tarsiimoo yokiin insheetiviwwan paarkii Industirii (IP), misooma Zooniin Diinagdee Addaa Gadaa (ZDAG) kilaastaraan qinndeessuu fi gurmeessuun walitti hidhamiinsa akka uumamuuf hojjetaa jira.

**Inisheetiivii Zoonii Diinagdee Addaa Gadaa (ZDAG):** Bara baajataa 2013-2014tti Zooniin Diinagdee Addaa Gadaa (ZDAG) akkaataa diizaayinii taa'een marsaa duraa (Start-up phase) irratti lafa heek 3150 ta'u wagga shan (5) keessatti misoomsuuf karoorfameen marsaa duraatiif lafa Heek. 300 kan abbooti warraa 160 kaffaltii beenyaa raawwachuuuf karoorfatee lafa Heek.192 (64%) irratti abbaa warraa 165'f (103%) ta'aniif kaffalamee qophii ta'ee jira. Ijaarsa boolla gadi fagoo %98 irra gaheen ala raawwiin ijaarsa bu'uraalee misoommaa biroo jalqabbiira

kan jiruu dha. Sababa adeemsi fudhannaa lafaa walxaxaa ta'eef akkasumas qorannoo fi dizaayiniin yeroodhaan xumuramuu dhabuutin raawwiin isaa dadhaabaa fi harkifaa ta'ee jira.

**Inisheetiivii Misooma Paarkii Industuriwwamii(MPI):** MPI kilaastara saditti kan qoodame yoo ta'u isaaniis baha oromiyaatti paarkii industirii qonna qindaawaa Bulbulaa (PIQQB) , lixa Oromiyaatti PIQQI Naqamtee fi giddugala naannootti Giddu Gala Gabaa Burrayyii(GGB) jedhamanii KMPIO tii kan hoganamaniidha. Bu'uruma kanaan ijaarsi PIQQ Bulbulaa bara 2010tti eegalame bara 2012 %85 irra gahee ture waggoottan lamaan kanatti hojiin ijaarsi isaa hafe %15 gutumatti (%100) xumuramee hojiin oopireeshinii calqabamee jira. Paarkichi GCB 6 (jahaa) giddugaloota ce'umsa baadiyyaa (Shaashamanee, Baalee-Robee, Maqii, Dodolaa, Oolancitii, fi Itayyaa) bara 2012 raawiin ijaarsa isaanii %90, %39.37, %43.22, %4.35, %7.38 fi %1.61 walduraa duubaan ture waggoottan lamaan kanatti xumuramanii hojii eegaluuf qophii ta'anii jiru.

PIQQ Naqamtee waggoottan lamaan kanatti ijaarsa isaa %60 raawwachuuf karoorfamee %11.5 kan raawwatamee fi karaora waggaanitti %100 xumuruuf qabame irraa %11.5 qofa yoo ta'u raawwiin isaa baay'ee gadi bu'aa dha. Akkasumas GCB 4(afur) PIQQ Naqamtee jala jiru bara 213-2014 % 50 raawwachuuf karoorfamee osoo hin raawwatamiin hafree jira. Kanaafis rakkoon dhiyyeessii yeroo barbaadametti kontiraktarichi galchuu dhabuun akka sababaatti kan kaa'ameera.

Bara 2013-2014tti PIQQ Bulbulaatti abbootii qabeenyaa 6 (ja'a) simachuun sheediiwwan industirii 3 (sadii) fi lafti misoome hektarri 9.3 dabarfamee kennamee jira. Harkifanna deeggarsa Baankii Misooma Itiyoophiyaa, LC banachuu dadhabuu, bu`ura misooma ibsaa fi bishan dhiyyessuu dhabu fi dhibeen COVID-19 abbootiin qabeenyaa akka hojii hin jalqabneef hudhalee ijo dha.

Waluma galatti MPI akkataa karoora qabameen yeroo ilaallamu yeroo ammaa PIQQ Bulbulaa isaa xumuramee hojii kan jalqabe yoo ta'u GCB issa jala jiran 6 ijaarsi isaanii xumuramee tajaajilaaf qohii kan ta'an yoo ta'u PIQQ Naqamtee garuu ijaarsi isaa sadarkaa jalqabii (%11.5) irra kan jiru yoo sadarkaa amma irra jiruun galma fi kayyoo akkataa karoorfameen mikeessuu hin dada'u. GGB ilaachisee jalqabumaa MPI jala osoo hin galiin hojii keessa kan jiru yoo ta'u waggoottan lamaan kanatti hojiin rifoormi qorannoonaan gaggeefamaa jiru fi hojiin karaa lolaa % 100 karawwatamee fi hojiin suphaa karaa %50 niraawwata jedhame osoo hin hojjatamii hafree jira. Kaffaltii kira sheedii fi liizii lafa Misoomee PIQQ Bulbulaa, kira kilaastaroota industirii

maanufaakcharingii fi kiraan mana kuusaa, barandaa fi lafaa Giddugala Gabaa Buurayyuu fi kan biro irraa galii qar.mil.98.3 sasaabuuf karoorfatee qar.mil.93.7(%95) sassaabee jira.

## 2.4 Bu'uraalee Misoomaa

**Misooma Bishaan Dhugaatii:** Misooma bishaan dhugaatii qulqulluu qorannoo potenshaalaa irratti hundaa'e gaggeessuun tajaajila hawaasa baadiyyaatii fi magalaatiif akka oolu hojiin gagaarii baay'een hojjetamaa ture jira. Waliin gahiinsa bishaan dhugaatii qulqulluu kana cimsuuf hojiin suphaa fi Iskiimota tajaajila hinkennine hojiitti galchuu fi bulchiinsa isaanii xiyyeffannoon hojjechuun hojii yeroon itti hin kennamne ta'ee argameera. Tajaajila uwvisaa bishaan dhugaatii qulqulluu hawaasa naannoo keenyaa bara xumuraa 2012tti %71.75 irraa ga'e jiru KIB waggaa lamaa keessatti uwvisaa isaa %80.23 irraan ga'uuf karoorfamee %80.23 irraan gahuun danda'amee jira.

Haaluma kanaan, uwvisaa bishaan dhugaatii baadiyyaa fi magalaatti bara ka'umsaa 2012tti %72.56 fi %67.06 wal duraa duubaan kan ture hanga bara 2014tti wal duraa duubaan %82.03 fi 78.43 irraan ga'uuf karoorfamee %100 raawwatamee jiru. Raawwiin kun karoora wagga lamaa irraa yeroo ilaalamu %100, karoora wagga shanii irraa ammoo %91.86 irraa jira. Hojii kanaanis baadiyaatti uummata mil. 27.38 fi magaalatti uummata mil. 6.18 waliigala ummaata Oromiyaan qabdu mil. 41.15 keessaa mil. 33.56 bishaan qulqulluu obasuun danda'ameera.

Haaluma kanaan, raawwiin bara KIB wagga lamaa kanatti uummanni bishaan qulqulluu ni argata jedhamee tilmaamame mil. 3.31 keessa ummannii mil. 5.11 bishaan qulqulluu argachuu danda'eera. Karoora KIB wagga lamaa irraa yeroo madaalamu uummata kuma 900 olii karoora olii bishaan qulqulluu obasuun fayyaa isaa irratti gumachaa taasisuun danda'ameera. Haa ta'u malee, raawwiin kun galma'uu kan danda'eef pirojektoota bishaanii buleyyii 17,939 xumursisuun milka'ina argamedha. Gama pirojektoota haaraan bara KIB wagga lamaan darban bara 2013 keessa pirojektoota 324 ijaaruuf karoorfaman keessaa pirojektoota 8 kana ijaaraman yoo ta'u, bara 2014 keessa pirojektoota bishaan dhugaatii 353 ijaaruuf karoorfamee raawwi malee hafuu danda'eera.

Akka waliigalaatti wagga lamaan kan keessatti pirojektonii 677 ijaaruuf karoorfamee pirojektoota 8 (%1.18) qofa akka raawwatame hubachuun danda'ameera. Raawwiin kun sabaaba hojii keessatti uumame osoo hin ta'iin pirojektoota akka baajatni itti qabamuuf gaafatamee keessaa kan pirojektii 8 qofa kan hayyamame ta'uu isaatti. Kanaafuu, baajatni qabamuuf dhabuun

piroktoota bishaan dhugaatii fuula duraaf tajaajila bishaan qulqulluu baay'ina uummataa naannoo keenyaa dabala jiru biraan gahuu irratti rakkoo guddaa waan ta'uuf toftaa addaan socho'uu gaafata.

**Qorannoo fi Dizaayinii Bishaan Dhugaatii:** Qorannoo fi dizaayinii bishaan dhugaatii baadiyaa fi magaalaatiin bara 2012tti lakkofsaan wal duraa dubaan 415 fi 61 irraa jiru bara KIB waggaa lamaa kana keessatti baadiyaatti 219, magaalaatti 140 hojjechuuf karoorfamee baadiyaatti 291 fi magaalaatti immoo 21 hojjechuun danda'ameera. Raawwiin kun KIB waggaa lamaa irraa yeroo madaalamu kan baadiyaa %100 ol hojjetamee kan jiru yommuu yeroo ta'u, kan magaalaa KIB waggaa lamaa irraa %15, KIB waggaa shanii irraa %6 qofa raawwatamee jira. Raawwiin magaalaa baay'ee gadi aanaa waan ta'eef dhimmi qoraannoo fi dizaayinii piroojeektootaa dursa xumuruun hojiif qophessuu gaafannoos keesaa kan galuu waan hin taaneef rakkoo isaa adda baasuun tarsiimoo raawwii qopheefachuun itti hojjechuun murteessaa ta'a.

**Ijaarsa iskimoottaa bishaan dhugaatii:** Ijaarsii iskimoottaa bishaan dhugaatii hawaasni bishaan dhiiyeenyaatti naannoo isatii argatee itti fayyadamaa akka ta'u gochuu keessatti shoraa olaanaa qaba. Baadiyaa keessatti raawwii ijaarsa iskimoottaa adda addaa xumuraa bara 2012tti lakkofsaan 24,651 irraa jiru bara KIB waggaa lamaa keessatti lakkofsaan 5,916 hojjechuuf karoorfamee 5,643 (%95) raawwatamee jira. Karoora KIB waggaa shanii irraa raawwiin kun (%48) irraa jira. Akkasumas, xumura bara 2012tti magaalaa keessatti raawwiin ijaarsa iskimoottaa bishaanii adda addaa 436 irra jiru bara KIB waggaa lamaa keessatti 50 hojjechuuf karoorfamee 37 (%74) karoora wagga shanii irraa (%37) raawwachuuun danda'ameera.

**Haaroomsa fi Suphaa Iskimoottaa:** Isikimoota bishaan dhugaatii sababa adda addaatiin tajaajila dhaabaan akka tajaajila kennan taasisuuf hojiwwan haroomsa, suphaa fi bakka buusuu karoora imala badhaadhinaa waggoottan lamaan keessatti karoorfamanii turan; haaroomsaa fi fooyyeessuu maddoota bishaanii 1,627, suphaa meeshaalee EM 1,690 fi bakka buusuu meeshaalee EM 449 yoo ta'an, kana keessaa haaroomsaa fi fooyyeessuu 1,309 (%80), suphaa meeshaalee EM 3,834 (%150) fi bakka busuu meeshaalee 491(%109) tartiibaan raawwatamee jira. Haaluma kanaan, Iskiimotni bishaan dhugaatii tajaajila guutuu kennuu akka danda'aniif, reetii iskiimota bishaan dhugaatii tajaajila hin kenninee /NFR/ hir'isuuf hojii hojjetamaa tureen bara ka'umsaa 2012 %6.52 irraa kan ture bara 2013tti %6.27 irraan gahuu karoorfamee gara %6.33 tti gadi buusuun danda'ameera. Haluma wala fakkaatuun bara karoora 2014tti gara

%5.98tti gadi buusuuf karoorfamee gara %5.98tti gadi buusuun danda'amee jira. Gama biraatiin too'annoo qulqullina bishaanii iskimoota irratti gaggeessuu fi sirreessuun karoorri 445 qabamee kan ture yoo ta'u raawwiin isaa 416 (%93) ga'ee jira.

Akka waliigalaatti rakkooowwaan raawwii misoomaa bishaanii keessaatii adda bahaanii gara fuula duraatti hojii guddaa barbadan; dhimmi qoraannoo fi dizayyiin piroojeektootaa bishaanii gahumsaa fi yeroon xumuruun caalbasiif dhiyyesuu dadhabuu, qalayiinsaa gatii meshaalee ijaarsaa akkasumas gahumsi kontiiraakterootaa fi gorsitootaa gama hundaan hanqina qabachuun isaan ijoo dha.

**Misoomaa Baayoo Inarjii:** Misoomaa baayoo inarji milkeessuuf hojiiwwaan geemoo qoraan qustan raabsuu, wiirtuu oomisha geemoowwanii ijaaruu, fi ijaarsa baayoo gaazii gaggeessuu raawwaatama turaanii jiru. Haaluma kanaan, walduraa duubaan raawwwiin isaa xumura bara 2012tti mil.3.54, 91, 3.067 irraa jiru KIB wagga lamaanii darbee kanaatti geemoo qoraan qustan raabsuu mil.2 hojjechuuf karoorfame 1,467,187 (%73), wiirtuu oomishaa geemowwanii ijaaruu 63 ijaaruuf karoorfamee %100 kan raawwatamee yeroo ta'u, ijaarsa baayoo gaazii geggesuu 3,200 hojjechuuf karoorfamee 2,655 (%83) raawwachuun danda'ameera. Karoora KIB wagga shanii irraa raawwiin geemoo qoraan qustan raabsuu %29, wiirtuu oomisha geemoowwanii ijaaruun %60 fi ijaarsa baayoo gaazii geggesuun %41 raawwatamee jira.

Hojii hojjetame kanaan walumaagala uummata 7,349,210 fayyadamaa tasisuun danda'ameera. Babal'inni maddoota ineerijii haroomfamaa fi itti fayyadamni geemoo qoraan qustanii misoomaa dinagdee magarisummaa keessatii ga'ee olaanaa kan qaban waan ta'eef cimee itti fufinsaan kan hojjetamu qabuudha.

**Misoomaa Elektirifikeeshinii:** Misoomaa elektirifikeeshiiniin hawaasa humnii ibsaa isaan hin qaqqabne fayyadamaa soolaarii gochuun tajaajilaa ibsaa akka argataan gochuuf hojiin hojjetamaa ture jira. Bara 2012 xumura irratti raabsa soolarii laatarnii abbaa warraa geggesuu kuma 273 irra ga'e jiru KIB wagga lamaa kana keessatti kuma 75 raabsuuf karoorfamee kuma 88.677 (%118) kan raabsame yeroo ta'u karoora KIB wagga shanii irraa raawwiin kun %42 irra jira. Raabsa soolarii man-tokkee abbaa warraa gaggeessuu bara 2012tti 132,710 irra ga'e jiru KIB wagga lamaa keessatti kuma 45 raabsuuf karoorfamee kuma 50.448 (%112), KIB wagga shanii irraa ammo %36 raawwatamee jira.

Gama waliin gahiinsa humna ibsaan yoo ilaalamu, waggoota lamaan darban keessatti sagantaa OUEAP tiin bara 2013 kessaa gandoota 210 fi bara 2014 keessa 178 waliigala wagga lamaan

kan keessatti gandoota 388 ta'aniif elektirika dhiyeessuuf karoorfamee bara 2013 tti gandoota 172 (%82.3) fi bara 2014 tti gandoota 102 (%59) waliigala Gandoota 273 ta'aniif humna elektirikaa dhiyeessuudhaan uummata 800,400 ta'an fayyadamaa humna ibsaan taasisuun danda'ameera. Raawwii kan irraa kan ka'e, waliin gahiinsa humna ibsaan naannichaa Gandaan dhuma bara 2012 tti %36.50 irra kan ture gara %47 tti ol guddisuun danda'ameera.

**Carraa hojii Uumuun:** Hojii misooma bishaan dhugaatii irraatti wagga lamaan darban keessatti namoota 66,873f carraa hojii uumuuf karoorfamee namoota 59,873 (dhi 44,037) fi dubartii 15,836) ta'aniif carraan hojii uumuun danada'ameera.

**Misooma Daandiiwanii fi Loojistikii:** Karoora imala badhaadhinatiin waliigala dheerina daandii bonaa fi ganna Oromiyaa keessatti bara ka'umsa 2012 km 55,815.22 irra gahe ture hanga bara 2014tti km 63,810 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin isaa km. 58,981.30 irraa gahe jira. Raawwii kun bara ka'umsa 2012 irraa yeroo ilaalamu wagga lama keessatti %39.6 qofa yeroo guddatu karoora wagga shanii irra %14.8 qofa dabalee jira.

Sababoonii raawwii kana gadi busaanii ijoonii daandii haaraan km. 3,166.08 fi daandii buleeyyi xumuramanii tajaajila kennuu bara 2012 hin eegaalaanii km. 1,344.19 waliigala km. 4,510.27 tajaajila kennuu yoo eegalansi pirojeektooni bara 2013 fi 2014tti hojeetaamanii tajaajila kennuu qabaan ijaarsaa daandii kaapitalaa km. 1,378 fi asphaltii magaalaa km. 60, riqalee haaraa km. 204 sababaa hanqina bajataatiin waan hojeetamaa hin jireef raawwiin gadii bu'e jira.

Gobbina daandii bal'ina lafaan (bal'ina lafaa Oromiyaa/ km<sup>2</sup> 1,000)n raawwiin isa bara ka'umsa 2012 km 153.6/1000km<sup>2</sup> irra kan gahe ture bara KIB wagga lamaa keessatti km 175.5/1000 km<sup>2</sup> guddisuuf karoorfamee gara km 162.42/1000km<sup>2</sup> guddate jira. Raawwiin argame dhibbeentaan yeroo ilaalamu karoora bara ka'umsaa 2012 irraa %40.3 qofan kan guddate yeroo ta'u karoora wagga shanii irra ammoo %14.9 qofan akka guddate agrsiisa. Gama biraatiin, misooma daandii kan ibsu keessa inni tokko rukkina daandii baay'ina ummataatiin (baay'ina uummata Oromiyaa/1,000) yeroo ta'u bara ka'umsa wagga 2012tti km 1.44/nama 1000 irra kan jiru bara KIB wagga lama keessatti gara km 1.55/nama 1000 guddisuuf karoorfamee km 1.54/nama 1000 guddisuun danda'ameera.

**Bulchiinsa Qabeenya Daandii:** Hojii ijoon bulchiinsa qabeenya daandii hojiilee daandilee kanaan dura ijaaramanii walharkaa fudhamanii tajaajila kenna jiran tajaajila itti fufisisuudha. Haalummaa kanaan, bara KIB wagga lamaanii kan keessatti suphaa cimaa fi salphaa km. 13,192.09 gaggeessuuf karoorfamee km. 12,887.48 (%97.7) karoora wagga shaanii irraa

ammoa %62.9 raawwatamee jira. Hojii hojeetamee kanaan daandilee rakkisoo ta'anii tajaajila kennuu hin dandeenye hiikuun hawaasni tajaajila gahaa akka argataanii ta'eera. Hojii raawwii gaarii irraa jiru waan ta'eef caalmaatii hoijjetamuu akka danda'uuf Motummaan Naannoo muuxxaannoo Federalaa bira jiru fudhachuun suphaaf bajaata dabalataa qabuun fayyaa bulessummaa daandiilee irratti cimee hojeechuun barbachisa dha.

**Bu'uraalee Geejibaa fi Lojestikisii:** Hojiin kun Biirroo Daandii fi Loojistikii Oromiyaattiif labsiin yeroo dhiyyoo kan dabalamee fi hojiin karoofaatamanii hojeetamuu qabani bal'aa yoo ta'ees humni nama gahan caasaan ramadamee xiyyeffaannoon itti kennamee hojeetaamaa kan hin jirre waan ta'eef ijaarsaa buufataalee konkolataa magalootaa adda addaa irraatti gaggeeffamaa jiru raawwii isaa hordofuu qofatti daangefamee waan jiruuf fuulduraaf xiyyeffanno guddaa kan barbaaduudha. Carra hojii gama kanaan uumame ilaachisee gama misooma daandiin namoota 133,058 ta'aniif uumuuf karoorfamee wagga lamaan kan keessatti namoota 180,243 ta'aniif carraa hojii dhaabbii fi yeroon uumuun danda'ameera.

## 2.5 Misooma Magaalaa

**Bu'uraalee Misooma Magaalaa:** Baay'ina ummata magaalaa dabala jiruun walqabatee fedhiin bu'uraalee misoomaa magaalaa guddachaa jira. Gaaffii jiraataa magalaaf deebii kennuf jecha ijaarsi bu'uraalee misoomaa hirmaanna hawaasa magaalaa, mootummaa fi dhaabilee misoomaa adda addatiin gaggeeffamaa jira. Raawwiin bu'uraalee misoomaa koroora wagga shanii Naannoon qabtee jiru waliin wal bira qabamee yeroo ilaalamu gadi aanaadha.

Gama hirmaanna uummataa misooma magalaatiin, hanga bara 2014tti hirmaanna hawaasaa gama hundaan tilmaama maallaqqaan qar.bil.2.9 irra gahuuf karoorfamee qar.bil.5.5 raawwachuuun danda'ameera. Hata'u malee fedhii hawaasaa fi rakkoo bu'uraalee misoomaa walbira qabamee yeroo ilaalamu gahaadha jechuun hindanda'amu. Hirmaannaan hawaasaa korooraan kan hoganamu osoo hin taane haala irratti kan hundaa'e ta'uu, akkasumas hojiwwan hirmaanna hawaasaan hojjetamaa jiranu iftoomina kan hin qabnee ta'uu agarsiisa.

**Magaalomsuu:** Magaalomsun adeemsa baadiyyaan misooma dinagdee fi industiriitiin misoomuu fi magaalaa ta'uudha. Kunis baayinni uummataa fi magaalaa akka dabalu taasisa..Haaluma kanaan, bara 2013 fi 2014tti Giddu-Gala Ganda Baadiyyaa (GGB) amala magaalummaa qaban 39 qorannoo gaggeessuun qaama seerummaa magaalummaa kennuf karoorfamee 32 ( % 82 ), kan raawwatame yommuu ta'u, raawwiin kun koroora wagga shanii irraa %29 irraa ga'ee jira.

Guddina sadarkaa magaalotaa 25 hanga 2014tti raawwachuuf karoorfamee 46 ( % 100 ) ol kan raawwatamee yommuu ta'u, karoora waggaa shanii irraa % 66 irra gahamee jira.Magaalotni 26 qoratamanii turan murtii osoo hin argatin turan bara 2014tti murtii kennuun milkaa'ina kanaaf sababa ta'eera.Kun akkuma jirutti ta'ee,magaalota tokko tokko sadarkaa guddinaa gaafachaa waan jiraniif kanneen hafaniifis qorannoo irratti hundaa'ee deebii gahaa kennuuf hojjetamuu qaba.

**Walitti hidhaminsaa Magaalaa fi Baadiyaa:** Magaalaa fi baadiyaan akkasumas dhaabbilleen kanneen akka yunivarsiitiiwwanii ,industirii fi kkf walitti hidhuun misooma itii fufiinsa qabu mirkaneessuuf hojjetamaa jira. Haaluma kanaan, hanga bara 2014tti Walitti hidhamiinsa Magaalaa 806 fi baadiyaa 1,491 fi magaalaa fi magaalaa 795 raawwatee jira. Hata'u malee raawwii waggoottan lamaan darbanii yeroo ilaalamu magaalotni haaluma baratamaan fedhii qaama adda addaa waliin qabaniin kan ofuma isaaniin walitti hidhamaa jiran waan ta'eef hojiin hojjetame gahaadha jechuu hindanda'amu.kanaaf,walitti hidhamiinsa magaalaa fi qaamota addaa raawwachuuf eenyuu fi eenyuu,maaliin walitti hidhamuu akka qaban karooraan irratti hojjetamuu qaba.

**Qulqullinnaa fi Magariisuu Magaloottaa:** Galmoota KIB keessaa inni tokko magaalota qulqullahoo jiruu fi jirenya dhala namaaf mijattoo taasisuun hojjechuun isa tokko yommuu ta'u, waggoottan lamaan darban keessatti balfa jajjabaa magaalaa bara 2013 fi 2014  $m^3$  7,670,991 magaalota keessaa akka sassaabamuuf karoorfamee keessaa  $m^3$  8,512,250 (%100) ol raawwatamee jira. Hata'u malee, qabatamaa magaalota keenyaa waliin yeroo ilaalamu magaalotni baayyeen balfa gogaan hudhamanii kan jiranuu ta'uun ni beekama.

Haaluma kanaan,.baayinni jiraattotaa magaalaa dabalaan yommuu deemu hangi balfi gogaa ni dabala. Balfi sirnaan hinqabamu taanaan dhiibbaa inni naannoo fi fayyaa jiraattota magaalaa irratti qabu ol'aanaadha. Maddi balfa gogaa mana jirenyaa fi dhaabata addaa addaa akka ta'e hubachuun kan danda'amu waan ta'eef rakkoo balfa magaalaa furmaata ka'uuf sirnarratti hojjachuun barbaachisaadha. Hubannoo hawaasaa cimsuun,balfa mana jirenyaa keessaa oomishaman jiraataan magaalaa mana isaa biratti akka walitti qabu ta'ee, kanneen irra deebi'amaniif fayyadamuu danda'anii fi kanneen dhabamsiisamuu qaban adda akka baasan gochuun hojjetamuu qaba.

Qonna magaalaa waliin walitti hidhuun kompostii irraa hojjechuun xaa'oo kuduraa fi muduraa akka ta'uu danda'uuf hubannoo uumuun hojjechuu,Warshaa balafa gogaa gara kompostii ykn

xaaootti jijiiruu danda'u giddugaleessa filatamaa tokkotti hundeessuun magaalota irraa balafa argamu akka galteetti akka fayyadamuu danda'uuf hojjechuun barbaachisa. Gama birootiinis akka naannootti balfi gogaan madda anniisaa ta'uu waandanda'uuf qorannoo irratti hundaa'ee giddu gala balfa gara anniisaatti jijiiruu danda'u hundeessuun balfi rakkoo qofaa osoo hin taane carraa hojii uumuu akka danda'uuf irratti hojjechuun barbaachisaadha.

Hanga bara 2014tti Iddoon magariisuu magaalaa Hekt.2,113 addaan baasuun ragaa abbaa qabeenyummaa kenuuf qabaachuu karoorfamee Hekt.1,823 (%86.3) raawwatamee jira, istaandardii dhaabbii biqiltuu magaalaa (%50 miidhaginaaf, %40 Nyaataaf, %10 bosonaaf) giddu galeessa godhatee hojii hojjetamaa tureen, waggoottan lamaan darbanitti 200,000,000 dhaabuuf karoorfamee, 135,305,334 (67.7) karoora waggaa shanii irraa %21.1 raawwachuun danda'ameera. Raawwiin kun istaandardii ka'ame giddu galeessa kan godhate osoo hintaanee biqiltuu dhaabuu qofaaf dhaabamaa kan turee fi innumtuu hanga karoorfame raawwachuun hindanda'amne.kanaaf akka sababaatti kan ibsamu qophiin biqiltuu isataandardii ka'ameen dhaabuuf deemuu gahaa waan hintaanef akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Magaalotni keenya baayyeen isaanii laggeen keessa kan darbaniif laggeen kun balafa dhnagala'aa fi gogaan ukkaamfamaa kan jiran yommuu ta'u,magaalota dhala namaaf mijattuu taasisuu keessatti hojiin qarqara lageennii irratti hojjetamu murteessaadha. Haalumma kanaan waggoottan lamaan darbanitti qarqara laggeenii 16 misoomsuuf karoorfamee 2 qofti raawwatameera. Hata'u malee hojii kana baajata mootummaatiin qofa hojjechuun waan hin danda'amneef dhaabbile adda addaa, namoota dhuunfaa fi kkf walitti qindeessuun hojjatamuun kan qabuudha.

**Bulchiinsaa fi Misooma Manneenii:** Magaalummaan haaluma dabalaan deemuun lakkoofsi jiraataa magaalaa dabalaan akka deemu beekamaadha.Haaluma kanaan,magaalota keessatti rakkooawan hiikamuu qaban keessaa inni tokko dhi'eessii mana jirenyaati.Rakkoo kana furuuf waggoottan lamaan darban (2013 fi 2014)tti misoomaa manneenii adda addaa (Kondomiiniyemii,mana qusanna fi dhaabbile mootummaan gaggeefamuuf karoorfaman 59,027 keessaa 1,564 (%2.6), Misoomaa manneenii seekteera dhuunfaan gaggeeffaman 20,500 karoorfamee 3901 (%19 ), fi misooma manneen qaamota adda addaan ijaaramuuf karoorfaman 1,036,460 keessaa 164,692 (%15.8 ) rawwatameera.Walumaagalatti raawwiin jiru gadi bu'aa ta'uu isaaf sababa kan ta'an labsii haaraa Lakk. 231/2013 bahuus dambiin raawwachisuu

mirkanaa'uu dhabuu; dhiyeessa mana jirenyaa waliinii 10/90 fi 20/80 mootummaa federaalaan kan hojjetamu Naannoo keenya irraa dhibamuu isaati.

Waldaaleen ijaarsa mana jirenya baay'een lafa argatan ijaarsaatti galuu dadhabuu fi kan ijaarsa eegalanis sababii qala'insa meeshaa ijaarsaatiin ijaarsa jalqaban dhaabuu waan ta'eef, dambii dhimma kana ittiin raawwachiisuun danda'amu baasuu, waldaalee mana jirenyaa sababa hanqina maallaqaaf ijaarsatti galuu dadhabaniif dhaabbilee maayikiroo faayinaansii adda addaa irra haala itti liqii argachuu danda'an haala mijeessuun hojji ijaarsaatti galuu akka danda'aniif karoora itti aanu keessatti xiyyeffannaan hojjetamuu qaba.

**Qonna Magaalaa:** Qonni magaalaa dhi'eessiwwan adda addaa kanneen akka kuduraa fi fuduraa, horii haannanii, horsiisa lukkuu, oomisha dammaa dhi'eessuun shoorri inni qaalahiinsa gabaa tasgabbeessuuf akkasumas magaalaa bakka mijataa taasisuu keessatti qooda inni qabu guddaadha. Haaluma kanaan Kuduraa fi muduraa lafa hekt. 4,342 hojjechuuf karoorfamee hekt. 3,685 (%84), oomisha kunt. 660,638 oomishuuf karoorfamee xxxx kan raawwatamee fi namootni 335,408 fayyadamoo ta'aniiru. Horssisa Lukkuu sheediwwan 178 irratti gaggeeffamaa jiruu namootni 1,766 irraa fayyadamoo ta'anii jiru. Gama birootiin, rakkoon gama kanaan mullachaa jiru, Hubannoonaan Qonna magaalaa irratti jiru laafaa ta'uu, Qonni magaalaa tarsiimoo ittiin hooganamu kan hinqabne ta'uu fi Magaalaa sadarkaa 2ffaa fi isaa gadii caasaa qonaa kan hinqabne ta'uun hubatameera.

**Qophii Pilaanii Missoma Magaalotaa:** Galmi Inistitiyuutii Pilaanii Magaalota Oromiyaa Magaaloonnii Naannoo keenya fi giddu galli guddina baadiyyaa Pilaanii ammayya'aa hordofanii misooma magaalaa amansiisaa fi itti fufiinsa qabu akka qabaatan taasisuu fi Lafa dabalatee qabeenya jiru yoo seeraan fayadamuu baanne qisaasamaaf waan saaxilamuuf lafa kunuunsuun faaydaa uummataa qofaaf oollchuuf yommuu ta'u raawwii waggoottan lamaanii hojjiwwan gurguddoo gabatee armaan gadiin dhi'aataniru.

Hojiin qophii pilaanii magaalotaa addaa addaa ibsaman hanga bara 2014tti pilaanii adda addaa 455 qopheessuuf karoorfamee 427 (%93.85) kan raawwaatame yommuu ta'u, karoora waggaan shanii irraa % 28.83 raawwatameera. Raawwiin kun akka milkaa'uuf kanneen sababa ta'an, Hojji Qiyyasaa kanaan dura total station hojjetamaa turan yeroo ammaa Meeshaalee ammayya'aa ta'an kanneen akka DGPSn hojjetamuu waan eegaleef, hirmaannaan uummataa magaalaa daangaa daangessuu keessatti dabalaa waandhufeef akka ta'e hubatameera.

Hata'u malee qophiin pilaanii tokko tokko haala karoorfameen kan raawwachuu dadhabeef ragaalee fi odeeaffannoон sirrii ta'e haala barbaadamuun argachuу dhabuudha.magaalota hunda keessatti sadarkaa jedhamuu danda'amuutti pilaanii magaalaa ijaarsa seeraan alaa baballachuu irraan kan ka'ee hanga barbaadamu kabajamaa hinjiru.Kun immoo egeree magaalotaa kan balleessuuf waliingahiinsa bu'uuraalee misoomaa irratti rakkoo uumaa waan fiduuf karoora itti aanutti hawaasa magaalaa hirmaachisuun pilaanii magaalaa kabachiisuuuf hojjetamuу qaba.

Pilaanii qarqara laggeenii ilaachisee magaalaa Jimmaa irratti hojiin waggoottan shan keessatti hojjechuuf karoorfame waggoottan lamaan (2013 fi 2014)tti xumuramuu danda'eera.Gama birootiinis, hojiin wal fakkaatu hara Soorgaa fi dambali irratti hojjetamee kan xumurame yeroo ta'u,Milkaa'ina kanaaf sababni yuunivarsiitiiwan naannoo jiran waliin qindoomanii hojjechuuf fi fedhiin magaalotaas guddaa waan ta'eef magaalotni daanagaa kabachisuun fi deggersa adda addaa waan taasisaniif karoorfameen ol raawwatameera. Raawwii waggoottan lamaa kana irraa hubachuun kan danda'amu karoora hiixataan osoо qophaa'eera ta'ee magaalota baayyee keessatti pilaanii qarqara laggeenii qopheessuun hojii misooma adda addaatti galuun ni danda'ama ture.Kanaaf, karoora itti aanu keessatti qaamota hojjii kana irratti deggersa kennuu danda'an adda baafachuun laggeen magaalota keessa jiran irratti pilaanii misoomaa hojjechuun dhimmi xiyyefannoo barbaaduudha.

Qorannoo fi qophii Pilaanii Ispaashaalaa MisoomaNaannoo (Regional spatial development plan) karoori bara 2013 fi 2014 %50 raawwachuuuf karoorfame dhuma bara 20014tti karoori qabame raawwachuu hin dandeenye.Bifuma walfakkaatuun Qorannoo fi qophiin Pilaanii Ulaa misoomaa (Development corridor plan)-Adaamaa–Finfinnee, karoori bara 2014 %20 raawwachuuuf qabame dhuma bara 2014tti raawwii hin qabu.Raawwiin kun dhibamuuf sababni pirojektoonni kun baajata guddaa waan barbaadaniif baajata dhabuu,Labsii,dambii, qajelfamaa fi manuwaalii hojii kana deggaruu osoо qopha'e hin jiree waan karoorfameef hojiitti eegaluuf rakkisaa ta'ee argameera.

## 2.5 Misooma Hawaasummaa

**Misooma Barnootaa:** misoomni barnoota keenya lammilee beekumsa, ogummaa fi naamusa gaarii gonfachuun hojilee misooma hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa fi sirna dimookiraasiidagaagsuu keessatti gahee isaanii bahuu danda'an horachuuf socho'aa jira. Kanaafis, KIB qopheessuun hojiitti hiikaa kan jiruu ta'uun ni beekama. Gama kanaan, dhaabbilee barnootaa babl'isuun carraa barnootaa wal-gitiinsa qabu lamiileef waliin gahuuf hojjachaa klan jiruu fi

daa'imman umriin barnootaaf qaqqabe hundi carraa barnootaa argachuun hirmaanna fi dhaqabummaa barnootaa mirkaneessuuf hojjetama jira. Haaluma kanaan, BSTD bara 2012tti 1,943 ture gara xxxtti guddisuuf hojji hojjatamaa tureen bara 2014tti xx irra kan jiruu fi manii bara 2017 qabame irraa %33.9 irratti kan argamu ta'uu agarsiisa. Dhaabbileen BSTD babal'achaa kan jiran ta'us rakkoo dhiphina kutaalee fi hanqinni barsiisaa kan jiru ta'uu ragaan ni agarsiisa.

Buufata barnoota ga'eessotaa bara 2012tti 14,760 ture bara 2014tti 18,974 irraan gahuuf karoorfamee ka'umsa bara 2012 irraa gadi bu'ee 14,032 irratti argama. Akkasumas, hirmaannaan ga'eessotaa bara 2014tti ga'eessota 2,284,937 **barnoota calqabsiisuuf karooramEE** **1,724,056 (%75.45) duwwaan jalqabamuu isaa kan agarsiisuu fi meeqa akka xumuran hin** beekamu. Bu'uruma kanaan, babal'isuu buufataalees ta'ee hirmaan jiru gadi aanaa ta'uu isaa agarsiisa.

Hirmaannaan Barnoota Fedhii Adda sadarkaa 1ffa-2ffaatti jiru karoora irraas ta'ee manii bara 2017f qabame waliin yoo ilaalamu baay'ee gaarii ta'ee argama. Haata'u malee, hirmaannaan kutaa 7-8 fi 9-12 manii 2017 qabamee ol %117 fi %128 raawwachuu isaa ragaan ni agarsiisa. Reetiin hirmaanna BSTD %38 irra kan jiru yoo ta'u, simannaan haaraa dilboo fi qulqulluu kutaa 1ffaa %162 fi %106 irratti akka argamu agarsiisa. Reetiin hirmaanna BSTD xiqqaa kan ta'ee fi simannaan haaraa dilboo fi qulqulluu kutaa 1ffaa garuu akka idil addunyaatti kan eegamuu olitti guddatee kan jiru waan ta'eef sababni isaa beekamee irratti hojjetamu kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

Hirri barataa daree fi barataa barsiisaa BSTD bara 2014 wal duraa duubaan 1:65 fi 1:70 irra kan jiruu fi istaandaardii jiruu gaditti argama. Qulqullina barnoota mirkaneessuu keessatti faasilitiin barnootaa gahee ol'aanaa ni qabaata. Mana barumsa sadarkaa1ffaa keessti M/B bishaan dhugaatii qaban %38 ,ibsaa %29 laayibirarii %49.2, fi kiitii saayinisi %12.5 yommuu ta'u manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa 15,201 keessaa bishaan dhugaati, ibsaa, laayibrarii fi kitii saayinsii kan qaban walduraa duubaan %60.7;%70.2;%50.8 fi %87.5 akka ta'an ragaa kanarraa hubachuun ni danda'ama. Haaluma walfakkaatuun, mana brumsa sadarkaa 2ffaa 1342 keessaa M/B %66 bishaan,%77.2 ibsaa qaba jechuun M/B 456 bishaan,M/B 305 ibsaa kan hin qabine yoo agarsiisu.

Misooma barnootaa gaggeeffamaa jiru keessatti, hirmaanna uummataa bakka ol'aanaa kan qabuudha. Waggoottan laman dabraan hirmaannaan gama kanaan jiru dabalaan kan dhufee fi

galmoota gurguddoo misooma barnootaa milkeessuu keessatti bakka ol'aanaa kan qabuudha. Hirmaannaa qarshii bara 2012tti bil. 0.67 ture bara 2013tti gara bil. 5.60 gahee jira akkasumas bara 2014 qar. bil.16.8 gahee jira. Gama biraan, tarkaanfii haaraan sochii taasifamaa tureen bara 2013/14 ijaarsi projektii Manneen Barnoota Ifaa Boruu Sadarkaa 2ffaa 100, Bultii addaa torba/7 /fi Manneen barnoota addaa 40 Waliigala MB 147 hojjachuuf karoorfamee hanga bara 2014tti, M/B Ifaa Boruu 94 Bultii addaa 7 mana barumsa addaa 33 waliigala 134 xumuramanii tajaajila kennaa jiru.

Inisheetivii haaraa bu'uura boruu bara 2013tti, 4915 karooran qabamee 1854 kan raawwatame yommuu ta'u bara 2014tti, 7,887 karoorfamee 4931 raawwachuun danda'ameera. Inishitivoonni kunneen dhaabilee barnootaa babl'isuun hirmaannaa barattootaa dabaluu fi qulqullina barnootaa mirkaneessuuuf akkasumas facaatii carraa barnootaa walgiitinsa qabu dhugoomsuu keessatti gahee ol'aanaa ni qabaata.

Sochii bal'aa gama Sgantaa Nyaata Barattootaatiin taasifameen qulqullinaa fooyyessuu fi harcaatii barattootaa xiqqeessuu keessatti bu'aan argame guddaadha. Woggootan darban hojii hojjatamaa tureen bara 2013tti barattoota 1,688,128 sagantaa kanaan nyachisuuf karoorfamee 569,189 (%33.71), bara 2014tti 1,800,251 nyaachisuuf karoorramee 735,781 (%40.87) raawwatee jira. Milkaa'ina waggoottan lamaan dabran argaman kana ittifusiisuu fi hanqinaalee siiystama barnoota keenyaa keessatti mul'atu haala tarsiimo'aa ta'een hiikaa deemuuf xiyyeffannaa addaan sagantaa kana babal'isuurratti hojjatamuu qaba.

**Misooma Fayyaa:** Dhiyeessii qorichootaa fi ri'eejentoota laaboraatoori bu'uuraa (Vital) ykn barbaachisoo ta'an sadarkaa dhaabilee fayyaa mootummaa hunda keessatti karoora ol raawwachuun %**86** irra gahee jira. Yeroo qaala'insi gatii humnaa ol ta'e kanatti karoora ol raawwatamuun isaa haala gaariin xiyyeffannoo argachuu isaa waan agarsiisuuf akka ciminaatti ilaalam jira. Haata'u malee, %14n hafe guutamee %100n gahuuf hojjetamuu qaba.

Ragaawan gurguddoon jijjirama (impact)waliigalaa agarsiisan kanneen akka umurii jirenyaa, du'atii hadholii fi daa'immanii sadarkaa naannootti hin hojjetamnee fi qaama biroo irraa argaman sadarkaa maal irra akka jiran hin beekamu. Akkasumas, du'atii haadholii fi daa'immanii xiqqeessuu keessatti gumaacha guddaa kan qaban kanneen akka ANC-4, dahumsa haadholii ogeessaan, PNC, talaallii (penta-3, measels-2, fi talaallii guutuu) irratti ragaan EDHS waan hin qaqqabneef raawwiin gama kanaan jiru maal akka ta'e beekuun rakkisaa ta'us hojii bal'aa gama kanaan hojjatamaa jiruu jajjabeessaa ta'uun ni hubatama.

Bara tajaajiloonni duraan turan haala qajeeltoottiin (smoothly) deemaa hin turretti waggaa lama keessatti %5.2 irraa kaasee %82 amansiisaadha jedhanii fudhachuun fi murtee mootummaa dogongorsisuu ni danda'a. Kanaafuu, sadarkaa naannootti haalli of-danda'amee ragaawwanii fi agarsiistuuwwan barbaachisoo itti argamuu danda'anii fi murtiin siirriin ittiin kennamuu danda'u faluun dhimma murteessaa ta'a.

Gama biraatiin uwvisni fayyaa bu'uuraa dhuma KGT-1 tti %98, ka'umsa KIB (bara 2012tti) %94 kan ture yoota'u, yeroo ammaa kana %84tti gadi bu'ee jira. Kunis, bu'uuraaleen misooma fayyaa (hospitaaloni, buufanni fayyaa fi kellaawwan fayyaa) baay'ina uummataa waliin dabalaan waan hin jirreef uwvisni fayyaa bu'uuraa keenya gadi bu'aa deemuu isaa agarsiisa. Kuni immoo tajaajila fayyaa bu'uuraa keennuu fi du'aatii fi dhibamuu hawaasichaa xiqqeessuun oomishaa fi oomishtummaa guddisuu irratti dhiibbaa mataa isaa wan qabuuf dhimma itti yaadamu qabu ta'a. Reeshoo ogeeyyi fayyaa uummata tajaajilan ilaachisee, lakkofsi qaxarrii bara baraan dabalaan kan dhufe ta'us, reshoon garaa garaa gadi bu'aa demmuu isaa agarsiisa. Fkf, Reeshoon ogeeyyi fayyaa uummata 1000f taajaajilu bara 2012tti 0.76 ture 2014tti 0.57tti gadi bu'ee jira. Reeshoon hakiimaa uummata 1000f bara 2012tti 0.43 ture bara 2014tti 0.28 fi reeshoon narsii bara 2012tti 4.5 ture bara 2014tti 4.2tti gadi bu'ee waan jiruuf karoora dhufu keessatti baka fooyya'insa barbaadu ta'a.

**Misooma Dubartootaa fi Daa'immanii:** Hirmaannaa fi bakka bu'iinsa dubartootaa qaamolee mootummaa sadan keessatti qaban sadarkaa akeekameen raawwatamuu dhabuu irraan kan ka'e fayyadamummaan isaanii xiqqaachaa akka dhufe agarsiisa. Fakeenyaaaf, Hirmaannaa dubartootaa seera raawwachiiftuu keessatti bara 2012tti **%19** irra ture bara 2014tti gara %29 guddisuuf karoorfamee tattaaffiin taasifamuus dabalaan deemuu osoo qabuu gara **%17** tti gadi bu'ee jira. Kanaafuu, imaammataa fi taarsiimoo mootummaan jijiiramaa yeroo ammaa kana hordofaa jiruun hirmaannaa fi bakka bu'iinsa dubartootaa sadarkaa hundaatti dabaluun fayyadamummaa isaanii guddisuuf hojjetamaa turullee milkeessuun waan hin danda'amneef karoora itti aanuu keessatti tarsiimoo addaan hogganuun dhimma xiyyeffanna barbaadudha.

Baayina ummataa naannoon keenya qabdu keessaa walakkaan dubartoota ta'uun beekamaa dha. Haata'u malee, akkaataa baay'ina isaaniitti fayyadamummaa dinagdee keessatti qaban guddisuun dubartoota dinagdeen akka of-danda'aan taasiisuuf maddoota galii dubartootaa utuban kanneen akka garee walgargaarsaa, waldaa qusannoo fi liqii, fandii dubartootaa, akkasumas walitti hidhamiisa gabaa cimaan umaamuu dhabuun fayyadamummaa dinagdee isaanii mirkaneessuu

hin dandeenye. Kanaafuu; karoora itti aanu keessatti dinagdeen gahoomanii hojii misoomaa keessatti hirmaachuun oomshaa fi oomshitummaa guddisuu akka danda'an taasisuun xiyyeffanna barbaada.

Hojii misoomaa karaa guutuu ta'een gaggeessuuf miidhaa dubartootaa fi daa'immanii irra ga'u hambisuun murteessa dha. Haa ta'u malee, fooramii maatii sadarkaa adda addaatti gaggeeffameen rakkolee dubartootaa fi daa'immanii irratti mari'achuun fala waaraa kennuuf karorfamee hojjetamaa turus adeemsa hawaasni ofiitti fudhatee gara hojjitti jijiiruu irratti harkifanna fi rincicni jiraachuu isaa agarsiisa. Bifuma walfakkaatuun, abbootii amantaa, abbootii Gadaa, haadholii Siinkee fi qaamolee adda addaa waliin qindoominaan hojjechuun gandootni 3,229 (%45) barmaatilee miidhaa geessisan (BMG) irraa bilisa taasisuun kan danda'ame ta'us ammayyuu harki caalaan (%55) ta'u keessatti BMG jiraachuu isaanii waan agarsiisuuf karoora itti aanu keessatti caalmaan irratti hojjechuu akka barbaachisu agarsiisa.

Hojiiwan misoomaatiif haala miaawaa uumuuf nageenya industirii keessatti mirkaneessuun mirgaa fi dirqama hojjetaa fi hojjechisaa hojimaataan hogganuun oomshaa fi oomshitummaa guddisuu keessatti iddo guddaa qaba. Haaluma kanaan, to'annoo bu'uraa haala hojii fi fayyummaa fi nagummaa ogummaa industiriwwan keessatti gaggeeffamaa turreen raawwiin kallattii karooraatiin jiru fooyya'iinsa kan qabu ta'us waliigala industrii naannicha keessa jiran 40,034 keessaa kan bira gahame %50 kan hin caalle waan ta'eef dhaqqabamaa akka hi taane agarsiisa. Kuni immoo industirii keessatti tasgabbii uumuun oomishaashii fi oomishtummaa guddisuu keessatti dhiibbaa mataa isaa waan qabuuf hojii to'annoo industirii naannichaa qaqqabamaa taasisuuf karoora itti aanu keessatti ajandaa ijoo ta'uu isaa agarsiisa.

Ejensiwwan dhuunfaa hojii fi hojjetaa biyya alaatti walqunamsiisan haala itti hojjetan to'annoo fi hordoffii gaggeeffame bara 2012tti **109** ture bara 2014tti 172 irraan ga'uuf karoorfamee raawwiin **83(%48.26)** to'annoo fi hordofiin kan gaggeeffamee yoo ta'u raawwiin kun bara ka'umsaa irraa baay'ee gad bu'aa dhufuun kan agarsiisu ejensiwwan kun karaa seera maleessaan namoota akka naanneessaniif carraa waan uumuuf karoora itti aanu keessatti hojii xiyyeffanna barbaadu ta'uu agarsiisa.

Hojii misooma hawaasummaa keessaa inni ijoon tokko adeemsa ittiin hawaasni ofiin of gargaaru mijeessuun aadaa walgargaarsaa guddisuudha. Haaluma kanaan, harka qalleeyyi hiyyummaa hamaa keessa jiran tajaajiloota fayyaa bilisaa argatan bara 2012tti 94,687 turan bara 2014 tti harka qalleeyyi 300,000tti guddisuuf karoorfamee raawwiin harka qalleeyyiin 135,099 %45

ta'an waldhaansa fayyaa bilisaan akka argatan taasifamullee raawwiin baay'ee gad- aanaa waan ta'eef karoora itti aanu keessatti tarsiimoo fayyadamummaa hawaasa harka qalleeyyiin dhugoomsuu irratti hojjechuun murteessaa ta'a.

Qaamolee hawaasaa jirenya isaanii daandii gubbaa taasifatan (urban destitute) bayyaannachiisuu bara 2014tti namoota 12,600 sagantaa seftiineetii misoomawwaan tajaajiloota bu'uuraan fayyadamtoota taasisuun rakkolee isaanii hir'isuuf karoorfameen raawwiin 6,680 (%53) raawwatamuu isaa agarsiisa. Haata'u malee, akka ragaan bulchiinsaa (BDhHH) agarsiisutti dhukkubsattoota sirerratti hafan 30,271 fi jiraattota daandii irra jiraatan 109,171 rakkolee hawaasummaatiif saaxilaman keessatti 6,680 baay'ee gadi-aanaa fi walduraa duubaan %22 fi %6 duwwaa bira gahuu waan agarsiisuf karoora itti aane qophaa'u keessatti dhimma xiyyeffanna barbaadu ta'uu isaa agarsiisa.

**Misooma Dargagootaa fi Ispoortii:** Fayyadamummaa dargagootaa gama dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaatiin jiru cimsuuf dargagootaa gurmeessanii hojiitti galchuu fi qacarrii akkasumas gurmaa'insa hoggansa keessatti deeggarsa mootuummaatiin taasifameen hojiileen gurguddoon raawwatamaniis sosochii dinagdee irratti dargagootaaf kennname kanaan dargagootaa carraa hojii uummatanii fi fayyadamtoota fandii naannawaa ta'an irratti **hordoffii fi deeggersi** taasifame %55 duwwaa waan ta'eef waliigala fayyadamummaa dargagoota mirkaneessuu irratti ammas hojiin guddaan kan hafu ta'uu isaa agarsiisa.

Galii misooma ispoortii naannichaa cimsuuf maddoota galii qoratameen maallaqa walitti qabame bara 2012tti qarshii 172,000,000 ture bara 2014tti gara qarshii 502,600,000 tti guddisuuf karoorfameen raawwiin argame qarshii 126,985,258 (%25.27) sassaabamee hojii misooma ispoortii babal'isuuf oolus raawwiin kun bara ka'umsaatii gad ta'uu agarsiisa. Kanaafuu, kaayyoo fi ergamni dhaabbilee ispoortii madda galii babal'isuun gargaarsaa fi eeggattummaa mootuummaa jalaa bahaanii misooma ispoortii qaqqabamaa taasisuuf waan ta'eef karoora itti aanu keessatti dhimma ciminaan irratti hojjetamuu qabu ta'a.

Dhaqqabamummaa Bakkeewwan Oolmaa Ispoortii (BOI) bara 2012tti %25 irra ture bara 2014tti %75tti irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin %55 irratti argama. Haa ta'u malee, Ispoortiin hawaasa fayya qabeessa taasisuu bira darbee faayidaa dinagdummaa fi tokkummaa ijaaruu keessatti qooda olaanaa waan qabuuf BOI dhaqqabamaa taasisuu irratti hojjechuun hojii murteesssaa ta'uu agarsiisa.

Abbootii qabeenyaa misooma ispoortii keessatti hirmaachisuun guddina dinagdee fi hawwaasummaa keessatti ga'ee guddaa waan qabuuf industirii fi daldala ispoortii babal'isuun carraawan hojii laammileef uumameen fayyadamtoota dinagdee ta'anii jiru. Haa ta'uu malee, raawwiin misooma investimantii ispoortii kun fooyya'iinsa gaarii qabaatus, Oromiyaan burqaa atleetotaa taatee osoo jirtuu; baay'innaa fi bal'ina Oromiyaatiin sosochiin investimeentii ispoortii kun gahaa waan hin taaneef ammayyyuu dhimma kutannoo hoggansaa barbaadu ta'uu agarsiisa.

Akkumas bu'aa qabeessummaa misooma ispoortii mirkameessuuf leenjifamtoota giddugala mootummaa fi dhuunfaa keessatti kenuun yeroo yeroon ga'umsaa fi dandeettii isaanii cimsuun murteessaa dha. Haa ta'u malee, raawwiin yeroo ammaa kanaa leenjifamtoota giddugala mootummaa 7,150 (%76.32) fi dhuunfaa 562 (%52.27) argama. Kanaafuu, humna simanna leenjifamtootaa giddugala mootummaa fi dhuunfaa guddisuun leenjifamtootaa egeree naannoo fi biyyaa keessatti horachuun dhimma xiyyeffannoo barbaadu dha. Dhaabbileen Bifuma walfakkaatuun leenjifamtoota leenjii deeggersa mootummaan leenji'an bara 2012tti 22,500 ture bara 2014tti leenjifamtoota 30,800 irraan ga'uuf karoorfameen raawwiin 2,650 (%8.60) irra jira. Haa ta'u, malee raawwiin gama kanaan baay'ee gad aanaa waan ta'eef dhimma xiyyeffannaa barbaadu ta'uu agarsiisa.

**Misooma Aadaa fi Turiizimii:** Misooma Industrii Aadaa fi Artii ilaachisee Hojiwwan aka Hambaalee aadaafi uumamaa UNESCOtti galmeessisuu, Ganda artii Oromoo (Oromo Art village) fi Giddu gala Oomishaafi gurgurtaa industrii aadaa hundeessuu fi Afoola Oromoo gooroowwan afoolaan walitti qabuun qindeessuu; akkasumas Misoomaa fi bulchiinsa turiizimiitiin walqabatee hojiwwan Bu'uuraalee misoomaa Hawwatootaa guutuu, Carraa investimentii tuurizimii adda baasuu, dhaabbilee tajaajila tuurizimii babal'isuu fi Tarsiimoo nageenya tuuristii eegsisu qopheessuu KIB keessaatti akka agarsiiftuu gurguddootti qabatamanii utuu jiran Karoora waggoottan lamaan darbanii (2013 fi 2014) keessatti utuu hin hammatamiin harca'anii kan hafan ta'uun ilaalamerra.

Sektaroota Aadaa fi Turiizimii (BATO, GAO, IQQQ fi Kom, Turiizimii) gidduutti akkaataa gahee fi aangoo mana hojii isaanitiin akkasumas walitti hidhamiinsa isaan gidduu jiruutiin wal dubbisani sirnaan karoorsuu fi raawwachuu dhabuun kan mul'atu ta'uu ilaalamerra. Kunis, Manneen hojii kanniin gidduutti agarsiiftuuwwan walfakkaatan irratti garaagarummaan karoora fi raawwii kan mul'atu ta'uun xiinxala gaggeeffameen adda kan bahe ta'uu dha.

Hojiin qorannoo misooma qabeenya turuiizimii gaggeessuun, Yaa'insa tuuristii biyya keessaa fi alaa akkasumas galii yaa'insa tuuristii gama lamaan irraa argamu dabaluun walqabatee hojjatamuu qabu irratti Biiroon Aadaa fi Turiizimii fi Komishiniin Turiizimii Oromiyaa wal dubbisani sirnaan karoorsuu dhabuu irraa kan ka'e dogoggorii karoorsuu fi xiyyeffannaan raawwachuu dhabuu kan ture ta'uu fi kana irraa kan ka'e raawwii hojiwwan gubbaarratti ibasamii haca'aa ta'uun ilaalameera.

Gama birooiin qorannoowwan Oromoo gaggeessuu ilaalchisee dhimmi "*Akkaadaamii Afaan Oromoo hundeessuu*" karoora keessaa harca'ee hafuu fi dhimmicha irratti BATO fi IQQO gidduutti yaadni garaagaraa kan jiru ta'uu, kunis BATO hojiin kuni gahee IQQO waan ta'eef kan dhiise ta'uu yoo ibsu IQQO ammoo IQQO hundaa'uun akka akkaadaamiin afaan oromoo hundaa'etti kan fudhatame ta'uu kan ibsan ta'uu fi gidduu kanatti agarsiiftuu kanaan walqabatee iftoominni kan hin jirre ta'uun ilaalameera.

## Boqonnaa Sadii: KIB Waggaa Sadii (2015-2017)

### 3.1 Karoora Dinagdee Gooroo

#### 3.1.1 Guddina Hundamtaa Omishaa (GDP)

Waggoota sadan dhufan keessatti haala hammata dinagdee (macro-economic framework) mijaa ta'e uumuun guddina saffisaa, hirmaachisaa, itti fufinsa qabuu fi haqa qabeessa ta'e dhugoomsuun kaayyoo karoora kanaati. Kaanfuu, bu'aawwan gaggaarii waggoota lamaan darban keessatti argaman akka itti fufan gochuun cinaatti bu'aawwan haaraa galmeessuun milkaa'ina maniwwan karoorichaaf kan hojjetamu yoo ta'a.

Haaluma kanaan, dinagdeen Naannoo Oromiyaa waggoottan laman darban keessa g/galeessaan %7.8n guddachaa kan ture yoo ta'u, guddina dinagdee itti fufinsaan galmaa'aa jiru kana caalmaatti itti fufsiisuuf waggoota sadan dhufan waggaatti gidduu galeessaan filannoo isa bu'uuraatiin %7.5 fi filannoo olaanaan immoo %8.0 fi filannoo giddugaleessan %8.8 fi filannoo isa ol'aanaatiin %10.4n akka guddatu tilmaamamee jira.

Guddina kana keessatti gumaacha sektarootni qaban yemmuu ilaalamu, qonnaa fi kanneen qonnaan walqabatan guddina dinagdee naannichaa keessatti gahee ol'aanaa kan qabaatan yoo ta'u, kutaan dinagdee kun yeroo karoora kana keessatti g/galeessaan waggaattii filannoo isaa bu'uuraatiin %7.1, filannoo isa giddugaleessaatiin %7.6 fi filannoo isaa olaanaatiin %9 akka guddatu tilmaamameera. Xiyyeffannoo addaa akka biyyaa fi naannootti kennamee irraa ka'uun guddinnii industirii yeroo karoora kana keessa g/galeessaan waggaatti filannoo isaa bu'uuraatiin %9.5, filannoo isa giddugaleessaatiin %12.3 fi filannoo isa olaanatiin %16.6, industiriin manufaacharinigii immo filannoowwan sadan kanaan wal duraa duuban %9.6, %12.3 fi %14n akka guddatu ni eegamaa. Akkasums, tajaajilli giddugaleessaan waggaatti filannoo isaa bu'uuraatiin %8.5 fi filannoo giddugaleessaatiin %8.7 akka guddatan tilmaamamee jira.

**Gabatee 3.1:Guddina Dinagdee Naannoo(2015-2017)**

Lak	Bara ,	Ka'umsa 2014	Karoora (%)			G/ Galeessaa
			2015	2016	2017	
<b>1</b>	<b>Filannoo Bu'uuraatiin</b>					
1.1.	Qonnaa	5.7	6.2	7.4	7.6	7.1
1.2.	Industirii	8.5	8.7	9.4	10.3	9.5
	<b>Maanufaachariingii</b>	7.6	8.1	9.8	10.8	9.6
1.3.	Tajaajila	9.5	9.4	8.2	7.8	8.5
	<b>waliigala</b>	<b>7.6</b>	<b>7.9</b>	<b>8.0</b>	<b>8.1</b>	<b>8.0</b>
<b>2</b>	<b>Filannoo Giddugaleessatiin</b>					

2.1.	Qonnaa	5.7	6.4	7.5	8.7	7.6
2.2.	Industirii	8.5	9.5	13.5	13.9	12.3
	<b>Maanufaachariingii</b>	7.6	9.0	13.4	14.4	12.3
2.3.	Tajaajila	9.5	9.4	8.2	8.5	8.7
	<b>waliigala</b>	<b>7.6</b>	<b>8.1</b>	<b>8.7</b>	<b>9.5</b>	<b>8.8</b>
<b>3</b>	<b>Filannoo Olaanaatiin</b>					
3.1.	Qonnaa	5.7	7.8	9.9	9.2	9.0
3.2.	Industirii	8.5	13.2	18.3	18.3	16.6
	<b>Maanufaachariingii</b>	7.6	11.6	15.0	15.3	14.0
3.3.	Tajaajila	9.5	10.4	8.6	9.6	9.5
	<b>Waliigala</b>	<b>7.6</b>	<b>9.7</b>	<b>10.7</b>	<b>10.9</b>	<b>10.4</b>

Madda: KKMOtiin qindaa'e, bara 2014

### 3.1.2 Gahee Kutaalee Dinagdee 'GDP' Keessaa

Bara 2014tti qonnii, industirii fi tajaajilli hundamtaa omishaalee keessaa qaban wal duraa duubaan %44.7, %15.4 fi %40.3 kan ta'udha. Waggoottan sadan dhufan (2015-2017) keessa manniin gahee kutaalee dinagdee kunneen giddugaleessaan wagagaatti hundmataa omishaalee keessa qabani filannoo isa bu'uura, giddugaleessaa fi olaanaatiin, qonni %42.8, %43.8 fi %43.5, industiriin %15.7, %16.3 fi %17.0, akkasumas tajaajillii %40.9, %40.6 fi %39.9 akka ta'u tilmaameera.

Gabatee 3.2 : Gahee Kutaalee Dinagdee Naannoo (2015-2017) (%)

Lakk	Bara	Ka'umsa 2014	Karoora			G/Galeessa
			2015	2016	2017	
<b>1</b>	<b>Bu'uura</b>					
<b>1.1</b>	Qonnaa	44.5	44.0	43.8	43.6	43.8
1.2	Industirii	15.4	15.5	15.7	16.0	15.7
	<b>Maanufaachariingii</b>	9.0	9.0	9.1	9.4	9.2
1.3	Tajaajila	40.3	40.9	40.9	40.8	40.9
<b>2</b>	<b>Giddugaleessa</b>					
<b>2.1</b>	Qonnaa	44.7	44.0	43.6	43.3	43.6
2.2	Industirii	15.4	15.6	16.3	16.9	16.3
	<b>Maanufaachariingii</b>	9.0	9.1	9.4	9.9	9.5
2.3	Tajaajila	40.3	40.8	40.6	40.3	40.6
<b>3</b>	<b>Olaanaa</b>					
<b>3.1</b>	Qonnaa	44.7	43.9	43.6	43.0	43.5
3.2	Industirii	15.4	15.9	17.0	18.1	17.0
	<b>Maanufaachariingii</b>	9.0	9.1	9.5	9.9	9.5
3.3	Tajaajila	40.3	40.6	39.8	39.4	39.9

Madda: KKMO, bara 2014

### 3.1.3 Qusannoo fi Investimenti

Qusannoo fi investimantiin misoomaa fi guddinna dinagdee saffisiisuu keessatti qaban daran olaanaadha. Bu'uruma kanaan, misooma lammiiwwan naannichaa keessa jiran hundaa biraan gahuuf baasiiwwan xiqqeessuunii fi qabeenya qusachuun investimantiin, keessattuu, manuufaakachiriingiin akka babal'atu gochuun caarrraa hojii uumuu fi dhaabbilee faayinaansii qusannoo fi liqii irratti hojjetan qaqqabamaa akka ta'an taasisuu, baasiiwwan mootummaa karaa qusannoo giddu galeessa godhateen gaggeessuu fi kkf irratti xiyeffachuu dhimma murteesaadha.

**Gabatee 3.3: Galii Nam-Tokkee, qusannoo fi investimenti**

Lakk.	Agarsiiftuuwwan	Ka'umsa bara 2014	Manii		
			2015	2016	2017
<b>Filannoo Bu'uura</b>					
<b>Lakk.</b>	<b>Agarsiiftuuwwan</b>				
1	Galii Nam-tokkee (USD'n)	928.1	931.9	970.6	974.6
2	Qusannaa (%)	22.7	23.4	23.8	24.0
3	Invastimantii (%)	17.0	17.8	19.2	19.7
<b>Filannoo G/galeessa</b>					
1	Galii Nam-tokkee (USD'n)	928.1	1,003.2	1,055.5	1,143.5
2	Qusannaa (%)	22.7	23.7	25.1	28.7
3	Invastimantii (%)	17.0	18.0	20.2	22.9
<b>Filannoo Ol'aanaa</b>					
1	Galii Nam-tokkee (USD'n)	928.1	1,189.2	1,298.2	1,311.5
2	Qusannaa (%)	22.7	28.9	30.3	32.5
3	Invastimantii (%)	17.0	21.6	23.1	26.0

*Madda: KKMO, bara 2015.*

Haalum kanaan, qusannoo fi investimenti naannichaan walqabate bara 2014tti gaheen qusannoo guddina dinagdee naannichaa keessaa qabu %22.7 ture bara 2017tti filannoo bu'uuraatiin %24.0tti, giddugaleessaan %28.7tti fi ol'aanaatiin %32.5tti guddisuuf karoorfamee jira. Haaluma walfakkaatuun, gahee investimenti guddina dinagdee naanniciaa keessaa qabu bara 2014tti %17.0tti ture bara 2017tti walduraa duuba filannoowwan sadaniitiin %19.7, %22.9 fi %26 ta'u raagameera.

Xiinxala raawwii waggoota lamaan darbanii irraa kan hubatame gaheen qusannoo fi investimenti GDP naannichaa keessaa qabu xiqqaa ture. Kanaafuu, waggoottan sadan dhufan keessa gaheen qusannoo fi investimenti GDP naannichaa keessaa qabu akka guddatu yaadamee

maniwwan kaa'aman milkeessuuf rakkowwan jiran adda baasuunii fi tarkaanfii fudhatamuu qabu irratti yaada dhiyeessuu irratti ni hojjatama.

### **3.1.4 Galii Nam-Tokkee**

Sadarkaa guddina dinagdee kan ittiin madaalamu keessaan inni tokko hundamataa omishaalee (GDP) nama tokkoof yoo hiramee meeqa gahuu akka danda'u (galii nam-tokkee) tilmaamuunidha. Haaluma kanaan, galiiin nama tokkee (GDP per capita income) bara 2014 USD 928.1 ture bara 2017tti filannoo isa bu'uuratiin USD 774.6, fiannoo isa giddu galeessaatiin USD 1,143 fi filannoo isa olaanaatiin gara USD 1.311.5 akka ta'u tilmaamama.

### **3.1.5 Faayinaansii Mootummaa**

Mootummaan Naannoo Oromiyaa mul'ata biyyoota galii g/galeessa jalqabaa (Lower Middle-Income) qabanii biraan gahuuf galma akka biyyaatti taa'e milkeessuuf guddinaa ariifataa, ce'umsaa (transformation) fi haaromsa jalqabame fiixaan baasuuf karoora yeroo g/galeessa fi gababaa yeroo adda addaa baasuun faayinaansii madda adda adda irra argameen raawwachaa tureera. Faayinaansiin meeshaalee imaammataa mootummaa galmaan ga'uuf gargaaran keessaan qabeenyi faayinaansii isa tokkodha.

Qabeenya maallaqaa (faaynaansii) gahaa qabaachuun, maallaqa argame karaa haqa qabeessa ta'een quoduu fi haala gahumsa qabuu fi bu'aa barbaadamu argamsiisuu danda'uun fayyadamuun hojiirra oolmaa imaammataaf gumaacha ol'aanaa qaba. Mootummaan Naannoo Oromiyaa erga hundeffamee kaasee hanga ammaatti hojii bulchiinsaa, nageenya fi misoomaa deeggarsa baasii Mootummaa Federaalaa, galiiwwan naannoo fi gargaarsa fi liqii biyya alaatii argameen gaggeessaa tureera, gaggeessaas jira.

Karoora Imala Badhaadhinaa (KIB) keessaan hojiilee misoomaa hawaas-dinagdee, bulchiinsaa fi nageenya raawwachuuf haala addaattin rifoormii dinagdee biyyaan madde (home grown economic reform) gara hojiitti jijjiuuf qabeenya gama hundaan argamuu danda'u qindeessuun hojii bal'aatu hojjatama jira. Akkaatuma kanaan, bara jalqaba KIB 2013 galii maddawan galii Naannoo Oromiyaa irraa sassaabame qar.bil.39.63 yoo ta'u, bara 2014tti qar.bil.56 irraa gahee jira. Raawwii kana irraa wanti hubatamu Naanno Oromiyaa fedhii misoomaa hawaasa naannichaa irraa dhufuu fi inisheetiivii mootummaan naannichaa guddina dinagdee naannichaa fi fayyadummaa uummataa mirkaneessuu qabeenyi naannicha keessaan sassaabamaa jiru abdii guddaa kan namatti horu jechuun ni danda'ama.

qabatamaa biyyoota adda addaa irraa hubatamuu akka danda' amutti xiqqeniyi gahee galiiwan taaksii hundamtaa omishaa (GDP) keessaa qabu biyyoota hundaaf sadarkaa dinagdeen isaanii irra gahe kan madaalu ta'u baatus, gaheen galiiwan taaksii irraa sassabamu "GDP" keessaa qabu (tax to GDP ratio) humna sassaabbii galiiwan maddisiifamuu danda'uun sadarkaan guutamuu fedhii misooma siyaas-dinagdee fi hawaasummaa biyyootaa (kan akka biyyoota qabeenya/dinagdee boba'aa hin qabnee) irra jiru ittiin madaaluuf kan gargaaruudha.

Biyyoonni dinagdeen (galiin) isaanii boba'aa irratti hundaa'e kan akka Naayijeeriya fi biyyoota Galoo Galaana Giddugaleessa Bahaa (Gulf Countries) gaheen taaksii hundamtaa oomisha isaanii keessaa qabu baay'ee xiqqaadha. Utubaan dinagdee biyyoota qabeenya boba'aa hin qabnee, kan hundaa'ee galii taaksii, keessumaa galii taaksii kallattii hin taanee (indirect tax) irrattidha. Yaa ta'u malee, biyyoonni guddachaa jiran (developing countries) sirni taaksii isaanii garmalee walxaxaa ta'uun waliin walqabatee kaffaltota gibraa biratti taaksii dhoksuu (tax evasion), babal'ina sektera seer-maleeyyii (informal sectors), hanqina dandeettii sassaabbii galii taaksii ykn sirna ammayya sassaabbii taaksii isaanii diriirsuu dhabuu, pootenshaala galii beekuu dhabuu, malaammaltummaa hamaan jiraachuu fi itti gaafatamummaan laafaa ta'u irraa kan ka'e galiin taaksii irraa sassaabamu baay'ee xiqqaadha. Kana waan ta'eef, biyyoonni kunniin fedhii misoomaaf qaban guuttachuuf gargaarsaa fi liqii biyyoota guddatanii fi dhaabbilee arjoomtootaa irratti akka hundaa'uu fi galiin sassabamus iddaa liqii kaffaluuf waan ooluuf marmaartoo hiyyummaa (vicious circle of poverty) keessaa akka hin bane taasisaa jira.

Galiin taaksii hundumtaa omishaa keessaa qabu (tax to GDP ratio) safartuu gahee galiin omisha waliigala biyyaa (naannoo) keessaa qabuu kan agrsiisuu yoo ta'u sadarkaa hojiirra oolmaa imaammata galii biyyaa tokkootiif kallattii agarsiisuu danda'a. Biyyoonni gaheen galii taaksii isaanii GDP keessa qabu olaanaa ta'e waliin gahiinsa bu'uralee misoomaa raawwachiiusu fi guddina itti fufiinsa qabu mirkaneesuuuf kan danda'an yoo ta'u biyyoonni reetiin galii taaksii GDP keessa qabu sadarkaa gadi aanaa irra jiran fedhii waliin gahiinsa bu'uralee misoomaa fi guddina itti fufiinsa qabu fiduuf faayinaansii isaan barbaachisuu liqii fi deeggarsa biyyoota guddatanii fi dhaabbilee arjoomtotaa irratti kan rarra'u ta'a (Carneo & Vergallia, 2016).

Akka ragaan (IMF,2019) ibsuutti biyyoota guddatan keessatti gahee taaksiin GDP keessaa qabu giddugaleessaan %40 yoo ta'u, biyyoota guddachaa jiran misoomaa itti fufiinsa qabu mirkaneessuu fi faayinaansii isaan barbaachisuu of danda'anii maddisiisuuf gaheen taaksiin GDP keessaa qabu yoo xinnaate (minimum threshold) %15 ta'u akka qabu yaadaa ni kaa'a. Gabaasaa

(IMF,2020) irraa ka'uun ragaa biyyoota Afrikaa muraasa yoo ilaalamu ALG bara 2020 reetiin galii taaksii GDP keessaa qabu Afrikaa Kibbaa (%23.5), Ruwaandaa (%15.1), Keeniyaa (%14.3) yoo ta'u, kan Itoophiyaa %6.2 akka ta'e agarsiisa.

Haalaa raawwii karora wagga lamaan darbanii irraa hubatamuu akka danda'ametti faayinaansii mootummaa karoora Imala Badhaadhinaa waliin walbira qabamee yoo ilaalamo raawwiin isaa haala gaarii irra jiraachuu kan agarsiisudha. Yaa ta'u malee, akkaataa qorannoon adda addaa mul'isuutti galii naannichaa keessaa maddu fedhii misoomaa naannichaa fi hawaas-dinagdee mootummaa utubuuf taasifamu ammallee baay'ee xiqqa fi iddo garaagaraatti haalaa walfakkaataa ta'ee sassaabamaa kan hin jirre ta'u agarsiisa. Baajataa baasii mootummaa maddaa galii naannootiin uwvisuu fi gahee deeggarsaa baasii mootummaa federaalaa xiqqeessaa deemuuf karoora faayinaansii mootummaa irra deebi'uun haala qabatamaa jiruun karoorsuun raawwii itti aanuuf haalaa kan mijeessuu waan ta'eef, karoori bara 2015-2017 haalaa itti aanee jiruu qophaa'eera.

### **3.1.5.1 Galii Naannoo**

Galiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 2014 kan deeggarsa baasii Mootumma Federaalaa dabalatee waliigalatti qar.bil.128.97 ture bara 2017tti filannoo isaa bu'uuraatiin qar.bil.216.59, filannoo isaa g/galeessattiin qar.bil.232.25 fi filannoo isaa olaanaatiin qar.bil.239.98 akka ta'u maniin kaa'ameera. Kaayyoon karoora kanaas gahee galii waliigala mootummaa naannoo GDP naannichaa keessaa qabu bara 2014tti %7.04 ture bara 2017tti %7.9tti guddisuudha. Haaluma kanaan, waggoottan sadan dhufan (2015-2017) keessa maddeewwan galii Naannoo fi Federaalaa irraa akka waliigalaatti galiin mootummaa naannichaa qar.bil.608.7tti tilmaamamu ni sassaabama.

Manii karoorfame kana milkeessuuf pootenshaala galii naannichi qabu hunda sakkatta'uun beekuunii fi galiiwwan maddeewwan maraa irraa sassaabaman guddisuun, keessumaa galii taaksii al-kallattii fi galii taaksii hin taane irratti xiyyeffatamee kan hojjetamu ta'a. Haaluma kanaan, gahee galiin taaksii GDP keessaa qabu bara 2014tti %2.34 ture bara 2017 %3.41 akka ta'u tilmaamameera.

Gabatee 3.4: Sassaabbii Galii Taaksii (2015-2017), Qar.bil.

Lakk.	Gosa Galii	Ka'uum sa bara 2014	Manii			Ida'ama (2015-2017)
			2015	2016	2017	
1	Deeggarsa	72.76	75.8	75.8	79.6	231.2

	Federaalaa					
<b>2</b>	Galii Madda Naannoo	56.0	82.7	130.0	164.8	377.5
<b>2.1</b>	Galii Taaksii Kallattii	28.39	37.9	51.2	61.8	150.9
<b>2.2</b>	Galii Taaksii Al-Kallattii	14.34	23.7	36.5	43.9	104.1
<b>2.3</b>	Galiwwan adda addaa Taaksii hin taane	13.27	21.1	31.5	59.1	111.7
<b>Ida'ama</b>		<b>128.76</b>	<b>158.6</b>	<b>205.8</b>	<b>244.3</b>	<b>608.7</b>

Madda: KKMO tiin qindaa'e, bara 2015

### 3.1.5.2 Tilmaama Fedhii Faayinaansii

Fedhiin misoomaa naannichaa bal'aa yoo ta'u qabeenyi faayinaansii (financial resource) fedhii misoomaa naannichaa yeroo gabaabaa keessatti guutuuf dandeessisu argachuun kan danda'amuu miti. Kanaafuu, waggoottan sadan itti aanan keessatti qabeenya xiqqaa naannichi qabu qindeessuun qisaasama malee hojiwwan fedhii misoomaa hawaas-dinagdee naannichaa duraa duubaan guutuuf karoorfamniif oolchuun dhimmaa xiyyeffannaargachuu qabudha.

Waggoottan sadan dhufan ramaddii qabeenya kanaan dura adeemsaa gosa baasiitiin (“line item budgeting”) gaggeefamaa ture gara sagantaan baajateessuutti (program budgeting) jijiiruun hojiilee durfamee sagantaan qabamee fi inisheetivoota haaraa bocamanii fi pirojektoota dirqamni itti galamee xiyyeffannoo keessa galchuun kan raawwatamu ta'a. Ramaddiin qabeenya pirojektootaa fi sagantaaleef raawwatamu bu'a qabeesumaan isaa ilaalamee kan ramadamuu yoo ta'u, itti fayyadamaa faayinaansii qulqullinaa fi yeroon raawwii isaa irratti itti gaafatamummaa akka jiraatuuf sirni itti gaafatamummaa cimee hojii irra kan oolu ta'a. Imaammataa mootummaa galmaan gahuuf riifoormiin dinagdee madda biyyaa keenyaa hojii irra oolchuf baajatatni Mootummaa Naannichaa kunis, TQO fi Saayinsii, Turiizimii, albuudaa, akkasumas Paarkiiwwan Industirii babal'isuun akka danda'amuuf xiyyeffatannoon kan ramadamuu ta'a.

Ramaddii qabeenya irratti walqixxummaan misoomaa naannichaa keessatti akka jiraatuuf qabeenya dhaabbilee miti mootummaa fi fandiwwan adda addaa arjoomtota irraa bifa gargaarsaa fi liqin argaman baajataa baasii mootummaa waliin wal dubbisuun akka ramadamuu ni taasifa. Pirojektooni dhaabbilee misoomaa mootummaa, dhaabbilee miti-mootumman socho'anii fi mootummaa federaalaatiin naannoo keenya keessatti gaggeeffaman haala karoorfamaniin hojirra ooluu fi baajatnii fi ittifayyadami faayinaansii isaanii yeroo yeroon kan

hordofamu, gabaasni raawwii faayinaansii qindaa'ee kan dhiyaatuu fi bu'aa fi jijiirama raawwiinisaaniittiin argaman kan gamaaggamamu ta'a.

### **3.1.5.3 Fedhii Faayinaansii Sektaroota Hiyyummaa Hir'isanii**

Mootummaa Naannoo Oromiyaa fedhii misoomaa hawaasnii naannichaa qabuu fi guddina dinagdee naannichaa milkeessuuf qabeenyaa mootummaa fi deeggartootaa misoomaa fi uummata irraa argamuu qindeessuun hojii misoomaatiif oolchuu irratti xiyyeffannoo guddaan hojjaechaa tureera. Waaggioottan sadan dhufan keessattis insheetivota gama mootummaatiin qabamee fi fedhii misoomaa uummata naannichaa gidugaleesaa godhachuun, keessummaa hojii hiyyummaa hir'isuu irratti xiyyeffannoo guddaa kennun qoodinsi qabeenyaa kan raawwatu ta'a.

Haaluma kanaan, baajatni baasii sektaroota hiyyummaa hir'isanii bara 2014tti %60.8 ture bara 2017tti %62.4 akka ta'u kan karoorfamee yoo ta'u, dimshaashumatti karoorri fedhii baasii sektaroota hiyyummaa hir'isanii waggoottan sadan itti aananii filannoowwan sadiin qophaa'eera.

### **3.1.6 Kenna Tajaajila Lammummaa**

Kenna tajaajila lammummaa Mootummaa Naannichaatiin baroottan darban jalqabameen bu'uuraalee misoomaa adda addaa dabalatee ijaarsaaleen manneen jirenyaa namoota dhuunfaa humni dadhabee dabalatee tajaajilaaleen biroo kennamaa tureera.

Muuxannowwan horataman qindeessuu fi babal'isuun waggoottan sadan dhufan keessatti kenna tajaajila lammummaa caalmaatti cimee kan itti fufu ta'a. Haaluma kanaan, qabeenyi kenna tajaajila lammummaatiin bu'uuraalee misoomaa fi manneen jirenyaa namoota humni dadhabee ijaaruu fi tajaajilaalee kanneen biroo kennuuf oolu bara 2015 qar.bil.71.63, bara 2016 qar.bil. 125.35 fi bara 2017 immoo qar.bil. 219.37 akka ta'u tilmaamama.

### **3.1.7 Qalaa'insa Gatii**

Qalaa'insii gatii waggottan murasa asiitti rakkoo cimaa hawas-dinagdee ta'ee jira. Haaluma kanaan, naannicha keessatti giddugaleessan qaala`insi gatii ittiin dabale bara 2013tti qaala`insi waliigalaa (general inflation) %20.1, qaala`insi nyaataa %23.8 fi qaala`insi miti-nyaataa %14.7 ture. Bara 2014 keessa immoo qaala`insi kun caalmatti cimuun giddugaleessan qaala`insi gatii waliigalaa %38.1, qaala`insi nyaataa %43.5 fi qaala`insi miti-nyaataa %29.8 dabalee ture.

Kanaafuu, qalaa'insi gatii, keessattuu, kan midhaan nyaataa tasgabaa'aa ta'e uumuun uummatni jirenya madalawaa akka jiraatu gochuun dhimma dursi keenamuufi qabudha. Kaayyoo kana milkeessuuf ammoo waggootaan sadan dhufan dhimmoota itti xiyyeefatamanii hojjetaman keessaa inni tokko qaala'insi gatii naannichaa tasgabbeessuudha. Qaala'insi gatii tasgabbeessuun kan danda'amu ka'umsi isaa yoo beekamedha. Haaluma kanaan, qorannoon ka'umsaa fi dhiibbaa qaala'insi gatii dinagdee naanniciaa irratti uumaa jiruu adda baasuu fi tarkaanfii fudhatamuu qabu irratti yaada dhiyeessuu waggoottan sadan kana keessatti ni gaggeeffama.

Qaala'insa gatii kana tasgabbeessuuf imaammata fiizikaalaa, jechuun haala galii fi baasii faayinaansii naannichaa yeroo yeroon sakkata'uun foyyeessuu, haala qusannoo fi investimentii, akkasumas fedhii fi dhiyeessii omishaalee fi tajaajilootaa naannichaa walsimsiisuu fi walitti hidhamsa gabaa biyyaa keessaa fi alaa uumuun omishtootaa fi shammaattotaaf haala mijeessuu fi shira dinagdee irratti hojjetamu dadhabsiisuuf tarkaanfii fudhachuu irratti ni hojjetama.

### **3.1.8 Hiyyummaa Hir'isuu**

Mootummaan hiyyummaa haala bara 2008 keessa ture (%23.9) irraa gadi buusuuf tattaaffii gochaa bara 2014tti gara %25tti ol ka'ee jira. Mootummaan karoora misoomaa yeroo dheeraa fi gidduu galeessa, akkasumas yeroo gabaaba qopheessee hojiirra olchuun fayaadamummaa uummataa haqa qabeessa ta'e mirkaneessuun jiruu fi jirenya uummataa fooyyeessuuf yeroo kamiyyuu caalaa kutaannoo qabaachuu isaa kallattiin misoomaa hordofaa jiru kan agarsiisudha.

Karoora kana milkeessuuf carraa hojii gabaa gidduu galessaa godhatee baadiyyaa fi magaalaa keessatti uumuu fi babal'isuu, aadaa hojii uummatichaa fooyyeessuurratti hojjechuu, qonnaa ammayyeessun omishaa fi omishtummaa dabaluu irratti xiyeefachuun dinagdee naannichaa gama hundaan guddisunii fi misoomsuun dhiyeessii fi fedhiin akka wal madaaluu gochuudha. Kaana malees, qaala'insa gatii tasgabbeessuun jiruu fi jirenyi uummataa akka fooyya'u gochuu fi dilbii qabeenyaa naannichi qabu misomsuu keessatti abbootii qabeenyaa fi uummata hirmaachisuu fi uumataa fayyadamaa taasisuun galiin uummata naannichaa akka guddatuu gochuun laccoofsa uummata hiyyummaa haammaataa ta'ee (extreme poverty) keessa jiru xiqqeessuu irratti ni hojjetama.

Haaluma kanaan, yeroo itti aanu keessatti qorannoowwan adda addaa haala jirenyaa fi fayyadummaa uummataa naannichaa agarsiisan kan akka "Sirna gabaasa Indeeksii Misooma Namoomaa" diriirsuu, 'haala hiyyummaa gos-danneessaa (multidimensional poverty)

naannichaa' fi haala hawaas-dinagdee abbootii warraa (Household socioeconomic status) qorachuu yaada imaammataa burqisiisurratti ni hojjetama.

### **3.1.9 Hojii dhabdummaa**

Akkuma beekkamuu guddina dinagdee biyya/naanoo tokkoof gaheen dargaggeeyii (qerroo fi qarree) qaban daran olaanaadha. Haa ta'uu malee, humni misooma kun yeroo humna qabuutti hojiitti seenee yoo hin hojjetin rakkoo tasgabbii hawasaa, dinagdee fi siyaasaa uumuu akka danda'u muuxannoon biyyoota addaa ni agarsiisu.

Akka biyyaattis akka naannoo keenyaatti humni umurii omishtummaa keessa jiranii fi hojii barbaadaa jiran hedduu ta'uun yaadoo kan uumudha. Mootumman naannicha rakkoo kana hundeerra furuuf carraqqii guddaa tasiisaa haa turuu malee rakkoo kanaaf furmata waarawaa keennuu hin dandeenye. Kanaaf immo dhimmotni kan akka dhibee "COVID-19", hanqina meeshalee ijarsaa, dhabiinsa nageenyaa, ongee fi rakkoleen kkf gumaacha akka taasisan ni yaadama. Haa ta'uu malee, carraqii tasiisfama jirun hojii dhabdummaan, keessattuu, kan bara 2013tti uummata naannichaa umurii omsitummaa keessa jiran keessaa %6.9 (dhi. %3.6 fi dub.%11) kan ta'udha. Ragaa sarveeyii "ESS" bara 2014 akka agarsiisutti hojii dhabdummaan magaalotaa naannichaa akka dabalaajira. Bara 2014tti waliigala dargaggoota magaalaa umrii 15-29 qaqqaban keessaa hojii dhabaan (youth unemployment) %27.9 (dhi.%16.2 fi dub.%37.9) kan ta'udha.

Rakkoo hojii dhabdummaa naannichaa furuf kallattii fi tarsiimoo misoomaa mootummaan naannichaa qabatee jiru kan akka investimentii babal"isuun carraa hojii magaalaa fi baadiyyaatti uumuu, dhiyeessii faayinaansii dargaggotaa magaalaa fi baadiyyaa, keessummaa dubartootaaf mijeessuun hanqina dhiyeessii maallaqaa dargagootni hojii uumuu barbaadan qaban *furuu*, waltiiti hidhamsa gabaa uumuu fi deeggarsaa fi leenjii haala hojii uumuu fi bulchuu (entrepreneur development trainings) irratti hojii barbaadotaaf kennuu, sirna barnootaa fi leenjii karaa dhaloota waa uummuu dandeessuun bocuun hojii irra oolchuu, aadaa hojii tuffachuu sammuu dhalootaa keessa jiru hambisuu fi kkf irratti kutannoo siyaasaa yeroo ammaa jiru ciminaan itti fuksiisuun filannoo kan hin qabnedha. Kanaafuu, yeroo karooraan kana keessa qorannoo haala humna oomishaa naannichaa irratti xiyyeefate gaggeessuun yaada imaammataa dhiyeessuun dhimma hojjatamuu qabuudha.

### **3.2. Karoora Damee Misooma Dinagdee**

Naannoo Oromiyaatti guddina dinagdee fi jijiirama caasaa dinagdee milkeessuuf hojjatamaa jira. Dhawaata dhawaataan ce'uumsi dameewwan dinagdee oomishtummaa xiqqaa qaban irraa gara dameewwaan dinagdee oomishtummaa guddaa qabaniitti taasifamu dinagdeen keenya bu'uura cimaa akka qabaatu taasisuun guddina dinagdee ittifufiinsa qabu dhugoomsuu keessatti gahee ol'aanaa ni qabaata. Ce'uumsi gara oomishaalee industirii maanufakchariingiitti taasifamaa jiru harkifataa ta'us milkaa'ina eegamu fiduuf xiyyeffanna addaan hojjatamuu kan qabuudha.

Akka biyyaa fi naannoo keenyaatti seektarri qonnaa humna namaa guddaa kan keessummeessu ta'uu isaatiin misoomin seektara qonnaa uutubaa guddina dinagdee biyya keenya fi hiyyummaa xiqqeessuuf shoora olaanaa kan taphatuudha. Guddinni qonnarratti dhufu, dinagdee qonnaan alaas ariifachiisuun jijiirama caasaa dinagdee irratti waan fiduuf qonni bu'uura misooma keenyaati. Qonna Oromiyaa misoomsuuf tokko tokkoon abbaan warraa ykn haati warraa lafa, humnaafi kaappitaala isaanii qindeessuun oomishaafi oomshitummaa guddisuun cinaatti faayidaa dinagdee isaanii akka mirkanaa'u hojjechuu barbaachisa.

#### **3.2.1 Misooma Qonnaa**

Misoomni qonnaa sochii ce'umsa caasseeffama dinagdee mirkaneessuuf taasifamu keessatti isa ol'aanaadha. Jijiirama caasaa dinagdee akkaataa imaammata misooma dinagdee irratti ta'een dhawataan qonna irraa gara industiriitti fiduuf, akkasumas oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisun dhiyeessiin meeshaalee dheedhii industirii maanufakchariingiif gahaa ta'e akka jiratu gochuuf hojjatamuu qaba. Misoomni qonna keenya, wabii midhaan nyaataa sadarkaa maatiitti mirkaneessuun uummatni nyaata madaalawaa ta'e akka argatuuf sochiin waggoota lamaan dabran taasifamaa jiru abdii kana namaa kennuudha.

Waliigala oomishaalee al-ergee ta'an keessaa gidduugaleessaan dhibbantaan 50 ol kan ta'u oomishaalee seektara qonnaa irraa argaman waan ta'eef oomishaalee qonnaa al-ergee ta'anii fi meeshaalee alaa galan bakka bu'an gosaa, baay'inaan fi qulqullinaan guddisuuf xiyyeffannooh hojjechuun rakkoo hanqina sharafa biyya alaa hiikuuf qonni gahe isaa akka bahuf kan hojjetamu ta'a.

### 3.2.1.1 Misooma Midhaanii

Lafa waliigala Naannoona Oromiyaa qabdu keessaa lafa oomisha qonnaaf ooluu danda'u hedduun kan jiru ta'uu ragaan adda addaa ni agarsiisa. Karoora baroota itti aananii keessatti lafa misooma qonnaa itti fayyadamaa turamee fi haaraa, waqitiilee fi gosoota midhaanii akkaataa armaan gadiitti dhiyaateera.

Haala qabatama jiruun, misoomni qonnaa arfaasaa haala qabatama roobaa irratti kan hunda'e waan ta'eef waggoota darban keessatti bu'aan argame haala barbaadameen quubsaa akka hin taane ragaan ni agarsiisa. Bara 2014tti lafa hekt.mil.0.93 misoome irraa oomishaa kunt.mil.9.01 fi oomishtuma hektaara tokko irraa kunt.10 argame ture dhuma bara 2017tti lafa hekt.mil.1.12 misoomsuun oomishtummaa gara kunt.21.8tti guddisuun oomishaa kunt.mil.24.53 irraan gahuuf kan hojjatamu yommuu ta'u giddugaleessaan waggaatti oomishnii %39.6 fi oomishtummaan %29.7 kan guddatu ta'a.

Misooma qonna gannaatiin oomishtummaa bara 2014tti hekt. tokko irraa kunt.29.83 ture bara 2017tti kunt.33.1tti guddisuun oomisha bara 2014tti kunt.mil.188.23 argamaa ture gara kunt.mil. 218.72tti geessisuuf ni hojjatama. Oomishni kunis lafa bara 2014tti hekt.mil. 6.31 misoomee ture bara 2017tti hekt.mil. 6.61 irra kan gahu ta'a.

**Gabatee 4.1: Misooma midhaan gurguddoo (2015-2017)**

Lak.	Agarsiistoota	Safartuu	Ka' umsa Bara 2013/14	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2014/15	2015/16	2016/17	
<b>1</b>	<b>Qonnaa Ganna</b>						
1.1	Lafa Qotame/u	hekt. mil.	6.13	6.45	6.61	6.61	2.5
1.2	Oomisha	kunt. mil.	188.23	218.08	218.66	218.72	5.1
1.3	Oomishtummaa	Kunt./hekt.	29.83	29.83	33.07	33.09	3.5
<b>2</b>	<b>Qonna Arfaasa</b>						
2.1	Lafa Qotame/u	hekt. mil.	0.93	0.97	1.122	1.12	6.3
2.2	Oomisha	kunt. mil.	9.01	17.25	22.6	24.53	39.6
2.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	10	17.7	20	21.8	29.7

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

Oomisha gosa midhaanii sadaniin yommuu ilaallamu qonna Arfaasaatiin waggoottan sadan dhufan oomisha midhaan agadaa, Biilaa, Dheedhii fi Zayitaa walduraa duubaan waggaatti giddugaleessan %61.6, %28.4, %46.5 fi %20.5tiin kan guddatu ta'a. Oomishtumma midhaan Agadaa bara 2014tti heektara tokkorra kuntaala 7 ture, waggaatti giddugaleessan %56.8tiin guddisuun bara 2016/17tti gara 27 geessisuuf ni hojjatama.

Gabatee 4.2: Misooma midhaan gurguddoo qonna *Arfaasaa* (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuwwan	Safartuu	Ka'uumsa Bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2014/15	2015/16	2016/17	
<b>1 Midhaan Agadaa</b>							
1.1	Lafa Qotame/u	hekt. mil.	0.31	0.34	0.34	0.34	3.1
1.2	Oomishaa	kunt.mil.	2.17	8.38	8.84	9.17	61.6
1.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	7	25	26	27	56.8
<b>2 Midhaan Bilaa</b>							
2.1	Lafa Qotame/u	hekt. mil.	0.49	0.59	0.60	0.60	6.9
2.2	Oomishaa	kunt. mil.	5.94	11.52	11.91	12.58	28.4
2.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	12	19	20	21	20.5
<b>3 Midhaan dheedhi</b>							
3.1	Lafa Qotame/u	hekt. mil.	0.13	0.18	0.18	0.18	11.5
3.2	Oomishaa	kunt.mil.	0.87	2.65	2.74	2.74	46.5
3.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	7	14	15	16	31.7
<b>4 Midhaan zayitaa</b>							
4.1	Lafa Qotame/u	hekt. kuma	6	5.4	5.4	5.4	
4.2	Oomishaa	kunt.kuma	29	49.3	49.6	50.8	20.5
4.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	5	9	9.25	9.5	23.8

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

Haaluma walfakkaatuun,misooma qonna gannaatiin oomisha midhaan Biilaa bara 2013/14 kunt.mil.87.76 ture waggaatti giddugaleessaan % 15.6tiin guddisuun bara 20116/2017 oomisha kuntaala mil.135.67 irraan gahuuf ni hojjatama. Gama oomisha midhaan zayitaatiin bara 2013/14tti oomisha waliigala kunt.mil.3.4 ture bara 2016/17tti gara kunt.mil.4.75tti ni guddata.

Gabatee 4.3: Misooma midhaan gurguddoo qonna *Gannaa* (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuwwan	Safartuu	Ka'uumsa Bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2014/15	2015/16	2016/17	
<b>1 Midhaan Agadaa</b>							
1.1	Lafa Qotame/u	hekt. mil.	2.08	1.73	1.7	1.72	
1.2	Oomishaa	kunt.mil.	81.4	72.6	71.4	73.1	
1.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	39	42	42	42.5	2.9
<b>2 Midhaan Bilaa</b>							
2.1	Lafa Qotame/u	hekt. mil.	3.16	3.84	3.88	3.87	6.9
2.2	Oomishaa	kunt. mil.	87.76	129.14	135.67	135.67	15.6
2.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	27.77	34	35	35	8
<b>3 Midhaan dheedhi</b>							
3.1	Lafa Qotame/u	hekt. mil.	0.72	0.7	0.65	0.645	3.8
3.2	Oomishaa	kunt.mil.	13.02	14.03	14.05	14.3	11.6

3.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	18.1	20	22	22	6
4	<b>Midhaan zayitaa</b>						
4.1	Lafa Qotame/u	hekt. Kuma	339	335	375	380	3.8
4.2	Oomishaa	kunt.kuma	3400	4130	4750	4730	11.6
4.3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	5	9	9.25	9.5	23.8

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Misooma Ruuzii:** wabii midhaan nyaataa guddisuuf sochii taasifamaa jiru keessatti omishaa fi oomishtummaa ruuzii dabaluuf xiyyeffannoona addaa kennameefii hojjetamaa jira. Haaluma kanaan bara 2014tti lafa, oomishaa fi oomishtummaa wal-duraa duubaan hekt.mil.0.1, kunt. mil.4.35 fi kunt.43.2 ture waggoottan KIB sadan itti aananitti giddu galeessan %9.96, %20.61 fi %9.61 dabaluun gara hekt.mil.0.13,kunt.mil.7.63 fi kunt.56.96tti guddisuuf karoorfamee jira.

**Misooma midhaan hiddaa fi kuduraa:** Oomiisha midhaan hiddaa gosa adda addaa bara 2014tti lafa hekt. mil. 0.243 misoome irraa oomishtummaan kunt.164 argachuun oomisha waligaala kunt.mil.39.83 argamee ture bara 2017tti, oomisha giddu galeessan waggaatti %6.8n dabaluun gara kunt.mil.48.65tti kan guddatu ta'a. Haaluma walfakkaatuun, gama oomisha kuduraatiin bara 2013/14tti lafa hekt. mil. 0.17 misoomsuun oomisha kunt.mil.19.87 argamaa ture bara 2017tti oomishtummaa waggaatti giddugaleessaan %2.2n dabaluun gara oomisha kunt.mil.23.28tti guddisuuf karoorfamee jira.

#### **Gabatee 4.4: Misooma midhaan hiddaa fi kuduraa (2015-2017)**

Lak.	Agarsiiftuwwan	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
<b>A Midhaan hiddaa</b>							
1	Lafa Qotame/u	hekt.mil.	0.243	0.246	0.279	0.280	4.8
2	Oomishaa	kunt.mil.	39.83	42.45	48.65	48.65	6.8
3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	164	172.9	174.1	174.1	2
<b>B Midhaan kuduraa</b>							
1	Lafa Qotame/u	hekt.mil.	0.17	0.17	0.186	0.186	3
2	Oomishaa	kunt. mil.	19.874	20.822	23.2	23.28	5.4
3	Oomishtummaa	kunt./hekt.	117	122.3	124.4	124.9	2.2

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Misooma Muduraa:** Waggoottan lamaan darban keessatti oomishni muduraalee kanneen akka avokaadoo,muuzii fi Paappayyaa tarkaanfii addaatiin (bifa inisheetivii'n) xiyyeffannoona laatameefii hojjetamaa turuun ni yaadatama. Haaluma kanaan oomishaa fi oomishtummaa

avookaadoo, muuzii fi paappaayyaa guddisuuf qophii sanyii fi kunuunsa biqilaa muduraarratti xiyyeffannaa addaatiin ni hojjatama. Haaluma kanaan, qophii sanyii waggaatti giddugaleessan %53.8n guddisuuf kan hojjatamu yommuu ta'u oomisha waliigalaa bara 2014tti kunt.mil.18.84 ture bara 2017tti gara kunt.mil.21.81tti guddisuuf karoorfameera.

#### **Gabatee 4.5: Misooma Muduraa (2015 –2017)**

T.L	Agarsiistuuwwan	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%'n)
				2015	2016	2017	
1	Qophii sanyii	Lak.mil.	3.93	7.3	12.1	14.3	53.8
2	Kunuunsa Biqilaa muduraa	hekt.(kuma)	97.74	123.8	166.9	217.8	30.6
3	Lafa waliigalaa	hekt. (kuma)	94.4	97.74	101.72	105.9	3.9
4	Oomisha	kunt. (mil.)	18.84	20.20	21.02	21.81	5
5	Omishtummaa	kunt./hekt.	204	207	210	212	1.2

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Misooma qamadii jallisii:** Oomishaa fi oomishtummaa keenya dabaluuf rooba qofa eeguu caalaa qabeenya bishaan lafa irraa fi lafa jalaa fayyadamuun misooma jallisii saffisiisuu murteessaadha. Kanaafuu, misoomni jallisii xiyyeffannaa ol'aanaan kan hojjatamu jiruu fi oomishaa fi oomishtummaa qamadii bonaa dachaan dabaluun galma akka Naannoo/biyyaatti qabamee jiru milkeessuuf karoorfamee jira. Sochiin gama misooma qamadii jallisiitiin taasifamaa jiru wabii midhaan nyaataa mirkaneessurra darbee qamadii gara biyya alaatti erguuf kan nama dandeessimu fi milkaa'ina isaatiif qindoomina cimaan kan hojjatamu ta'a. Bu'uuruma kanaan, misooma qamadii jallisii babal'isuun oomisha qamadii bara 2014tti kunt.mil.20.5 ture bara 2017tti gara kunt.mil.48.5 akkasumas oomishtummaa 31 irraa gara 40tti guddisuuf karoorfamee jira.

#### **Gabatee 4.6: Misooma qamadii jalisii (2015 –2017)**

Lak.	Agarsiistuuwwan	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%'n)
				2015	2016	2017	
1	Lafa qotame/u	hekt.mil.	0.669	1	1.2	1.3	24.8
2	Oomisha	Kunt.mil.	20.5	38.5	21.02	48.5	33.2
3	Omishtummaa	kunt./hekt.	31	39	40	41	9.7

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Misooma jallisii idilee:** Misooma jallisii idileetiin bara 2014tti hojii hojjetameen uwvisa lafa misooma qonna jallisii lafa hekt.mil.0.81 misoomsuun oomisha kunt.mil.125.24 fi

oomishitummaa kunt.155.5 argachuun kan danda'ame yommuu ta'u qonnaan bulootni mil.2.33 fayyadamtoota ta'anii jiru. KIB waggottan sadan dhufanitti iskimota jallisii ammayyaa fi aadaa sadarkaa maatii amma jiruu caalaa babal'isuun lafa misooma qonna jallisii waggaatti giddu galeessan %31.2tiin guddisuun oomisha waliigalaa bara 2014tti kunt.mil.125.24 ture bara 2017tti kunt.mil.167.4 geessisuuf kan hojjatamu yommuu ta'u hawaasa qonnaa/horsiisee bulaa jallisii idileerraajayadamaa jiruu fi bara 2014tti mil.2.33 ture waggaatti giddugaleessan %18 guddisuun gara mil.3.82 irraan gahuuf karoorfamee jira.

Gabatee 4.7: Misooma jallisii idilee (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftoota	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Manii			Reetii Guddina g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Lafa misoomu	hekt.(mil.)	0.81	0.82	0.83	1.83	31.2
2	Oomisha argamu	kunt.(mil.)	125.24	136.52	137.53	138.8	3.4
3	Oomishtummaa	kunt./hekt	155.5	165.8	166.3	167.4	2.4
4	Itti fayyadama calla guddiftuu	kunt (mil.)	0.934	0.767	1.29	1.58	19
5	Waliigala Q/H bulaa Misooma Jaallisii irratti hirmaatan	Lak.(mil.)	2.33	2.74	3.24	3.82	18

Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014

### 3.2.1.2 Misooma bunaan

Biyyi keenya potenshaala lafa oomisha bunaaf oolu lafa hekt.mil.5.4 akka qabduu fi qonnaan /horsiisee bulaan mil. 15 ol misooma bunaan irratti hirmaachuu akka danda'an ragaan ni agarsiisa. Waliigala buna akka biyyaatti oomishaamu keessaa Naanno Oromiyaa %70 kan gumaachituu fi oomisha gabaatti dhiyaatu keessaa %66 ol kan ta'uu ni qooddata.

Kanaafuu, KIB waggottan sadan dhufan kana keessatti godinaalee Oromiyaa misooma bunaatiif mijataa ta'an hunda keessatti misooma bunaan babal'isuun oomishaa fi oomishitummaa bunaan baayyinaa fi qulqullinaan oomishuunii fi gabaa biyya alaaf dhiyeessuun gahee dinagdee misooma bunaan isaa akka guddatuf ni hojjetama. Haaluma kanaan, bara 2014 irratti sanyii bunaan kg. mil. 0.53 qopha`ee ture bara 2017tti waggattii giddu galeessaan %9.7 dabaluun bara xumura 2017tti sanyii bunaan kg. mil.0.7 geessisuuf ni hojjatama. Akkasumas, biqiltuu bunaan bara 2014itt bil.1.17 qopha`ee lafa hekt.0.18 irra dhaabbaatee ture bara 2017 ttii biqiltuu bunaan waggaattii giddu galeessaan %7.1 guddisuun gara bil.1.44 geessisuun lafa haaraa fi lafa bunaan dulloomee buqqa`ee hekt.mil.0.21 irraa kan dhaabatu ta'a.

Oomishaa fi oomishtummaa bunaa ilaachisee bara 2014tti hekt.tokko irraa oomisha kunt.7.4 oomishuun oomisha bunaan kun. mil.9.24 irraa ture bara xumura 2017tti oomishittummaa gara 8.5tti guddisuun oomisha waggaatti giddu-galeessaan %13.8`n guddisuun gara kunt.mil.13.63 oomishuuf karoorfame jira.

Gabatee 4.8: Misooma Bunaa (2013-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwwan	Safartuu	Ka`uumsa Bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Qophii sanyii	Kg.(mil.)	0.53	0.636	0.668	0.701	9.7
2	Qophii biqiltuu bunaan	Lakk.(bil.)	1.17	1.3	1.4	1.44	7.1
3	Lafa biqiltuu bunaan	hekt.(mil.)	0.18	0.19	0.2.	0.21	5.2
4	Lafa Bunaa oomishaa kennuu	hekt.(mil.)	1.24	1.31	1.49	1.60	8.8
5	Oomisha bunaan	kunt. (mil.)	9.24	10.47	12.34	13.63	13.8
6	Oomishtummaa	kunt./hekt.	7.4	8.0	8.3	8.5	4.7
7	Hirmaattotaa fi fayyadamatoota misooma bunaan	Mil.	2.2	2.22	2.23	2.3	1.4

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

### 3.2.1.3 Misooma Mi'eesituu

Misooma mi'eesituu gosa adda addaa misoomsuuf naanno keenya qilleensaa fi biyyoo mijataa qabdi. Mi'eesituu gosa adda addaa bara 2014tti kunt.mil.5.3 oomishamee ture bara 2017tti gara kunt.mil.5.8tti guddisuuf kan hojjatamu yommuu ta'u oomishtummaan bara 2014tti kunt.30.5 ture bara 2017tti gara kunt.31tti kan fooyya'u ta'a. Milkaa'ina gama kanaan eegamu dhugoomsuuf bifaa innishatiivii haaraatiin kan hojjatamu ta'a.

Gabatee 4.9: Misooma mi'eesituu (2015 – 2017)

Lakk	Agarsiiftuuwwan	Safartuu	Ka'umsa Bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Lafa misoome/u	hekt./mil.	0.17	0.18	0.18	0.18	1.9
2	Oomisha	Kunt./mil.	5.30	5.53	5.78	5.8	3
3	Oomishtummaa	Kunt./hek	30.5	30.5	30.9	31	0.5

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

### 3.2.1.4 Itti fayyadaama teeknoloojii qonna

Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa dabaluu keessatti itti fayyadamni callaa guddistuu murteessaadha. Haala qabatamaa naanno keenyaatti callaa guddistuuwwan misooma midhaanii fi beeyladaatiif itti gargaaramaa jirru keessaa xaa'oo keemikaalaa, kompostii, nooraa, sanyii filatamaa midhaanii fi beeyladaa, nyaata beeyladaa, qoricha farra aramaafi

ilbisootaa isaan ijoodha. Haaluma kanaan, karoorri itti fayyadama callaa guddistuu haala armaan gadiin qindaa'ee jira.

**Itti fayyadama Xaa'oo Keemikaalaa:** Waggoottan lamaan KIB keessatti qonnaan/ horsiisee bulaan oomishaa fi oomishitummaa isaa dachaan akka dabaluuf sirna kenninsa tajaajila eekisteensiinii fooyyessuu fi rakkoo dhiyeessii fi sirna kenninsa xaa'oo fooyyeessuurratti bali'inaan hojjatamaa tureera. Bara oomishaa 2014tti xaa'oo gosa adda addaa (UREA, NPS fi Blended) kunt.mil.6.064 qonnaan/horsiisee bulaaf akka raabsame ragaan ni agarsiisa. Hojiawan gama kanaan hojjataman daran cimsuun dhiyeessii xaa'oo waggaattii giddu galeessaan %24n guddisuun bara 2017 irratti dhiyeessii xaa'oo kunt.mil.11.599 geessisuuf kan hojjatemu ta'a.

Lafa waliigala oomisha midhaan gosa garaagaraan uuwwifamu keessaa %85 kan ta'u, haala istaandardiin hektara tokko irratti xaa'oo keemikalaan kuntala lama fayyadamuun akka oomishamu, kan hafe %15 immoo xaa'oo uumamaa kan akka dikee, kompostii fi k.k.f fayyadamuun oomishaa fi oomishtummaa guddisuuf kan hojjatamu ta'a. Gama biraatiin, lafti muraasni uumamaan gabbataa ta'ee xaa'oo malee oomisha gahaa ta'e kennuu danda'u kan jiru ta'un hubatamuun kan qabuudha.

**Itti fayyadama sanyii filatamaa:** Waggoottan darban hanqina gama dhiyeessii sanyii filatamaatiin ka'aa jiru dhawaataa dhawaataan furmaata kennuuf ni hojjatama. Sanyii filatamaa mirkanaa`e (C1) bara 2014tti misooma midhaantiif kunt.mil.0.56 kan hojiirra ole yommuu ta'u, dhiyeessii waggaatti giddu galeessaan %37 guddisuun bara 2017tti kunt. mil.1.437 hojiirra kan oolu ta'a.

**Itti fayyadama farra aramaa, dhibee fi ilbisoota:** Itti fayyadama farra aramaa, dhibeewwanii fi ilbisotaa ilaachisee bara 2014tti kan dhiyaatee hojii irra oole lit/kg.(mil). 2.77 yommuu ta'u, fedhii gama kanaan jiru bu'uureeffachuu waggaatti giddu galeessaan %11.6 dabaluun bara xumura karoora 2017tti gara kg/lit. mil. 3.86tti guddisuuf ni hojjatama.

**Ittifayyadama nooraa:** Itti fayyadama nooraa ilaachisee bara 2014tti nooraa kunt.kuma mil.0.082 fayyadamuun lafa hekt.kuma 11 asiidummaan lafaa fooyya`ee kan ture bara xumura 2017tti nooraa kunt.mil. 0.42 dhiyeessun lafa hekt.kuma 810 dhangaggaa`ummaa biyyee irraa damdamachiisuuf ni hojjatama.

Gabatee 4.10: Itti fayyadama xaa'oo, sanyii filatamaa, keemikaala fi nooraa (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwwan galteewwan qonnaa	Safartuu	Ka`umsa bara 2014	Maniwwan			Reetii guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Waliigala xaa'oo keemikaalaa	kunt. (mil.)	6.064	9.244	10.591	11.599	24
2	Xaa'oo keemikaalaa misooma jallisii	kunt.(mil.)	0.652	1.063	1.164	1.275	25
3	Sanyii filatamaa midhaanii	kunt. (mil.)	0.56	1.044	1.198	1.437	37
4	Keemikaala aramaa	kg/lit (mil.)	2.77	3.4	3.67	3.86	11.6
5	Nooraa	kunt.(mil.)	0.082	0.14	0.24	0.42	72
6	Lafa nooraan misoome	hekt. (mil.)	0.011	0.05	0.20	0.81	320

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Itti fayyadama tiraaktaraa fi Kombayinaraa:** Misooma qonnaa ammayyaa'aa babal'isuun oomishaa fi oomishitummaa guddisuun misooma dinagdee gaggeefamaa jiru galma yaadameen geessiisuuf qonna aadaa gara mekanaayizeshinii qonnaatti jijjiuruun hojimaata qonna harkaa-gara-afaanii (subsistence) irraa gara qonna daldalaatti (commercial agriculture) jijjiuruun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf akka biyya keenyaattis ta`e akka naannoo keenyaatti hojiin foyya'insa qabu hojjetamaa ture jira.

Kunis,bara 2014tti, lafa hekt.mil.2.51tiraaktaroota 884 fayyadamuun kan qotamee ture fedhii dhiyeessi tiraaktaraa qindeessuun calmaattii qonnaan/horsiisee bulaan fayyadamaa teeknoolojii gochuuf lafa tiraaktaraan qotamuu waggaattii giddu galeessaan %5.6n fi dhiyeessii tiraaktaraa waggaattii giddu galeessaan %8'n dabaluun bara 2017tti lafa hekt.mil.3.196 tiraaktara 1,118 fayyadamuun misoomsuuf ni hojjetama.

Akkasumas,bara 2014tti, mekanaayzeschinii oomisha duraa kan fayyadaman qonnaan bultoota mil.1.55 kan ture yommuu ta'uu, qonnaan/horsiisee bultoota hirmaatan waggaattii giddu galeessaan %18 dabaluun bara 2017tti qonnaan/horsiisee bulaa mil.2.55 ta'an akka hirmaatan ni hojjatama. Kombayinara fayyadamuun midhaan haamuu fi dhahuun wal-qabatee bara 2014tti kombaayinara 65 fayyadamuun lafa hekt.mil.0.86 irraa oomishni kan sassaabame yommuu ta'u,bara 2017tti ittifayyadama kombaayinaraa waggaatti giddu galeessaan %102'n guddisuun lafa hekt.mil.1.045 irraa oomisha sassaabuuf karoorfameera.

Gabatee 4.11: Itti fayyadama Tiraaktaraa fi Kombayinaraa (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwwan	Safartuu	Ka`uumsa Bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	

1	Tiraaktara	Lakk.	884	1,116	1118	1118	8
2	Lafa Tiraakteraan Qotame	hekt. (mil.)	2.349	2.773	2.942	3.196	5.6
3	Kombayinara	Lakk.	65	315	511	539	102
4	Lafa kombaayinaraan Sassaabame	hekt. (mil.)	0.86	1.019	1.03	1.045	6.7

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Tajaajila Ekisteenshinii Qonnaa:** Oomishaa fi oomishtummaa Qonna Ganna, Arfaasaa fi Jallisii guddisuuf taasifamaa tureen xumura bara 2014tti leenjii ogeessota 3,780, HMH 17,153 fi qonnaan/horsiisee bultoota mil. 3.5 waliigala namoota mil.3.52 kan kennname ture; bara 2017tti giddu galeessan %6.7tiin guddisuun Ogeessota 3,780, HMH 19,345, qonnaan/horsiisee bultoota mil. 4.28, dubartoota abbaa warraa qaban mil.3.75, Dargaggo mil.1.08 bara bараan leenjisuuun dandeettii raawwachisummaa isaan omishaa fi omishtummaa guddusuu keessatti bahatan cimsuuf karoorfamee jira.

**Misooma Qabeenya Uumamaa:** Oomishaa fi oomishittummaa guddisuu keessatti hojiin ittisa biyyoo fi bisaanii irratti xiyyeffatame kan hojjetama ture yommuu ta'u guddina misooma galma`aa ture calmaatti cimsuun oomishaa fi oomishitummaa qonnaa saffisaan guddisuun qabeenya uumamaa naannoo keenyatti argaman kan akka biyyee, bisaanii fi lafa dheedumsaa irratti xiyyeffachuuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, daagaa adda addaa hojjachuu fi suphuurratti xiyyeffatamee kan hojjatamu yommuu ta'u istraakchaaroota jidhinsa lafa keessaa quusatan bara 2014tti m3 mil.15.12 irra gahee ture wagga waggaan %4.4 hir'achaa kan adeemu ta'a. KIB wagga sadii kanaa keessatti lafa tuttuqa irraa bilisa gochuu fi hallaya hidhuun misoomsuu ciminaan kan hojjatamu ta'a.

#### **Gabatee 4.12: Misooma sululaa fi eegumsa biyyee fi bishanii**

Lakk.	Agarsiistoota	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii		
				2015	2016	2017
1	Daagaa adda adda hojjechuu	km (mil.)	1.01	1.03	1.01	1.02
2	Daagaa suphuu	"	0.17	0.16	0.11	0.11
3	Istraachaaroota jidhinsaa quusatan	m <sup>3</sup> (mil.)	15.12	16.52	13.18	13.18
4	Hallayaa Hidhuu	m3 (mil)	0.03	0.81	0.81	1.09
5	Lafa tuttuqaa irra dhoorkuu	Hek.(mil)	0.47	0.49	0.44	0.44

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Misooma Ashaaraa Magariisaa:** Uwwisa bosonaa babal'isuuf sochii taasifamaa tureen bara 2014itt biqiltuun gosa adda addaa bil.4.767 lafa hekt.mil.1.249 irraa kan dhaabbate, KIB waggaa sadii kana keessatti waliigala Biqilaa bil.10.8 kan qophaa'u ta'e waliigala biqilaa dhaabbatu bil.9.721 geessisuuf ni hojjatama. Haaluma walfakkaatuun, lafa biqilaan irra dhaabbata ilaachisee raawwii bara 2014tti hekt.mil.1.249 ture waliigala lafa hekt.mil.2.558 ta'urratti kan dhaabbatu ta'a.

Biqiltuu ni dhaabama jedhamee karoorfame keessaa tooftaa aadaa uummataa fi saayinsaawaa hojii irra oolchuun %85 irra gahee ture gara %90 akka latuuf ni hojjetama. Waggoota sadan dhufan keessatti misoomaa fi kunuunsa bosonaa fooyyeessuun uwvisni bosonaa yeroo amma kana %27 gahee irraa jiru bara 2017tti gara %29tti guddisuuf karoorfameera. Hojiin qabeenya misoomaa bosonaa sosochii uummataa cimaa ta'e uumuudhaan hojii misoomaa sululaa keessatti waggaatti giddu-galeessaan uummata mil.9.2 kan hirmaatan yommuu ta'u hirmaannaa fi fayyadamummaa dubartootaa fi dargaggoota hojii misoomaa fi eegumsa qabeenya uumamaa irratti %50 irraan gahuuf karoorfameera.

**Gabbina biyyee guddisuu:** Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuu keessatti gabbina biyyee guddisuun murteessaadha. Keesumaa, daballii gatii fi hanqina dhiyeessii xaa'oo yeroo ammaa akka addunyaatti mudateen qonnaan bultootni bal'inaan xaa'oo umamaa qopheessuun akka itti fayyadaman taasisuuf bal'inaan hojjetamuu qaba. Haaluma kanaan, bara 2014tti kompoostii  $m^3$  mil.46.768 qophaa'ee fayidaaf oole ture waggaatti giddugaleessan %33n dabaluun bara 2017tti gara  $m^3$  mil.110 geessisuuf ni hojjatama.

### **3.2.1.5 Misooma Qabeenya Beeyladaa**

Baroottan dabran, carraaqqii taasifameen oomishtummaan midhaan nyaataa waggaa dhaa waggaatti guddina kan agarsiise ta'us, gama misooma beeyladaatiin jijiiramni dhufe kan abdii namaaf kennu akka hin taane ifadha. Milkaa'ina gama misooma qamadii jallisiitiin argamaa jiru babal'isuun misooma beeyladaa keessatti dhugoomsuun yoo danda'ame qabeenya beeyladaa misoomsuun jijiirama guddaa fiduun ni danda'ama. Galmi misooma beeyladaa horsiisa, kunuunsa fi eegumsa beeyladaa akkasumas sirna oomishaa fi gabaa beeyladaa fi bu'aalee beeyladaa ammayyeessuun gahee seektarrii beeyladaa guddina dinagdee waliigala keessaatti qabu guddisuudha.

Kanaafuu, kallattiin xiyyeffannoo misooma beeyladaa imaammata, tarsiimoo fi sirna dhiyeessii, raabsii fi itti fayyadama sanyii fooyya'aa akkasumas teeknoloojiwwaan ammayyaa

adeemsa oomishaa bu'aalee beeyladaa fooyyessuu fi diririsuun bu'aalee gama kanaan eegamu dhugoomsuudha. Gama biraatiin, dhiyeessii nyaata beeyladaa guddisuu, gahumsaa fi dhaqabamummaa tajaajila eegumsa fayyaa beeyladaa fooyyeesssuun, oomishalee bu'aalee beeyladaa qulqullina fi baay'inaan gabaa biyya keessaa fi alaaf dhiyaatu guddisuu fayyadamummaa mirkaneessuu barbaachisa. Gama kanaan, walitti hidhaminsi soona fuuncaalee oomisha beeyladaa (livestock products value chain) haala gahaa ta'een akka jiratu ciminaan hojjechuudha.

Keessumaa, waggoottan sadan dhufan sagantaa *maaddii guutuu* milkeessuun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu fi sagantaa nyaata madaalawaa lamiilee hunda biraan gahuuf ni hojjatama. Baay'ina uummata magaalaa fi baadiyyaa dabalaan adeemaa jiruu waliin fedhin oomishaalee bu'aa beeyladaa waan dabaluuf, garaagarummaan fedhii fi dhiyeessii oomishaalee bu'aa beeyladaa uumamuu akka danda'u yaada keessa galchuun xiyyeffanna addaan hojjachuun murteessaadha.

**Fooyyeessa sanyii beeyladaa:** Bara 2014tti, kenninsaa tajaajila mala naman loon diiqalomsuuf sanyii kormaa fi dhangala'aa naayitironii wal duraa duuban doozii mil. 0.64 fi lit.mil.0.12 dhihaatee tajaajila 'AI'ii loon mil.0.32 kennamee ture bara 2017tti loon mil.0.54f kennun bara 2017tti jabbiloota sanyiin foyya'aa dhalatanii % 17.5n dabaluun gara jabbilee sanyii fooyya'aa mil.0.26n gahuun q/h bulaa mil.0.39 fayyadamaa taasisuuf ni hojjatama.

#### Gabatee 4.13: Dhiyeessii sanyii beeyladaa (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwan guddistuu	callaa	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddina g/g (%)
					2015	2016	2017	
1	Sanyii kormaa dhiyatee	Doozii (mil.)	0.64		1.04	1.05	1.07	18.6
2	Naayitrojinii Dhangala'aa dhiyatee	lit. (mil.n)	0.12		0.18	0.18	0.2	18.5
3	Loon tajaajila 'AI'ii kennameefii	Lak.(mil)	0.32		0.52	0.53	0.54	19
4	Jabbiloota sanyiin foyya'aa dhalatanii	Lak. (mil.)	0.16		0.24	0.25	0.26	17.5
5	Baayina Fayyyadamtoota	Lakk.(mil)	0.23		0.37	0.38	0.39	19

Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014

**Misooma nyaata beeyladaa:** oomishaa fi oomishittummaa beeyladaa fi bu'aalee beeyladaa guddisuudhaaf hojjetaman keessaa tokko misoomaa fi dhiyeessii nyaata beeyladaa qabiyyee guutuu qabu akka ta'ee qorannoowwaan garaagaraa ragaa ni bahu. Hojii misooma nyaata beeyladaa misooma sululaa ykn hojii misooma qabeenya uumamaa wajjin qindoominaan

gaggeeffamaa ture cimsuu fi hojii nyaata beeyladaa jallisiin misoomsuu akka hojii pirojektiitti qabachuun lafa misooma nyaata beeyladaa gosa addaa addaa misoomusuun bara 2014tti waliigalaa hekt.mil.5.53 ture bara 2017tti gara hekt.mil.6.73 guddisuuf ni hojjatama.

Gabatee 4.14: Misooma nyaata beeyladaa (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwan Nyaataa	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii gudd inaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Lafa marga dheedumsaa daangeeffame	Hekt./(mil.)	5.2	5.72	6.0	6.3	6.6
2	Ciccitaa marga arbaa misoome	"	28.8	29	31.9	35	6.7
3	Daangaa midhaaniitti sararaan nyaata horii misoome	"	5.48	5.8	8.053	8.86	17.3
4	Fotoqaaa Marga dashoo misoome	Hekt./kum	54.85	55.0	60.0	67.5	7
5	Nyaata beeyladaa foyya'aa misoome	Hekt./kum	237.6	245.0	261.3	313.6	9.6
6	Misooma nyaata beeyladaa w/gala	hekt.(mil.)	5.53	6.05	6.37	6.73	6.7

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

Omishaa fi omishtummaa beeyladaa guddisuuf hojii hojjetamu keessa gahee guddaa kan qabu hojii misooma nyaata beeyladaatti. Hojii misooma nyaata beeyladaa oomishuuf lafa margaa gosa addaa addaaa, oomisha marga fooyyaa, haftee midhaanii adda addaa fi nyaata beeyladaa faabrikaa aadda addaa irraa argamuun, bara 2014tti oomisha waliigalaa tonii mil.39.26 ture gara toonii mil.45.92 irraan gahuuf kan hojjatamu ta'a

Gabatee 4.15: Oomisha nyaata beeyladaa gosaan (2015-2017)

Lakk.	Gosoota Nyaataa	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddina g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Kaloo irra Omisha argaame	Tonii (mil.)	10.40	11.44	12.01	12.61	6.6
2	Lafa dheedumsaa foyya'e irraa hokaa qopheessuu	"	2.64	3.20	3.59	3.95	14.3
3	Saayileejii qopha'e irraa	"	0.15	0.20	0.34	0.35	32.6
4	Nyaata beeyladaa foyya'aa irraa oomisha argame	"	2.85	2.94	3.14	3.76	9.7
5	Daangaa midhaaniitti misoome	"	0.05	0.05	0.07	0.08	17
6	Haftee midhaanii irra	"	21.93	22	22.5	23	1.6
7	Marga arbaa irraa oomisha argame	"	0.27	0.27	0.3	0.32	5.8
8	Marga dashoo irraa oomisha argame	"	0.54	0.54	0.59	0.66	6.9

9	Haftee midhaanii yuuriyaa/ molaasessiin qabiyee isaa foyyessuu	“	0.37	0.53	0.88	0.97	38
10	Qixxa molasisii fi Yuriyaa (multi-nutritional blocks)	“	0.07	0.13	0.19	0.2	42
11	Waliigala Oomisha nyaata beeyladaa	“	39.26	41.3	43.6	45.92	5.3

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Omishaa fi Omishtummaa Aannanii:** Bakkeewwaan horsiisa beeyladaa rooba gahaa qaban keessaatti xiyyeffannoo addaa kennuudhaan hojiin misooma aannanii waggoatan sadan dhufan keessatti fedhii sooranna aannani dabalaan dhufu kan naanno keenyaa guutuu bira dabarree oomishinii aannani gabaa al-ergeetiif haala gahaa ta'een akka jiraatu taasiisuuf baay'ina horii aannanii sanyii fooyya'aa bara 2014tti mil.0.24 ture bara 2017tti gara mil.0.28 geessisuuf kan hojjatamu yommuu ta'u loon ananii sanyii fooyya'aa waggaatti giddugaleessan %5 kan guddatuu fi horii ananii sanyii naanno %2.1'n kan gad-bu'u ta'a.

#### **Gabatee 4.16: Misooma Beeylada Annanii (2015-2017)**

Lak.	Agarsiiftoota	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Horii Aannanii sanyii naanno	Lak.(mil.)	4.96	4.81	4.77	4.66	-0.2
2	Horii Aannanii sanyii fooyya'aa	“	0.24	0.24	0.254	0.28	5
3	Re'ee Aannanii	“	0.35	0.24	0.38	0.39	3.6
4	Gaalaa Aannanii	“	0.14	0.13	0.15	0.15	2.3
	Waliigala beeylada ananii	“	5.7	5.42	5.55	5.47	-1.3

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

Gama Oomisha aannaniitinis waliigala baay'ina beeylada aannan kennan irraa xumura 2014tti annan lit.bil.2.92 oomishamee ture giddu galeessan %4n dabaluun bara 2017tti oomisha aannanii lit.bil.3.29 oomishuun omishtummaan annanii akka dabaluuf kan hojjatamu ta'a.

#### **Gabatee 4.17: Oomisha aanan beeyladaa (2015-2017)**

Lak	Agarsiiftoota oomishaa aananii	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddiinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Loon sanyii naanno	Lit. (bil.)	2.16	2.35	2.39	2.44	4.22
2	Loon sanyii fooyya'aa	Lit. (mil.)	603.22	653.02	666.08	679.40	4.04
3	Aannan Re'ee	Lit. (mil.)	11.68	8.74	8.92	9.09	-7.99
4	Gaala	Lit. (mil.)	149.51	154.69	157.78	160.93	2.49

Oomisha Ananii waliigalaa	Lit.(bil)	2.92	3.16	3.23	3.29	4.05
---------------------------	-----------	------	------	------	------	------

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Oomishaa fi Oomishtummaa Foonii:** Hojilee oomisha foonii waggoottan sadan dhufan keessaattii hojjetaman, oomishitummaa horii foonii tokkoo tokkoo gosaan dabaluun, oomishni foonii baay'inaa fi qulqullina gahaa ta'een dabaluun fedhii sooranna biyya keessaa guutuu fi al-ergeetiif olchuun sharafa biyya alaa maddiisisuu akka dandeessisu ni hojjetama. Kunis bakkeewwaan rooba gahaa qaban keessattii oomisha foon loonii, bakkeewwan rooba gidduu galeessaa keessattii oomisha foon hoolaa fi bakkeewwan hanqina roobaa qaban keessaatti oomisha foon re'ee fi galaa irratti xiyyeffaachuun kan hojjetamu yommuu ta'u, oomisha foon lukkuu fi qurxxummii guddisuuf haala addan ta'een hojjechuun hanqina oomisha foonii ykn garaagarummaa fedhii sooranna foonii fi dhiyeessii oomisha foonii gidduutti waggoottan sadan dhufanitti mudachuu danda'uf akka furmaatatti akka gargaru taasiisu madditti tarsimoo dinagdee gama kanaan jiru mirkaneessuu keessatti dameen misoomaa kun gahee ol-aanaa qabu akka bahuf ciminaan kan hojjetamu ta'a.

Akkasumas, fayyadamtoota hawaasa misooma gabbina lonii ta'an bara 2014 mil.4.1 ture waggoottan KIB sadan hafanitti g/galeessan %4.2n guddisuun gara mil.4.67tti ni guddata.

#### Gabatee 4.18: Misooma Horii Foonii (2015-2017)

Lak.	Gosa Beeyiladaa	Safartuu	Ka'umsa Bara 2014	Manii			Reetii guddina g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Loon gabbate	Lak.(mil.)	6.50	6.90	7.25	7.61	5.3
2	Re'ee gabbate	"	5.49	5.92	6.22	6.53	5.9
3	Hoolaa gabbate	"	7.08	7.14	7.50	7.88	3.6
4	Gaala gabbate	"	0.12	0.29	0.31	0.32	38.6
Walii gala		Lak.(mil.)	19.19	20.26	21.27	22.34	5

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

Baay'ina horii foonii bara xumura 2014tti mil.19.19 ture, waggoottan sadan dhufantti gara mil. 22.34tti guddisuun oomisha foonii bara 2014tti toonii mil. 1.05 ture gara toonii mil. 1.29tti kan guddatu ta'a.

#### Gabatee 4.19: Oomisha foonii (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwan misooma Beeyiladaa	Safartuu	Ka'umsa Bara 2014	Manii			Reetii guddina g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Loon	Toonii	788,554	866,071	909,375	954,844	6.59

2	Hoolaa	"	91,174	96,433	101,255	106,318	5.26
3	Re'ee	"	59,137	68,127	71,533	75,110	8.30
4	Gaala	"	18,846	46,727	49,063	51,516	39.82
5	Lukkuu	"	75,598	78,957	82,905	87,050	4.81
6	Qurxummii	"	15,309	16,604	17,435	18,306	6.14
Walii gala		Tonii (mil.)	1.03	1.17	1.23	1.29	7.24

Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014

**Oomisha Gogaa fi Kal'ee:** Gogaa fi Killee baay'inaa fi qulqullina barbaadamuun oomishamee gabaa biyya keessaa fi alaaf dhiyaachuu akka danda'u hojiwwan adda addaa raawwatamaa kan ture yoo ta'u horiin yeroo lubbuun jiran kunuunsa barbaachisu akka argatan, qalma duraa, yeroo qalmaa fi qalma boodaa hanga gabaaf dhiyaatanitti of-eggannoo taasifamuu qabu qooda fudhatooni funca soona oomisha gogaa fi kallee irratti hubannoo gahaa akka qabaataniif hojiin eksiteenshiniif sadarka sadarkaan raawwatamaa tureera.

#### Gabatee 4.20: Oomisha gogaa fi kal'ee (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftoota	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g
				2015	2016	2017	
1	Gogaa loonii	Lak.(mil.)	1.18	1.37	1.43	1.51	8.32
2	Kal'ee hoolaa	"	1.91	2.56	2.69	2.83	13.86
3	Kal'ee re'ee	"	1.11	1.59	1.67	1.76	16.38

Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014

**Eegumsa Fayyaa Beeyladaa:** Misooma beeyladaa fi bu'aalee beeyladaa dhugoomsuun kan danda'amu fooyya'insa sanyii beeyladaa fi dhiyeessii nyaata beeyiladaa cinaatti sirna kenninsa tajaajila eegumsa fayyaa beeyladaa gahumsa qabu fi dhaqabamaa ta'ee yoo dhiyaateedha. Haaluma kanaan, waggoottan sadan dhufan keessaatti akkaataa uulagaalee imaammata investimentii beeyladaa tiin (LSPTK) dhukkuboota beeyladoota huban kudhaniif akkaataa ramaddii leecalloo/qabeenya barbaachisaa ta'e taasiisuun to'achuurratti ni hojjatama. Akkasumas, "disease free zone" hundeessuuf xiyyeffanna ol'aanaan kan hojjatamu ta'a.

Waggoottan sadan dhufantti tajaajillii talaalli, wal'ansaa fi dhiheessa qorichaa fi talaallii fayyaa beeyladaa kan gaggeeffamu ta'a. Haaluma kanaan, uwvisa talaallii bara 2014tti %59 irra ture bara 2017tti gara %74.18 akkasumas uwvisa wal'aansaa beeyladaa bara 2014tti %73 irra ture gara %87.18tti guddisuuf ni hojjatama.

#### Gabatee 4.21: Eegumsa fayyaa beeyladaa (2013-2017)

Lakk.	Agarsiiftuuwwan	Safartuu	Ka'umsa	Manii	Reetii
-------	-----------------	----------	---------	-------	--------

	Tajaajila fayyaa		Bara 2014	2015	2016	2017	guddinaa g/g %'n
1	Qorichaa fi talaalli	Dozii(mil)	61.88	73.66	75.87	78.15	8
2	Uwwisaa talaallii	%	59	59	62	74.18	7.9
3	Uwwisaa wal'ansaa beeyladaa	%	73	75	77	87.18	6

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Horsiisa Lukkuu:** Oomishaa fi oomishtummaa misooma lukkuu guddisuuf adeemsa horsiisa lukkuu sadarkaa maatiitt mala aadaan gaggeeffamaa jiru gama oomishaa foonins ta'ee killeetiin guutuummaa guuttutti ammayyeessun barbaachisaadha. Sanyii lukkuulee oomishituummaa fooyya'aa qabaniin bakka buusuu fi maloota horsiisa lukkuu ammayyaa bakkeewwaan addaa muraasa oomishaa fi daldala lukkuulee tajaajila foonii fi killeetti quoduun gaggeeffamu eegalaman cimsuu fi gara bakkeewwaan birootti haala gahaa ta'een babal'isuun, oomishini foon lukkuu fi killee fedhii sooranna biyya keessaa guutuu irra darbee al-ergeef akka ta'utti ciminaan ni hojjetama.

Lukkuulee mala horsiisa ammaayyawwaan sadarkaa maatiitti bara 2014tti mil.5.19 irra ture bara 2017tti gara mil.10.04tti kan guddatan yommuu ta'u lakkofsi lukkuulee mala horsiisa aadaa sadarkaa maatiitti gaggeeffamu bara 2014tti mil. 4.91 ture bara 2017tti gara mil.4.8 tti kan gadi bu'u ta'a. Gama biraatiin, oomisha killee waliigalaa bara 2014 bil.1.44tti, irra ture giddu galeessaan waggaatti %18'n guddisuun bara xumura 2017tti oomisha killee waliigalaa bil.2.41 irraan gahuuf ni hojjetama.

**Gabatee 4.22: Misooma lukkuu sadarkaa maatii (2015-2017)**

Lak.	Agarsiiftoota horsiisa lukkuu	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)'n
				2015	2016	2017	
1	Mala horsiisa aadaa	Lakk./ (mil.)	4.91	5.0	4.9	4.8	-0.7
2	Mala horsiisa ammayyaa	"	5.19	8.29	9.12	10.04	24
3	Lukku killee	"	10.53	11	11.55	12.12	4.7
Waliigala oomisha Killee		Lak. (bil.)	1.44	2.08	2.29	2.41	18

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Misooma dammaa:** Dhuma bara 2014tti gaagura aadaa mil.4.229, ce'uumsa mil.1.33 fi ammayyaa mil.0.773 irraa oomisha dammaa waliigalaa toonii 77,895 ture g/galeessan waggaatti %7.6 guddisuun oomish dammaa gara 97,040tti ol guddisuuf ni hojjatama. Oomishtummaa gaagura ce'umsaa bara 2014tti kg.18 fi kan ammayyaa kg.26 ture bara 2017tti

walduraan duubaan gara 22 fi 30tti guddisuuf karoorfamee jira. Gama biraatiin, baay'ina hirmaattotaa oomisha dammaa guddisuuf hojii hojjatamaa tureen bara 2014tti hawaasa mil.1.1 akka misooma kanarrea fayyadamu gara mil.1.2tti guddisuuf ni hojjatama.

Gabatee 4.23: Misooma Dammaa (2015-2017)

Lakk.	Agarsiiftuu oomisha dammaa	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)'n
				2015	2016	2017	
1	<b>Gaaguura Aadaa</b>	Lak. (mil.)	4.299	3.46	3.35	3.3	-8.4
1.1	Omisha	Toonii	33,836	30,330	30,150	29,700	-4.2
1.2	Omistummaa	Kg/gaaguraa	8	8.75	9	9	4
2	<b>Gaaguura ce`umsa</b>	Lak. (mil.)	1.33	1.45	1.58	1.67	7.8
2.1	Omisha	Toonii	23,964	30,345	33,180	36,740	15
2.2	Omishtummaa	Kg/gagur.	18	21	21	22	6.9
3	<b>Gaaguura hammayyaa</b>	Lak. (mil.)	0.773	0.93	0.97	1.02	9.6
3.1	Omisha	Toonii	20,095	25,900	28,130	30,600	15
3.2	Omistummaa	Kg/gagur.	26	28	29	30	4.8
4	<b>Waliigala Gaaguura</b>	Lak. (mil.)	6.33	5.84	5.9	5.99	-1.8
4.1	Oomisha Dammaa	Toonii	77,895	86,575	91,460	97,040	7.6
4.2	Omishtummaa	Kg/gagur.	12.3	14.8	15.5	16.2	9.6
	Fayyadamtoota waliigalaa	Lakk.(mil.)	1.10	1.15	1.17	1.19	2.6

Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014

**Misooma Qurxummii:** Oomishaa fi oomishtummaa qurxummii guddisuuf muuxannoo fi teeknoloojiwaaan jiran hojii irra olchuu kan raawwatamu ta'a. Haaluma kanaan, oomisha qurxummii bara xumura 2014tti tonii kuma.153.09 irra gahee ture waggoottan sadan dhufanitti waggaattii gidduu galeessaan %6.1'n guddisuun, bara 2017tti qurxummii toonii kuma 183.09 oomishuuf karoorfame jira.

### 3.2.1.6 Sagantaa Maaddii Guutuu

Waggoottan darban muuxannoowwan gama inisheetiivii Ashaaraa Magariisaatiin argaman akka Naannootti/Adunyaatti beekkamtii ol'aanaa kan qabaniifi hojiwwan misoomaa biroof kaka'uumsa gaarii kan uumaniidha. Haaluma walfakkaatuun, oomishtummaa qonnaa guddisuuf hojii hojjatamaa jiruun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuufi akka biyyaatti qamadii gara biyya alaatti erguuf sochii taasifamaa jiruun milkaa'inni gaarii gama misooma qamadii bonaatiin argamaa jiru misooma qonnaa keenya sadarkaa ol'aanaatti ceesisuuf kallattii gaariirra kan jirru ta'uun agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, gahee qabeenyi beeyladaa dinagdee naannicha keessatti qabu guddisuun qixa qabeenya jiruun kutaa dinagdee kanaarraa fayyadamaa ta'uuf xiyyeffannaal ol'aanaan hojjatamaa kan jiru ta'uun ni beekama. Waggoottan sadan dhufan, muuxannoowwan

gama kanaan argaman qindeessuun, sagantaa *Maaddii Guutuu* bocuun wabii midhaan nyaataa mirkaneessurra darbee nyaata madaalawaa lamiilee hunda biraan gahuuf xiyyeefannaa ol'aanaan kan hojjatamu ta'a. Keessumaa, baay'ina uummata magaalaa fi baadiyyaa dabalaad adeemaa jiruu waliin fedhin oomishaalee bu'aa beeyiladaa waan dabaluuf, garaagarummaan fedhii fi dhiyeessii oomishaalee bu'aa beeyladaa uumamuu akka danda'u yaada keessa galchuun xiyyeefannaa addaan hojjachuun murteessaadha.

Sagantaan *maaddii Guutuu* wabii midhaan nyaataa sadarkaa maatiitti mirkaneessuu fi badhaadina maatii dhugoomsuuf gahee ol'aanaa kan qabu ta'a. Akkasumas, sagantaan kun carraa hojii bal'aa ta'e uumuun lammileen jiruu fi jirenya isaanii fooyessuun dinagdee naannoof akka gumaachan kan taasisuudha. Sagantaan kun oomishaa fi oomishtummaa aannanii fi bu'aalee aannanii, horsiisa luukkuu, misooma dammaa, foon diimaa, fi oomisha qurxummiif xiyyeefannaa ol'aana kan kennuudha.

Sagantaan kun kallattiwwan badhaadhina maatii mirkaneessuuf qabamee jiru dhugoomsuuf sadarkaa maatiitti kan hojiirra ooluudha. Galmoota gurguddoo gama sagantaa *Maaddii Guutuutiin* adda bahan milkeessuuf haala qorannoorratti hundaa'een *mandarootni/corridors/oomishaalee* adda bahanii jiru; zoonii aannanii fi bu'aalee aannanii (Diary villages), horsiisa luukkuu (poulry village), misooma dammaa (Honey village), foon diimaa (Read meat village) fi oomisha qurxummiif (Fishery Village).

### **3.2.1.7 To'annoo Galteewwanii fi Oomisha Qonnaa**

Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa dabaluuf galteewwan qonnaa qulqullinaan akka oomishamanii fi oomishaaleen qonnaa sadarkaan qulqullina isaanii mirkanaa'e fayyadamtoota bira akka gahuuf sirna to'annoo galteewwanii fi oomisha qonnaa diriirsuun murteessaadha. Gama kanaan, hojiin gama to'annoo qulqullina galteewwan qonnaa fi omisha qonnaa akkasumas to'annoo daldaala galteewwan qonnaa irratti hojjataman isaan ijoodha. Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuuf galteewwan qonnaa fi oomishni qonnaa qulqullinnia isaa eegamee fi mirkanaa'e fayyadamtoota biraan gahuurratti xiyyeefatamee kan hojjatamu ta'a.

Gabatee 4.24: To'annoo Qulqullina Galteewwan Qonnaa (2015-2017)

Lakk .	Agarsiiftuu To'annoo Galteewwan qonnaa	Safartuu	Ka`umsa bara 2014	Karoora			Reetii guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Sanyii Filatamaa	kunt.mil.	0.77	1.05	1.2	1.3	19
2	Xa'oo	"	0.075	0.1	0.12	0.18	34
3	Keemikaalaa fi farra	Lit/kg	40.94	61.24	76.35	77.21	23.5

	Ilbisootaa	(kuma.)					
4	Meeshaalee Qonnaa	Lak.(kuma)	4.555	5.1	7.31	7.86	20

*Madda: BQO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

Akkasumas, to'anno daldala galteewwan qonnaa fi kuwurantayinii keessatti hojiwwan to'anno daldala seeran alaa keesumaa xa'oo, keemikaalaa, sanyii, qoricha beeyladaa, nyaata beeyladaa irratt to'anno cimsuunii fi daldala galteewwan qonna ammayyeessuun oomisha fi oomishtummaa guddisuuf ni hojjatama.

Hordoeffi fi to'anno adeemsa dhiyeessii fi raabsaa xaa'oo, keemikaalaa farra ilbiisotaa, sanyii qoricha beeyladaa, nyaata beeyladaa irratti gaggeeffamu cimsuunii fi daldaltoota seeran alaa socho'an seeratti deebisuurratti ni hojjatama. Akkasumas, to'anno qulqullina oomisha midhaanii, kuduraa fi muduraa, Bunaa, shayii, mi'eessituu fi Urgooftuu gaggeessuun oomisha qonnaa sadarkaa qulqullina isaa mirkanaa'e fayyadamtoota biraan gahuuf ni hojjatama. Bu'aalee beeyiladaa ilaachisee sadarkaa qulqullina istaandaardii akka biyyaaleessatti bahe irratti hundaa'uun sadarkaa qulqullina bu'aalee beeyiladaa mirkaneessuun itti fayyadamtoota bira akka gahuuf ni hojjatama akkasumas sakatta'iinsa qulqullina aannanii fi to'anno qulqullina oomiisha dammaa toora xiyyeffanna karoora wagga sadiiti.

### 3.2.1.8 Qurannoo Qonnaa

Galmoota gurguddoo misooma qonnaa milkeessuu keessatti qorannoon qonnaa bakka ol'aanaa qaba. Oomishaa fi oomishtummaa qonnaa guddisuuf teknolojii/odeffannoo qonnaa haaraa fi bu'aa qabeessa ta'e baasuu akkasumas teeknoloojii fooyya'aa qonnaa maddisiisuu, madaqsuu, agarsiisuu, babal'isuu, baay'isuu fi raabsuun fayyadamuummaa hawaasni teekinooloojii haaraa irratti qabu itti fufiinsaan guddisuun hojii ijoodha.

Waggoottan lamaan darban hojiin bal'aa gama kanaan hojjatamaa tureen sanyii midhaanii haaraa omisha fi omishtummaa dabalu keessatti gumaacha gudda qaban dhiyeessuun fayyadamuummaa qonnaan/horsiisee bulaa guddisuuf hojii bal'aan hojjatameera. Haa ta'u malee, hojiirra oolmaa KIB keessatti galmoota gurguddoo misooma qonnaa qixa barbaadameen milkeessuuf hanqinaalee gama Labraatoorii qorannoo fi meeshaalee tiin jiru furuun galma barbaadame milkeessuuf ni hojjatama.

**Yaaliwwan qorannoo gaggeessuu:** Teeknoloojiwwan qonnaa oomishaa fi oomishtummaa qonnaa fooyyessan dhiyeessuu fi babal'isuun akkasumas itti fayyadama teknolojii fi odeeffannoowwaan dhiyaataniif deeggarsaa fi tumsa barbaachisu taasiisuun ammayyuummaa adeemsa oomishaa qonnaaf ni hojjatama. Yaaliwwan qorannoo midhaan adda addaa, bunaa fi

shaayii, dhukkuboota ilbiisotaa fi aramaa midhaanii, beeyladaa, sanyii nyaata, qabeenya uumamaa, mahaandisummaa qonnaa, hawaas dinagdee fi ekisteenshinii qonnaa irratti xiyyeefachuuun ni hojjatama. Akkasumas, yaaliwwan qorannoo qindoominaan hojjetaman irratti yaaliwwan 1170 qorannoo gaggeessuuf karoorfameera.

**Teknolojiwwan/Odefannoowan Mijataa Dhiheessuu:** Waggoottan sadan dhufan keessatti teknolojiwwanii fi odeefannoowwan adda addaa 1157 (Midhaanii, Bunaa fi Shaayii, Teknolojii/Odeeffannoo Egumsa Midhaanii) baasuu fi dhiheessuuf kan karoorfame yoo ta'u, misooma beeyalda irratti waliigala teknolojiwwan fi odeefannoowwan 190 dhiyeessuuf ni hojjatama. Haaluma walfakkaatuun, teeknoloojiwwan/odefannoowan Saayinsii Nyaataa irratti waliigala teknolojiwwan fi odeefannoowwan 39 dhiyeessuuf karoorfame jira.

**Teknolojiwwan Ka'umsaa Baay'isuu (Maintenance):** Teknolojiwwan qonnaa haaraa bahanii fi madaqfaman fayyadamtoota bira gahuu akka danda'an teknoolojiin ka'umsaa giddugaleessa qorannoo qonna teknolojii sana baaseen baayifamee tursiifamuu qaba. Haaluma kanaan, waggoottan sadan dhufan keessatti walumagalatti teknolojiwwan midhaan adda addaa akaakuu 169 akkasumas qorannoo bunaa fi shaayitiin teeknoloojii ka'umsaa akaakuu 4 ta'u baay'isuuuf karoorfamee jira. Mahaandisummaa qonnaatiin teknolojiwwan akaaku adda addaa 55 baay'ifamanii qaama ilaatalutti dabarsuf karoorfame jira.

**Agarsiisa teknolojii ekisteenshinii duraa (Pre-extension demonstration):** Teknolojiwwan qonnaa haaraa bahan sirna ekisteeenshinii keessa galanii babalachuun dura hawaasa qonnaan/horsiisee bulaa wajjiin walbarsiisuun yaada isaanii fudhachuuf walumaagalatti teknolojiwwan 349 baayifamuf karoorfamaniiru. Akkasumas, teeknoloojii babal'isuu (pre-scaling up) ilaachisee teeknoloojii 269 agroo-ikolojiwwan adda addaa keessatti kan babal'ifaman ta'a. Haaluma walfakkaatuun, hojii teeknoloojii raabsaa fi baay'isurratti sanyii akaakuu fi gosoota adda addaa irratti kan adeemsifamu ta'a.

### **3.2.1.9 Babalinaa fi Misooma WHG**

Muuxannoon biyyota hedduu akka agarsiisutti, WHG rakkowwan bu'uuraa qonnaa fi caaseffamaa dinagdee qonnaan walqabatee jiru hiikuu keessatti gahee guddaa qabu. Gahee WHG gabaa biyya keessaa fi alaa keessatti qaban cimsuun akkasumas dhiyeessii meeshaalee makanaayizeeshinii qonnaa oomisha duraa fi boodaa adda addaa irratti hirmaachuun miseensi yeroo fi humna oomishaa isaa quachuuun oomishtummaan akka dabalu ni hojjatama.

Keessumaa sagantaa *Maaddii madaalawaa* baadiyyaa fi magaala keessatti milkeessuuf oomishtoota aannanii, horsiisa lukkuu, oomishtoota dammaa fi oomishtoota bu'aawwan beeyladaa deeggaruu fi cimsuuf gahee isaanii akka bahan taasisuurratti hojjachuu barbaachisa.

**Ijaarsaa fi babal'ina WHG:** Kaappitaala WHG guddisuun hojii agroopirosesiingii fi inveestimenti garagaraa keessatti hirmaachuun ce'uumsa caaseffamaa dinagdee akka saffisiisan xiyyeffanna KIB ta'uun ni beekama. Kanaafis, WHG madda maallaqaa ga'aa akka argatanii fi dorgomaa ta'an baankiwwaniifi dhaabbileen faayinaansii gabaa babal'isuurratti hojjatamu qabu. Sagantaa ijaarsa waldaalee (qonnaa fi mit-qonnaa) bu'uuraa, yuuniyeenota fi federeeshinii guddisuuf ni hojjetama. Gama biroon, miseensoota waldaalee bu'uuraa guddisuun fayyadamummaan isaanii kan cimu ta'a. Federeeshinii WHG hanga bara 2014tti 1 ture gara saditti guddisuuf ni hojjatama.

**WHG Cimsuu:** KIB waggaa sadii kana keessatti hojiwwan xiyyeffannoo ol'aanaan hojjataman keessaan inni ijoon WHG jiran cimsuu fi ammayyeessuudha. WHGB hojii qabatamaa jiruu fi jirenya miseensota bu'uurarraa jijiiru hojjachuu irratti akka xiyyeffatana ni taasifama. Waldaalee haaraa ijaaruu caalaa kanneen jiran irratti xiyyeffachuun hojimataa fi sirna bulchiinsa isaanii cimsuun gara ammayyumaatti fiduun dhimma murteessaa ta'a. Kana milkeessuuf tarsiimoowwan bocaman WHG jiran keessatti miseensota bal'inaan horachuu; kanneen gurmaa'anii kaayyoo hundeffamaniif galmaan gahuu hin dandeenye qorannoona adda baasuun walitti makuun akka humna isaanii cimsatan taasisuu; kanneen maqaa qofaan jiranii fi cimanii hojiitti galuu hin dandeenye diiguu ykn haquun WHG ciccimoo fi dorgomoo ta'an horachuun gara ammayyumaatti ceesisuuf xiyyeffannaan kan hojjatamu ta'a.

Gabatee 4.25: Misoomaa fi babal'ina WHG (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwwaan	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddina g/g %
				2015	2016	2017	
1	WHG Haaraa gurmeessuu						
1.1	Waldaa bu'uuraa	Lak.	22,078	22,638	22,735	22,838	1.1
1.2	Yuuniyeenii Ijaaruu	"	118	123	124	125	1.9
2	Miseensa WHG haaraa horachuu						
2.1	Miseensa waldaa bu'uuraa horachuu	Lak.(mil.)	10.8	11.37	12.49	13.73	8
2.2	WHGB miseensa yuuniyeenii ta'an	Lak.	8,499	9,945	10,816	11,715	11.2
2.3	Federeeshinii WHG keessatti yuuniyeenii miseensa horachuu	Lak.	67	74	77	79	5.6

*Madda: Ejeensi WHGO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Faayinaansii fi kaappitaa WHG guddisuu:** Humna waldaalee cimsuuf kaappitaalli isaanii akka guddatu gochuun murteessaa waan ta'eef kaappitaala waliigala waldaalee bu'uraa, yuuniyeenotaa fi federeeshinii hanga 2014tti qar.bil.11.23 ture giddu galeessan waggaatti %11.02 guddisuun waliigalli kaappitaala waldaalee gara qar.bil.14.61tti kan guddatu ta'a. Humni waldaalee fi miseensotaa akka cimu kan taasisan keessaa tokko tajaajila qusanna fi liqii miseensotaaf kennuu waan ta'eef waliigala qusanna miseensota waldaalee hanga xumura 2014tt qar.bil.7.2 fi tajaajilli liqii qar.bil.9.924 ture bara 2017tti walduraa duubaan gara qar.bil.11.2 fi bil.12.63tti guddisuuf ni hojjatama.

Gabatee 4.26: Kaappitaala WHG (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwwaan	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddina g/g %
				2015	2016	2017	
<b>1</b> Kaappitaala WHG waligalaa guddisuu							
1.1	Waldaa bu'uraa	qar. (bil.)	7.26	7.98	8.72	9.58	9.68
1.2	Yuuniyeenii	>>	2.76	3.32	3.90	4.49	17.61
1.3	Federeeshinii	>>	0.21	0.31	0.42	0.54	37.0
1.4	Kaappitaala WHG waligalaa	>>	10.23	11.61	13.04	14.61	12.61
<b>2</b> Tajaajila faayinaansii WHG							
2.1	Qusannoo WHG dabaluu	qar (bil.)	7.2	7.55	9.2	11.2	15.8
2.2	Liqii mijessuu	qar. (bil.)	9.924	9.06	10.69	12.63	8.3

*Madda: Ejeensi WHGO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Hirmaannaa WHG gabaa keessatti dabaluu:** Muuxannoowwan gaarii waggoottan laman darban argaman daran cimsuun gahee WHG gabaa biyya keessaa fi alaa keessatti qaban dabaluuf ni hojjatama. Keessumaa qulqullina oomishaalee fooyyessuu fi rakkoo gabaa haala qorannoorratti hundaa'een hiika deemurratti xiyyeffatamee kan hojjatamu yoo ta'u bara 2014tti waldaalee bu'uraa fi yuuniyeenotaa gabaa biyya keessaattii hirmaatan walduraa duubaan 2,723 fi 67 turan bara 2017tti gara 6,273 fi 78tti guddisuuf kan hojjetamu ta'a. Yuniyeenotaa gabaa biyya alaarratti hirmaatan Federeeshinii dabalatee rawwii bara 2014tti 7 ture bara 2017itt gara 12 kan guddatu ta'a.

Haaluma kanaan, oomishaalee gosa adda addaa gabaa biyya keessaafi gabaa biyya alaatiif dhiyeessun faayida dinagdumma gama kanaan eegamu guddisuuf kan hojjatamu yoo ta'u galii sharafa biyyaa alaa bara 2014tti doolara mil.398.65 ture waggaatti giddu galeessan %16n guddisuun USD mil.549.5 irraan gahuuf karoorfameera.

**Hirmaannaa WHG Investimantii keessatti:** waggoottan sadan keessatti waldaaleen dorgomaa ta'uun misooma investimeentii keessatti qooda fudhachuun industiriwwanii fi "Agro Processining" adda addaa akka hundeessanii fi hirmaatan kan hojjatamu ta'a. WHG Warshaalee "Agro Processining" oomisha qonaa adda addaa hundeessan ilaalchisee raawwii hanga bara 2014tti 287 ture bara 2017tti gara 353tti guddisuuf ni hojjatama. Dhiyeessii meeshaalee, mekanaayizeeshinii qonaa oomisha duraa fi boodaa adda addaa kennun mekaanaayizeeshiini qonaa hanga bara 2014tti 513 irra ture waggoottan sadan dhufanitt gara 818tti ni guddata. Haaluma walfakkaatuun, giddugalli mekanaayizeeshiinii qonaa humna guutuun akka hojjatanii fi bu'a qabeessummaan isaanii akka dabaluuf deeggarsi ni taasifama.

Gabatee 4.27: Oomishaalee WHG Gabaaf Dhiyaate (2015-2017)

Lak	Agarsiiftuwwaan oomishaalee	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii			Reetii guddina g/g %
				2015	2016	2017	
1	Hirmaannaa Gabaa biyyaa keessaa						
1.1	Oomisha qonaa gabaaf dhiyaate	Kunt. (mil.)	14.7	18.87	24.26	30.12	27
1.2	Beeylada gosa adda addaa	Lak. (mil.)	0.442	0.557	0.672	0.787	21.2
2	Hirmaannaa Gabaa biyyaa alaa						
2.1	Buna	Toonii (kuma)	142.7	151.7	163.2	176.8	7.4
2.2	Saliixa fiBoloqjee	Kunt.	144,684	126,284	139,284	153,004	1.8

*Madda: Ejeensii WHGO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Hojii Dijitalaayizeeshinii:** KIB waggoottan sadan dhufanii keessatti hojimaata dhiyeessaa, raabsaa fi bulchiinsa liqii callaa guddistuu dijitalessuun qisaasama maallaqa gurgurtaa callaa guddistuu furuun maallaqa wabummaa mootummaatiin bittaa callaa guddistootaaf oolu guutumaa guutuutti deebisuu danda'uu ta'a.

Bu'uuruma kanaan, bara 2015 kana sagantaa yaaliitiin eegalee bara 2016 guutummaatti hojiirra kan oolu sirni dijitalaayizeeshinii qindoomba Baankii Daldala Itoophiyaa waliin uumuun waliigalteen mallatteeffamee sooftweeriin hojii kana milkeessuu danda'u qophaa'ee bara kana yaaliif godinaalee 13 keessatti hojii eegalchiisuuf hojjatamaa jira. Kanarraa ka'uun bara 2016 guutummaatti sirna gurgurtaa kana dijitalessuun qonnaan bulaan callaa guddistuu bitatu iddoodehumma jiruu maallaqicha tuttuqaa harka namaa malee kallattiin gara baankii daldala Itoophiyaa Damee Africaa Aveenuutti akka dhangalaasu ni taasifama.

### 3.2.1.10 Misooma Naannoo Horsiise Bulaa

Guddina dinagdee qulqullinaa qabu, haala madaalawaa fi haqa qabeessa ta'een babal'isuun misooma itti fufiinsaa qabu dhugoomsuuf ni gargaara. Gaaffii misoomaa Naannoo horsiisee

bulaa deebisuuf, haala qabatama naannoo sanaarratti hundaa'uun haala tarsimoo'a ta'een karoora ifa ta'e qabaachuun deebisaa adeemuun barbaachisaa ta'a. Carraalee misoomaa naannoo sana jijjirurra darbanii dinagdee Naannoof gumaacha guddaa qaban adda baasuun irratti yoo hojjatame fayyadamummaa hawaasa horsiise bulaa mirkaneessuudha.

Hojiiwwan misoomaa naannoo horsiise bulatti rawwaataman keessaa hojiiwwan gurguddoo xiyyeffannaan itti kennname; qorannoo fi qo'annoo haala jiruu fi jirenyaa hawaasa horsiise bulaa, paakeejii misoomaa naannoo horsiise bulaa qopheessuu fi hojiirra oolchuu akkasumas hojiiwwan deeggartoota misoomaatiin hojjataman deggaruu fi qindeessuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuudha.

**Qorannoo fi Qo'annoo jiruu fi jirenya Hawaasa Horsiise Bulaa fooyyessuu:** Rakkoo hawaas-dinagdee naannoo horsiise bulaa qindoominaan hiikuuf waggoottan sadan dhufan keessaatti qorannoo fi qo'annoo hawaas-dinagdee 9 gaggeessuun bu'aa qorannoo hojii irraa oolchuuf karoorfameera. Gama biraan, ragaa agarsiisota akekkachiisa irraatti hunda'udhaan waggaa sadan kan keessaatti ragaa yeroo 156 sassaabuu, qindeessuu fi xiinxaluun bu'aa argannoowwan akekkachisaa bu'uura gochuun tarkanfii kan fudhatamu ta'a.

**Qophii fi hojiirra oolmaa paakeejiiwwan hawaas-dinagdee:** Naannoo horsiise bulaa keessaatti bu'aa qorannoo irratti hunda'udhaan hanga xummura bara 2017tti paakeejii 13 qopheessuun oomishaa fi oomishtummaa horsiise bulaa akka guddatu gochuuf fi paakeejii 3 hojii irraa oolchuun fayyadamummaa hawaasaa akka mirkanna'u gochuu, akkasumas, paakeejiiwwaan misoomaa hawaas-dinagdee qopha'ee hojii irra oola turan 9 bu'aa qabeesummaaa isaanii qindoominaan xiinxaluun fi fooyyeessuun hojjachuuf karoorfameera.

**Sagantaalee Deeggartoota misoomaan gaggeeffaman qindeessuu:** Hirmaannaa deeggartoota misoomaa adda addaa cimsuun, haala agiro-ikolojii naannoo horsiise bulaarratti hundaa'een istandardii fi diizaayiniin bu'uuraalee misoomaa 5 qindoominaan qopheessuun akka hojii irra oolu taasisuu fi arjomtoota fi miti mootummaa 114 ta'aniin pirojektootaa 228 misoomaa hunda galeessa ta'e keessa galchuun rakkoo hawaas-diinagdee hiikuurratti xiyyeffatanii akka hojjatan ni taasifama.

**Qorannoo jallisii misoomaa lafa dheedumsaa:** Rakkoolee hawaas-dinagdee naannoo horsiise bulaa irratti qo'annoo fi qorannoo gaggeessuun adda baasuuf hojii hojjatamaa tureen bara 2013-2014tti qorannoo tokko gaggeessuun akkaataa bu'aa qorannoorratti hundaa'uun haala

karooraan deeggarameen irratti hojjatamaa jira. Haaluma kanaan, karoora waggaa sadan dhufan keessatti qorannoo jallisii lafa dheedumsaa 2 kan gaggeeffamu ta'a.

**Inisheetivii Pirojektii Finna Oromiyaa:** Kallatiiwanii fi galmoota gurguddoo KIB milkeessuu keessatti ijaarsa jallisii Finna Oromiyaa iddo guddaa kan qabuudha. Pirojektiin kun bara 2014 keessa kan jalqabe yoo ta'u lafa hekt. 50,950 misoomsuu fi abbaa warraa 104,507 fayyaadamaa misooma jallisii gochuu danda'u ijaaruuf karoorfamee pirojektiin jallisii Finna Oromiyaa 1(Booraana) lafa hekt. 31 misoomsu danda'u ijaaruun abbaa warraa 62 fayyaadamaa misooma jallisii gochuun danda'ameera. Raawwiin hojii kun kallattiin qabamee jiru waliin baayyee gadii aanaa ta'us raawwiin pirojektoota 72 giddu galeessan %25 gahanii jiru. Pirojektootni jallisii kun baay'een isaanii adeemsa hojii irra kan jiranii firaawwiin waliigalaa gadi bu'uu danda'ee jira. Waggoottan sadan dhufan keessatti pirojektoota Finna Oromiyaa hidha xixxiqqa fi giddu galeessaa 254 ijaaruun hawaasa (**meeqa????**) fayyadamaa gochuuf karoorfameera.

**Pirojektii jallisii lafa dheedumsaa:** Pirojektii lafa dheedumsaa jallisiin misoome pirojekti Galchat Godina Booranaa keessatti misooma margaa jallisiin hanga bara 2014tti hekt.52 irratti gaggeessuun marga toonii 224 oomishuuf karoorfamee marga toonii 375 oomishuun kan danda'ame yoo ta'u dhuma bara 2017tti lafa hekt. 26.4 irraa marga toonii 142.72 oomishuuf karoorfameera. Akkasumas, waggaa lamaan darban keessatti lafa dheedhumsaa utaloo hekt.52 irraa marga toonii 221 oomishuuf karoorfamee marga toonii 140 oomishuun kan danda'amee yoo ta'u, waggaa sadan dhufan keessaatti lafa hekt.26 irraa marga toonii 210 oomishuuf karoorfameera.

**Inisheetivii Bishaan Cimmisuu:** Naannoo horsiisee bulaa keessatti yeroo baay'ee hanqinni roobaa deddeebin kan mudachaa jiru yoo ta'u rakkoo kana furuuf tooftaalee adda addaa fayyadamuun (coppa bishanii 1,120; Haroo Maatii 23,000 fi Haroo Hawaasaa 515) hojjachuun bishaan boohii daandii cinaa yaa'an jallisuun gara Haroo Maatii fi Hawaasaatti jalliisun bishaan roobaa  $m^3$  8,492,000 cimmisuun lafa hekt.1,183.6 misoomsuun abbaa warraa 242,655 fi beeyladoota 4,371,975 fayyadamaa taasisuuf ni hojjatama.

**Carraa hojii uumuu:** Hojiawan misooma hojjataman keessatti fayyadamummaa dargaggoota fi dubartoota mirkaneessuu fi harka qalleeyyiif carraa hojii uumuuf sochii taasifamaa tureen bara 2014tti carraa hojii namoota 51,530 uumamee ture waggoottan sadan dhufan keessatti carraa hojii namoota 51,539 ta'aniif dhaabbii fi yeroon uumuuf ni hojjatama.

### 3.2.1.11 Misoomaa Lafaa

Misoomaa dinagdee fi hawaasummaa biyyaa keessatti lafti faayida dinagdummaa guddaa kan qabuudha. Laftii qabenyaan uumamaa isaa murteessaa waan ta'eef karooraan ogganuun haala misoomaa naannichaa saffisiisuu dandeessisuun fayyadamuun murteessaadha. Oomishaa fi oomishtumaa lafaa fi soona lafaa dabaluurratti xiyyeeffanna kenuun hojjachuun hojji murteessaadha. Akka waliigalaatti, xiyyeeffannoowwan waggoottan sadanii haala armaan gadiitiin dhiyaatee jira.

**Qophii Lafaa Misoomaa:** Hojji hojjatamaa jiruun qophii lafaa baadiyyaa sadarkaa gaarii ta'us qophiin lafaa magaalaa sabaabiin magaaloonii kaaffalti beenya lafaa kaaffaluun buu'ura misoomaa guutuu hin dandeenyeef hanqina guddaa kan qabuudha. Barroottan dhufan rakkoo gama bulchiinsaa fi itti fayyadama lafaatiin mul'atu bu'urarraa hikurratti ni hojjatama. Misoomni lafaa karoora bulchinsaa fi itti fayyadama lafaatiin sirnaan akka hogganamu ni taasisfama. Baadiyyaa keessatti lafa misoomaa iko-tuuriizimiif tajaajilu danda'u qopheessuun faayidaa hawaasummaa fi dinagdummaa gama kanaan jiru guddisuuf kan hojjatamu ta'a.

**Gabatee 4.28: Qophii Lafa Baadiyyaa (2015-2017)**

Lakk.	Agarsiiftuuwwan qophii Laafaa	Safratuu	Ka'uumsa Bara 2014	Karoora			Manii (2017)
				2015	2016	2017	
1	Investimantii	Hekt./(000n)	86.3	48.6	31.32	31.32	111.24
2	IMX	>>	55.1	28	35	35	98
3	Tajaajila Hawaasummaa	>>	17.12	6.6	1.78	1.78	10.16
4	Pirojktii	>>	0.678	1.30	4.28	4.28	9.86
Lafa Tajaajila adda addaa			159.2	84.4	72.37	72.37	229.14

*Madda: BLO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

Madda rakkoo bulchiinsa gaarii jiru hiikuun itti fayyadama lafaa, misoomaa lafaa, bulchiinsa qabiyyee fi soona lafaa dabaluurratti kutannoon hojjachuun fayidaa dinagdummaa lafa mirkaneessuuf ni hojjatama. Lafa baadiyyaa gara magaalaatti daangeffamu pilaanii addaa qopheessuun misoomsuu fi haala mijessitoota al-seerummaa fi hanna lafaa (Caasaa keessaa fi alaa) adda baasuun tarkaanfii fudhachuuratti xiyyeeffatamee ni hojjatama. Dhiyeessii lafa Magaalaaf qophaa'u keessaa; %75 iddoowwan dullooman haaromsuutin (urban renewal) akkasumas %25 qophii lafa haaraatin akka keessumaa'u ni ta'a.

**Gabatee 4.29: Qophii Lafa Magaalaalaa (2015-2017)**

Lakk.	Agarsiiftuuwwan qophii Laafaa	Safratuu	Ka'uumsa Bara 2014	Karoora			Manii (2017)
				2015	2016	2017	
1	IMX	Hekt./kum.	1.29	0.74	3.93	3.933	8.603

2	Daldala	>>	0.782	1.04	0.47	0.47	1.98
3	Misooma Industirii	>>	1.85	0.854	2.26	2.26	5.374
4	Mana Jireenyaa	>>	4.76	2.31	1.88	1.88	6.07
5	Hawasummaa	>>	2.6	0.636	0.283	0.28	1.199
6	Deebisanii Misoomsuu	>>	0.31	0.285	0.151	0.151	0.587
7	Tajaajila biro	>>	0.66	0.248	0.016	0	0.264

*Madda: BLO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

**Ragaa qabiyyee Lafaa Ammayyeessuu:** Waggoottan dabran alseerummaa fi weerarri lafaa dabalaa kan adeemee, qabeenya lafa keenyaa seeraan oogganuu dhabuu fi ragaa abbaa qabiyyummaa saffisa barbaadamuun adeemsisuu dadhabuun rakkoo ijoo sektera lafaa ta'uun ni beekama. Qonnaan bultootaaf mirga abbaa qabeenyummaa lafaa mirkaneessuun lafti gara kaappitaalaatti jijiiramee, qonnaan buaan liqii argachuun akkasumas qixa gatii lafaa sanaatiin (gartokkeen ykn guutummaa guutuutti) abbaa qabeenya invastimantii ta'uu akka danda'an irratti ni hojjatama. Soona lafaa dabaluuf, qabiyyewwan galmaa'an gara sirna gabaa kaapitaalaa keessa akka galn haala mijataa uumurratti ni hojjatama. Dhaabbileen faayinaansii abbootiin qabiyyee waraqaa raga abbaa qabiyyummaa qaban tajaajila liqaa akka argatan ni taasifama. Bara 2014tti lafa baadiyyaa safaruu fi galmeessuun waraqaa ragaa abbaa qabbiyyummaa sadarkaa 2ffa qonnaan bulaa 586,590 kan kennamee tureen woggootaan sadeen dhufaan keessaatti gara 800,131tti guddisuuf ni hojjatama.

**Tajaajilaa lafa magaalaa fooyeesuu:** Tajaajilaa lafa magaalaa fooyeesuuf qabiyyee lafa magaalaa mirkaaneesuu fi galmeesun gahee ol'aanaa qaba. Qabiyyee lafa magaalaa mirkaaneesuu fi galmeesuu ilaachisee hanga bara 2014tti cittuu lafaa (parcel) 81,874 mirkaaneesuun galmeessuun kan danda'ame yoo ta'u woggootaan sadeen dhufaan keessaatti gara 507,932 tti guddisuuf karoorfameera. Hangaa bara 2014tti qabiyyee durii 153,798 fi ijaarsa seeraan alaa pilaaniin wal-simaan 49,183 seera qabsisuu kan danda'amme yoo ta'u, woggootaan sadeen dhufaan keessaatti qabiyyee durii 140,782 fi ijsaarsaa seeraan alaa 61,372 seeraa akka qabatan ni hojjatama.

### **3.2.2 Misooma investimentii fi ce'umsa caasaa dinagdee**

Babal'inni investimentii fi misoomni industirii guddina hawaas-diinagdee biyya tokkoo keessatti iddo guddaa kan qabu yemmuu ta'u lammilee hedduuf carraa hojii uumuu, teeknoloojiwwan haaraa babal'isuun oogummaa fi beekumsa dabarsuu fi sharafa biyya alaa argamsiisuudhan guddina biyyaa tokkoo ni safisiisa. Investimentii biyya alaa fi biyya keessaa hawwachuunii fi oomishaalee al-ergii babal'isuun misooma investmentii bu'a qabeessa ta'e uumuu, carraa hojii babal'isuu fi sharafa biyya alaa (Foreign currency) dabaluun fayyadamummaa ummata naannichaa fi biyya keenyaa mirkaneessuun xiyyeffanna KIB ta'ee irratti hajjatamaa jira.

Dhimmoota kana milkeessuuf investaroota biyya kessaa fi biyya ala hawwachuu, Simmachuu, madaqsuu, kunuunsuu, human namma gahumsa qabuu fi industuriin barbaadu horachuu, teknolojiiwaan waraabuu fi madaqsuun hojii ijoo gama kanaan hojjatamaa jiruudha. Galmi guddaan seektara invastimeentii fi ce'umsa caasaa dinagdee inveestimeentii babali'suun Oomisha al-ergii dabaluun galii sharafa biyyaa alaa guddisu, humna namma gahumsa qabu fi dorgomaa ta'e industurii keessatti horachuu, carraa hojii uumuun hoji dhadummaa hir'isuu, akkasumas ce'umsa beekumsaa fi teeknoloojii uumuun gudinna misoomaa fi dinagdee naanno guddisuun jirenya hawaasaa fooyeesuudha.

#### **3.2.2.1 Misooma Investmentii fi Industirii**

Ce'umsa caaseffama dinagdee dhugoomsuuf hojiin simanna investimantii dabaluu fi pirojektoota invastimantii bu'a qabeessa ta'an baayyinaa fi qulqullinaan horachuun akka toora xiyyeffanna dame kanaatti irratti hojjatamaa jira. Bu'uruma kanaan karoora wagga sad (2015-2017) seektara Invastimeentii fi Ce'umsa Caasaa dinagdee qophaa'ee jira.

**Qoranno Poteenshaala fi Carraa Inveestimentii Guddisuu:** Naanno Oromiyaa investimentidhaaf potenshaal guddaa qabaatus hanga barbaadamu kan irratti hojjetame miti. Inveestimentii babalisuu keessaatti hojiin inni jalqabaa poteenshaala inveestimentii adda baasu yoo ta'u kanaaf proofaayili hawaas-diinagdee qopheessuu murteessaa waan ta'eef hanga bara 2014tti Pirofaayilii Hawaas-Diinagdee fi carraa inveestimetii naannichaa ibsu 632 qophaa'ee ture bara 2017tti 1,980 raawwachuun gara 2,612tti guddisuuf ni hojjatama.

Lafa Baadiyaa Pirojeektota inveestimentiif oolu danda'u hanga bara 2014tti hekt.70,143.02 dhiyaatee ture waggoota sadan kana keessa lafa hekt.71,514.18 dhiyeessuun dhuma 2017tti hekt.141,657.20 irraan gahuuf kan karoorfamee yoo ta'u magaalotaatti hanga bara 2014tti lafa

pirojeektota inveestimentiif oolu danda'u hekt. 1,270.83 qophaa'ee ture hanga bara 2017tti lafa hekt. 9,100.81 qopheessuun xumura 2017 irratti gara lafa hekt. 10,371.64 tti ni guddata.

Waliigala Baadiyyaa fi magalaatti Lafa Pirojeektota Inveestimenti bara 2014 hekt. 71,413.85 irra kan ture waggoota sadan kana keessaa lafa hek. 80,614.99 raawwachuun xumura bara 2017tti baadiyyaa fi magaalotatti lafa hekt. 152,028.84 tti ol guddisuun Saaytii pilaanii fi Kordineeshiniin akka irratti hojjetamu gochuun lafa baankii inveestimentiitti yeroodhaan akka galu ni taasifama.

**Piromooshinii Carraa inveestimenti fooyeessuu:** Carraa inveestimenti naannoo keenyaa irratti hanga bara 2014tti odeeffannoo, gorsaa fi deeggersa oogummaa abbootii qabeenyaa 4,112 ta'aniif kan kennamee ture waggoota sadan kan keessaa abootii qabeenyaa 2,800 ta'aniif odeeffannoo, gorsaa fi deeggersa oogummaa kenuun xumura 2017tti gara 6,912 tti guddisuuf ni hojjatama. Carraa fi Pootenshaala inveestimenti Naanno keenya qabdu miidiyaalee adda addaa fayyadamuun hojii piromooshinii babal'ina inveestimenti dabaluuf ni hojjatama. Akkasumas, sochii inveestimenti fi pirofaayilii carraa inveestimenti "**Investment Opportunity Profile**" irratti piromooshinii Addunyaawaa /international promotion/ gaggeessuun naannoo keenyaa beeksisuuf karoorfamee jira.

**Simannaa fi mirkaneessa pirojeektota investimenti:** Baayyina pirojeektota inveestimenti hanga bara 2014tti 7,947 simataman waggoota sadan dhufan keessatti pirojeektota gosa adda addaa 23,661 simachuun xumura bara 2017tti gara 31,608 tti guddisuuf ni hojjatama. Gama kanaan, projektootni kunneen kaappitaala qar.bil. 712 galmeessisuun namoota 2,100,476 ta'aniif carraa hojii uumuu kan danda'an yoo ta'u boordii Inveestimentiitti dhiyatani murtee akka argatan gochuun lafti hekt. 80,614.99 kan qophaa'uuf ta'a.

#### Gabatee 4.30: Simannaa Pirojeektota investimantii (2015-2017)

Lakk.	Seekteroota	Pirojeektota	Kaappitaala Qar. (bil.)	Lafaa (Hekt.)	Carraa Hojii uumamu
1	Qonna	7,338	208.705	67,222.99	747,805
2	Agro Induustirii	5,802	9.0	3,210.36	95,394
3	Manfaakcherengii	6,552	261.09	6,030.90	679,135
4	Tajaajila	3,969	233.205	4,150.74	578,142
<b>Waliigala</b>		<b>23,661</b>	<b>712</b>	<b>80,614.99</b>	<b>2,100,476</b>

Madda: BIIO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014

Waggoottan lamaan darban (2013-2014) keessatti hojii piromoshinii hojjetameen abbootii qabeenyaa 7,947 kaappitaala qr. bil 262.649 galmeessisan simatamanii murtee boordii argatanii keessa waliigala qonnaan bulaa 5,645, IMX 525 fi Abbootii qabeenyaa biyya keessaa 1,691,

gama “FDI”tiin abbootii qabeenyaa 1,777, shaarika 4 akkasumas Diyaaspooraa 50 ture waggoottan sadan kana keessatti walduraa duubaan gara 5,670; 15,000; Waldaalee IMX 2,334; abbootii qabeenya biyya Alaa (FDI) 189; ‘Joint Venture (JV) 27 fi Diaspora 441 simatamanii hojji keessa akka galaniif karoorfamee jira.

Waliigalee iveestimentii inveesteroota waliin taasisuu ilaalchisee hanga bara 2014tti 8,831 kan ture waggoota sadan dhufan keessatti akkaataa gosa pirojeektota haaraa murtaa’aniin dookimentii waliigaltee murtee haaraa 23,661 qopheessuun fi abbootii qabeenyaa waliin waliigaltee mallatteessuun xumura bara 2017 irratti 32,492 tti guddisuuf ni hojjatama.

**Hayyama Inveestimentii Haaraa Kennuu fi Haaromsuu:** Pirojeektota inveestimentii haaraa hanga bara 2014 itti 9,481 ture hanga bara 2017tti hayyamaa 23,661 haaraa kennuun gara 33,142tti kan guddatu yoo ta’u kaappitaala qr.52,998,500 kan sassaabbamu ta’a. Pirojeektota murtii lafaa hin barbaachifnee (makaanaayzeeshinii Qonnaa 1,050; Construction Rental Service 1,500; abbootii qabeenyaa lafa mataa isaanii irratti hojjetan 150; warra lafa kireeffatan irratti hojjetan 90 fi abbootii qabeenyaa paarkii induustirii keessa galanii hojjetan 30) walumaagala piroojektoota 2,820 ta’aniif hayyama inveestimentii kennuun, galii qar. 4,935,000 sassaabuuf karoorfameera. Gama biraatii jijiirraa Gosa Pirojeektota 96 irra ture waggotha sadan dhufan keessatti 225 raawwachuun xumura 2017 irratti 321 irraan gahuun haaromsa invastimeentii kennuuf karoorfamee jira.

Haaluma walfakkaatuun, hojji bulchiinsa waliigaltee fi kenna hayyama inveestimentii irratti abbootii qabeenyaa lafa babal’ifannaatiif gaafatan simachuun ilaalchisee raawwii hanga bara 2014tti 148 ture waggoottan sadand dhufu keessa abbootii qabeenyaa 360 kaapitaala qar.bil. 10.9 argamsiisuu danda’an simachuun xumura bara 2017tti abbootii qabeenyaa 508 irraan gahuuf karoorfame yoo ta’u kaappitaalli dabalataan horatan qar. bil. 26.3 akka galmaa’uu fi lafti hekt. 5,023 akka murtaa’uuf ni hojjatama. Gama kanaan, namoota hoji dhabaa ta’an 13,500tiif carraan hojji kan uumamu ta’a.

Gama biraatiin, Pirojeektota inveestimentii harome bara 2014 irratti 1,586 ture waggotha sadan dhufutti piroojektoota 6,000 ta’aniif hayyama inveestimentii haaromsuun xumura bara 2017 tti gara 7,586tti guddisuu qar.2,400,000 sassaabuuf karoorfamee jira.

**Induusturiwwan Horachuu Ilaalchisee:** Qorannoo Road-map fi tarsiimoo misooma Induustirii naannoo Oromiyaa bu’ura godhachuun induustriwwan tarsiimawaa ta’an 2014 irratti 3,645 ture waggotha sadan kana keessaa induustiroota haaraa 8,364 irratti hojjechuun xumura 2017 irratti

12,009 irraan gahuu fi akka hundaa'u taasisuun caarraa hojii 86,511 akka uumaamuuf karoorfamee jira. Induustiriiwan kunis xixiqqa 2,861 irra ture waggoota sadan dhufu keessa 6,429 hojjechuun xumura 2017 irratti 9,290 irraan gahuuf kan karoorfame yoo ta'u, industurii giddugaleessa 742 irra kan ture waggoota sadan keessatti 1770 raawwachuun xumura bara 2017 tti 2512 irraan gahuuf kan hojjetamuu fi industurii gurguddaan 42 kan ture waggoota sadii keessatti 165 raawwachuun xumura bara 2017 irratti 207 irraan gahuuf karoorfamee jira.

**Bu'aa qabeessummaa Pirojeektota Inveestimentii milkeessuu:** Abbootii qabeenyaatiif deeggarsa jajjabeessituu ykn onnechiiftuu adda addaa kenname hanga bara 2014tti 1,880 ture karoora waggaaota sadan dhufu keessa abbootii qabeenyaa 18,133 deeggarsa taasisuun xumura 2017 irratti 20,013 irraan gahuuf karoorfamee jira. Pirojeektotaa Ijaarsi isaaniia xumuraman oomisha/tajaajila akka eegalan gochuudhaaf bara 2014tti 932 kan ture pirojeektota 2,254 hojii jalqabsiisuun dhuma 2017 irratti 3,186 irraan gahuuf ni hojjetama. Pirojeektota oomisha ykn tajaajila kennuu jalqabani sababa adda addaatin hojii dhabaan hojiitti deebisuun hojiitti galchuurattu bara 2014tti 296 ture pirojeektota 1,181 hojiitti deebissuun xumura bara 2017 irratti 1,477 irraan gahuuf karoorfamee jira.

Pirojeektota inveestimentii murtii argatanii lafaa of-harkaan gahatanii sababa adda addaatiin ijaarsa otoo hin jalqabiin jiran 7,919 (qonna 1950, manfaakcheringii 2951 fi tajaajila 3018) hojii ijaarsaa akka jalqabani fi oomisha keessa akka galanii ni taasifama.

Induustiriiwan buleeyyi jajjabeessuun deeggarsa ogummaa kennuu 6,049 ture hojii waggoota sadan dhufu keessa [xixiqqa 17,037, giddugaleessa 3,174 fi gurguddaa 942] waliigala 21,153 raawwachuun xumura bara 2017 irratti 27,202 irraan gahuun oomisha duraan jalqabamee jiruuf deggersa oogummaa kennuun carraan hojii dabalataa akka uumaamuuf ni taasifama.

Induustiriiwan xixiqqa, giddu galessa fi gurguddoo naannoo keenya keessa jiran Tajaajila ekisteeshinii induustirii argatan waliigala 7,393 kan ture karoora waggaa sadii dhufu keessaa 20,223 tajaajila akka argatan gochuun xumura 2017 irratti 27,616 irraan gahuuf karoorfameera.

**Galii Al-ergii Irraa Argamuu fi Carraa Hojii Uumuu Ilaalchisee:** Bu'aalee oomisha Inveestimentii Al-ergee hortikaalcherii (Abaaboo, Kuduraa, Mudura fi Oomisha qonnaa) irraa Galii biyyaa fi naannootiif argamsiisuu irratti bara darbe toonii 220,943 biyyoota adda addaatti erguun doolaara mil.849.7 argamee kan ture waggoota sadan kana keessa oomisaalee toonii 247,650 alatti erguun doolaara bil 1.5 argamsiisuu kan karoorfamee yoo ta'u xumura 2017 irratti

oomishaalee toonii 468,593 ergame irraa doolaara Amerikaa bil. 2.349 irraan gahuuf karoorfameera.

Bifuma wal-fakkaatun oomisha inveestimenti al-ergee manfaakcheringii irratti bara 2014 oomishaalee adda addaa toonii 79,420 biyyoota adda addaatti erguun galii argamsiisuuf hojii hojjatameen doolaara mil. 819.3 argamee kan ture waggoota sadan kana keessa ciminnaan hojjechuun oomisaalee toonii 245,559 alatti erguun doolaara bil. 1.2474 argamsiisuu xumura 2017 irratti oomishaalee toonii 324,979 ergame irraa doolaara Amerikaa bil. 2.067 irraan gahuuf karoorfamee jira.

Walumaagala Carraa hojii qabatamaan yeroo ammaa misooma invastimeentii fi induusturiitiin umameen lammileen carraa hojii argatan bara 2014tti 191,226 ture hojii waggoota sadan kana keessa hojjetamuun hojii dhabaa 721,635ta'aniif carraa hojii uummuun xumura 2017 irratti hojii dhabeeyyii caraan hojii umameef 912,861 iraan gahuuf ciminaan kan hojjetamu ta'a.

#### **Gabatee 4.31: Carraa Hojii Uumamu (2015-2017)**

Lakk.	Agarsiiftuwwan Gosa inveestimenti	Carraa Hojii dhaabbi	Carraa Hojii yeroo	Waliigala Carraa Hojii
1	Qonnaa	180,900	120,594	301,494
2	Manfaakcheringii	132,474	53,598	186,072
3	Agroo-Induustirii	19,791	13,284	33,075
4	Tajaajila	120,474	80,520	200,994
	Ida'ama	453,639	267,996	721,635

*Madda: BIIO, KKMO tiin Qindaa'e, bara 2014*

#### **3.2.2.2 Insheetiviawan Misooma Investimenti fi Industurii**

Mula'ata biyyaa fi naannoo dinagdee giddu galeessaa qabatte milkeessuuf tarsiimoo Industurii manufaaktariingiwwan dorgomaa ta'an gosa adda addaa, ammayyaa fi haarawa, teeknoloojii ol'aanaa irratti hundaa'an babal'isuuf Paarkii industuriwwwan(IP), IPQQ, Zoonii Industurii kilaastaraan qindeessuu fi gurmeessuu walitti hidhamiinsa isaan gidduu jiru guddisun ce'umsa caasaa qonnaarraa gara induusturii taasifamuuf bara 2010 irraa eegalee hojii bal'aan hojjatamaa jira.

##### **3.2.2.2.1 Misooma Zoonii Dinagdee Addaa**

Ce'uumsa caaseffama dinagdee fi misooma industurii manifikcheriingii dhugoomsuu keessatti inisheetiviin Misoomni Zoonii Dinagdee Addaa Abbaa Gadaa isa ijoodha. Misoomni kun bu'uura irraa kappitaala guddaa fi yeroo dheeraa kan fudhatu akkasumas deggersa mootummaa

wal irraa hin citne kan gaafatudha. Misooni kun investimentii guddaa kan barbaaduu yoo ta'u boqonnaa jalqabaa keessatti kanneen akka lafa adda baasuu, beenyaa kaffaluu fi daangaa isaa kabachiisuu akkasumas bu'uuraalee misoomaa hojiin ittiin eegalamuu danda'u guutuu kan gaafatuudha.

Misoomni investimantii kun kaappitaala guddaa kan barbaaduu waan ta'eef humna guutuu hojiitti galchuuf hirmaannaa mootummaa fi abbootii qabeenyaa dhuunfaa (PPP) cimsuu, hanqina sharafa biyyaa alaa fooyyessuu, fi hojii piromooshinii yeroon gaafatu hojiirra oolchuu murteessaadha. Boqonnaa duraa kanaafis maddi faayinaansii hojii idilees ta'e kaappitaalaa humna mootummaa naannoo irraa argamuun adeemaan kan jirudha. Baasiin kaappitaalaa fi idilee kan waggaa bara 2014tti qar. bil.1.2 irra kan jiru yoo ta'u sagantaalee fi piroojektoota bulleeyyii fi haaraadhaaf waggoota sadan dhufan keessatti qar. bil. 10.2 tti tilmaamamu kan barbaachisu yoo ta'u baajata idileetiif qar. mil. 101.342ti tilmamamu ni barbaachisa.

**Ijaarsa Bu'uuraalee Misoomaa:** Ijaarsa Daandii-daandiin ijaaramaa jiran mul'ataa yeroo dheeraa zoonichi galmaan ga'uuf bu'uura godhachuun karoorfamanii kan hojjetamaa jiran yoo ta'u ijaarsa daandii asfaaltii 5.14km ture dhuma bara 2017tti gara km 43.14 ol guddisuuf akkasumas daandiin cirrachaa 15km ni diriirfama.

Akkasumas, ijaarsa g/gala humna ifaa **Subisteeshinii** "Substation" Ibsaa KVA 230/33 ta'e ijaaruun dhiheessii humna ibsaa zoonichaa dhaqqabamaa fi kan adda hin ciccine taasisuu hojiin piroektii kanaa kan bara 2014tti eegalame raawwiin isaa sadarkaa jalqabbiirra ture waggoottan sadan dhufu keessaatti %100 xumuruuf karoorfamee jira. Gama Biraatiin, dhiheessiin bishaanii tajaajila industiriwwanii fi tajaajila namaaf oolu gahaa ta'ee fi qulqullina qabu dhiheessuuf hojii hojjatameen bara 2014 keessatti qotiinsi boollu bishaanii gadi fagoon lama hanga m 6000 sadarkaa isaa %98 irra gahee jiru waggoottan sadan dhufan (2015-2017) keessatti %100 qotiinsi isaa xumuruu, meeshaalee elektiroo makaanikaalaa barbaachisan guutuu, sarara bishaanii boolla bishaanii irraa gara kuusaa bishaaniittii fi lafa harka zoonicha irra jiru biraan qaqqabsiisuuf sarara bishaanii 10km dirirsuu fi kuusaa bishaanii bara darbe jalqabame 2 irratti 4 dabaluun gara 6 olgudisuuf ni hojjetama.

**Deebisanii Dhaabuu:** Sababa misooma Zoonii Diinagdee Addaatiin namoota lafti isaanii fudhatame deebisanii dhaabuun barbaachisaa waan ta'eef raawwii hanga bara 2014tti abbooti warraa 165 ta'an beenyaa kan kaffalameef keessaa abbooti warraa **104** irraatti hojiin deebisaan

dhaabuu fi jirenyaa isaanii fooyeessuu adda addaa irraatti hojjetama ture dhuma bara 2017tti abbootii warraa 1005 hojiin deebisanii dhaabuu ni hojjetama.

**Simannaa abbootii qabeenyaa:** waggoottan sadan dhufu keessa misoomsitoota, investerootaa fi interpiraayizootaaf ZDGA keessa seenanii misoomsuu fedhii fi dandeetti qabanii lafa hekt. 950 irratti akka misoomsan hayyama kennuuf karoorfameera.

**Carraa Hojii Uumuu ilaalchisee:** Gama biraattiin carraa hojii bara 2014tti 448f umame hanga dhuma bara 2017tti namoota /hoji dhabaa 5300 ta'aniif carraa hojii umuun carraa hojii umamme gara 5848tti ol gudisuuf karoorfatee jira.

### **3.2.2.2 Misooma paarkiiwwanii industurii (PI)**

Misoomni paarkiiwwan induustirii (PI) kaappitaa guddaa kan barbaaduudha. Misooma boqonnaa jalqabaa keessatti murteessoo ta'an kanneen akka lafa misoomichaaf barbaachisu adda baasuu, beenyaa kaffaluu, daangaa kabachiisuu akkasumas bu'uuraalee misoomaa fi Sheedoota ijaaruun humna guddaa kan gaafatuudha. Galma barbaadame dhugoomsuuf misooma isaa ariifachiisuun misoomsitoota, investerootaa fi interpiraayizoota dhuunfaa fi kan biroo itti hirmaachisuun xiyyeffanna guddaan kan hojjatamu qabuudha. Gama kanaan, simannaa pirojeektotaa fi ketti tajaajila inveestimentii qulqullinaa fi saffisa akka qabaatu hojjachuu gaafata. Akkasumas hirmaannaa mootummaa fi abbootii qabeenyaa dhuunfaa (PPP) cimsuu, hanqina sharafa biyyaa alaa fooyeessuu, fi hojii piromooshinii yeroon gaafatu hojiirra oolchuu murteessaadha. Boqonnaa duraa kanaafis kaappitaalaan mootummaa naannoo irraa argamuun adeemaa kan jiru waan ta'eef baasiin kaappitaalaan fi idilee bara 2014tti qarshii mil. 8.99 irra ture sagantaalee fi pirojektoota buleeyyii fi haaraadhaaf waggoota sadan dhufan keessatti barbaachisan guutuufis qarshiin bil.12.6 tti tilmaamamu kan barbaachisu yoo ta'u baajata idileetiif qr. 8,802,238,941ni barbaachisa.

**Pirojeektota Ijaarsa PIQQ Bulbulaa:** Ijaarsaa marsaa 2<sup>ffaa</sup> (bu'uralee misooma) waggoottan sadan dhufan (2015-2017) keessa ijaarsa waligaltee iddo yaala balfaa dhangala'aa (waste water treatment plant) bara 2014tti raawwiin isaa %63 ture waggoottan sadan dhufu keessaatti %37 hafe xumursiisuuf kan hojjatamu yoo ta'u dhiyeessii bishaanii qotinsa bolla gadi fagoo %2 ture %100 fi ijaarsa hojii siivilii, sararaa fi elektiroomekaanikaalaa bishaanii km 52 %58.15 ture %100 xumursiisuuf akka tajaajila kennu ni taasifama. Gama biraattiin ijaarsaa iddo midhaginaa fi magarisummaa (land-scape) bara 2014tti %95.32 irra tura %100n gahuuf kan hojjatmu yoo ta'u

waggoottan lamaandan daraban keessaa ijaarsi sheedii dabalataa % 91 irra ture % 100 xumuruun tajaajila jalqabsiisuuf ni hajjatama.

**Giddugala ce'umsa Baadiyyaa Shaashamannee:** Ijaarsa karaa walqunnamisiisaa (access road) km 2.4, fi yaaliin balfa dhangala'aa bara 2014tti % 97.02 fi % 92.85irra ture wal duraa duuban waggoottan sadan dhufanitti %100 xumuruun tajaajila kan kennu ta'a. Gama biraatii daandii seensaa, daandii naannoo yaalii balfa dhangala'aa, magariisummaa fi miidhagina bara 2014tti % 83 irra turee KIB waggaa sadi dhuf keessaatti % 100 irraan gahuf karoorfamee jira.

**Giddugala Ce'umsa Baadiyyaa Maqii fi Baalee Roobee:** Ijaarsa bu'uralee misoomaa (road, site sanitary and electrical works, water and others) bara 2014tti %57 raawwatame hanga dhuma bara 2017ttii %43 ni kan raawwatamu yoo ta'u iddo yaala balfaa dhangala'aa (waste water treatment plant) bara 2014tti %71.4 irra gahe hanga bara 2017ttii %100n (%43 hafe) raawwachuu kan xumuramu ta'a. Bifuma wal fakkaatuun, ijaarsa bu'uralee misoomaa (road, site sanitary and electrical works, water and others) Maqii bara 2014tti %94 raawwatame hanga dhuma bara 2017ttii %100 kan raawwatamu yoo ta'u yaalii balfa dangala'aa %71.4 ture hojii ijaarasa %100 kan xumuramu ta'a.

**Giddugala Ce'umsa Baadiyyaa Dodolaa, Olancitii fi Itayyaa:** waggoottan sadan dhufu keessa (2015-2017) tti Ijaarsawan, Gamoowwanii fi Sheediwwanii taajaajila adda addaatiif olaan ijaarsa isaanii marsaa 1<sup>ffaa</sup> bara 2014tti %78.4, %98, %97 wal duraan duubaan ture %100 xumursiisu. Ijaarsa marsaa 2<sup>ffaa</sup> bu'uralee misoomaa (road, site sanitary and electrical works, water and others) walduraa duuban bara 2014tti % 12, %13 fi %11 raawwatame dhuma bara 2017ttii isa hafe %88, %87, fi 89 raawwachuuf karoorfatame jira. Gama biraatiin iddo yaala balfaa dhangala'aa (waste water treatment plant), iddo midhaginaa fi magarisummaa (land scape) hojii isaa bara 2014tti %6.6, %21, fi %5.67 raawwatamee ture dhuma KIB waggaa sadi 2017tti walduraa duubaan hojii isaa hafee % 93.6, %79 fi 94.33 rawwachuun xumuramu tajaajila kan kennu ta'a.

**Simannaa abbootii qabeenyaa:** Abbootiin qabeenyaa biyya keessaa, biyya alaa fi Interpiriineroonni gara PIQQ fi GCB tti bara 2014 abbootiin qabeenyaa **6** galani jiran hanga dhuma bara 2017tti abbaa qabeenya 114 galchuu fi lafa misoome abbootii qabeenyaf bara 2014tti hekt. 9.5 dabarfamee jiru hanga dhuma bara 2017 tti gara lafa hekt. 135tti ni guddata. KIB waggoottan sadan dhufu (201-2017)tti Industriiwwan gidduutti sirni walittihidhamiinsaa fi walharkaafuudhiinsa homishaa fi galteewwanii akka uumamu gochuudhaan galteewwan hoomishaa qulqulina isaa eeggate, addaan hin cicinnee, gahaa fi saffisaan dhihaatu % 100 akka

uumamu taasisuu dha. Gama biraatiin, galteewwan Industrii PIQQ tiif qulqullinaa, akaakuu fi baay'inaan akka dhihaatu taasisuudhaan biyya keessatti hanqinnii fi addaan ciccitiinsi dhiheessii %100 akka fooyya'u taasisuuf qaama dhimmi ilaallatuu waliin hojjechuuf karorfamee jira.

### **3.2.2.3 Carraa Hojii Uumuu fi Ogummaa**

#### **3.2.2.3.1 Misooma IMX**

IMXn bu'uura/pooteenshala inveestaraa fi industurii biyyaa waan ta'aniif magaalaa fi baadiyaatti iddoomishaa fi gurgurtaaf qopheesuun dhimma murteessaadha. Akka Oromiyaatti hojii dhabaa %18 irra ture gara 16.5 xiqqeessuuf hojii hojjatameen bara 2014tti poteenshala carraa hojii adda bahe qoratameen hoji dhabaa 2,999,801 adda baheen keessaa magaalaa fi baadiyaatti hojii dhabaa 2,185,382 (Magaala 868,093 fi baadiyaatti 1,317,289) carran hojii dhabbi (qacarrii fi gurmiin) kan umame fi hojii dhabaa 709,462 (magaalaa 334,417 fi baadiyaa 375,045) carraan hojii yeeroo ummame jira.

Waggoottan sadan dhufu (2015-2017)tti poteenshala carraa hojii mil.9 magaalaa (mil.3.6) fi baadiyyaatti (mil. 5.4) ta'u adda baasuun magaalaaatti hoji dhabaa mil. 3.3 (dhaabbi 2904,000 fi yeroo 396,000) fi baadiyyaatti hojii dhabaa mil. 4.85 (dhaabbi mil. 4.356 fi yerootiin mil. 0.594) walii gala qaccarrii fi gurmiihaan seektaroota adda addaa fi hojii dhabaa mil. 8.25 ta'aniif carraa hojii uumuun dhuma bara 2017tti caraa hoji dhaabbi fi yeroon ummame gara mil. 10.44tti olgudisuuf karoorfamee jira. Karoora qabamee keessaa hirmannaan dubartoota %50, dargaggotaa %90 fi qama midhamaan %2 ni ta'a.

Tarsimoo carraan hojii itti ummamu keesaa tokko %80 kan qabatu gurmii yoo ta'u karoora imala badhaadhinaa waggoottan lamaa darban (2013- 2014) tti Interpiraayzootaa 246,550 gurmeessuun kan danda'ame yoo ta'u hanga bara 2017ttii magaalaaatti iterpiraayzoota haaraa kuma 488 miseensoota mil.2.244 fi baadiyyaatti interpiraayzota haaraa kuma 490 miseensoota mil.3.92 gurmeessuun carraa hojii dhaabbi uumuuf karoorfamee jira.

**Paakeejii Deeggarsa IMX Cimsuu:** dhiyeessiin iddoomishaa fi gurgurta ilaachisee bara 2014 magaalaa fi baadiyyatti lafa hekt.97,619 kan qophaa'e yoo ta'u dhuma bara 2017tti interpiraayzootz 299,590 fi soochoothoota mil.2.6 lafa hekt.180,060 qopheessuuf karoori qabamee jira. Gama biraatiin waggoottan lamaan darban magaalatti ijaarsa Sheedii 5,050 interpiraayzii 5,050 shochoothoota IMX 26,155 ta'aniif bajata magaalotaatiin kan ijaaramme yoo ta'u hanga bara 2017tti Sheedii balbala 15,030 interpiraayzii 15,030 shochoothoota IMX 45,090 walduraa duubaan ijaaruuf karoorfamee jira.

Ijaarsa kilaasteraad bara 2014 57 ture bara 2017tti 73 gahuuf karorfamee jira. Gama biraatiin sheediwwan seeraan ala qabamanii bara 2014tti 4,660 kan deebi'an yoo ta'u hanga xumura bara 2017tti sheediwwaan 2451 deebisuun dabarfamee kennamuuf karoorfamee jira.

**Dhiyeessii liqii fi deeggarsa faaynaansii:** Baadiyaa fi magaalatti interpiraayzoota 25,187 schooftoota IMX 93,791f walduraa duuba qar. bil.4.83 kan kennamee yoo ta'u hanga bara 2017tti Baadiyaa fi Magaalatti interpiraayzoota 198,813 schooftoota IMX mil.1.03f qar. bil.13.2 liqaan kennuuf karoorframee jira. Kenniinsa tajaajila liqii milkeessuu fi madda liqaa dhaabilee liqii kennan cimsuuf quşanna hawaasaa fi IMX %10 bara 2014tti qar. bil. 23.7 sassaabbamee ture waggoottan sadan dhufu keessaa qar.bil.40.5 sassaabuun dhuma bara 2017ttii quşanna hawaasaa fi IMX %10 qar.bil.64.2 irraan gahuuf ni hojjatama. Human liqeessuu baankii sinqee cimsuuf liqii bilchaate bara 2014tti qar. bil.3.096 deebi'e hanga bara 2017tti qar. %100 deebisuuf kan karoorfate yoo ta'u liqii ala bule bara 2014tti qar. mil.666.36 ture hanga xumura bara 2017tti %100 deebisuuf karoorfameera.

Kaappitala sababaa deeggarsa TEI kennameen horatame dhuma bara 2014tti qar. mil.36.72 irra ture waggoottan sadan dhufu (2015- 2017)tti qar. mil. 495 horachuun xummura bara 2017tti gara qar.mil.862 irraan gahuuf karoorfameera. Dhiyeessii liiz faaynaansiitiin bara (2013-2014) Interpiraayizoota 287 ta'aniif meeshaaleen Liiz maashiniin 966 kaappitaalaa qar.mil. 266.7 kennamee ture waggoottan sadan dhufan keessaa Interpiraayizoota 2,463 ta'aniif meeshaaleen liizii 1,784 kaappitaalaa qar.bil.2.8tti tilmaamamu akka argatan ni hojjatama.

Bu'uuruma deegarsa armaan oliitiin bara 2014tti Interpiraayzota 6,665 moodeela ta'an adda baasuun kan danda'amee fi interpiraayzoota sadarkeeffamanii qophaa'an 223,926 ce'an dhuma bara karoora imala badhaadhinaa waggaa sadiiti Iterpiraayizoota 8,604 Moodeela baasuu fi interpiraayizoota 430,323 sadarkeesuun cesisuuf ni hojjatama.

**Walitti hidhamiinsa gabaa fi promooshinii:** Magalaa fi Baadiyyatti gabaa biyya keessaa fi biyya alaan bara 2014tti raawwatameen intarpiraayizoonii 202,339 miseensa mil. 1.5 qaban qar. bil.29.6 kan argatan yoo ta'u waggoottan sadan dhufutti intarpiraayizoonii 749,163 miseensa 5,119,196 qabaniif carraa walitti hidhamiinsa gabaa uumuun qar.bil.33.6 akka argatan ni tasifama. Gama biraatiin bara 2014tti lakkofsa Intarpiraayizoota sababa humna dhabuu fi rakkoo qulqullinaa, baay'ina omishaa gahaa ta'e dhiyesuu dadhabuutiin walitihihamiinsa Gaba Biyyaa alaa argatan afur (4) miseensota 23 (Dhi.5 fi Dub.18) qar.mil.2.5 (USD 48,615.38) qofa

argamsiisa ture bara 2017tti gahomsuu fi humna itti horuudhaan dorgomaa akka ta'an gochuun Intarpiraayizoota 26 fi sochooftota 130 horachuun USD kuma 350 argamsiisuuf ni hajjatama.

**Deeggarasa TEI:** Hanga bara 2014ttii Waldaalee IMX haaraa 128,675 fi sochooftoota 727,211 haaraa TEI kan argatan yoo ta'u hanga bara 2017tti interpiraayizoota 111,071 fi soochooftoota mil. 1.1 gahuuf ni hojjatama. Gama biraatiin, Intarpiraayizoota buleeyyii 183,163 fi sochooftoota buleeyyii 934,413 bara 2014tti TEI argatan bara 2017tti Interpiraayizoota 258,450 fi sochoostoota mil.1.5 deegarsa TEI guutuu keenuuf dorgomaa taasisuuf ni hojjatama. Deegarsa TEI guutuu keenuun intarpiraayizootni bara 2014tti kaapitala qar.mil.367.2tti horatamee ture waggoottaan sadan dhufu keessatti kaapitaala qar. mil.495 akka horatan ni taasifama.

### **3.2.2.3.2 Misooma Barnootaa fi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa**

Galmi misoomni leenjii teeknikaa fi ogumma lammii dorgomaa, gahumsa qabu fi ogummaa isaatti amanu horachuun guddina dinagdee fi hawaasummaa biyyaattii keessatti gumaacha irraa eegamu bahu, fi ogeeyyii gabaan hojii barbaadu baay'inaa fi qulqullinaan oomishudhaan misooma industirii ariifachiisuudhaan jirenya lammilee fooyyesuudha.

Ce'uumsa caaseffama dinagdee ariifachiisuuf fi misooma industirii manifaakcheriingii dhugoomsuuf seekterri kun humna namsa gahumsa, kaka'umsaa fi dandeettii qabu leenjisuu, hojiitti galuu isaanii mirkaneessuu fi dhaabbilee leenjii wiirtuu ce'uumsa teeknolojii fi misooma IMX taasisuun barbaachisaadha. Kanaafis, waggoottan sadan dhufan keessatti, leenjii sagantaa idilee fi gaggabaaboo kennamu hunda fedhii gabaa hoji irratti hunda'e qulqullinaa fi gahumsaan ogummaa gabaan hojii barbaaduu fi sadarkaa ogummaa qophaa'ee hundan kennuu irratti xiyyeffatamee ni hojjatama.

Sadarkaa Ogummaa bu'uureefachuun Deegarsa TEI paakeejii guutuu Leenjii teeknikaa (Technical Skill), Teeknolojii (technological skill), hojimaata foyya'iinsa Omishaa fi Omishtummaa (KAIZEN) fi dandeettii hojii uummachuu (Enterpreneurial skill) gahumsa qabu IMXf kennuun dorgommummaa isaanii mirkaneessuuuf ni hojjatama.Galma kana milkeessuuf:

**Dhaabbilee Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa Baballisuu:** Dhaabbilee Leenjii ulaa misoomaa irratti hundaa'un babal'isuu, hundeessuu, guddisuu fi meeshaaleen guutuurratti ni hojjatama. Bara 2014tti baayyna dhaabbilee 208 irra ture dhaabilee 251 dabaluun bara 2017tti gara dhaabbilee leenjii 276 tti guddisuuuf karoorfameera. Haaluma kanaan, koolleejjoota sagantaa

leenjii irratti beekkamtii fudhatan bara 2014ttii 413 irra turaan waggoottaan sadan dhufu keessa 411 ta'aniif beekkamtii kennuun gara 824 ol guddisuuf ni hojjatama.

**Simannaa leenjifamtootaa:** Sadarkaa ogummaa fi akaakuu ogummaa adda bahe fi qorannoo fedhii gabaa hojii qulqullinaan gaggeeffameen irratti hundaa'uun bara 2014tti leenjifamtoota sagantaa idileetiin leenjii xumuran 169,314 irra ture hanga dhuma bara 2017tti sektaroota xiyyeefannoo 8 irratti 436,309 (Dhi. 218,155 fi Dub. 218,154) guddisuuf karoorfameera. Qorannoo fedhii gabaa hojii qulqullinaan gaggeessuun akkasumas sadarkaa ogummaa qophaa'ee irratti hundaa'uun hojii barbaaddotaaf sagantaa leenjii gaggabaaboon bara 2014tti mil. 1.78 (Dhi. mil. 1.18; Dub. 602,370) ture dhuma bara 2017tti 5,410,000 (Dhi. 2,705,000 fi Dub. 2,705,000) leenjii akk argatanii gahoomanii gurmaa'uun hojitti akka bobba'an ni taasifama. Hirmaanna dubartootaa gidduu galeessaan 50% ture itti fufsiisuun lammileen carraa barnootaa walqixa akka argataniif ni hojjetama.

**Qulqullinaa fi Gahumsa Leenjii Mirkaneessuu:** Waggoottan sadan dhufan keessatti hojii qulqullina fi gahuumsa leenjii mirkaneessutiin hojjatameen leenjifamtoota bara 2014tti 169,314 irra ture dhuma bara 2017tti 436,309 guddisuuf karoorfameera. Leenjii Qulqullina qabu kennuuf, Leenjistoota dhabbilee BLTO fi industrii keessa jiran humna isaanii ijaaruu, gahumsa mirkaneesuu, dhi'eessii meeshaalee leenjii fooyyeessuun ni barbaachisa. Haaluma kanaan, Leenjistoota Industrii leenjii Idilee fi gaggabaaboo kennan dandeettiin isaanii mirkanaa'e bara 2014tii 17,978 irra ture xumura bara 2017tti gara 31,462 irraan gahuuf karoorfameera. Akkasumas, leenjifamtoota Madaallii gahumsa Ogummaa fudhatanii milka'aan/Gahooman leenjii idilee fi gaggabaaboon bara 2014 keessa dhibbantaa 71.5 irraa gara 83% ol guddisuuf ni hojjatama.

Dhaabbilee BLTO Mootummaa leenjii qulqullinaa fi gahumsaan akka leenjisaniif workishooppaan ijaarameef hanga bara 2014ttin 163 ture bara 2017tti gara kolleejjoota 203 guddisuun leenjii qulqullinaa fi gahumsa akka kennan ni taasifama. Akkasumas dhaabbilee BLTO Mootummaa maashinii fi meeshaaleen leenjii bitamaniif hanga bara 2014tti 164 ture bara 2017tti gara 215 guddisuuf karoorfamee jira.

Dhaabbilee BLTO (mootummaa fi dhuunfaa) isatandarii guutaniif beekkamti sadarkaa biyyooleessaa argatan bara 2014tti 0 ture bara 2017tti dhaabbilee leenjii 250 (Dhaabbilee mootummaa 150 fi dhaabbilee dhunfaa fi mit-mootummaa 100) beekkamti sadarkaa biyyooleessaa akka argatan kan hojjatamu yoo ta'u Kolleejji Polii teeknikaa istaandaardii

beekamtii idil-adunyaa (ISO) argatan bara 2014tti 0 irra ture bara 2017tti 3 irra gahuuf ni hojjatama.

**Leenjistoota dhaabbilee leenjii mootummaa;** leenjii Idilee, gaggabaaboo fi TEI'n irratti gahoomuun leenjii hawaasa bal'aaf kennan hanga dhuma 2014tti 7,346 (Dhi. 5986;Dub. 1360) irraan gahuun danda'amee ture xumura karoora tarsimoo'aa waggaan sadii (2015-2017) tti gara 7,796 (dhi 6,186 dub 1,610) ol guddisuun waggoottan sadan dhufan keessatti humna nammaa sadarkaa bu'uuraa fi giddu galeessaatiin ogummaalee adda addaatiin leenji'ee gahoome horachuun, humna misoomni diinagdee naannichaa barbaadu dhiyeessuun gabaa keessatti dorgomaa taasiisuuf ni hojjetama.

**Misooma IMX fi Ce'umsa Teeknolojii:** Dhaabbileen leenjii teeknikaa fi Ogummaa giddugala Kalaqaa fi babalissuu teeknolojii akka ta'aniif kan hojjetamu yoo ta'u, teeknolojii waraabuu fi ceesisuun teeknolojii saayinsaawaa kalaqaman gabaatti dhi'eessuun hawaasni irraa akka fayyadamu gochuun bu'a qabeessummaa mirkaneessuuf ni hojjetama. Haaluma kanaan, leenjifamtoota teeknolojii gutummaa guutuutti (%100) waraabuu bara 24tti 5029 irra gahan irra ture waggoottan sadan dhufu keessa 2015-2017tti 15163 raawwachuuuf karoorfamee jira.

Teeknolojii baay'isuu (Fabrication) bara 2014ttii 1,973 ture dhuma bara 2017tti **gara ....** tti guddisuuf Intarpiraayizoota haaraa deeggarsa TEI guutuu argatan gabaa keessatti dorgomaa akka ta'aniif kan hojjetamu ta'ee, teeknolojii %100 warabamee IMXtti ce'e 4,379 ture waggoottan sada dhufu keessa teeknolojii haaraa 5,184 %100 warabuuun xumura bara 2017tti 9563 irraan gahuuf karoorfamee jira.

Hojiwwan gurguddoo kanaan, lamii gahumsa qabu horachuun guddina dinagdee fi hawaasummaa naannichaa fooyyessuun haala itti fufiinsa qabuun hojji hiyyummaa hiri'isuuf hojjetamaa jiru keessatti gumaacha irraa barbaadamu akka bahaniif kan hojjetamu ta'a. Akkasumas,dhaabileen barnoota leenjii fi teeknikaa teeknolojii filatamoo fi haaraa ta'an waraabuuun gara industiriwwanitti dabarsuun industiriwwan sadarkaa kamituu dorgomaa akka ta'anii kan hojjetamu ta'a.

### **3.2.2.3.3 Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa**

MGO Sirna madaallii qulqullina qabuu fi dhaqqabamaaa ta'e diriirsuun, gahumsa humna nammaa gabaan hojji barbaadu mirkaneessuudha. Kanaafis, madaallii gahumsa ogummaa istaandaardii ogummaa (OS) irratti hundaa'e gaggeessuun gahumsa ogeessotaa mirkaneessuuf ni hojjatama. Bu'uruma kanaan Madaaltota industiri keessaa horataman bara 2014tti 545 ga'e ture irratti 711 dabaluun xumura bara

2017ttii 1,265 irraan gahuuf kan hojjatamu yoo ta'u, ogeessota industirii sadarkaa bu'uuraa fi giddu galeessaa irratti bobba'anii hojjachaa jiran madaalamani gahumsi isaanii MGOtiin mirkanaa'e bara 2014tti 89,390 ture; waggoota sadan dhufu keessaatti 97,073 dabaluun bara 2017ttii 186,463 gahuuf ni hojjatama.

Leenjifamtoota sagantaa idileetiin leenjii xumuranii gahumsi isaanii MGOtiin mirkanaa'e madaaluuf hanga bara 2014tti 111,885 raawwatamee ture waggoota sadan dhufu keessaatti 168,458 dabaluun dhuma bara 2017 ttii 280,343 irraan kan gahamu yoo ta'u leenjifamtoota sagantaa leenjii gaggabaabootiin leenjii xumuranii gahumsi isaanii mirkanaa'e bara 2014tti 34,561 ture waggoota sadan dhufu keessaatti 886,365 gahoomsuun dhuma bara 2017ttii 920,926 geessisuuf ni hojjatama.

Sochostota IMX deegarsa TEI guutuu argatanii xumuranii gahumsi isaanii MGO'tiin mirkanaa'e hanga bara 2014tti 9,835ture dhuma bara 2017ttii 124,980 akka mirkanna'u ni taasifama. Haaluma walfakkaatuun, ogeessota qophii meeshaalee madaallii/TEP/ industirii keessaakaaka ogummaatiin gurmaani hojii keessaaka galan dhuma bara 2014tti 85 irra ga'e ture; waggoottan sadan keessaatti 188 hojjechuun dhuma bara 2017 ttii 273 irraan gahuuf karoorfamee jira.

Akka waliigalaatti, madaallii Gahumsa Ogummaa qulqullina barbaadamuu kan hojjetamu ta'ee madda kira sassabdumma gama kanaan mullatan maqsuufsirna madaallii hammayyeessuuf kan hojjetamu ta'a.Dhaabbileen BLTO iddo Intarpiraayizootni Maayikiroo fi Xixiqqa (IMX) itti dhalatanii, kunuunfamanii guddatanii fi jiddu-galeessa kuufamaa fi ce'umsa teeknoolojii akka ta'aniif ni hojjetama.

### **3.2.3 Misooma Magaalaa**

Misoomni magaalaa guddina dinagdee arifachiisuu keessaatti gahee guddaa qaba. Muuxannoon biyyoota hedduu akka agarsiisutti, babal'inni magaalotaa oomisha hundumtaa waliigala biyyaa (GDP) akka guddatuu fi carraa hojii bal'aan akka uumamu ni taasisa. Haa ta'u malee, misooma magaalota keenyaa kallattii kanaan mul'ataan hoogganuun bu'aa barbaadamu fiduurratti hanqinni guddaa kan jiru waan ta'eef dhimma irratti hojjetamu qabuudha.

Gama biraatiin, babal'ina magaalotaa fi baay'ina uummataa dabalaad adeemaa jiru waliin fedhii bu'uraalee misoomaa deebisuun magaalota jiraataa magaalaf hawwataa taasisuurratti hojjatamu qaba. Rakkoo bu'uuraalee misoomaa, mana jirenyaa, hiyyummaa, bulchiinsa gaarii, hojii dhabdummaa magaalota keenya keessaatti mul'atu hir'isuun magaalota giddugala dinagdee, hawwataa akkasuma jiruu fi jirenya namaaf mijataa taasisuun barbaachisaadha.

Galmoota gurguddoo KIB gama kanaan qabamee jiruu dhugoomsuuf waggoottan sadan kana keessatti magaalota jirenya namaaf filatamoo ta'anii fi dinagdee naannoo keessatti gummaacha ol'aanaa qaban baayyinaan horachuuf ni hojjatama. Gama biraatiin, magaalota keenya keessatti faalama gahaa jiru xiqqeessuu, qulqullina magaalotaa akkasumas nageenya fi tasgabbii magaalota keenya mirkaneessuun magaalota gama hundaan fakkeenyummaa gaarii qaban horachuuf ni hojjatama.

### **3.2.3.1 Tajaajila Mana Qopheessaa**

Rakkoo kenna tajaajila mana qopheessaa keessatti mullachaa jiru hiikuuf waggoottan sadan (2015-2017)tti tajaajila waraqaa maleeyyii (teeknoloojii) baballisuun, Humna raawwii hogaantoota fi hojjatoota magaalota cimsuun akkasumas, istandardayizeeshini kenna tajaajila mana qoheessaa hojii irra oolchuun itti quufinsa mammilaa bara 2014tti %65 ture gara %90tti guddisuuf ni hojjatama. Sirna keessummeessaa komii fi iyyannoo kenniinsa tajaajila magaalaa ittiin keessummaa'u hojimaataa diriirsuun komii %25 irraa gara %5tti akka xiqqaaatuu karoorfameera. Gama biraatiin, uwisa tajaajila qeeraa %40 irraa %50tti guddisuun tajaajila gama kanaan kennamaa jiru fooyessuuf ni hojjatama.

Akkaataa istaandardii tajaajilaa qeeraa sadarkaa biyyaatti qophaa'een bu'uralee maana qalmaa; mana qalmaa ammayyaa'aa ijaaruu fi meeshaalee barbaachiisoo ta'an keessatti guutuun tajaajilaa saffisaa fi qulqulluu ta'e kennudha. Akkasumas gama rifoormii faayinaansiifi galitiin waggoottan sadanitti, hojiawan madda galii maddisiisu fi galii haaraa qorachuun mul'ata magaalootni qabatan milkeessuuf galii mana qopheessa bara 2014tti bil.8.06 ture bara 2017tti giddugalleessan wagga waggaan %29 dabaluun gara qar.bil.41 tti guddisuuf ni hojjatama. Hojii kaadaastaraa lafa qabsiisuu fi kenna tajaajilaa hammayeessuuf akka inisheetivii haaraatti kan hojjatamu ta'a.

### **3.2.3.2 Hiyyumaa Hir'isuu**

Waggoottan sadan dhufan hiyyummaa magaalota keessatti babalachaa jiru xiqqeessuuf ni hojjatama. Qaamoolee hawaasa sararaa hiyyuummaati gadii jiran qabeenya akka uummatan gochuun jirenya isaanii foyyesssyuuf sagantaa wabii nyaataa magaalaa fi foyya'iinsa jirenyaairratti ni hojjatama. Sagantaa seeftineetii, magaalota 30 keessatti hojiirraa olchuun calaallii fayyadamtoota 107,867 ni gaggeeffama. Fayyadamtoota misooma naannoo 90,606 fi fayyadamtootni deeggarsaa kallattii 17,261 yoo ta'an qar.bil.2.49 kaffaltii fayyadamtoota

misooma naannoo ni raawwatama. Gama birootiinis,fayyadamtoota misooma naannoo irratti bobba'an keessaa namootni 59,424 carraa hojii uumuun gara sagaanta foyya'insaa jirenyaatti akka ce'aniif ni hojjetama.

**Magaalomsuu:** Gahee magaalotni guddina dinagde keessatti qaban guddaa waan ta'eef hojiin magaalomsuu hojjetamaa jira. Waggoottan lamaan darbanitti hojii bal'aa gama magaalomsuutiin hojjatameen raawwiin jiru %82 irra gahee jira. Qorannoo Giddugala Guddina Baadiyyaa (GGB) gandoota baadiyyaa amala magaalummaa qaban 110 irratti gaggeessuun magaalota 70 gara sadarkaa itti aanutti guddisuuf ni hojjetama.

Walitti hidhamiinsa magaalaa fi qaamolee adda addaa gidduutti akka uumamu gochuun magaalotni wal-deeggaranii akka guddatan taasiisuuf ni hojjetama. Magaalotni keenya carraa misoomaa gaarii qabaniin (comparative and competitive advantage) akka walitti hidhamanii fi faayidaa dinagdee fi hawaasummaa isaanii akka mirkaneessan ni hojjatama. Hojii gama kanaan hojjatamu milkeessuuf, hammata dambii fi qajeelfaman tokko "Legal Framework" akka qophaa'u ni ta'a.

Hojii gama kanaan hojjatamu ilaachisee walitti hidhamiinsa magaalaa 885 fi baadiyyaa 1968; magaalaa fi magaalaa 1,845 akkasumas magaalotaa 1,015 fi industiriwwan 1,752 jidduutti uumuun waliti hidhamiinsi misooma hawaas-diinagdee magaalotaa cimee guddinni magaalota akka saffisu ni hojjatama. Gama birootiinis,magaalaa 647 fi dhaabbilee barnoota olaannoo 848 fi magaalaa 521 fi dhaabbilee miti mootummaa (NGO) 679 giddutti walitti hidhaaminsa cimsuun hariiroo waliin guddachuu fi misoomuu (yaada, beekumsa, teeknolojii, qabeenya,carraa misoomaa) qabatama taasisuuf ni hojjatama.

### **3.2.3.3 Ispeeshaalayzeeshinii magaalotaa**

Magaalotni keenya carraalee misoomaa qabaniin (Comparative and competitive advantage) akka misoomanii fi dorgomaa ta'an hojjatamuu qaba. Magaalotni,caraalee misoomaa qabaniin kallattiiwwanii fi tarsiimoo guddina dinagdee Naannoo keenya akka saffisiisuun danda'an tarsiimoo ifa ta'e qabaachuu qabu. Adeemsa kanaan guddina magaalotaa saffisiisuun ce'uumsa caaseffama dinagdee fi guddina dinagdee madaalawaa ta'e fiduun ni danda'ama. Haaluma kanaan, waggoottan sadan dhufan magaalotni bu'ura pooteenshaala qaban (specialization) irratti hundaa'un akka misoomaniif haala qorannoorratti hundaa'een hojii bal'aan kan hojjatamu ta'a.

Magaalota Moojoo, Shaggar ykn Galaan, Duukam, Sabbataa fi Burraayuu akkasumas magaalota 5 (magaalaa Amboo, Ciroo, Sandaafaa, Tafkii fi Yaaballoo) haala magaalota zoonii Industirii

ta'uu danda'anirratti qorannoон kan adeemsifamuу fi master pilaanii kan qophaa'u ta'a. Gama biraatiin magaalaa Jimma, Naqamtee fi Baatuу giddu gala Tuuriziimii fi Aadaa akka ta'aniif qorannoон kan gaggeeffamu ta'a.

### **3.2.3.4 Qulqullinaa fi magariisummaa magaalotaa**

Magaalota keenya magariisoo fi jirenya dhala namaaf mijatoo akka ta'aniif waggoottan sadan (2015-2017)tti magaalota itti fayyadama lafa %30 misooma magariisummaaf aaka oolchan ni taasifama. Gama birootiinis, qulqullina fi misooma magarisummaa magaalaa dabaluun, magaalotaa keessatti rakkoo gama diinagdee, hawaasummaa, eegumsaa naannoo fi ikoolojii dandaamachuу danda'an uumuun, iddoon magariisuu magaalaa (UGI) 7,589 bal'inaa hekt. 5,120 qabu addaan baasuun saayit pilaanii fi ragaan abbaa qabeenyummaa kan kennamu ta'a.

Hudhaalee jiranu sakatta'uun furmaata kennuu fi pilaanii magaalaa irratti hundaa'uun iddo magariisuu magaalaa misoomsuun uwvisaa isaa %27 irraa %47tti kan guddatu ta'a. Magaalota keessatti paarkiiwan istaandardiin isaanii eegame hanga bara 2014ti 56 ture dabaalataan 245 hojjechuun bara 2017tti gara 301 tti guddisuuf ni hojjetama. Haaluma walfakkaatuun, waggoottan sadan itti aananitti hojiin biqiltuu dhaabuu fi kunuunsuu kan itti fufu ta'a.

Magaalota qulqullahoo jiruu fi jirenya dhala namaaf mijattoo taasisuun galma SDG keessaa isa tokkoodha. Hata'u malee, haala qabatamaa magaalota keenya waliin yeroo ilaalamu ammallee hojii guddaan kan nu eeggatuudha. Gama kanaan hojii hubannoo hawwsaa jijiirurratti xiyyeffannaan kan hojjatamu ta'ee, waggoottan sadan dhufanitti, namni dhuunfaa mil. 7.713 naannoo mana jirenya isaa hanga raadiyeesii meetira 20tti akka qulqulleessan akkasumas dhaabbilee 379,322 adda addaa naannoo hojii isaanii hanga raadiyeesii meetira 50tti akka qulqulleessaniif hordoffii fi deeggarsa taasisuun qulqullina magaalaa mirkaneessuuf tarsiimoo 20/50 hojii irra oolchuuf ni hojjetama. Gama biraatiin, mandaroota moodeela ta'an hanga 2014tti 400 turan waggoottan sadan dhufanitti 865 dabaluun xumura bara 2017tti mandaroota moodala ta'an 1265 irraan gahuuf ni hojjetama.

Tarsiimoo balfa madda irratti fayyadamuun danda'amuu fi kanneen dhabamsiifamuу qaban adda baasuun balfa oomishamuу keessaa %23 ( $m^3$  6,703,065) deebisanii fayidaaf oolchuу (recycle) akka danda'aniif ni hojjetama. Iddoo balfa jajjabaa itti gatan (Sanitary landfill Class-2 5 & Controlled landfill Class-3 15) ijaaruun tajaajila akka kennan kan hojjetamu ta'a. "Controlled landfill Class-3 15" qabame keessaa kan ijaarsa 6 fi qorannoо 9 ta'a. Magaalotaa hundaa keessatti balfa madduu keessa bulchiinsaa/istaandardii balfa goggogaa sassaabbii %56 irraa %65

irraan gahuuf (%15 madda irraa hir'isuu, %35 debbisaniif fayyidaaf olchuu fi %30 dhabamsisu) ni hojjetama.

### **3.2.3.5 Misooma manneenii**

Fedhii bu'uuraa dhala namaaf murteessoo ta'an keessaa manni jirenya isa tokkoodha. Waggoottan lamaan darban hojji gama kanaan hojjatamee fi bu'aan argame baayyee xiqaadha. Kanaaf,dhiyyeessii mana jirenya lammileef dhaqabamaa taasisuuf hojjatamuu qaba. Milkaa'ina kanaafis, fayyadamtoota misooma manaa ta'anif sirna faayinaansi diirirsuu, haala liqaa mijeessuu, dhaabbileen faayinaansii hojji misooma manaa irrattii akka hirmaatan taasisuu fi dhiyyeessii lafa mana jirenyaa fooyessuun akkasumas teekinoloojiiwwan fooyyaa'oo, baasii qustan, safiisa qaban fayyadamuun rakkoo dhiyeessii mana jirenyaatiin walqabatee furuuf hojjetamuu qaba.

Waggoottan sadan dhufaan sochii gama kanaan taasifamaa jiru bu'a qabeessa taasisuun waliigala mana jirenyaa 232,423 dhiyeessuf ni hojjatama. Manneen hojjataman kanneen keessaa mootummaan mana qussanna 8,699, dhaabbilee mootummaan mana 321, riil isteetii 1730, namoota dhuunfan mana 178,134, waldaa ijaarsaa mana jirenyaatiin mana 36,765, hirmaanna mit-mootummaa fi arjajomtootaan mana 4,296 fi tola ooltummaan mana 2478 ta'a.

### **3.2.3.6 Bu'uuraalee Misooma Magaalaa**

Babal'inni bu'uuraalee misoomaa guddina dinagdee magaalotaa saffisiisuu keessatti shoora gudda waan qabaniif bu'uuraalee misoomaa magaalotaa dhaqabama fi facaatii isaanii haqa qabeessa taasisuu gaafata. Waggoottan sadan dhufan magaalota keessatti bu'uuralee misooma qinda'aa baballisun magaalota bakka jirenya dhala namaaf mijatoo ta'an taasisuuf ni hojjatama.

Hojiin bu'uuraalee misoomaa investimantii guddaa kan barbaadu waan ta'eef milkaa'ina gama kanaan eegamu dhugoomsuuf galii mana qopheessaa guddisuun akkuma jirutti ta'ee hirmaannaa hawaasa magaalaa, deggertoota misoomaa fi dhaabbilee dhuunfaa cimsuurratti ni hojjatama. Waggoottan sadaan dhufaan keessa hirmanna humna namaa tilmamaa qar.bil.7 ,meeshaa tilmamaan qar.bil.8 fi mallaqaa callaa qar.bil.3.2 waligalan hirmaanaa uummataa mallaqaan qar.bil. 18.3 ta'u hojjiwwan bu'uuraalee misoomaaaf akka oolu ni tasifama. Uwwisaa bishaani dhugaatii magaalotaa istandardii bishaan dhugaatii taa'een, dhuma bara 2014tti %68 ture, waggaatti giddu galeessaan %3.52 guddisuun bara 2017tti %94.78 irraan gahuuf ni hojjetama.

**Gabatee 4.32: Bu'uuraalee misoomaa Magaalotaa (2015-2017)**

Lak.	Agarsiiftuwwan Bu'uuraalee misoomaa	Safartuu	Raawwii hanga 2014	Karoora			Manii 2017
				2015	2016	2017	
1	Daandii keessa keessaa	Km	19,463	2,028	2,028	2,028	25,545
2	Daandii Asfaaltii	Km	124	3.5	3.5	3.5	134.5
3	Daandii Cirrachaa	Km	15,830	1,756	1,755	1,756	21,097
4	Daandi koobilstoonii	Km	4,010	243	244	243	2,966
5	Suphaa daandii cirrachaa	Km	14,180	1230	1230	1230	17,870
6	Suphaa daandii asfaaltii	Km	62	5	5	5	42.5
7	Bo'oo lolaa (ditch)	Km	6,766	611	610	610	8,597
8	Riqicha (culvert) ijaaruu	Lak.	6,546	695	695	695	8,631
9	Sara ibsaa diriirsuu	Km	9,259	603	603	603	11,068
10	Sarara bishaanii diriirsuu	km	9,185	823	823	823	11,654

*Madda: BMMMO, KKMOTiin qindaa'e, bara 2014*

### 3.2.3.7 Qonna Magaalaa

Muuxannoon biyyoota Afriikaa hedduu akka agarsiisutti qonni magaalaa dhiyyeessii oomishaalee qonaa guddisuuf, carraa hojii uumuufi hiyyummaa magaalota keessa jiru xiqqeessuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Sagantaa Maaddii Madaalawaa dhugoomsuufi nyaata madaalawaa ta'e jiraattota magaalaaf dhiyeessuu keessatti qonni magaalaa toora xiyyeffannoo KIB ta'uun ni beekama.

Kanaan dura, magaalota keenya keessatti haala qabatama jiruun qonna magaalaaf xiyyeffannaan kennamee irratti hojjetamaa kan hin turre ta'uun ni beekama. Kanaafuu, karoora waggoottan sadan dhufanii keessatti qonna magaalaa madda galii fi carraa hojii taasisuuf akkasumas nyaata madaalawaa jiraataa magaalaaf dhiyeessuun galmoota gurguddoo sagantaa *Maaddii Guutuu* dhugoomsuuf ni hojjatama. Milkaa'ina kanaafis, hubannoo jiraataa magaalaa qonna magaalaa irratti qabu dabaluu, akkasumas muuxannoowwan gaggaarii gama kanaan jiruu baballisun jiraataan magaalaa nyaata qe'ee isaa irraa argachuu akka danda'uuf ni hojjetama. Jijiirama gama kanaan eegamu dhugoomsuuf akka innishatiiviwwan haaraatti kilaastara horsiisaa fi furdisa horii, kilaastara horsiisa lukkuu, fi kilaastara horsiisa booyyee hundeessuun jijiiramni qabatamaa ta'e akka dhufu ni hojjatama. Haaluma walfakkaatuun, lafa hekt.41,163 misoomsuun oomiisha kunt.mil.9.5 argachuuf ni hojjatama. Magaaloota adda addaa keessatti hojii oomiisha kuduraa fi muduraa, loon furdisuu, horsisaa kannisaa, oomisha annaanii fi horsiisa lukkuurratti walumaagala namootni mil.10.5 fayyadama akka ta'an ni taasifama.

### **3.2.3.8 Pilaanii Magaalotaa**

Misooma magaalaa keessatti pilaanii qulqullina qabu fi hammayyaa'a ta'e qopheessuunii fi hojiirra oolchuun sochii misooma hawaas dinagdee magaalotaa guddisuu fi magaalota amayyaa'waa horachuuf bu'uura. Magaalooni keenya giddugala misoomaa fi jiraattootaf mijataa akka ta'an gochuuf pilaaniin magaala murtessaadha. Magaalooni naannichaa pilaanii amayyaa ta'e hojiirraa olchuun qabeenya lafaa qusannoodhaan fayyadamanii misooma magaalaa amansiisaa fi itti fufiinsa qabu akka mirkaneesson hojjatamuu qaba.

Waggoottan darban, sochii misooma-hawaas dinagdee magaalota keenya sirnaan oogganuu dhabuurra kan ka'e cabiinsi pilaanii babalacha waan jiruuf rakkoo kana furuuf hojjetamuu qaba. Babal'ina magaalotaan walqabatee, walharkaa fuudhinsa gandoota baadiyyaa pilaanii magaala keessatti hammataman sadarkaa barbaadametti gaggeeffamuu dhabuun ijaarsi seeraan ala akka babal'atu waan taasiseef karoora waggaa sadii kana keessatti dhimma xiyyeefannaan iratti hojjatamuu qabuudha.

**Qophii Pilaanii Ispaashaalaa:** Poteenshalaa gama qabeenya nama, uumamaa fi sochii dinagdee iddo jirutti pilaaniin ammayaatiin bulchuuni fi pirojaktoota invastimntii sadarkaa fi kallatti adda addaa irraa dhufan keessumeessuu fi akka naannootti guddina madaalawaa ta'e dhugoomsuuf pilaanii Ispaashaalaa (Regional Spatial Development Plan) murteessaa waan ta'eef waggoota sadan keessatti (2015-207) ni qophaa'a.

**Qophii Pilaanii Ulaa Misoomaa:** Akka naannootti iddoowan dinagdee naanno fi biyyaa utubuu danda'an adda baasuun haala qubsuma uummataa gidugaleessa godhateen Pilaanii ulaa misoomaa (Corridor Development Plan) ni qophaa'a. Haaluma kanaan, pilaanii ulaa misoomaa Finfinnee Adaamaa fi Naanno Haroo Shaalaa, Abijaataa fi Laangaanootti ni qophaa'a. Gama biraatiin, Lageen magaalota naanno keenya keessa jiran qulqullinni isaanii eegamee misooma magaalichaaf akka oolan taasisuuf, akkasumas bareedinni magaalotaa lageen keessa darbanii fooyyessuuf Pilaanii Misooma qarqara lageenii (River and lake Side Development plan) torba (7) kan qophaa'u ta'a.

**Qophii Pilaanii Caasaa fi tarsiimo'aa:** Qo'anno fi qophii Pilaanii Caasawa magaalota gurguddoo baayina uumataa 50,000 ol qaban hanga bara 2014tti 7 irra ture hanga bara 2017tti 17 ni hojjatama. Gama birootiinis,qophii pilaanii tarsiimowaa magaalota baayinni uummata isaanii 20,000-50,000 ta'an 31 raawwachuuf karoorfameera.

**Qophii Pilaanii Misooma Qee'ee Magaaloota / LDP/:** Waggoottan sadan dhufan qorannoo pilaanii misooma qee'ee /LDP/ magaaloota gurguddoo naanicha keessatii argamanii fi pilaanii caasaa fi tarsima'aa raawwatamaan hojiitti hiikuuf xiyyeeffanna addaan ni hojjatama. Itti fayyadama lafaa pilaanii caasawaa keessatti bal'inaan abuuramee akkaataa lafarra bu'ee hawaasa magaalaa tajaajiluu danda'uu akkasumas babal'inni bu'uuraalee misoomaa fi misoomni magariisuu magaalaa keessatti akka babal'atuufi giddu gala magala misoomsuuf qorannoo fi qophii pilaanii misooma qee'ee (LDP) 69 ni raawwatama.

**Qophii Saaxaxa Magaalaa (Urban Design):** Qophii saaxaxa magaalaa /Urban Desgn/ Magaaloota gurguddoo naannicha keessatii argamaniif; keessumaayyu magaalota pilaaniin misooma qee'ee /LDP/ hojjetameef pirinsipiloota saxaxaa eeganii akka lafa qabataniif kan qoratamu dha. Karoora tajaajilli lafaa (land use) gadi fageenyaan qopheessuu fi karoora bu'uuraalee misoomaa qabatama taasisuuf dizaayiniin magaalaa, magaalota pilaaniin misooma qe'ee hojjatameef ni qophaa'a. Akkasumas, qophii pilaanii saxaxa 33 hojjechuuf karoorfameera.

**Qophii Pilaanii Bu'uura Magaalotaa:** Hojjiin qoranno fi qophii pilaanii bu'uura magalotaa sadarkaa dameewwaniiti kan raawwatamuu ta'ee, magaalota baayinni uummata isaanii 2,000-20,000 ta'aniif kan qophaa'u yommuu ta'u waggoottan sadan dhufan keessatti sochii misooma hawaas dinagdee magalotaa kallattii hundaan fooyessuuf (sochiin daldala, investimentii, mana jirenya, manneen barnootaa fi magariisummaa fi kkf) qorannoo fi qophii pilaanii magaalota 189 kan hojjatamu ta'a. Gama kanaan, walumaagalatti magaalota 320f kaartaan bu'uuraa kan qophaa'u ta'a.

**Qophii Pilaanii Iskechii Giddu-Gala Guddina Baadiyaa (GGB):** Hojjiin qoranno fi qophii pilaanii iskechii GGB, gandoota baadiyyaa baayinni uummata isaanii 2,000 ol ta'aniif kan hojjatamu ta'ee qonnaan bulaan tajaajila hawaasummaa akka argatuu fi (fayyaa, barnootaa, ibsaa, teelee, poostaa fi geejibaa) akkasumas giddu gala gabaa oomishaa, mana kuusaa oomishaa fi galtee qonnaaf haala mijeessuuf pilaanii iskechii GGB 387 qopheessuuf karoorfamee jira.

### **3.2.4 Tajaajila Geejjibaa**

Misoomni geejjibaa misooma dameewwan biroof bu'ura waan ta'eef xiyyeeffanna addaa kan qabuudha. Guddina dinagdee dhufaa jiruu fi baayyina uummataa dabalaan deemu waliin tajaajila geejjibaa ammayyeessuun akkasumas fedhii fi dhiyeessi tajaajila geejjibaa wal-simsiisuun guddina biyyaa fi fayyadamummaa uummataa mirkaneessuu keessatti gahee ol'aana ni qabaata. Kana dhugoomsuuf sochii bal'aa gama mootummaatiin taasifamaa jiru akkuma jirutti ta'ee,

hirmaannaan abbootii qabeenyaan dhuunfaa murteessaadha. Tajaajila geejjibaa fi loojistiiksii si'oomina qabuu fi qindaa'aa ta'e uumuun gahee guddina naannoo keessatti qabu akka bahu taasisuuf hojjechuun baay'ee barbaachisaadha.

Gama biraatiin, nageenya tiraafikaa mirkaneessuun fi itti fayyadama meeshaalee teknolojii guddisuun industirii geejjibaa keessatti dhimma murteessaadha. To'annoo wal-irraa hincinne gaggeessuu fi balaa tiraafikaa xiqqesuuf akkasumas to'annoo daandii irraa cimsuuf meeshaalee teeknooloiji deegaramuu barbaachisaa. Tajaajila geejjibaa keessatti komii bal'aa tajaajilamaani fi hawaasni keenya kaasaa jiru hiikaa deemuu akkasumas hanqina naamusaa fi kiraasassaabdummaa seektara kana keessatti babal'atee jiru dhabamsiisuuf ammallee kutannoo guddaa kan barbaaduudha. Akkasumas, hanqina gahuumsa konkolaachisaa fi rakkoo teeknika konkolaataa fi rakkoo kenna taajaajilaa fi bulchiinsa gaarii waldaalee fi ogeessa bira jiran bu'uurarraa hiikurratti xiyyeffannaan hojjatamuun kan qabuudha.

Waggoottan sadan dhufan, tajaajilla geejjibaa hammayya'a, dhaqabamaa, filannoo qabuu fi nageenyi isaa mirkanaa'ee ummaanni naannoo keenyaan gatii madaalawaatiin akka argatu gochuun gahee industiriin geejjibaa guddina dinagdee biyyaa fi naannoo keenyaan keessaatti qabu ol guddisuuf xiyyeffannaan ni hojjatama. Milkaa'ina kanaafis, rifoormiin geejjibaa guutummaan guutuutti hojiirra oolchuuf ni hojjatama.

**Dhiyeessi tajaajila geejjibaa fooyessuu:** Sararoota bobbii geejjiba haaraa hanga bara 2014tti 128 irra ture hirmaanaa hawaasaa fi qooda fudhattootaan addaa addaa dabaluun, waggoottan sadan (2015-2017)tti 120 banuuf kan hojjetamu yommuu ta'u; sararri bobbii bilisaa hanga 2014tti 130 irra ture, 60 banuun gara 190 guddisuuf ni hojjetama.

Tajaajila geejjibaa hawwataa fi mijataa taasisuuf, abbootii qabeenyaan gara industirii geejjibaatti fiduun waldaaleen akka ijaaraman gochuu fi oogummaan deeggaruun rakkoo fedhii fi dhiyeessii geejjibaa jiru hiikuuf ni hojjetama. Waldaalee geejjiba deddeebisa uummataa hanga 2014tti 11 irra ture waggaa sadan dhufanitti 14tti guddisuuf ni hojjetama.

**Nageenya tiraafikaa mirkaneessuu:** Balaa lubbuu namaan fi balaa qaama cimaa namarra gahaan ture walduraa duubaan bara 2014tti 1,384 fi 736 ture waggaa waggaan %5n hiri'isuun bara 2017tti gara 1,187 fi 631tti xiqqeessuuf ni hojjatama. Haaluma walfakkaatuun, balaa qaamaa salphaa bara 2014tti 474 irra ture waggaa waggaan %5n hiri'isuun gara 407tti akkasumas balaa tiiraafikaan qabeenyi manca'e tilmaamaan hanga 2014tti qar.mil.352.5 ture waggoottan sadan dhufanitti gara qar.mil.302tti xiqqeessuuf ni hojjatama.

Balaan gama hundaan dhaqabaa jiru xiyeessuuuf, gahumsa fi naamusa konkolaachistootaa mirkaneessuu, sirna sakata'iinsa teekinikaa fi hubannoo balaan tiraafikaa cimsuurratti xiyyeefatamee ni hojjatama.

**Uwwisa teeknooloiji dabaluu:** Uwwisa teekinoloojii ammayyaa balaan tiraafikaa xiqqeessuu irratti gahee qaban bara 2014tt %75 irra ture %100tti gudisuun akkasumas rakkooowwan daandii waliin wal qabatan hiikuun balaan tiraafikaa waggaan waggaan giddu galeessaan %5 hirrisuuf ni hojjetama.

**Galii Cimsuu:** Tajaajila ummataaf gahaa ta'e kennuu fi sassaabbii galii tajaajila geejjibaa irraa argamuu guddisuuf qisaasama xiqqeessuu akkasumas sassaabbii galii ammayyeessuuun galii guddisuuf ni hojjatama. Haaluma kanaan, hanga bara 2014tti galii qar.bil.2.3 ture dhuma 2017tti qar.bil.5.2tti guddisuun galii keessoo tajaajila geejjibaa irraa aragamu akka dabalu ni taasifama.

### **3.2.5 Misooma Daldalaa**

Guddina dinagdee madaalawaa ta'ee fi ittifufiinsa qabu mirkaneessuu keessatti sochiin daldalaa bakka ol'aanaa ni qabaata. Sirna daldalaa fi gabaa hammayyeessuuun galii mootummaa akka dabalu taasisuun galmoota gurguddoo KIB keessaa isa ijoodha. Keesumaa, sochii dinagdee taasifamaa jiru keessatti sirna gabaa tasgabbaa'a ta'e uumuun fayyadamummaa hawaasa mirkaneessuuun dhimma murteessaadha. Dhiyeessii oomishaalee qonna fi industirii baayyinaa fi qulqullinaan dabalu, carraa gabaa biyya keessaafi alaa amansiisaa taasisuu, walitti hidhamiinsa gabaa hojimaataan deeggaruu, daldala seeraan alaa ittisu, fi daldalaa seera qabbeessa ta'e jajjabeessuuun gahee seektarri daldalaa guddina biyyaa keessa qabu guddisuun hojii ijoodha. Haaluma kanaan, sirna daldalaa fi gabaa hammya'aa fi haqa qabeessaa ta'e diriirsuun fayyadamummaa ummataa dhugoomsuuf kan hojjatamu ta'e xiyyeefannoowwan karoora waggaan sadii haala armaan gaditti dhiyaatee jira.

**Galmeessaa fi kennaan heyyamaa daldalaa hammayyeessuu:** Hojii riifoormii fi hammayyummaa daldalaa cimsuun Oromiyaan hojii daldalaaf mijooftuu taasisuuf kan hojjatamu ta'ee biyya keenya, mijaa'insa hojii daldalaatiin sadarkaa addunyaatti 159ffaa irra gara biyyoota filatamoo 100tti fiduuf kallattii gama kanaan qabatamee jiru milkeessuuuf ni hojjatama Galmeessa daldalaa haaraa bara 2014tti 108,178 irra ture waggaan waggaan dabaluudhaan xumura bara 2017tti 219,321 guddisuuf kan hojjetamu yommuu ta'u kannen keessaas hirmaannaan dubartoota %25 ni ta'a. Akka waliigalaattis waggoota 3 keessatti daldaltoota haaraa 540,992 galmeessuuuf kan hojjetamu ta'a. Haaluma walfakkaatuun, eyyama daldalaa haaraa bara 2014tti 135,091 irra

ture bara 2017tti 271,065 irraan gahuuf kan hojjetamu yemmuu ta'u kana keessaas 25% dubartoota ta'u. Akka waliigalaattis, waggoota 3 keessatti eyyama daldala haaraa 668,627 kennuuf kan hojjetamu ta'a.

Heyyama hojii daldlaa haaressuu bara 2014tti 418,470 irra ture 896,875 tti akkasumas galmeessa wabiin qabiinsa dhaabilaa dhaldalaa bara 2014tti 3206 irra jiru xumura bara 2017tti 1500 irraan gahuuf ni hojjatama. Galmeessa liizii meeshaalee kaapitaalaa bara 2014tti 65 irra jiru waggaa xumura bara 2017tti 500 irraan gahuuf karoorfameera.

KIB waggaa sadii keessatti walumaagala buna diimaa toonii 1,253,553 fi Janfala toonii 1,186,000 yeroo isaa eeggatee bittaan akka gaggeeffamu kan hojjatamu ta'a. Bitaa oomisha bunaan kana milkeessuuf dhi'eessitoota, waldaalee, yuuiyenota, dhaabbilee dhuunfaa fi al-ergitootaaf liqiin yeroon akka mijatuuf qindoominaan hojjechu; bitaa fi gurguraan oomisha bunaan irratti deeggarsa ogummaa kennuu akkasumas daldalli seeraan alaarratti to'anno cimaan ni taasifama.

**Dhiyeessii oomisha bunaab gabaa giddugalaa:** Dhiyeessii oomisha bunaan gara gabaa giddugaleessa bara 2014 toonii 525,092 (miiccamaa toonii 136,422 fi gogaa 388,670) irra ture ol guddisuun xumura bara (2015-2017) itti buna miiccamaa toonii 268,578 fi buna gogaa toonii 597,330; walii gala toonii 854,908 dhiyeessuuf kar11oorfameera. Qonnaan bultoonni, waldaaleen/Yuuniyenoonni, fi al-ergitootiin filannoowwan gabaa jiran adda-addaatti akka faayyadaman taasisuu, warshaaleen bunaan miiccaa fi gogaa humna guutuun hojjechuun yeroon oomisha bunaan gabaaf akka dhiyeessan taasisuu, akkasumas al-ergitoonni oomisha bunaan dheedhiin erguu irra funca sona dabaluun gabaa addunyaa keessa akka galchan jajjabeessuurratti xiyyeffatamee kan hojjatamu ta'a. Gama biraatiin, qulqullina oomisha bunaaf gatiin madaalawaa akka kaffalmuu danda'u qindoominaan ni hojjatama.

**Dhiyeessii oomisha mi'eessituu:** Dhiyeessii oomisha mi'eessituu gara gabaa gidduu galeessatti godhamu ilaachisee mi'eessituu gosa adda addaa toonii 147,931 akka dhiyaatu ni taasifama. Milkaa'ina kanaafis, giddu-gala gabaa sadarkaa 1ffaa oomisha mi'eessituu fi dhi'eessitoota oomisha mi'eessituu adda baasuun qophii ga'aa ta'e akka taasisan deeggaruu, dhiyessitoota daldala oomisha mi'eessituu irratti bobba'anii jiraniif liqiin akka mijatuuf qindoominaan hojjechu, fi Godinaalee fi aanaalee oomisha mi'eessituun beekamoo ta'an adda baasuun walitti hidhamiinsa gabaa akka uummatan taasisuurratti xiyyeffatamee ni hojjatama.

**Gabatee 4.33:** Oomishalee midhaanii gabaa giddu galeessaaf dhiyaatu (2015-2017)

Lakk.	Agarsiiftuu Oomishaa	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Karoora			Manii bara 2017
				2015	2016	2017	
1	Saliixa	Toonii	36,690	14,502	14,553	14,598	80,343
2	Midhaan Dheedhii						
2.1	Boloqqe Adii	>>	186,119	30916	31024	31120	279,178
2.2	Boloqqee Diimaa	>>	165,271	76757	77026	77265	396,319
2.3	Boloqqee Gurraacha	>>	1,358	2668	4677	5029	13,732
2.4	Boloqqee Burree	>>	102,817	41510	41655	41784	227,766
2.5	Maashoo	>>	16,348	5704	6557	6858	35,467
2.6	Atoo Aannanii	>>	16,802	5762	5782	5800	34,146
3	Midhaan biilaa		0	1,000,000	1,050,000	1,102,500	3,152,500
3.1	Qamadii	>>	0	1,000,000	1,050,000	1,102,500	3,152,500

*Madda: BDO, KKMotiin qindaa'e, bara 2014*

Waggoottan sadan dhufan keessatti oomishalee midhaanii gabaa giddu galeessaaf dhiyaatan baayyinaa fi qulqullinaan akka dhiyaatan taasisuuf xiyyeffanna ol'aanaan ni hojjatama. Keesumaa, sirna gabaa oomishaalee kanaa fooyyessuuf, oomishini yeroo isaa eegee gabaaf akka dhiyaatu taasisuu, iddoolee gabaa oomishaalee babal'isuu fi mijessuu, daldala seeraan alaa to'achuu; Akkasumas oomishaalee sirni gabaa isaanii hin diriirree fi gabaa irratti barbaadamaniif walitti hidhaminsa gabaa uumuun hojii ijoo ta'a. Walumaa galatti, oomishalee midhaanii gabaa giddu galeessaaf dhiyaatan bara 2014tti toonii 525,405 ture ra tgaoonii baroottan sadan dhufanitti toonii 3,694,046 dhiyeessuuf ni hojjatama. tti guddisuuf ni hojjatama.

**Walitti hidhaminsa gabaa oomishaalee qonnaa:** Gama biraatiin, qala'insa gabaa tasgabeeessuuf walitti hidhamiinsa oomishaaleen qonnaa gabaa mijataa akka argataniif sirna walitti hidhamiinsa isaanii mijessuu fi hordofuurratti xiyyeffatamee ni hojjatama. Walitti hidhamiinsa oomisha qonnaa dallaalaa/faddaalaa seeraan alaa irraa bilisa ta'een qaamni lamaan gatii ofiin akka murteeffatanu mijessuu fi hojiirra oolmaa isaa hordofuu, dhiyeessii fi fedhii oomisha qonnaa wal-simaa deemuu isaa hordofuun rakkoo uumamanuuf kallattii furmaataa kaa'uu akkasumas walitti hidhamiinsa gabaa oomishaalee qonnaa magaalaa fi baadiyyaa gidduutti akka cimu taasisuun bara 2017tti Oomisha Kuduraa fi Muduraa Toonii 12,004,610 fi Oomisha Jimaa Toonii 1,236,986 ta'u irratti walitti hidhaminsa gabaa uumuuf karorfame jira.

Waggaa sadii KIB keessatti dhiyeessitoota bunaa lakkofsaan 10,470, oomishtoota baala shaayii 402 ida'ama 10,856 ta'an dhaabbilee al-ergitoota waliin walitti hidhamiinsa gabaa uummachuun gara gabaa biyya alaatti akka ergatan deeggarsa ogummaa ni taasifama.

**Gabaatee 4:34.** Walitti Hidhaaminsa oomishaalee Gabaa biyya keessaa (2015-2017)

Lakk	Agarsiiftuwwan oomishaalee	Safartu	Ka'uumsa bara 2014	Karoora (2015-2017)			Manii bara 2017
				2015	2016	2017	
	Kuduraa fi muduraa	Toonii	4,611,497	3,745,588	3,932,868	4,326,154	16,616,107
1	Kudura	>>	4,178,649	3,409,998	3,580,498	3,938,548	15,107,693
2	Mudura	>>	432,848	335,590	352,370	387,606	1,508,414
3	Jimaa	>>	322,095	385,955	405,253	445,778	1,559,081

BDO, KKMOTin qindaa'e, bara 2014

**Dhiyeessii kuduraa, muduraa fi jima (Al-ergee) guddisuu:** Abbootii qabeenyaad adda baasuun hubannoo uumuun hojii al-ergii Kudura, Mudura fi Jimaa kana keessa akka galan gorsa kennun kan hojjatamu ta'a. Bara 2017tti Oomishaalee al-ergii Kudura fi muduraa Toonii 518,642 ta'u gabaa giddu galleessatiif dhiyeessuuuf kan karoorfame fi Oomishaale al-ergii jimaara bara 2014tti toonii 238,411 irra ture bara 2015-2017 toonii 242,370 ta'u dhiyeessuuun dhuma bara 2017tt toonii 480,781irraan gahuuf ni hojjetama.

**Gabaatee 4:35. Dhiyeessii Oomishaalee Al-ergii (2015-2017)**

Lakk	Agarsiiftuwwan oomishaalee Al-ergii	Safartu	Ka'uumsa bara 2014	Karoora			Manii bara 2017
				2015	2016	2017	
1	Kudura	Toonii	197,416	130,708	143,778	161,206	633,108
2	Mudura	>>	12,640	24,885	27,373	30,691	95,589
3	Oomisha Jimaa	>>	238,411	74,082	79,336	88,952	480,781

BDO, KKMOTin qindaa'e, bara 2014

**Dhiyeessii al-ergii beeyladaa fi bu'aa beeyladaa:** Dhiyeessii al-ergii beeyladaa dhaabbi gabaa biyya alaa hanga bara 2014tti 455,534 irra ture xumura bara 2017tti waliigalaan waggoota sadii keessatti beeyladoota 1,842,279 gara biyya alaatti erguuf karoorfameera. Bu'aa beeyladaa keessaa foon gara biyya alaatti erguu ilaachisee raawwii hanga bara 2014tti toonii 42,564 irra ture, waggoottan sadan dhufan keessatti waliigalaan toonii 85,497 biyya alaatti erguuf karoorfameera.

**Daldala seeraan alaa xiqqeessuu:** Waggoota laman dabran daldalli seeraan alaa daballii argamsiisee jira. Hojii gama kanaan hojjatamaa jiruun daldalootni 179,246 %66 ta'an gara seeraatti deebisuun danda'amee jira. Daldala seeraan alaa dhuma bara 2014tti 93,055 (%34) ta'ani argamanni gara seeratti kan hin deebinee waan ta'ef hojii xiyyeffannoo barbaduu ta'u isa ilaaluun ni danda'ame jira. Sakkatta'iinsa taasifameen kan heyyama malee daldaluu %33, dameen Aala Daldaluu %8, Walitti makanii daldaluu %9, heyyama haareessuu dhabuu %5, gatii maxxaansuu dhabu %12, heyyama maxxansuu dhabuu %10, meeshalee yeroon itti darbeen daldaluu %2, Heyyama

iddoo baafatanin ala hojjechuu %3, gatii seeraan aala dabalani gurguruu %18, fi Safartuu madalli rakkoo qabuun daldaluu %1 kan mula'atan waan ta'eef hojii xiyyeffannoo addaa barbaaduudha. Kanaafuu, waggoottan sadan dhufan keessatti to'annoo fi hordoffiin daldalaa seeraan alaa gara %9.3tti xiqqeessuuf kan qabame fi hojii kana galman gahuuf qaama adda addaattin taasifamuu barbachiisa ta'uun hubatamuu qaba.

**Waldaalee aksiyonaa fi manneen maree daldalaa fi waldaalee cimsuu:** Mana maree daldalaa fi waldaalee seektaraa waldaan gurmeessuu irratti hojii hojjatamuun raawwii hanga bara 2014tti 80 ture xumura bara 2017tti waldaalee 130 tti guddisuuf ni hojjatama. Baay'ina miseensa mana maree daldalaa fi waldaalee seekteraa bara 2014tti 230,021 ture bara 2017tti 477,372 akkasumas waldaa aksiyonaa 105 ijaaruuf karoorfameera. Kennaa heyyama Agarsiisa Daldalaa fi Baazaarii ilaachisee waggoottan sadan itti aananitti heyyama 225 kennuuf ni hojjatama.

**Tajaajila misooma daldalaa babal'isuu:** Sochii daldalaa bu'a qabeessaa akka ta'uu fi fayyadamummaa hawaasaa guddisuuf leenjiin tajaajila misooma daldalaa (TMD) bakka ol'aanaa ni qabaata. Kanaafuu, waggoota sadan dhufan keessatti daldaltoota 97,290 ta'aniif leenjii TMD kennuuf karoorfamee jira.

**Gorsa mala daldalaa babal'isuu:** Gorsa mala daldalaa (GMD) hojii sirna daldalaa keessatti daldalaan akkaataa rakkolee isa qunnamu mo'achuun bu'aa qabeessaa fi dorgomaa tahan gahee guddaa ni qabaata. Bu'uruma kanaan, KIB wagga sadii kana keessatti (2015-2017) daldaltoota haaraa hojii daldalaa keessa seenu jedhamuun yaadaman, 537,253 tahaniif gorsi ni kennama.

### **3.2.6 Misooma induustirii konistiraakshinii**

Industiriin konistiraakshinii dinagdee biyya tokkoof gahee ol'aanaa qaba. Dameen kun dinagdee biyyaa dadamaqsuun investimentiin akka guddatu, carraan hojii akka babal'atuu fi guddinni dinagdee akka dabalu ni taasisaadha. Keessumaa, biyyoota guddachaa jiran keessatti industiriin konistiraakshinii iddo guddaa waan qabuuf gahuumsa akka qabaatu taasisuun barbaachisaadha. Kanaafuu, damee kana keessatti sirna reegulaatorii cimaa hojiirra oolchuun qisaasama xiqqeessunii fi qulqullina ijaarsaa eegisisuun gahee misooma biyyaa keessatti qabu guddisuu barbaachisa.

Sadarkaa guddina industiriin konistraakshinii biyya keenya gama qophii dizaayiniin, qulqullina ijaarsaan, ammayyummaan, dorgomummaan akkasumas sadarkaa teknolojii ijaarsaa biyyoota guddatanii irra gahan waliin yommuu ilaalamu ammallee hojii guddaan kan hafuu ta'eet argama.

Kaanaafuu, industirii konistiraakishiinii ceesiuun mul'ataa imala badhaadhinaa milkeessuuf kan hojjatamu ta'uu qaba.

Waggoottan sadan dhufan, galmoota gurguddoo KIB milkeessuuf bu'a qabeessummaa fi gahumsa misooma konistraakishinii mirkaneessuun, sirna reegulaatorii cimaa hojii irra oolchun akkasumas dorgomaa ta'uun gahee dameen kun misooma naannoo keessatti qabu ol'guddisuuf kan hojjatamu ta'a. Keesumaa, pirojektoota ijaarsaa qulqullina, yeroo fi baajata qabameen xumursiisuu; dandeettii fi gahuumsi qooda fudhatootaa guddisuuf fi sirna reegulaatorii diriirsuun hojiirra oolchurratti xiyyeffatamee kan hojjatamu ta'a.

**Qulqulina hojii industirii konistiraakshinii:** Bu'a qabeessummaa hojiwwan misoomaa konistiraakishinii guddisuuf akkasumas, qisaasamaa fi kiraasassaabдуммаа irraa bilisa gochuuf, humnaa fi gahuumsa bulchiinsa pirojektoota mootummaa cimsuun barbaachisaa dha. Akka naannoo keenyaatti qisaasamaa fi qulqullina hojii ijaarsaa, waliin walqabatee ka'u furuuf kan hojjetamu ta'a. Hanqina gama humna raawwachiisummaatiin mul'atu qorachuun furmaatni ni kennama akkasumas pirojektonni yeroo karoorfaman keessatti xumuramuu akka danda'an qindoominaan ni hojjetama

**Qo'anno fi qorannoo:** Waggoottan sadan itti aananitti haala qabatamaa Industurii konistiraakshinii naannoo keenyaa adda baafachuun qo'anno fi qorannoo hanga bara 2014tti sadeetti gaggeeffamee ture gara 20tti guddisuuf ni hojjatama. Dizaayinoota gorsitootaan yookiin qaama biraatiin hojjataman mirkaneessuuf kan hojjetamuu fi to'anno hojiwwan ijaarsas haala itti fufiinsa qabuun gaggeessuuf ni hojjatama.

Haaluma walfakkaatuun, waldiddaa qooda fudhatoota ijaarsa keessatti uumamuuf sababa isaa qorannoon adda baasuuf kan irratti hojjatamu yommuu ta'u, muuxannoowwan gaggaarii walitti bu'iinsa/wal-diddaan pirojektoota ijaarsaa ittiin hiikamu danda'an akka naanoo fi biyyaatti jiru fayyadamuun hiikuuf kan hojjetamu ta'a.

**Diizaayinii ijaarsa:** Waggoottan dabran pirojektoota ijaarsaa irratti rakkoon qulqullinaa jiraachuu irraan kan ka'e pirojektonni yeroo barbaadamuu fi baajata qabameen xumuruu irratti hudhaa ta'ee kan ture dhimmoota diizaayiniin walqabatuudha. Kanaafuu, teeknoloojiitti fayyadamuun sanadootni dhiyaatan ulaagaawan babaachisan hunda guutanii dhiyaachuu isaanii mirkaneessuuf ni hojjatama. Akkasumas, hanqinaa fi rakkolee sanadoota keessatti mul'atan qooda fudhatoota wajjin mari'achuu fi sirreffama barbaachisaa taasisuun, rakkoo qulqullinaa fi walsimuun dhabuu dizaayinii hiikuuf ni hojjatama.

Dizaayiniin pirojektota ijaarsa dhuunfaa yookiin investimentii gaggeeffaman sadarkaafi koodii eeguu isaanii xiinxaluun mirkaneessuudhaan hayyama hojii ijaarsaa kan kennamu yommuu ta'u, hanga 2014tti hayyama ijaarsaa 46,792 kennamee ture, waggoottan sadeen dhufanitti hayyama 144,072 kennuuf karoorfamee jira.

**Reegulaatorii Industirii Konistiraakshinii Cimsuu:** Ijaarsaalee hayyama argatan irratti to'annoo gaggeeffamaa tureen hanga 2014tti gamoowwan dhuunfaa 42,280 kan to'ataman yommuu ta'u, waggoottan sadan dhufanitti gamoowwan dhuunfaa 129,972 ta'an irratti to'annoo gaggeessuuf karoorfamee jira.

Gama biraatiin imaammata, tarsiimoofi seerotni dizaayiniifi ijaarsa gamoowwanii, bishaanii, jallisii, daandiifi ijaarsawwan adda bahan hojiirra akka oolaaniif qaama dhimmi ilaalu waliin hojjechuuf akkasumas magaalota keessatti bu'uuraalee misoomaa adda addaa dizaayinii fi sadarkaa ijaarsaa eeggatanii ijaaramuu isaanii hordofuun tarkaanfii sirreffamaa ni fudhatama.

**Hariiroo hojii kontiraaktarootaa, gorsitootaa, dhiyeessitootaa fi ogeeyyii cimsuu:** Hojii konistiraakishinii bu'aa qabeessa taasisuu keessatti kontiraaktaroonni, gorsitoonni, dhiyeessitootni fi ogeessotni gahee ol'aanaa qabu. Kanaafuu, raawwii hojii pirojektootaa milkeessuu keessatti qaamoleen kun qindoominaa qabaachuun haala iftoomina, gaafatamummaa fi haqummaa qabuun akka socho'an taasisuun barbaachisaadha. Gama kanaan, haala tarsiima'aa ta'een hojii isaanii madaalaa deemuun hariiroo hojii isaan gidduu jiru cimsuuf deeggarsa barbaachisaa ta'e kennuurratti kan hojjetamuudha.

### **3.2.7 Misooma Albuudaa**

Naanno Oromiyaa qabeenya albuudaatiin badhaatu yoo taatu, akka biyyaatti naannoolee albuudni gosa adda addaa keessatti babal'atan keessaa sadarkaa duraa irratti argamatti. Bu'aawwaan qorannoo hanga ammaatti taasifameen gosoota albuudaleen 48 oli facaatii adda addaatiin godinaalee 21n keessatti akka argaman ragaan ni agarsiisa. Misoomni albuudaa maallaqaa fi teeknoloojii guddaa kan barbaadu,qorannoo fi qo'annoo isaa irraa eegalee akkasumas qorannoo baasumma (feasibility study) hanga oomishaatti yeroo dheeraa kan gaafatuudha.

Hanqinaalee gama itti fayyadamaa fi misooma albuudaatiin mul'atan furuun kuufama qabeenya albuudaa haalaan misoomsuun fedhii meeshaa dheedhii biyya keessaa guutuufi ,bu'aalee oomisha albuudaa gara biyya alaatti erguun sharafa fa biyya alaa argamsiisuuf, induustirii

albuudaa dorgomaa ta'e uumuu fi carraa hojii uumuun ittifayyadama albuudaa ittifufiinsaa fi haqa qabeessa ta'e mirkaneessuuf hojjetamu qaba.

**Adda baafannaa fi qorannoo qabeenya albuudaa:** Wagga lamaan darban,qorannoo adda baafannaa qabeenya albuudaa lafa km<sup>2</sup> 1500 irratti gaggeessuuf karoorfamee lafa km<sup>2</sup> 1608 ta'u irratti gaggeessuun kan danda'amee yoo ta'u, muxaannoo gaarii wagga lamaan darban cimsuudhaan pirojektiitiin haaraa adda bafannaa qabeenya albuudaa fi qorannoo albuudaa lafa km<sup>2</sup> 3,750 ta'u irratti gaggeessuunii fi ragaa sirnaan gurmeessuuf karoorfameera.

Gama qorannoo qabeenya albuudaan, albuuda Sookoo godina Iluu Abbaa Booraa aanaa Daarimu keessatti jiraachuuun isaa kan beekamee yoo ta'uu albuuda dhagaa Cileen Godina Jimaa aanaa Qarsaa keessatti gaaggeessuun dhagaan cilee akka jiru adda bahee jira, qorannoo ji'olojii gad-fageenyaan albuudaa industirii godina Baalee Bahaa aanaa sarara keessaatti fi qorannoo ji'olojii gad fageenyaan albuudaa Sibiilaa irratti Godina Jimmaa Aanaa Omoo Beyyam fi Godina Boranaa Aanaa Mooyyaalee keessaatti ni gaggeeffama.

Haaluma walfakkaatuun, Pirojektiin Siistama "Geo-data base" hojiirra oolchuuf kan hojjatamu ta'ee 'Roadmap' seektara Albuudaa kallattii agarsiiftuu misooma albuudaa waggoottan kurnaan dhufan itti hogganamuu bara darbe %40 irraa ture %60 hafe xumuruuf karoorfameera.

**Gabatee 4.36: Adda baafannaa fi qorannoo qabeenya albuudaa (2015-2017)**

Lakk	Agarsiiftuuwwan Adda Baafannaa	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Karoora			Manii 2015-2017
				2015	2016	2017	
1	Qabeenya albuudaa	Km <sup>2</sup>	1608	1,000	1,250	1,500	3,750
2	Qorannoo albuuda industirii	%	0	60	40	0	100
3	Qorannoo albuuda sibiilaa	%	0	40	60	0	100

*Madda: ATMA, KKMO qindaa 'e,bara 2014*

Muxannoo raawwii hojii keessatti wagga laman darban turan cimsuu fi hanqina jiru furuun raawwii bara 2013-2014tti oomisha albuuda ijaarsaa m<sup>3</sup> (mil) 36.42 irra ture gara m<sup>3</sup> mil. 91.13tti, oomisha albuuda industirii toonii (mil) 11.84 irra ture gara toonii mil. 22.639 tti, oomisha albuuda sookoo kg (kuma) 8.95 irra ture gara kg kuma 18.255 (karaa aadaan kg 8345 fi karaa warshaaleen kg 9910)tti, oomisha albuuda sibilaa toonii (kuma) 133.73 irra ture gara toonii kuma 300.84 tti, oomisha albuuda dhagaa miidhagiinaa kg (kuma) 56.45 irra ture kg (kuma) 66.86 oomishuuf bara karoora hojii wagga sadan dhufan keessatti karoorfamee jira. Gama biraan, albuudaalee galtee industirii ta'an keessaa albuuda Cilee/dhakaa kasalaa biyya alaatii galaa ture hambisuuf hayyamoota akka naannoo keenyatti kennaman irraa toonii 3,725,741

oomishuuf kan karoorfame yoo ta'u, baasii biyya alaatiif oomisha galchuuf bahaa ture doolaara Ameerkaa 540,977,593 ta'u hambisuu akka danda'uu tti hojjechuuf karoorfameera.

#### **Gabatee 4.37: Misoomaa fi oomisha albuudaa (2015-2017)**

Lakk.	Agarsiiftuuwan oomishaalee	Safartuu	Ka'umsa bara (2013-2014)	Karoora			Manii (2015-2017)
				2015	2016	2017	
1	Albuuda ijaarsaa	M <sup>3</sup> (mil.)	36.42	25.76	30.14	35.23	91.13
2	Albuuda industirii	Ton (mil.)	11.843134	6.16	7.94	8.55	22.64
3	Albuuda sookoo	Kg	8,953	5,685	6,085	6,485	18,255
4	Albuuda sibilaa	Ton (kuma)	133.73	80.85	99.995	119.994	300.84
5	Albuuda dhagaa miidhagiinaa	Kg	56,446	16,756	21,783	28,318	66,857
6	Albuuda cilee/coal (industirii)	Ton (mil)	0	1.148	1.212	1.365	3.726
7	Al-galchee xiqqeessuu	USD (mil)	0	166.69	176.03	198.26	540.98

*Madda: ATMA, KKMO qindaa'e, bara 2014*

Akka waliigalaatti raawwii karoora wagga lamaa irraa dhibbeentaan yoo xiinxalamu giddu galeessan waggaatti oomisha albuuda ijaarsaa %35.76, oomisha albuuda industrii %24.10, oomisha albuuda sookoo %26.80, oomisha albuuda sibilaa %31.03, oomisha albuuda dhagaa midhaginiia %5.80 guddisuuf karoorfameera.

Raawwiin oomisha misoomaa albuudaa kan wagga lamaa yoo xiinxalamu guutumaan guututti ta'u baatus dhiibbaa adda addaa dandamachuun hanga dandaa'ame Karoora Imla Badhadhina bu'uura godhachuun sochii keessa galuun kan nama jajjabeessu ta'e hojii guguddoon akka hojjetamu karoorfame keessa raawwii karoora wagga shanii irraa albuuda dhagaa miidhagiinaa %41.07, sookoo %39.67 fi albuudni industirii %30.10 raawwachuu wal duraa duubaan raawwii fooyee qabaachuun sadarkaa gaarii irra akka jiran hubachuun danda'ameera.

Haa ta'u malee, raawwiin wagga lamaa karoora %50 gadi yoo ta'u, karoora wagga sadan keessatti karoora osoo hin raawwatamiin hafe dabaluun milka'iina hojii kanaaf xiyyeffannoo cimaa kennun toofatalee raawwii qorannoo gatii gabaa albuudaa gaggeessuun gosa albuudaatiin gatii ka'umsaa murteessuun hordofuu, waldalee fi qaama oomisha albuuda irratti karaa seera qabeessan albuuda sookoo fi midhaginiia irratti hojjatan karaa addaatiin deggaruun galmaan gahiinsa karoora kanaatiif tumsa guddaan ni tasifama.

**Lafa albuudni keessaa bahe deebisanii misoomsuu:** Hojii kunuunsa fi eegumsa naannoo tiin walqabatee bakka albuudni irraa oomishame deebisanii misoomsuuf bara karoora lamaan

darban keessatti lafa albuudni irraa ka'ee hekt.852 misoomsuuf karoorfame keessaa lafa hekt.524.53 misoomsuun kan danda'ame yoo ta'u bara karoora hojii sadan dhufan keessatti lafa sababa oomisha albuudatiin miidhame hekt.1,277 deebi'ee tajaajila biraatiif akka ooluu danda'uuf misoomsuuf karoorfameera.

**Galiwwan misooma albuudaa guddisuu:** Galii fi kenna hayyama hojiwwan albuudaa irraa bara 2013-2014 tti akka waliigalaatti al-ergee oomisha albuudaa sookoo irraa galii doolaara mil. 589.62, albuudaa midhagiina irraa doolaara mil.0.29 fi albuudaa industirii irraa doolara mil.5.56 argachuun waliigala wagga lamaan darban keessatti al-ergee oomisha albuudaa irraa doolaara Mil.595.47 argachuun kan danda'amee yoo ta'u, bara hojii sadan itti aanaan keessaatti galii biyya keessaa misooma albuudaa irraa qar.bil.1.33 argachuuf karoorfameera. Akkasumas, galii sharafa biyya alaa irraa dolaara bil.1.3 ta'u aragchuuf kan karoorfame yoo ta'u, galiin kunis albuuda sookoo karaa aadaa fi warshaatiin oomishamee dhiyaate irraa USD bil.1.186575 fi albuudaa kabajamoo fi midhagini irraa USD mil.91 ta'u ni argama.

#### **Gabatee 4.38: Galii misooma albuudaa (2015-2017)**

Lak	Galii	Safartuu	Ka'umsaa bara 2014	Karoora			Manii (2015-2017)
				2015	2016	2017	
1	Galii biyya keessaa	Qar (mil.)	423.32	400.00	444.00	492.84	1336.84
1.1	Heyyama haaraa	"	13.81	4.01	28.43	32.32	64.75
1.2	Heyyama haroomuu	"	7.36	1.62	21.34	27.91	50.87
1.3	Kiiraa lafa albuudaa	"	25.18	16.00	34.53	38.71	89.24
1.4	Royaaliitii	"	311.98	374.37	344.09	374.91	1093.37
1.5	Kaffaltii adda addaa	"	64.99	4.00	15.62	18.99	38.60
2	Sharafa biyya alaa	USD (mil.)	595.47	394.03	426.78	456.76	1277.57
2.1	Sookoo irraa	"	589.62	369.53	395.53	421.53	1186.58
2.2	Kab.fi midhagini	"	5.85	24.50	31.25	35.24	90.99

*Madda: ATMA, KKMO qindaa'e,bara 2014*

Bu'uuruma kanaan, galii biyya keessa oomishaa fi tajaajila albuudaa irraa bara 2013-2014 tti qarshii mil. 550 argachuuf karoorfame qarshii mil 423.32 (%76.98) argachuun kan danda'ame yoo ta'u, dhuma bara 2017 tti karoora wagga sadan dhufan keessatti galii biyya keessaa qarshii mil 1336.84 argachuuf karoorfameera. Akka waliigalaatti galii al-ergee fi tajaajila hojii albuudaa biyya keessa irraa raawwii karoora wagga lamaa irraa giddu galeessan waggaatti %46.71n guddisuun galma kan bira gahuuf yaadameera.

Haa ta'u malee, galma karoora qabame kana bira gahuuf rakkoo fi hudhaalee heeddu mudachuu kan danda'an yoo ta'u, tooftaalee raawwii, akka maddoota galii adda bahan irratti hojjachu,

walitti hidhamiinsa gabaa oomishtootaa albuudaaf uumuu, alseerummaa albuudaa hir'isuu fi qooda fudhatoota waliin qindoomina cimaan hojjechuun manii qabame milkeessuuf yaadameera

**Carraa hojii:** Waggaan lamaan darban keessatti namoota 272,802f hojii uumuuf karoorfamee namoota 216,572 (%79.4) ta'aniif carraa hojii uumuun danda'ameera. Hanga bara 2017tti carraa hojii gama misooma albuudan dhaabbiidhaan namoota 321,410 fi yeroon namoota 197,970 waliigala carraa hojii namoota 519,380 (Dhalaa, %49.2) ta'aniif akka umamuu ni abdatama.

### **3.2.8 Misooma Aadaa fi Tuurizimii**

#### **3.2.8.1 Misooma Aadaa**

Misoomni aadaa misoomaa fi guddina biyyaa ariifachiisuu keessatti gahee guddaa qaba. Uummatni keenya aadaa boonsaa, seenaa, duudhaa, hambaa fi sirna ittiin bulmaataa ammayyaa addunyaaf kan gumaache yommuu ta'u, qabeenya kana haala barbaadameen kunuunsu fi misoomsuun faayidaa gama kanaan eegamu dhugoomsurratti baayyee hin hojjatamne.

Milkaa'inoota gama kanaan eegaman keessaa inni ijoon, qorannoo Afaan, Seenaa, Artii, Aadaafi Hambaa Oromoo karaa saayinsaawaa ta'eefi bilchina qabuun geggeessuun ummata fayyadamaa gochuun ummatni aadaa isaatti boonee sammuu bilisa ta'een misoomaafi ijaarsa sirna dimokraasii naannoofi biyyalessaa keessaatti dammaqinaan akka hirmaatu taasisuudha. Akkasumas, industirii Aadaafi Artii misoomsuun guddina siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee Naannoofi biyya keenya keessatti gahee isaa akka bahatu gochuudha.

**Qorannoo Afaan, Seenaa, Aadaafi Artii Oromoo:** Qorannoo hanga bara 2014'tti Afaan irratti 7, seenaa irratti 3, aadaa irratti 3 fi artii irratti 4 gaggeeffamee ture bara 2017tti walduraa duubaan 59, 27,13 fi 14tti guddisuuf kan karoorfame yoo ta'u qorannoowwan gaggeeffamanii maxxanfaman hanga bara 2014tti 8 ture hanga bara 2017tti 20tti ol guddisuuf ni hojjatama.

**Misooma Afaanii, Seenaa, Hambaaleefi Sona Aadaa:** Afaan, Seenaa, Hambaaleefi Sona Aadaa misoomsuudhaan Afaan Oromoo saayinsiifi teknolojii keessatti akka babal'atu, akkasumas qabeenya aadaa ummatichaa beeksisuufi dhalootatti akka darbu gochuurrtatti xiyyeefatamee ni hojjatama. Keesumaa, iddoowwan seena qabeessa ta'an adda baasuu, beeksisuufi Godambaalee hundeessuu, hambaaleen keessatti sirnaan akka gurmaa'an gochuu, kunuunsuun faayidaaa adda addaaf akka oolan gochuuf ni hojjatama. Bu'uruma kanaan, misooma Afaan Oromoo bara 2014tti 8 ture bara 2017tti 13tti; misooma sona aadaa bara 2014tti 8 ture 12tti; misooma Seenaa 2 ture 7tti; misooma hambaaleefi Ardaalee jilaa 1,552 ture 3,764tti guddisuuf ni hojjatama.

**Misooma Industirii Aadaafi Artii:** Bara 2017tti baay'ina dhaabbilee industirii Aadaafi Artii hanga bara 2014tti 2,580 ture 2,763tti; dhaabbilee aadaafi artii hayyama MGO haaraa argatan 2580 ture 3750tti; walitti hidhaminsi gabaa uumameef ammoo 1796 irraa 2913tti akkasumas hojiiwwan bu'aa artii ummataa bira gahe 272ture 1892tti; ol guddisuuf ni hojjatama.

### **3.2.8.2 Misooma Tuurizimii**

Tuurizimiin, humna dinagdee dadammaqsuu, carraa hojii uumuu fi sharafa alaa argamsiisuu danda'uu waan ta'eef guddina dinagdeetiif murteessaadha. Gama birootiin walitti dhufeenya ummatootaa guddisuudhaan walqunnamtii nagaa qabeessa ta'e cimsuu akkasumas walitti hidhaminsa hawaasummaa guddisuuf irra darbee babal'ina bu'uraalee misoomaatiifis sababa ta'a.

Naannoon Oromiyaa qabeenya guddaa qabaattus tajaajila gurguramu karaa gahaa ta'een qopheessuuun gabaadhaaf dhiyeessuu dhabuu irraa kan ka'e hanga yoonaatti osoo itti hin fayyadamiin tureera. Yaa'insa tuuristii biyya keessaa fi biyya alaa guddisuudhaan galii misooma damee tuurizimii irraa argamu akka guddatuu fi carraan hojii dargaggootaaf akka uumamu hojjatamuu qaba.

Bu'uuruma kanaan, waggoottan sadan dhufan iddoowwan gahumsa tuuristii gurguddoo ta'an qorachuuu fi misoomsuudhaan carraa hojii hawaasaaf uumuufi iddo daawwanna filatamaa taasisuu akkasumas misooma gabaafi piromoshiinii tuurizimii cimsuun yaa'insa tuuristiifi galii naannoo dabaluuf kan hojjatamu ta'a.

**Qorannoofi misooma qabeenya tuurizimii:** Hanga bara 2017tti qorannoowwan misooma turizimii hanga bara 2014tti 46 gaggeeffamee ture gara 180tti, bakkeewwan hawwattoota tuuristii daangeffamaniifi eegaman 6 ture 10tti, hawwattoota bu'uuraalee misoomaa guuttatan 13 ture 24tti; hawwattoota gara iddo gahumsa tuuristiitti guddatan 27 ture 35tti guddisuuf ni hojjatama. Akkasumas, carraa investimenti tuurizimii 18 adda baasuuf fi pirofaayili Oomisha tuurizimii qopheessuu 1 ture irra 4tti; oomishaafi tajaajila tuuristii iddo gahumsaatti babal'ate 15 irraa gara 133tti ni guddata. Iddoowwan Ikkoo-tuurizimii adda baasuuf fi babal'isuu irratti hojii hojjatamaa jiru cimsuun raawwii hanga bara 2014tti 2 ture gara 7tti guddisuuf fi tarsiimoo egumsaafi nageenya tuuristii 10 qopheessuuf karoorfameera.

**Misooma dhaabbilee tajaajila tuuristii:** Waggoottan sadan itti aanan keessatti baay'ina dhaabillee tajaajila tuuristii bara 2014tti 17,554 ture gara 21,843tti; baayina dhaabbilee tajaajila tuurizimii hayyama mirkanneessa haaraa argatan 1,688 ture 3,309tti; akkasumas dhaabbilee tajaajila tuurizimii sadarkaa urjii argatan 79 irraa 105tti guddisuuf ni hojjatama.

**Misooma gabaafi piromoshinii tuurizimii:** Qabeenya tuurizimii naannicha keessatti argamu maloota beeksisa adda addaa fayyadamuun mul'ata seekterichaa galmaan ga'uuf hojiwwan piromoshinii miidiyya elektrooniksiifi maxxansa barreeffamaa, hojiilee gabaafi piromoshinii, xiinxala gabaa kallattii misooma gabaa tuurizimii agarsiisu geggeessuu, egzibishinii humna tuurizimii mul'isuufi carraa investimentiifi daawwanna harkisu gaggeessuun ni hojjatama. Akkasumas, xiinxala misooma gabaa tuurizimii, imala iddo hawwataa barsiisuu gaggeessuu fi wiirtuu odeeaffannoo turistii hundeessuun waggoottan sadan itti aananitti yaa'insa turistii biyya keessaa hanga bara 2014tti 10,105,221 ture gara 14,049,231tti akkasumas yaa'insa turistii biyya alaa 249,186 ture gara 1,440,543tti guddisuuf ni hojjatama.

**Galii Misooma Tuurizimii guddisuu:** Galii yaa'insa turistii biyya keessaa irraa argame hanga bara 2014tti qar.bil. 5.05 ture gara qar.bil.15.05tti akkasumas galii yaa'insa turistii biyya alaa irraa argame hanga bara 2014tti qar.mil.234,727,000 ture gara qar.bil.6.97tti guddisuuf ni hojjatama. Bifuma wal fakkaatuun carraa hojji hojiilee misooma qabeenya damee turiizimiitiin dhaabbiifi yeroon uumame hanga bara 2014tti 414,787 ture 441,806tti guddisuuf ni hojjatama.

### **3.2.9 Bu'uraalee Misoomaa**

Misooma hawaas-dinagdee saffisiisuu fi invastimentii jajjabeessuuf xiyyeffannaan bu'uraalee misoomaaf kennamu murteessaadha. Baroottan darban xiyyeffanna mootummaan taasisaa tureen bu'uraaleen misoomaa dinagdee fi hawasummaa bal'an hojjetamanii jiru. Gama kanaan, baasi guddaa mootummaan bu'uraalee misoomaa tiif baase, yoo ilaalamu toora tokkoffaarratti kan argamuu fi dorgomaa kan hin qabneedha jechuun ni danda'ama.

Karoora Imala Badhaadhina kana keessatti, xiyyeffannaan bu'uraalee misoomaaf kennamuu haala guddina misooma-hawaas dinagdee keenya safisiisuuni fi fayidaa dinagdummaa gama kanaan argamu cimsuu dandeessisuun ni ta'a. Akka Naannoo keenyaatti, babal'ina bu'uraalee misoomaa sadarkaa fi istandardii barbaadamutti fiduuf, investimeentii guddaa kan barbaadu ta'uun beekamuu qaba. Invastimantii bu'uraalee misoomaa keenyaa haqa qabeessaa taasisuu fi walgiitinsa isaa mirkaneessuuf kallattii ifa ta'een socho'uuf xiyyeffannaan kennamee jira.

#### **3.2.9.1 Misoma Bishaanii**

Galmi misooma bishaan dhugaatii, uwvisa bishaan dhugaatii naannoo keenyaa dabaluun bishaan qulqulluu lammii hundaaf waliin gahuun lammii fayyummaan isaa eeggamee, oomishtummaa isaa guddisuun guddina dinagdee naannoo keenyaa fi biyyaa keessatti gahee irraa eegamu akka bahu taasiisuu dha. Haaluma kanaan, bishaan dhugaatii qulqulluu, ga'aa fi itti fufiinsa qabu

dhiyyeessuun ummata naannoo keenyaa fayyadama taasisuu, sirna bulchiinsa qabeenya bishaanii ammayyeessuudhan faalama maddeen bishaanii xiqqeessuu fi teknolojii inarjii haarofamaa babal'isuun jiruu fi jirenya hawaasaa fooyyeessuun xiyyeffannaa karoora waggaa sadii ta'a.

Iskiimoota bishaanii yeroo dheeraaf tajaajila akka kennan kunuunsuu fi kanneen tajaajila kennaa hin jirre suphuun gara tajaajila kennutti deebisuun, akkasumas ijaarsa piroktoota bishaanii garaagaraa gaggeessuun, bulchiinsa/hooggansa bishaanii fi saaniteeshinii bishaanii itti fufiinsaa fi dhaqabamummaa qabu nama hundaaf mirkaneessuudha. Akka waliigaltti, ijaarsaa fi bulchiinsa iskiimotaa keessatti hirmaaanna qooda fudhattootaa dabaluu fi fayyadamumma uummataa dabaluuf karoorfamee kan hojjetamu ta'a.

**Uwwisa bishaan dhugaatii qulqulluu:** Uwwisa bishaan dhugaatii qulqulluu haala istandardii taa'een, baadiyyaatti nama tokkoof guyyaatti litira 25 buufata bishaanii irraa fageenya Km 1 keessatti, akkasumas sadarkaa magaalotaa tiin nama tokkoof guyyaatti litira 100, 80,60,40 fi 30 (duraa duubaan magaalota sadarkaa 1ffaa hanga 5ffaa) buufata bishaanii irraa fageenya km. 0.25 irratti akka argatan hojjechuun waliin gahiinsa bishaan dhugaatii akka naannootti dhuma bara 2014tti %80.23 (Baadiyyaa %82.03 fi Magaalaa %78.43) irraa gahe ture bara baajata 2017tti %87.34 (Baadiyyaa %87.95 fi Magaalaa %84.06)tti ol-guddisuuf karoorfameera.

#### Gabatee 4.39: Uwwisa bishaan dhugaatii (2015-2017)

Lakk.	Agarsiftuuwan Uwwisa bishaanii	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Manii			Reetii Guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Uwwisa Bishaan dhugaatii	%	80.23	83.12	85.50	87.34	2.87
2	Uwwisa bishaan dhugaatii baadiyyaa	%	82.03	83.73	85.92	87.95	2.34
3	Uwwisa bishaan dhugaatii magaalaa	%	78.43	79.85	83.2	84.06	2.33

*Madda: BBIO,KKM Otiin qindaa'e, bara 204*

Tajaajila bishaan dhugaatii qulqulluu fi gahaa ta'e dhiyyeessuuf ijaarsa piroojeektootaa bishaan dhugaatii haaraa gama mootummaan, hirmaannaa hawaasaa fi qooda fudhattootaa ni raawwatamu. Kana malees, iskiimota bishaan dhugaatii baadiyyaa fi magaalaa kanneen tajaajila kennaa jiran suphuudhaan fi kanneen tajaajila hin kenniin haroomsuunii fi bakka busuudhaan uwvisa bishaan dhugaatii naannoo keenyaa guddisuuf kan hojjetamu ta'a.

Baroota KIB waggaa lamaan darban keessatti ijaarsaa fi hojji suphaa, haroormsaa fi bakka buusa iskiimota bishaan dhugaatii qulqulluu hojjetameen dhuma bara 2014tti uummanni baadiyyaa mil. 28.60 fi magaalaa mil. 5.12 waliigala uummataa naannoo keenyaa mil. 33.72 ta'u bishaan

dhugaatii qulqulluu kan argate yommuu ta'u, bara hojii sadan itti aanu keessatti uwvisa bishaan dhugaatii dabaluun uummatin baadiyyaa mil. 33.18 fi magaalaa mil. 5.88 waliigala ummata naannoo keenya keessaa mil. 39.06 ta'an bishaan dhugaatii qulqulluu kan argatan ta'a.

Gabatee 4.40: Baay'ina uummata bishaan qulqulluu argatu (mil.) (2015-2017)

Lak.	Agarsiftuu	Safartuu	Ka'umsaa bara 2014	Karoora		
				2015	2016	2017
1	Baay'ina uummata baadyaa	Lak.	35.44	36.38	37.34	38.32
1.1	Uummata carraa bishaan dhugaatii qulqulluu argatu	"	28.60	30.06	31.18	33.18
2	Baay'ina uummata magaalaa	"	6.59	6.87	7.16	7.46
2.1	Uummata magaalaa bishaan dhugaati qulqulluu argatu	"	5.12	5.17	5.60	5.88
3	Baay'i'na uummata Oromiyaa	"	42.04	43.25	44.50	45.78
3.1	Uummata bishaan dhugaatii qulqulluu argatu	"	33.72	35.22	37.22	39.06

*Madda: BBIO,KKM Otiin qindaa'e, bara 204*

**Pirojektoota Bishaan Dhugaatii:** Karoora waggaan sadan dhufan keessatti hojii qorannoo fi dizaayinii bishaan dhugaatii xumura bara 2014tti 312 raawwatame ture dhuma waggoota sadan itti aanaanitti hojiwwan qorannoo fi dizaayinii bishaan dhugaatii magaalataa 52 fi gandoota baadiyyaa 190 waliigala qorannoo bishaan dhugaatii 242 hojeechuuf karoorfameera.

**Ijaarsa iskiimota bishaan dhugaatii:** Baay'ina uummataa dabalaan adeemuu waliin fedhii bishaan dhugaatii guddachaa dhufuf dhiyeessiin bishaanii gahaa ta'e akka jiraatu gochuun Uuwisa bishaan dhugaatii guddisuuf iskiimota bishaanii haaraa ijaaruun murteessadha. Pirojektootni kanneenis baajata mootummaa, hirmaanna uummataa fi deeggarsa dhaabbilee garaagaraatiin kan raawwatamu ta'a.

Hojiiwwaan ijaarsa iskiimota bishaan dhugaatii baadiyyaa, hirmaanna uummataan, sagantalee adda addaa fi baajata mootummaatiin hanga xumura bara 2014 iskiimota 17,939 hojjetamanii turan guddisuun waggaan sadan kan keessatti iskiimota 20,946 ijaaruun fi magaalatti iskimoota 43 raawwatamee ture dachaa afuriin (giddu galeessan waggaatti %63.22) dabaluun iskiimota 187 ijaaruun waliigala pirojektiin fi hirmaannaa ummataan pirojektoota bishaan dhugaatii maddeen adda addaa 20,946 ijaaruuf karoorfameera. Pirojektoota kana keessaa 20,095 hirmaannaa hawaasaatiin kan ijaaraman yoo ta'u 851 immoo bajaata mootummaatiin kan ijaaramaniidha. Haaluma kanaan, xumura bara 2017tti hawaasa naannichaa haaraa mil. 5.34 fayyadamaa bishaan dhugaatii taasisuuf kan hojjetamu ta'a. Hojii kan milkeessuuf tarsiimoo raawwii paakeejii ofiin

ofif jedhu hojirra oolchuu, hirmaanna hawaasaa sadarkaa aanaatti fi sirna deeggarsaa fi hordoffii sadarkaa sadarkaan jiru cimsuun kan raawwatamu ta'a.

Gabatee 4.41: Ijaarsa iskiimoota bishaan dhugaatii (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuu	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Karoora			Manii 2015-2017
				2015	2016	2017	
	Ijaarsa iskiimota bishaan dhugaatii waliigalaa	Lak.	17,939	7831	6861	6254	20,946
A	Baadiyyaa	Lak.	460	220	200	244	664
1	Burqaa tamsaasa ujummoo	Lak.	289	55	48	58	161
2	Boolla gadi fagoo tamsaasa	Lak.	171	165	152	186	503
B	Hirmaanaa uumataatiin	Lak.	17,436	7550	6605	5940	20,095
3	Boolla harkaa paampii	Lak.	2,882	1900	1310	1100	4,310
4	Burqaa ijarratti misoomsuu	Lak.	3,191	1478	1430	1330	4,238
5	Boolla gabaabaa paampii	Lak.	302	171	115	110	396
6	Haroo/Eela	Lak.	1,624	500	450	400	1,350
7	B/Harkaa Sadarkaa maatii	Lak.	9,437	3500	3300	3000	9,800
C	Magaalaa	Lak.	43	61	56	70	187
8	Madda boolla gadi fagoo	Lak.	34	53	44	61	158
9	Bishaan lafa irraa	Lak.	2	5	6	4	15
10	Burqaa tamsaasa	Lak.	7	3	6	5	14

*Madda: BBIO,KKMOTiin qindaa'e, bara 204*

**Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii:** Bulchiinsi qabeenya bishaanii, misooma bishaan dhugaatii fi misooma industrii keessatti qabeenyi bishaan lafa irraa fi lafa jalaa osoo miidhaan irra hin gahiin fayyadamuu irratti haala tarsiima'aa ta'een hojjechuun barbaachisaadha. Itti fayyadamni isaas haala seera qabeessaa fi itti fuufiinsa qabuun misoomaaf oolee jirenyi uummata naannichaa akka jijjiramuuf qabeenya uumamaan kennae kana bulchuu, to'achuu, kunuunsuu fi quşannaan itti fayyadamuu irratti ni hojjetama.

**Ragaalee qabeenya bishaanii qindeessuu:** Qabeenya bishaanii itti fuufiinsaan fayyadamuu fi nagummaa isaa mirkaneessuuf hojii bulchiinsa qabeenya bishaanii fooyyessuu fi faalama maddeen bishaanii hir'isuun hojii murteessaadha. Kanaafis, ragaa qabeenya bishaanii qindeessuu fi gabbisaa deemuuniidha. Haaluma kanaan, karoora waggoottan sadan dhufanii keessatti faalamaa fi itti fayyadama qabeenya bishaanii irratti to'anno warshaalee fi dhaabbilee adda addaa 5873 irratti gaggeessuu fi ragaa qabeenya bishaanii lafa jalaa fi lafa irraa kanneen akka haroowwan, laggeenii 13,371 qindeessuuf karoorfameera.

**Suphaa, haaromsuu fi fooyyeessuu iskiimota bishaan dhugaatii:** KIB waggaalamaan darbaniitti suphaa fi haroomsa iskiimoota bishaan dhugaatii 5,634 kan raawwatame yommuu ta'u, waggaalamaan sadan dhufan keessatti iskiimoota tajaajila bishaan dhugaatii kennaa jiranii fi

kanneen haaraa hojjataman irratti kenni tajaajila bishaanii akka wal'irraa hin cinnee fi dhiyyeessiin bishaan dhugaatii haala fedhii hawaasaatiin wal'simachuu danda'uun bara 2014tti haaroomsaa fi fooyyeessuu 1,309, suphaa meeshaalee EM 3,834 fi bakka busuu meeshaalee 491 kan raawwatame yoo ta'u bara karoora misooma wagga sadii kana keessatti suphaa gurguddaa meeshaalee EM buufata bishaanii 3400, haaromsuu fi fooyyeessuu boollaa gadi fagoo fi gababaa 10,872 fi bakka buusaa meeshaalee EM buufata bishaanii 898 waliigala iskiimoota 15,170 haroomsuu fi fooyyeesuu, suphuu fi bakka buusuun sadarkaa naannoo irraa hanga aanaatti gaggeessuun iskiimoota tajaajila hin kennine kanneen gadi buusuuf ni hojjeta'ma. Haaluma kanaan, reetii iskiimota tajaajila hin kennine bara 2014tti %5.98 irra ture bara 2017tti gara %4.83tti gadi buusuuf karoorfameera.

**Qisaasama bishaanii hir'isuu:** Qisaasama bishaan dhugaatii baadiyyaa fi magaalaa keessatti hir'isuuf hojiin hubannoo uumuu, ujummoo bishaanii yeroo dheeraa tajaajilan bakka buusu, kuufama biili hir'isuu, sarara bishaanii seeraan ala diriirfamee irraa tajaajilama jiru (illegal connection) hambisuurrtti xiyyeffatamee ni hojjetama. Gama kanaan, tilmaamni qisaasama bishaanii akka naannootti bara 2012tti %35 irra jiru giddu galeessaan waggaatti %8.13 hir'isuudhaan bara 2017tti gara %22.91 gadi buusuuf karoorfameera.

**Hojiwwan saaniteeshinii bishaanii:** Hojiwwan gama saaniteeshinii fi qulqullinaatiin eegalaman cimsuun waliin gahiinsa bishaan dhugaatii qulqulluu fi walgiinsa qabu babal'isuun haala fedhii haadholii fi dubartootaa akkasumas qaama midhamtoota giddu galeessa godhateen milkaa'ina barbaadame fiduuf ni hojjetama. Uummata tajaajila saaniteeshinii argate guddisuun akka naannoo keenyaatti dhuma bara 2017 tti gara %40.97tti guddisuuf ni hojjetama. Haaluma walfakkaatuun, uummata meeshaalee harka dhiqanna argatan (bishaanii fi saamunaa fayyadaman) ragaa akka biyyatti jiru %4 irra ture ka'umsa godhachuun waggaatti giddu galeessan %32.33 guddisuudhaan dhuma bara 2017tti %16.23 tiin gahuuf ni hojjetama.

Gabatee 4.42: Misooma Saaniteeshinii bishaanii (2015-2017)

Lakk.	Agarsiiftuuwwan Tajaajila saaniteeshinii	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Manii			Reetii guddinaa g/g (%)
				2015	2016	2017	
1	Uummata tajaajila saaniteeshinii argate	%	32.6	35.18	37.97	40.97	7.91
2	Uummata meeshaalee harka dhiqanna bishaanii fi samunaa fayyadaman	%	7	9.27	12.27	16.23	32.33

*Madda: BBIO,KKMOtiin qindaa'e, bara 204*

### **3.2.9.2 Misooma Inarjii**

Inarjiin guddina hawaas-dinagdee biyyaa fi naannoo keessatti akkasumas tokkoon tokkoon jirenya nama dhuunfa keessatti bakka guddaa qaba. Uummata inarjii fayyadamee jirenya foyyaa'aa fi ammayyaawaa jiratu taasisuuf akka toora xiyyeffannootti qabamee kan hojjetamu ta'a. Kanaafis, galmoota gurguddoo KIB irratti hunda'uun karoora misooma inarjii keessatti waliin gahiinsa humna inarjii gaha ta'e, haqa qabeessa, itti fufiinsa qabuu fi ammayyaa'e mirkaneessuurratti xiyyeffatamee kan hojjetamu ta'a.

**Misooma Baayoo Inarjii:** Misooma baayoo inarjii galmaan gahuuf bara karoora laman darban keessatti Teknolojii inarjii qusatan kanneen akka baayoo inarjii babal'isuun haawaasa fayyadamaa taasisuuf yaadamee geemoo qoraan qusatan mil. 2 raabsuuf karoorfamee 1,467,187 (%73) raabsuudhan uummata 700,00 fayyadamaa taasisuun kan danda'ame yommuu ta'u waggaa sadan dhufan keessatti geemoo qoraan qusatan mil. 2.39 raabsuuf ni hojjetama. Gama biraan wiirtuu oomisha geemmo 63 ijaaruuf karoorfamee 63 ijaaramee tajaajila kennaa kan jiru yommuu ta'u, karoora misoomaa waggaa sadii kan keessatti wiirtuu oomisha geemmo 42 ijaaruuf karoorfameera.

Haaluma kanaan, bara hojii lamaan darban keessatti ijaarsa baayoo gaazii 3200 qopheessuuf karoorfamee 2,655 kan raawwatamee yommuu ta'u bara karoora sadan dhufan keessatti raawwii kana ka'umsa godhachuun waggaatti giddu galeessan %19.66 dabaluun dhuma bara 2017tti ijaarsa baayoo gaazii haaraa 4,550 ijaaruun abbaa warraa 4550 fayyadamoo taasisuuf karoorfamee jira.

**Qorannoo fi Ijaarsa Elektirifikeeshinii:** Hojii qorannoo fi fedhii humna elektrikaa dhaabbilee hawaasaa (buufata fayyaa, mana barumsaa, keellaa fayyaa fi kkf) bara 2014tti saayitoota 416 irratti kan raawwatamee yommuu ta'u, hanga bara 2017tti saayitota 368 irratti qorannoo gaggeessuuf kan hojjetamu ta'a. Bifuma walfakkaatuun, ijaarsa solaarii dhaabbilee hawaasaa ilaachisee, hanga bara 2014tti dhaabbilee hawaasaa adda addaa saayitoota 54 ta'aniif ijaarsa solaariin kan raawwatamuu yommuu ta'u, hanga dhuma bara 2017tti dhaabbiilee hawaasaa addaa addaa saayitoota 251 ta'an irratti soolarii galchuuf karoorfamee jira.

Waggoota lamaan darban keessatti raabsaa solaarii latarnii abbaa warraa 88,677adda addaa kan raabsamee ture yoo ta'u dhuma bara 2017tti raabsaa soolarii laatarnii abbaa warraa kuma 140f raabsuuf ni hojjatama. Akkasumas, raabsaa soolarii man-tokkee bara 2014tti abbaa warraa kuma

50,448 ta'aniif kan raabsamee yoo ta'u, dhuma bara 2017tti abbaa warraa kuma 95 ta'aniif raabsuuf karoorfameera.

**Waliin gahiinsa humna ibsaa:** Hanga dhuma bara 2014tti hojii misooma ibsaa irratti hojjetamaa tureen, karaa sagantaa waliin gahiinsa humna elektirika Oromiyaatiin (OUEAP) gandoota 273 tajaajila ibsaa akka argatan taasisuun hawaasa naannichaa 270,889 ta'u fayyadamaa taasisuun danda'amee jira. Haaluma walfakkatuun, karoora waggaas sadii kana keessatti gandootaa haaraa 572 tajaajila ibsaa akka argatan gochuun haawaasa naannichaa mil.2.288 ta'an fayyadamaa ibsaa gochuuf ni hojjetama.

Akka waliigalaatti, waliin gahiinsa humna ibsaa naannichaa Gandaan dhuma bara 2012 tti %36.50 irra kan ture baay'ina gandoota Oromiyaa 7,184 (ganda Baadiyya 6365 fi Magaala 819) keessa gandoota 3422 humna ibsaa argachuun uwvisa ibsaa naanno keenyaa gandaan gara %47.63tti ol guddisuun danda'ameera. Haaluma kanaan, bara karoora waggaas sadan dhufan keessatti gandoota haaraa 572 ta'an akka ibsaa argatan gochuun waliigala gandoota ibsa qaban 3994 ol kaasuun uwvisa ibsaa naannichaa bara 2014tti gandaan %47.63 irra ture %55.60tti ol guddisuuf ni hojjetama.

Kunis, waggaas sadan dhufan keessatti uummata naanno keenyaa haaraan mil. 2.29 ta'anii ibsaa kan argatan yoo ta'u, akka waliigalaatti dhuma bara 2017tti uummata mil. 18.12 ta'u gama sagantaa kanaan tajaajila humna ibsaa kan argatan ta'u. Haaluma kanaan, uwvisa humna ibsaa naanno keenyaa uummata bara 2014 %37.65 irra ture dhuma bara 2017tti ummata %39.58 ta'u ibsaa akka argatan ni hojjetama.

Gabatee 4.43: Waliin gahiinsa humna ibsaa (2015-2017)

Lak.	Agarsiiftuuwwan	Safartuu	Ka'umsa bara 2014	Karoora			Manii (2015-2017)
				2015	2016	2017	
1	Mandaroota humna elektirkii OUEAPtiin argatan	Lak.	3422	3604	3794	3994	3994
2	<b><i>Uwvisa humna ibsaa/Elektirkii</i></b>						
2.1	Gandaan	%	47.63	50.17	52.81	55.60	55.60
2.3	Uummataan	%	37.65	38.29	38.92	39.58	39.58
3	Baay'ina uummata Oromiyaa	Lak. (mil.)	42.04	43.25	44.50	45.78	45.78
3.1	Uummata Oromiyaa ibsaa argachuun danda'an	Lak. (mil.)	15.83	16.56	17.32	18.12	18.12

*Madda: BBIO,KKM Otiin qindaa'e, bara 204*

Misooma inarjii keessatti waliin gahiinsa humna ibsaa dhuma bara 2014tti gandaan %47.63 irra ture waggaatti giddu galeessan %3.71n guddachuun dhuma bara 2017tti gara %55.60tti fi

uummataan %37.65 irraa ture waggaatti giddu galeessan %13.87n guddisuun gara %39.58tti guddisuuf ni hojjetama. Haala kanaan, uummata naannoo keenyaa mil. 15.83 ta'u tajaajila ibsa argachuu danda'anii irraa gara uummata mil. 18.12 gahuuf ni hojjetama. Kunis, abbaa warraa akka naannoo keenyaatti bara 2014tti mil. 3.30 ta'u ibsa argate irraa waggaatti giddu galeessan %4.63n dabaluun gara abbaa warraa mil. 3.78tti akka guddattu gochuuf ni hojjetama.

**Carraa hojii:** Waggoottan lamaan darban keessatti hojiwwan misooma bishaanii fi inarjii gaggeeffamaa tureen namoonni 59,873 carraa hojii akka argatan kan ta'e yommuu ta'u bara karoora waggaa sadan dhufan kan keessattiis carraa hojii dhaabbii fi yeroon namoota 103,500 ta'aniif uumuuf yaadameera.

### **3.2.9.3 Misooma Daandii**

Xiyyeefanna guddaa misooma daandiif kennamee jiruu milkeessuuf qooda fudhattoota fi qabeenya jiru qindeessuun daandilee baadiyyaa tajaajila bonaa fi ganna kennuu danda'aniin wiirtuulee gandaa walqunnamsiisuun misoomni diinagdee fi hawaasummaa akka saffisu deeggaruuf hojetamaa jira. Wagoottan sadan dhufan kana keessatti galma guddaa gama misooma daandiin jiru milkeessuuf gama misooma daandii, bulchiinsa qabeenya daandii fi misooma bu'uuraalee geejjiba fi loojistiksi irratti ni hojjatama.

Misooma gaggeeffamu keessatti ragaa faacaatii bu'uura godhachuudhan faayida dinagdummaa fi haqa qabeessummaa haala mirkaneessisuun dandeessisuun ni hojjatama. Faca'inni daandiilee haala walqixxummaa eegeen naannicha keessatti waliin gahuun uummatni tajaajila geejjibaa itti fuufinsa qabuu argachuu akka danda'u ni taasifama. Gama biraan, daandii naannoo keenya keessatti argaman suphuu fi kunuunsuun mancaatii irraa eeganii ummatni tajaajila geejjibaa gahaa fi itti fuufinsa qabu akka argatu ni hojjatama. Gama kanaan, dandeettii raawwachisummaa cimsuudhan daandii uummataan ijaaramaanii fi ijaaramaa jiran uummatni suphuun akka eegu taasisuurratti xiyyeefatamee ni hojjatama.

**Qabeenya fi uwwisaa daandii guddisuu:** Misoomni daandii walitti hidhaminsa uummata baadiyyaa fi magaalaa cimsuun jiruu fi jirenyi hawaasa baadiyyaa fi magaalaa akka fooyya'u taasisuun hidda dhiigaa guddina hawaasa-dinagdee biyyaa ta'ee tajaajiluu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaatiin karoora imala badhaadhina biyyi fi naanno keenya qabattee jirtu dhugoomsuuf gahee ol'aanaa qaba.

Waggoottan sadan keessatti daandii baay'inaa fi qulqullinaan dabaluuf hojiwwan qorannoo daandii, ijaarsa daandiwwan sagantaa waliin gahiinsa daandii baadiyyaa fi pirojektoota, daandii

cirrachaa uwvisuu fi daandii asphaltii hojjechuu, riqaalee goса adda addaa ijaaruuf karoorfameera. Gama bulchiinsaa qabeenya daandiin immoo hojii gurguddoon suphaa misooma daandiwaan baadiyyaa fi magaalaa keessatti daandii itti fuufiinsaan tajaajila gahaa akka kenuuf suphaa salphaa fi cimaa hojjechuu, misooma bu'uuraalee geejjibbaa fi lojistiksi keesatti ijaarsa pirojektoota buufata konkolaataa qindaawaa akka karoora fi toora xiyyeffannoo hojiitti qabamee kan hojjatamu ta'a.

Dheerinni qabeenya daandii naannoo keenyaa dhuma bara 2014tti km 58,981.30 irra kan gahe yoo ta'u, qabeenya daandii waliigalaa kanaan gobbinni daandii naannoo keenyaa bal'ina lafaatiin km. 162.42/1000km<sup>2</sup> fi baay'ina uummataan km. 1.54/nama 1000 guddisuun kan danda'ame yoo ta'u, hanga dhuma bara 2017tti daandii haaraa km 14,587.83 ijaaruun waliigala daandii bonaa-gannaa naannoo keenya gara km 73,569 tti kan guddatu yommuu ta'u rukkina daandii naannoo keenyaa bal'ina lafaatiin km. 214.66/1000 km<sup>2</sup> fi baay'ina uummataan km. 1.74/nama 1000 irra kan gahu ta'a.

Haaluma kanaan, milka'inaa isaaf ijaarsa daandii Asfaaltii km.15.83, daandii SWGDB km.13,051 cirrachaa kan uffatu yoo ta'u, ijaarsii daandii cirrachaa km.1521 ni raawwata, sararii daandii SWGDB lakk.3,198 fi ijaarsii riqqaalee 958 ni hojjetama. Karoora misooma waggaasadii kana keessatti daandii baadiyyaa tajaajila bonaa-gannaa kenuu danda'aniin wiirtuu gandaa walqunnamssiisun misoomni dinagdee fi hawaasummaa akka saffisu deeggaruudhaan dhuma bara 2017tti gidduu galeessaa yeroo daandii bonaa-gannaa bira gahuuf fudhatu bara hojii 2014tti giddu galeessan akka naannoo keenyatti sa'atii 3.08 irra ture dhuma bara karoora hojii 2017tti gara sa'atii 2.47tti gadi buusuuf karoorfamee jira.

**Gabatee 4.44: Qabeenya fi Uwwisa misooma daandii (2015-2017)**

T.L	Agarsiftuu	Safartuu	Ka'umsa baara 2014	Karoora			Manii (2015-2017)
				2015	2016	2017	
	<b>Waliigala ijaarsa daandii (a+b+c)</b>	<b>Km</b>	<b>1431.6</b>	<b>1,411.7</b>	<b>7,141</b>	<b>6,035.2</b>	<b>14,587.8</b>
1	Dheerina daandii Asfaltii ijaarame (a)	Km	6.96	10.15	0.52	5.16	15.83
2	Ijaarsa daandii Cirrachaa	Km	118.6	57.57	752.43	711	1,521
3	Daandii SWGDB cirracha uffate (c)	Km	1,306	1,344	6,388	5,319	13,051
4	Sarara daandii xumurame (SWGDB fi Naannoo)	Lakk	131.00	207	2565	426	3,198
5	Riqqaalee xumuruu	Lakk	66	96	400	462	958
6	Giddugala raawwii riqqaalee	%	77.80	55.72	20	25	100
7	Qorannoo fi dizaayinii Daaniilee	Lakk	4.00	19	94	164	277
8	Dheerina daandii dabale	Km <sup>2</sup>	58,981.30	60,393	67,534	73,569	73,569
9	Gobbina daandii Bal'ina lafaan	Km <sup>2</sup>	162.32	166.20	185.87	202.49	202.5
10	Gobbina daandii Baay'ina uummataan	Km <sup>2</sup>	1.42	1.58	1.77	1.92	1.9

11	Gidduu galeessaa yeroo daandii bonaa-gannaan bira gahuuf fudhatu*	Sa'aa	3.08	3.01	2.69	2.47	2.47
----	---	-------	------	------	------	------	------

\*Bal'ina lafaa km<sup>2</sup> Oromiyaa (363,375)\*0.5/Dheerina daandii km

Madda: BDLO, KKMDO tiin qindaa'e, bara 2015

**Qorannoo fi dizaayinii daandii:** Dhuma bara 2014 tti qorannoo fi dizaayinii daandii sarara 4 ta'u kan raawwatamee yommuu ta'u, karoora misooma waggaa sadii itti aanu keessaatti qorannoo fi dizaayinii daandiilee haaraa sagantaa fi pirojektoota gargaraan ijaaramuuf karoorfaman sarara lakkofsaan 277 ta'u irratti gaaggeessuuf karoorfameera.

**Bulchiinsa qabeenya daandii:** Hojii bulchiinsa daandii haalan mirkaneessuuf daandiin ijaarame tajaajila wal irraa hin cinne akka kennuu danda'uuf suphaan yeroo isaa eeggate gaggeessuun barbachisaadha. Bara KIB waggaa lamaan darban keessatti suphaa cimaa fi salphaa km.13,192.09 gaggeessuuf karoorfamee km. 12,887.48 (%97.7) kan raawwatame yommuu ta'u, dhuma bara 2017tti giddu galeessan waggatti suphaa cimaa km 2215.42 fi suphaa salphaa km 5412.54 gaggeessuun waliigala suphaa daandii km 22,884.19 suphuudhaaf karoorfameera.

**Piroojeektii bu'uuraalee lojeestiksii fi geejjibaa:** Piroojeektii bu'uuraalee lojeestiksii fi geejjibaa ilaachisee piroojeektooni geejjibaa lakk.11 xumuruu, qoraannoo fi dizaayyiin bu'uuraalee geejjibaa13 fi opereshiinii lojeestiksii 2 ni gaggeeffama. **Ijaarsa Dirree Xiyyaaraa xixiqqaa**

**Carraa hojii:** Wagga lamaa keessatti, gama misooma daandiin carraa hojii namoota 133,058 ta'aniif uumuuf karoorfamee keessaa namoota 180,243 ta'aniif carraa hojii dhaabbii fi yeroon uumuun kan danda'ame yommuu ta'u hanga bara 2017tti waliigala carraa hojii namoota 226,130f ta'aniif kan uumamu ta'a.

### 3.2.9.4 Misooma Jallisii

Qabeenyi lafaa fi bishaan Oromiyaa qonna ammayyaawaatiif mijataadha. Qabeenya bishaan lafa jala fi lafa irraa akka carraa gaariitti fayyadamuun yoo hojjatame wabii nyaataa mirkaneessuu fi sadarkaa maatiitti madda galii guddisuun badhaadhina maatii dhugoomsuun ni danda'ama. Faayidaan qonna jallisii hanga bishaan jirutti waggaatti irra deddeebi'anii oomishuu dandeessisuu isaati. Handhurri misooma qonnaa jiidhinsa waan ta'eef hojii misooma jallisii irratti yoo hin hojjetamne oomishaa fi oomishitummaa qonnaa guddisuun rakkisaa ta'a.

KIB keessatti iskimota jallisii ammayyaa fi aadaa sadarkaa maatiitti baabal'iisuun misooma qonna jallisii guddisuuf hojjatamaa jira. Kanaafis, bu'uuraalee misooma jallisii fi horsiise bulaa diriirsuu fi bulchuu, qorannoo fi qo'anno hawaas-dinagdee gaggeessuu, paakeejii hawaas-dinagdee teeknolojii deeggaramee qopheessuudhan hojiitti hiikuuf hojjatamaa jira. Haaluma

kanaan, waggoottan sadan itti aanu keessatti galmoota gurguddoo kana milkeessuuf kan hojjatamu ta'a. Bu'uuruma kanaan, waggoota sadan dhufan keessatti hojiwwan qorannoo gosa adda addaa 413 gaggeessuu, ijaarsaalee jallisii gosa garaagaraa 665 lafa hekt. 415,887 jallisiin misoomsuu danda'an xumuruun abbaa warraa 881,888 fayyadamaa misooma jallisii gochuuf karoorfameera. Haaluma walfakkaatuun, iskiimoota jallisii 806 ta'an sakatta'uun fi fayyalessummaa isaanii eeguun waldaalee itti fayyadama bishaan jallisii haaraa 4,709 gurmeessuun fayyadamtoota misooma jallisii akka ta'an karoorfameera.

### **3.2.9.4.1 Qorannoo fi Dizzaaynii**

Galmoota gurguddoo misooma jallisii dhugoomsuuf waggaa sadan dhufanii keessaatti qorannoo jallisii duraa pirojektoota xixiqqa, giddu galeessaa fi gurguddaa 549 lafa hekt. 439,040 hawaasa 878,079 fayyadamaa taasisuuf kan hojjatamu ta'a.

**Gabatee 4.45: Qorannoo adda Baafanna misooma jallisii (2015-2017)**

Agarsiiftuuwan	Safartuu	Ka'umsa bara 2013- 2014	Karoora			Manii (2015-2017)
			2015	2016	2017	
Qorannoo Adda Baafanna	Lakk	101	135	203	211	549
	Lafa (hekt.)	200,212	114,246	137,053	187,741	439040
	Abbaa Warraa	729,774	228,493	274,105	375,482	878079

*Madda: BMJHBO, KKMO tiin qindaa'e, bara 2015*

Hojii qorannoo jallisii gadi fagoo waggoota lamaan darban keessa pirojektoota 225 (xixiqqa 175, giddu galeessa 47 fi gurguddaa 3) lafa hekt. 221,590 misoomsuu danda'u gaggeessuun abbaa warraa 234,468 fayyadamaa gochuun kan danda'ame yoo ta'u waggoottan sadan itti aananitti qorannoo jallisii gadi-fagoo pirojektoota xixiqqa, giddu galeessa fi gurguddaa waliigala 413 lafa hekt. 221,590 irratti hawaasa 1,010,291 fayyadamaa gochuu danda'u hojjechuuf karoorfameera.

**Gabatee 4.46: Pirojektoota Qorannoo jalissii (2015-2017)**

Lakk.	Agarsiiftuuwan Qorannoo Jalissii	Safartuu	Ka'uumsa bara 2013-2014	Karoora			Manii (2015-2017)
				2015	2016	2017	
1	Jallisii xixiqqa	Lakk.	175	103	108	108	318
		Hekt.	14,886	7,434	8,660	8,851	24945
		Abba warraa	61,599	14,867	290,876	291,258	597001
2	Jallisii giddu- galeessaa	Lakk.	47	30	30	30	90
		Hekt.	61,865	44,222	33,939	25,752	103913
		Abba warraa	120,975	88,444	67,878	51,504	207826
3	Jallisii gurguddaa	Lakk.	3	2	2	1	5
		Hekt.	25,947	-	72,732	20,000	92732

		Abba warraa	51,894	-	145,464	60,000	205464
<i>Madda: BMJHO, KKMO kan qindaa'e, 2014</i>							

### 3.2.9.4.2 Ijaarsa pirojektootaa

Waggoota lamaan KIB keessatti ijaarsa pirojektoota jallisii goса adda addaa 180 lafa hekt. 12,472 misoomsuу danda'u ijaaruun abbaa warraa 113,722 fayyadamaa misooma jallisii gochuun danda'ameera. Haaluma kanaan, hanga xummura bara 2017tti ijaarsa pirojektoota jallisii (xixiqqaа, giddu galeessa fi gurguddaa) 665 lafa hekt. 415,887 misoomsuun hawaasa 881,888 fayyaduu taasisu hojjechuun hawaasa fayyadamaa gochuuf karoorfameera.

**Gabatee 4.47: Pirojektoota Ijaarsa jallisii (2015-2017)**

Lakk.	Agarsiiftuu misooma jalisii	Safartuu	Ka'umsa bara (2013-2014)	Karoora			Manii (2015-2017)
				2015	2016	2017	
1	Ijaarsa Jallisii Xixiqqaа	Lakk.	168	110	215	214	539
		Hekt.	7,789	7,499	19,690	19,941	47,131
		A/warraa	104,885	14,999	38,046	38,536	91,581
2	Ijaarsa Jallisii Jiddu-galeessaa	Lakk.	12	30	45	45	120
		Hekt.	4,652	60,403	76,915	66,632	203,950
		A/warraa	8,775	120,806	154,588	134,022	409,415
3	Ijaarsa Jallisii Gurguddaa	Lakk.	Ongoing	-	2	4	6
		Hekt.	-	-	25,640	139,166	164,806
		A/warraa	-	-	102,560	278,332	380,892

*Madda: BMJHO, KKMO kan qindaa'e, 2014*

### 3.2.9.4.3 Bulchiinsa Iskiimotaa

Bulchiinsa iskiimotaa fooyyeessuf fayyalessummaa iskiimotaa eeguu fi bulchiinsa bishaanii ammaayyeessuun fayyadumummaan hawaasaa akka dabalu gochuun alatti bu'uuraaleen jallisii ijaaraman yeroо dheeraaf tajaajila akka kennaan gochuu irraatti gahee guddaa qaba. Xummura bara 2017tti iskiimoota pirojektoota jallisii ammayyaa 314 ijaarsi isaanii gaggeeffamaa jiru xumursiisuun lafa hekt. 22,699 fi abbaa warraa 45,339 dabalataan hojii misooma keessa galchuuf wal-harkaa fuudhiinsa gaggeessuun iskiimota ammayyaa 1,059 irra ture gara 1,373 tti guddisuuf ni hojjatama. Sakkatta'iinsa iskiimota jallisii 806 (xixiqqaа, giddu galeessa fi gurguddaa) lafa hekt. 161,200 misoomsuun abbaa warraa 483,600 tajaajiluu danda'u ni gaggeeffama. Gama biraatiin qorannoo suphaa iskiimotaa 574 lafa hekt. 68,880 misoomsuun abbaa warraa 2,422,000 tajaajiluu danda'u gaggeessuuf karoorfameera.

Bajata motummaa fi hirmaanna hawaasaan bara 2013 fi 2014 keessa iskiimota jallisii (xixiqqaа, giddu-galeessaa fi gurguddaa) 485 ta'an maallaqa qar. mil.3.9 ta'uun suphuun lafa hekt. 42,195

misoomsuun hawaasa 168,780 fayyadamaa taasisuun danda'amee jira. Waggoottan sadan dhufanitti suphaa iskiimoota jallisii 3500 (xixiqqa, giddu-galeessaa fi gurguddaa) humna WIBJ fi hawaasaan lafa hek.112,430 misoomsuun abbaa warraa 326,500 tajaajiluu ni gaggeeffama.

Iskiimota jallisii humna haawsaa fi waldaaleen ol ta'ee ragaa gutuu qabachuun akka rakkoo kun furamuu gochuun suphaa iskiimota jallisii (xixiqqa, giddu-galeessaa fi gurguddaa) waldaa itti fayyadama bishaan jallisii fi hawaasan ol ta'e 250 lafa hekt. 91,822 misoomsuun abbaa warraa 304,497 tajaajiluu suphuun tajaajila akka kennan ni taasifama.

Bifuma wal fakkaatuun, baajata mootummaa fi hirmaanna uummataan bara 2013-2014 keessa paampota jallisii (xixiqqa fi gurguddaa) 45,303 ta'an suphuun tajaajilaaf oolchuuf karoorfamee ture keessaa, paampota jallisi 41,280 ta'an suphuun tajaajilaaf oolchuun kan danda'ame yoo ta'u, waggoottaan sadan dhufan keessaatti suphaan paampota jallisii 18,908 (xixiqqa, g/galeessaa, gurguddaa) lafa hekt.94,540 misoomsuun abbaa warraa 378,160 tajaajiluu danda'u suphuuf karoorfameera. Wagga lamaan darban keessatti "functionality rate" iskiimoota jallisii %79n gahuun kan danda'ame yoo ta'u, bara karoora sadan dhufan keessatti 'functionality rate' iskiimota jallisii %90 irraan gahuuf ni hojjatama.

### **3.2.9.5 Misooma Sululaa**

Hojiin misooma sululaa inisheetiviitti karoora waggaa sadii keessatti qabaman keessaa isa ijoodha. Hidhaawwaan gurguddaa akka naannoo keenyaatti hojjataman daangeessuun hojii eegumsa biyyoo fi bishaanii (hojii misooma sululaa qindaawaa) bifaa addaattiin xiyyeeffannoo itti kennamee akka inisheetivii tokkootti kan hojjatamu ta'ee hidha gurguddaa 29 irratti lafa hekt. 616,669 uwvisuun hojii misooma sululaa qindaawaan haala eegumsa biyyee fi bishaanii cimsuun misoomsuuf karoorfameera.

### **3.3 Karoora Damee Misooma Hawaasummaa**

Misooma hawaasummaa yoo jedhamu feedhii namooma lammilee bu'uura godhachuun dhiyeessii jiruu fi dhaqqabamummaa (fkn misooma barnootaa, misooma fayyaa, korniyaa, mirga daa'immanii, misooma dargaggootaa, yakkaa fi wantoota yakkaaf saaxilan irraa eegamuu fi kkf) kan agarsiisu ta'ee fooyya'insa jirenya lammilee kan ibsuudha. Misoomni hawaasummaa beekumsa, dandeettiifi kuufamaa namootaa qindeessuun jijiirama hawaasummaa dhugoomsuu keessatti sochii taasifamu kan agarsiisuudha.

KIB misooma namaaf xiyyeffannaal ol'aanaa kan kennuu fi sadarkaa Indeeksii Misooma Namaa (Human Development Index (HDI) biyya/Naannoo keenyaa fooyyessuuf hojjatamaa jira. Agarsiiftun kun sosochii gama misooma barnootaa fi fayyaa, umrii jirenyaa fi sadarkaa jirenyaa fooyyessuuf taasifamu keessatti sadarkaa biyyi tokko irra jirtu kan ibsuudha. Misoomni hawaasummaa, kallattii hundaan misooma namaarratti waan xiyyeffatuuf investimentii guddaa kan barbaaduudha.

#### **3.3.1 Misooma Barnootaa**

Galmoota gurguddoo KIB fi misooma barnootaa milkeessuu keessatti humna namaa gahumsa qabu bay'inaan horachuu, carraa barnootaa walgiinsa fi qulqullina qabu akkasumas gahumsi isaa mirkanaa'e babal'isuun lammii beekumsa, dandeettii fi ilaalcha misomaawaa gonfatee sochii guddina misooma biyyaa keessatti shoora ol'aanaa taphachuu danda'u horachuu dhimma murteessaadha. Imala badhaadhina mirkaneessuuf taasifamu keessatti xiyyeffannaan misoomaa namaaf kennamu bakka ol'aanaa ni qabaata.

Haaluma kanaan, waggoottan lamaan darban hojji bal'aa gama misooma barnootaatiin hojjatameen bu'aawan gaarii kan galmaahan yoo ta'u muuxannoowwan argaman kana daran cimsuun milkaa'ina misooma barnootaa keenyaa keessatti argame itti fufiinsa akka qabaatu taasisuun ni danda'ama. Kanaafuu, waggoottan sadan dhufan kana keessatti hojjiwan galmoota gurguddoo misooma barnootaa dhugoomsuu dandeessisan irratti xiyyeffannaan hojjachuun jijiirama waliigalaa misooma barnootaa keessatti eegamu dhugoomsuuf kan hojjatamu ta'a.

##### **3.3.1.1 Carraa barnootaa babal'isuu**

**Ijaarsa Dhaabbilee Barnootaa:** Waggoottan sadan KIB itti aanu keessatti carraa barnootaa walgiisa qabu babal'isuun lammilee hundi carraa barnootaa qulqullina qabu akka argatan ni hojjatama. Bara 2014tti manneen barnootaa BSTD 4,931 irra ture bara 2017tti **18,306**tti, Sad.1ffaa (1-8) 15,201 irra ture 16437tti akkasumas manneen barnootaa Sadarkaa 2ffaa (9-12)

bara 2014tti 1,351 irra ture bara 2017tti gara 1541tti ol guddisuuf kan hojjetamu ta'a. Akkasumas, buufata barnoota ga'eessotaa bara 2014tti 14,032 irra ture bara 2017tti gara 23,188 ol guddisuuf inisheetiivii addaatiin kan hojjetamu ta'a.

**Hirmaannaa barattootaa:** Waggoottan sadan dhufan keessatti daa'imman umuriin isaanii barnootaaf gahe hundi carraa barnootaa akka argatan gochuun lammii baratee misooma biyyaa keessatti gahee isaa gumaachuu danda'u horachuuf ni hojjatama. Hirmaannaa barattootaa waliigalaa bara 2014tti mil. 10.903 ture bara 2017tti gara mil. 12.506tti guddisuun daa'imman carraa barnoota akka argatan ni taasifama.

Waggoottan sadan dhufan hirmaannaa BSTD guddisuuf kan hojjatamu yoo ta'u hirmaannaa BSTD bara 2014tti %38 ture gara %74tti, simanna haara barattoota kutaa 1ffaa (waggaa 7) %162 irraa gara %122tti akkasumas hirmaannaa qulqulluu barattoota kutaa (7-8) %43 ture gara %55 fi hirmaannaa dilboo barattoota kutaa 9-12ffaa %26 ture %40tti guddisuuf karoorfameera.

Gabatee 4.48: Reetii Hirmaannaa Barnootaa (2015-2017)

Lakk.	Agarsiiftuuwwan	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii		
				2015	2016	2017
1	BSTD(GER)	%	38	50	62	74
2	SHD Kutaa 1ffaa	%	162	148	135	122
3	SHQ Kutaa 1ffaa	%	106	105	104	104
4	Hirmaannaa Dilboo Kutaa1-6	%	112	111	110	110
5	Hirmaannaa Qulqulluu Kutaa (1-6)	%	102	102	102	102
6	Hirmaannaa Dilboo Kutaa (7-8)	%	62	65	68	71
7	Hirmaannaa Qulqulluu Kutaa (7-8)	%	43	47	51	55
8	RHD Kutaa (1-8)	%	100	101	103	103
9	Hirmaannaa Qulqulluu Kutaa (1-8)	%	94	89	90	91
10	Hirmaannaa Dilboo Kutaa (9-12)	%	36	39	43	46
11	Hirmaannaa Qulqulluu Kutaa (9-12)	%	26	31	35	40

*Madda: BBO, KKMOn kan qindaa'e, bara 2014*

**Barnoota Ga'eessotaa:** Waggoottan dabran hojji barnoota ga'eessotaatiin hojjataman bu'aan argame baayyee kan nama jajjabeessu akka hin taane ragaan ni agarsiisa. Milkaa'ina hojji gama kanaan barbaadamu dhugoomsuuf qindoominha hojji jiru cimsuunakkuma jirutti ta'ee qajeelfama barnoota bu'uuraa ga'eessotaa fooyyeessuun hojiitti hiikuu akkasumas hojji tajaajila lammummaan barnoota bu'uuraa ga'eessotaa hirmaannaan hawaasaa akka cimu taasisuurratti xiyyeffatamee hojjatamu qaba. Haaluma kanaan, hirmaannaa ga'eessotaa bara 2014tti 1,724,057 ture bara 2017tti 5,301,211 geessisuuf akkasumas madaalli ifa barnoota bara 2014tti 317,800 ture bara 2017tti 1,257,380 guddisuuf ni hojjatama.

### 3.3.1.2 Walgitiinsa Barnootaa Mirkaneessuu

Carraan barnootaa babal'atu walgiinsa akka qabaatu gochuuf xiyyeffannoo addaatiin hirmaanna barattoota shamarranii dabaluun garaagarummaan koorniyaa akka dhiphatu ni taasifama.

Haaluma kanaan, garaagarummaa koorniyaa BSTD bara 2014tti 0.88 ture bara 2017tti gara 0.95tti, kutaa 1ffaa 0.87 ture 0.94tti, kutaa 1-6 0.87 ture gara 0.91tti, kutaa 7-8 0.86 ture gara 0.89tti, kutaa 1-8 bara 2014tti 0.87 ture gara 0.89 akkasumas kutaa 9-12 bara 2014tti 0.89 ture bara 2017tti gara 0.91ol guddisuuf ni hojjatama.

**Hirmaanna Baroota Fedhii Addaa:** Daa'imman fedhii addaa qaban akkuma daa'imman isaan kaanii carraa barnootaa akka argatan taasisuuf qindoomina hawaasaa fi dhaabbilee adda addaa cimsuun ni hojjatama.

Gabatee 4.49: Hirmaanna barnoota fedhii addaa (2015-2017)

Lakk.	Agarsiiftuu	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii		
				2015	2016	2017
1	Barattoota BSTD	Lakk.	3,799	8,220	8,655	9,090
2	Barattoota Kutaa 1-6	>>	66,441	82,565	88,024	93,483
3	Barattoota Kutaa 7-8	>>	9,203	11,636	12,921	14,206
4	Barattoota Kutaa 1-8	>>	75,644	94,201	100,945	107,690
5	Barattoota Kutaa 9-12	>>	8,375	7,037	7,603	8,170
6	Barattoota Kutaa 1-12	>>	84,019	101,238	108,549	115,859

*Madda: BBO, KKMOn kan qindaa'e, bara 2014*

**Hirmaanna Barattoota Aanaalee Horsiisee Bulaa (AHB):** Waggoottan sadan dhufanitti, daa'imman Aanaalee Horsiisee Bulaaf carraa barnootaa akka argatan taasisuuf ni hojjatama.

**Gabatee 4.50: Hirmaanna barnoota Aanaalee horsiisee bulaa (2015-2017)**

Lakk.	Agarsiiftuuwwan	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii		
				2015	2016	2017
1	BSTD irraa hanga Kutaa 12	Lakk		109,458	117,204	124,950
2	Barattoota BSTD	<<	96,879	146,152	161,406	176,659
3	Barattoota Haaraa Kutaa 1 Umrii 7	<<	172,647	174,022	204,832	235,642
4	Barattoota Haaraa Waliigalaa Kutaa 1	<<	180,533	181,515	200,911	211,100
5	Barattoota Kutaa 1-6	<<	726,442	757,334	786,557	815,779
6	Barattoota Kutaa 7-8	<<	78,299	147,398	278,809	379,064
7	Barattoota Kutaa 1-8	<<	804,741	904,732	1,065,365	1,194,843
8	Barattoota Kutaa 9-12	<<	75,278	91,519	95,522	99,526
9	Barattoota Kutaa 1-12	<<	84,019	996,251	1,160,888	1,294,369

*Madda: BBO, KKMOn kan qindaa'e, bara 2014*

### 3.3.1.3 Gahuumsa keessoo barnootaa fooyessuu

Milkaa'ina barnoota biyya tokkootiif ga'een qulqullina barnootaa olaanaa dha. Qulqullina barnootaa mirkaneessuuf gahuumsa keessoo barnootaa fooyessuun murteessaadha. Kanaafis,

barattootaaf sagantaa midhaan nyaataa babal'isuu, maatii barattootaatiif deeggarsa addaa taasisuu fi barmaatilee badaa miidhaa geessisan irratti hojjachuun akkasumas naannoo rakkoon nageenyaan uumamutti barnoota battalaa (education in emergency) babal'isuurratti ni xiyyeffatama. Reetii harcaatii, irra deebii fi reetii xumuraa fooyyessuun gahuumsa keessoo barnootaa fooyyessuuf ni hojjatama.

Qisaasama misooma barnootaa fooyyessuuf reetii irra deebii kutaa 1ffaa bara 2014tti %6.9 ture bara 2017tti gara %6.25, kutaa (1-6) %5.9 ture gara %3.50, kutaa (7-8) %4.4 ture gara %2.5tti akkasumas reetii irra deebii kutaa (1-8) %5.7 ture gara %5tti gadi buusuuf ni hojjatama.

**Gabatee 4.51: Harcaatii barattootaa (2015-2017)**

Lakk.	Agarsiiftuuwwan	Safartuu	Ka'uumsa bara 2014	Manii		
				2015	2016	2017
1	Kutaa 1	%	11.1	11.07	10.70	10.5
2	Kutaa 1-6	%	12.1	11.07	10.03	9.0
3	Kutaa 7-8	%	15.3	13.55	11.77	10.0
4	Kutaa 9-11	%	7.5	7.0	6.5	6.0

*Madda: BBO, KKMOn kan qindaa'e, bara 2014*

Haaluma walfakkaatuun, reetii xumuraa barnootaa sad.1ffaa kutaa 6ffaa bara 2014tti %70.7 irra ture bara 2017tti koorniyaa lamaaniinuu %92.7 irraan gahuuf akkasumas reettii xumura barnoota sadarkaa 1ffaa kutaa 8ffaa 52.3% irra ture koorniyaa lamaaninuu %77 irraan gahuuf ni hojjatama.

### **3.3.1.4 Qulqullina barnootaa mirkaneessuu**

Qulqullina barnootaa sadarkaa barnootaa hundatti fooyyessuun lammii naamusaa fi amala gaarii qabu horachuun ijaarsa biyyaa fi sirna dimokraasii dagaagsuun murteessaadha. Sirna barnootaa Teknolojii dijitalaan deeggarame waliin gahuun lamii dorgomaa ta'e horachuun guddina misooma hawaas-dinagdee naannoo jijiiruun xiyyeffanna karoora waggoottan sadnii ta'a.

**Hira Barsiisaa Barataa:** Qulqullina barnootaa mirkaneessuuf istandardiiwwan barnootaa sadarkaa hundatti guutuun akkuma jirutti ta'ee leecalloo barnootaa fooyyessuu, barsiisota gahuumsa qaban horachuu akkasumas hirmaannaa hawaasaa fi deeggartoota misoomaa cimsuun barbaachisaadha. Hira barataa barsiisaa BSTD bara 2014tti 1:70 ture bara 2017tti gara 1:30tti akkasumas barnoota sadarkaa tokkoffaa bara 2014tti 1:48 ture gara 1:50tti fooyyessuuf ni hojjatama. Akka waliigalaatti, hira barataa barsiisaa sadarkaa hundatti akkaataa istandardii taa'eetti fiduu ykn tursiisuuf xiyeefannaan ni hojjatama.

**Hira Kitaaba Barataa:** Qulqulina barnootaa fooyyessuuf sochii taasifamaa jiru keessatti waggoottana sadan dhufan keessatti kitaabbolee barnootaa maxxansisuun hira kitaaba-barataa BSTD fi barnoota sadarkaa tokkoffaa bara 2017tti gara 1:1tti fiduuf hojiin bal'aan ni hojjatama. Haaluma walfakkaatuun, bara 2017tti hira kitaabaa-barataa barnoota sadarkaa lammaffaa gara 1:1tti kan dhufu ta'a.

**Hira Daree-Barataa:** Hira daree barataa BSTD bara 2014tti %1:76 ture bara 2017tti gara 1:30tti, sadarkaa tokkoffaa %1:58 ture bara 2017tti gara %1:50tti, akkasumas barnoota sadarkaa lammaffaa bara 2014tti 1:61 ture gara 1:40 fiduuf ni hojjatama.

### **3.3.1.5 Misooma Barsiisotaa fi ooggansa Manneen Barnootaa**

**Misooma Barsiisotaa:** Qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti misooma barsiisotaaf xiyyeffannaa kennuun dandeettii fi ga'umsa barsiisaa fooyyessuun dhaloota dandeettii waa kalaquu fi naamusa qabu horachuun dhimmaa xiyyeffannoo ol'aanaa barbaaduudha. Baay'ina barsiistota waliigalaa BSTD bara 2014tti 16,016 irra ture bara 2017tti gara 61,124tti, barsiisota Sad.1ffaa kutaa (1-8) bara 2014tti 171,096 irra ture bara 2017tti 215,164tti akkasumas barsiisota sad.2ffaa kutaa (9-12) bara 2012tti 41,055 irra ture bara 2017tti 65,526tti guddisuu ta'a.

Haaluma walfakkaatuun, sadarkaa hundatti istandardii eegsissuuf ulaagaa barsiisotaa fooyyessuun barsiistota Sadarkaa 1ffaa kutaa 1-8 dippiloomaa fi isaa ol qaban bara 2014tti %93.2 irra gahee ture bara 2017tti %97tti, barsiisota Sad.2ffaa kutaa (9-12) digirii duraafi isaa ol qaban bara 2014tti 95.1% irra ture bara 2017tti 100% tti ol guddisuu ni hojjatama.

**Hirmaanaa barsiistota dubaraa:** Hirmaanna barsiisota dubaraa foyyeessuuf MB BSTD bara 2014tti %80 irra ture bara 2017tti %88tti, Sad.1ffaa kutaa (1-8) %40.2 irra ture 45%tti fi Sad.2ffaa kutaa (9-12) %18.2 irra ture %24tti ol guddisuu ni hojjatama.

**Ulaagaa dura bu'oota manneen barnootaa fooyyessuu:** Dura bu'oota manneen barnootaa ulaagaa guutan manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti bara 2014tti %65.8 ture bara 2017tti %100, sadarkaa 2ffaa bara 2014tti %74 ture bara 2017tti %100 guddisuu ni hojjatama. Hirmaanna durabu'oota dubaraa guddisuu manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bara 2014tti 13.1% ture bara 2017tti 18.8%tti guddisuu akkasumas sadarkaa 2ffaa bara 2012tti %8 ture gara %11.4tti akka fooyya'u taasisuuf ciminaan ni hojjatma.

**Ulaagaa supparvaayizaroota manneen barnootaa fooyyessuu:** MB Sad.1ffaa bara 2014tti %92 ture bara 2017tti %100, Sad.2ffaa %91 ture %100tti fi fi hirmaanna supparvaayizaroota

dubaraa manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa bara 2014tti %4.4 ture bara 2017tti %6.5tti, sadarkaa 2ffaa bara 2014tti %4.5 ture bara 2017tti %6.5 ni guddata.

### **3.3.1.6 Faasiliitiawaan manneen barnootaa**

Dandeettii, gahumsaafi naamusa barattoota cimsuu keessatti manneen barnootaa haala baruu fi barsiisuuf mijataa taasisuunii faasiliitiawaan guutuun murteessaadha. Manneen barnoota sadarkaa tokkoffaatti uwvisa mana qulqullinaa bara 2014tti %94.9 ture, bara 2017tti %96.5tti guddisuu, uwvisa tajaajil bishaanii dhugaatii bara 2014tti %38.1 ture %50tti akkasumas uwvisa tajaajila ibsaa %29.8 irra ture %75tti guddisuu ni hojjatama. Akkasumas, manneen barnootaa mana dubbisaa (Laayibirarii) qaban bara 2014tti %49.2 ture bara 2017tti %95tti fooyyessuu fi waliingahiinsa kiitii Saayinsii %12.5 irra ture %20.55tti fooyyessuu ni hojjatama.

Bufuma walfakkaatuun, uwvisa faasiliitiawaan manneen barnootaa sadarkaa 2ffaa mana qulqullinaa qaban bara 2014tti 97.5% irra ture bara 2017tti %99.95tti, uwvisa tajaajila bishaan dhugaatii %66 ture %100tti, uwvisa tajaajila ibsaa %77.2 ture %100tti, mana dubbisaa (Laayibirarii) %93 ture %95tti, akkasumas mana yaalii (Laaboraatoorii) bara 2014tti %96.7 irra ture bara 2017tti 100%tti fooyyassuuf ni hojjatama.

### **3.3.1.7 Sirna barnootaafi bulchiinsa kitaabaa**

Barnoota qulqullina qabu mirkaneessuu fi lammii beekumsa, dandeettiifi sonaan bocuun dhaloota waa kalaqu, dorgomaa ta'e akkasumas jaalala biyyaa qabuu fi itti gaafatatummaan itti dhagahamu uumuuf gahuumi siirna barnoota murteessaadha. Hojjiwwan gama kanaan hojjataman milkeessuuf ogeessota siirna barnootaa BBO, KBB fi hayyoota dhaabbilee barnoota ol'aanaa hirmaachisuun kan hojjatamaa jiru yoo ta'u maxxansi fi raabsaan kitaabilee barnootaa sadarkaan yeroon raawwate akka harka barataa gahu ni taasifama. Bara 2014tti, kitaabilee manneen barnoota sadarkaa 1ffaa maxxansaaf haalli mijataa ture xumursiisuun hanga bara 2017tti kitaaba 39,006,592 ta'u maxxansuun barataaf kan qaqqabu ta'a.

### **3.3.1.8 Sagantaa dhiyeessii nyaata barattootaa**

Waggoottan dabran muuxxannoowwan gama sagantaa nyaata barattootaatiin argaman cimsuun sagantaa nyaata barattootaa babal'isuuf ni hojjatama. Gama kanaan, hirmaannaa hawaasaa, abbootii qabeenyaafi deeggartootaa cimsuun sagantichi bu'aa barbaadame akka fidu ni taasifama. Hawaasni manneen barnootaa miira abbummaan akka bulchuu fi sosochii taasisuu qajeelfamoota sagantaa nyaataa barattootaa fooyyassuun hojiirra akka oolu ni taasifama.

Gama kanaan, faayinaasii misooma barnootaa fi hirmaannaa uummataa guddisuun dhawaata

dhawaataan sagantaa sirna nyaataa waliin gahuun qulqullina barnootaa dhugoomsuuf ni hojjatama. Midhaan nyaata barattootaa mootummaa fi dhaabbilee adda addaa dabalatee bara 2014tti 735,781 irra ture bara 2017tti gara 7,992,149tti guddisuuf ni hojjatama. Gama biraan hirmaannaa ummataa hojii barnootarratti humna, meeshaafi mallaqaan bara 2014ttii qar. bil. 16.8 irra ture bara 2017tti bil. 35tti ni guddata.

### **3.3.1.9 Barnoota ICT**

Sirna barnoota keenyaa dorgomaa taasisuu fi ammayyeessuu keessatti xiyyeffannaan misooma teeknoloojii dijitaalaaf kennamu bakka ol'aanaa ni qabaata. Sirni qabiinsaa fi dabarsa ragaa barnootaa ammayyeessuunii fi teeknoloojii yeroo isaa eggate hojirra oolchuun qulqullina barnootaa mirkaneessuuf murteessaadha.

**Barnoota Raadiyoo:** Waggoottan sadan dhufan keessatti sagantaa barnoota raadiyoo babal'isuun manneen barnootaa hedduu fayyadamaa taasisuuf ni hojjatama. Uwwisa barnoota Raadiyoo manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa bara 2014tti %84 ture bara 2017tti %90tti fooyyassuuf ni hojjatama.

**Laabraatorii Compiitaraa:** Dhiyeessii kompitaraa fooyyessuuf manneen barnootaa kompiitara hin qabne adda baasuun toftaalee adda addaa uumuun akka guuttatan ni taasifama. Qindoomina hojii gama kanaan jiru cimsuun uuwwisa ‘Computer-Lab’ manneen barnoota sadarkaa lammaffaa bara 2014tti %50 irra ture bara 2017tti gara 90%tti ol guddisuuf fi Kollejji barnoota barsiisotaa (KBB) keessatti immoo %80 irra kan ture %88tti guddisuuf kan hojjetamu ta'a.

**Tajaajila Intarneetii:** Tajaajila ‘internet’ MB sad.2ffaa bara 2014tti %54 irra ture bara 2017tti %65tti fooyyeessuu fi KBB %74 irraa %84tti fooyyeessuuf kan hojjetamu ta'a.

Akka waliigalaatti bu'aawan waliigala gama kanaan eegaman dhugoomsuuf qindoomina cimaan kan hojjatamu ta'ee leenjii gaggabaaboo qophii gaafannoo barruu raga ogeessotaaf kennuu, barruu ragaa barnoota battalaa qopheessuun hojiif qaqqabamaa taasisuu fi taableetiin lakkofsa barattootaan manneen barnootaa Bultii Addaa hundaa akka qaqqabuf hojjachuun xiyyeffannoo karoora kanaa ta'a.

### **3.3.1.10 Bu'aa barachuu barattootaa**

Akka waliigalaatti, sadarkaa hundatti bu'aa barachuu barattootaa fooyyessuuf manneen barnootaa hawwataa taasisuu, deeggarsa barattootaaf taasifamu cimsuu, dokumeentii dandeettii barattootaa cimsu qopheessuun hojiirraa oolchuu, wiirtuu walirraa barachuu hawaasaa baballisuu, qajeelfama barnoota bu'uuraa ga'eessotaa fooyyeessuun hojiirra oolchuu fi hojii

tajaajila lammummaan barnoota bu'uuraa ga'eessotaa hirmaannaan hawaasaa akka cimu taasisuun murteessaadha.

Bu'aa barachuu barattootaa fooyyessuuf, qorumsa Naannoo kutaa 8ffaa fudhachuun gara kutaa 9ffaatti darban bara 2014tti %95 ture bara 2017tti %97tti fi qorumsa biyyooleessaa kutaa 12ffaa qoramuun qabxii seensa yuuniversiitii fidan bara 2013tti %52.8 irra ture bara 2017tti %57.3 fooyyeessuuf ni hojjatama. Akkasumas, barattoota qarumsa biyyooleessaa kutaa 12ffaa qoramuun qabxii  $\geq 600$  galmeessisan bara 2013tti 226 irra ture bara 2017tti gara 236tti akka ol guddatu gochuu fi madaallii ifa barnootaa bara 2014tti 317,800 irra ture bara 2017tti 1,257,380tti fooyyessuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2 Misooma Fayyaa**

Misoomni fayyaa fayyuumaa haawaasaa mirkaneessuun lammii fayyaa qabeessa horachuudha. Hawaasni fayyaa qabeessa ta'e misooma biyyaa keessatti damaqinaan hirmaachuun guddina misoomaa itti fufiinsa qabu dhugoomsuun fayyadamummaa isaa mirkaneessuu ni danda'a. Galmi misooma fayyaa tajaajila dagaagina fayyaa, ittisa dhibee, wal'aansa dhibee irraa dandamachiisurratti xiyyeffachuun tajaajila kunuunsaan bayyanachiisuu (palative care) haala qulqullinaa fi walgtiinsa qabuun waliin gahuudha.

Gama kanaan, waggoottan laman KIB keessatti hojiiwan gurguddoo misooma fayyaa keessatti raawwatamaa tureen bu'aawan argaman kan nama jajjabeessaniidha. Milka'inoota kana keessatti muuxannoowwan gaarii galmoota gurguddoo KIB dhugoomsuuf gargaaran adda bahanii kan jiranu yoo ta'u waggoottan sadan dhufan tarsiimoo paakeejjii ekisteenshinii fayyaa hojii irra oolchuudhaan hawaasa keenya dhukkuba daddarbaa irraa bilisa taasisuu akkasumas tajaajila fayyaa qulqulluu, walgtiinsa, saffisa, ittififiinsa qabuu mirkaneesun fayyaa hawaasaa fooyyessuuf ni hojjatama.

Kanaafis, uwvisa tajaajila fayyaa hundalessa saffisaan fooyyessuu, hawaasa balaa fayyaa irraa eeguu, sagantaa aanaalee ceesisuu cimsuu (Woreda Transformation) fi deebii kenniinsa sirna fayyaa fooyyessuuf ni hojjatama. Galmoota gurguddoo misooma fayyaa milkeessuuf hojiiwan raawwatamaniin bara 2017tti tajaajila fayyaa umurii jireenyaa fayya qabeessa guyyaa dhalootaa 65.5 irraa gara 68tti akkasumas indeeksii waliin gahinsa hundalessaa (UHC) gara 0.58tti kan guddatu yommuu ta'u reetii itti quufinsa maamilaa %92tti kan guddatu ta'a.

#### **3.3.2.1 Fayyaa Wal Hormaataa fi Karoora Maatii**

Reetii facaatii itti fayyadama tajaajila karoora maatii (CPR) bara 2014tti %41 irraa ture gara %50 tti guddisuu, fedhii karoora maatii hin guutamiin hafan %29 irraa gara %21tti hir'isuu, itti fayyadama tajaajila karoora maatii waliigalaa (CAR) %85 irraa gara %100tti guddisuufi B/F tajaajila fayyaa dargaggoottaa fi dardartootaaf mijataa ta'e kennan %40 irraa %55tti ni guddata.

**Fayyaa Haadholee:** Reeshoo du'aatii haadhoolee (MMR) bara 2014tti 412 /100,000 irra ture dhuma bara 2017tti 256/100000 tti hir'isuu, uwvisa tajaajila kunuunsa da'umsa duraa marsaa 4ffaa (ANC-4 contact) %41 irraa gara %80tti guddisuu, uwvisa tajaajila kunuunsa da'umsa duraa marsaa 8ffaa (ANC-8 contact) ka'umsi isaa hin qoratamne %65tti guddisuu, tajaajila da'umsaa ogeessa fayyaan kennamu %44 irraa %100tti guddisuu, tajaajila da'umsa boodaa guyyaa lama keessatti kennamu %26 irraa gara %70tti guddisuu fi reetii daa'imman du'anii dhalatan dahumsa 1000 keessaa 11 irraa gara 9tti hir'isuu kan hojjetamu ta'a.

**Fayyaa daa'immaanii:** Du'aatii daa'imman wagga 5 gadii daa'immaan 1000 lubbuun dhalatan keessaa bara 2014tti 55 irra dhuma bara 2017tti gara 40tti hir'isuu, du'aatii daa'imman wagga tokkoo gadii daa'imman 1000 lubbuun dhalatan keessaa 43 irraa gara 33tti hir'isuu fi du'aatii daa'imman reef-dhalattuu 1000 keessaa 30 irra ture gara 21tti hir'isuu karoorfameera.

**Sagantaa Talaallii:** Uwwisa tajaajila talaallii gosa shanii marsaa 3ffaa (Penta3) bara 2014tti %54 irra ture dhuma bara 2017tti gara %98tti guddisuu, uwvisa tajaajila talaallii gifira marsaa 1ffaa (MCV1) %49 irraa %99tti guddisuu, uwvisa tajaajila talaallii gifira marsaa 2ffaa (MCV2) %82 irraa %95tti guddisuu, uwvisa tajaajila talaallii guutuu %30 irraa %99tti guddisuufi harcaatii tajaajila talaallii "Penta 1-MCV1 %11 irraa gara %7 tti hir'isuu karoorfamee jira.

**Sagantaa Sirna Nyaataa:** Facaatii quucarummaa (stunting) daa'imman wagga shanii gadii bara 2014tti %36 irra ture dhuma bara 2017tti gara %25tti hir'suu fi facaatii huqqina (wasting) qaama daa'imman wagga shanii gadii %4.7 irra gara %3tti hir'isuu kan hojjetamu ta'a.

### **3.3.2.2 Ittisaa fi To'anno Dhukkubaa**

Du'aatii sababa TB'n dhufu bara 2014tti 22/100,000 irra ture dhuma bara 2017tti gara 9/100,000tti hir'isuu, reetii dhukkuba 'TB' sakatta'anii adda baasuu (case detection rate) %91 irraa gara %99tti guddissuu, reetii dhukkubsattoota 'TB' yaalii xumuran (treatment success rate) %98 irraa gara %100tti guddisuu, baay'ina dhukkubsattoota TB qorichaan wal-bare (MDR TB) bira gahuun adda baasuu 237 irraa gara 455 tti guddisuu, reetii dhukkubsattoota waldhaansa 'TB' fayyuun mirkanaa'e (cure rate) %90 irra gara %97'tti guddisuu, facaatii dhukkuba Juuzaamii 0.36/10,000 irraa gara 0.2/10,000tti hir'isuu, reetii du'aatii sababa dhukkuba busaatiin dhufu

uummata dhibee busaatiif saaxilaman 100,000 keessaa 0.001irra tursiisuu, baay'ina namoota wagga tokko keessatti bifa haaraatiin dhukkuba busaan qabaman (annual parasite incidence) 14/1000 irraa gara 6/1000 tti hir'isuu, du'aatii waliigalaa sababa dhukkuboota daddarboo hin taane (dhibee onnee, sukkaaraa, dhibee kalee, dhibee sirna hargansuu qancaroo fi kaansarii) osoo umuriin hin gahiin dhufu namoota %17 irraa gara %15tti hir'isuu fi uwvisa yaalii dhibee sammuu cimaa (Mukaa'u (Depression) %5 irraa gara %15tti guddisuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2.3 Ittisaa fi to'annoo dhibee "HIV/AIDS"**

Du'aatii sababa 'AIDS'n walqabatee dhufu bara 2014tti namoota 10,000 keessaa 0.72 ture dhuma bara 2017tti 0.5tti hir'isuu, namoota 'HIV'n bifa haaraan qabaman (incidence) uummata 1,000 keessaa 0.08 irra ture 0.04tti hir'isuu, uwvisa namoota qoricha farra 'HIV/AIDS' (ART) argatanii %85 irraa gara %95tti guddisuuf fi reetii vaayirasii HIV haadha irraa gara daa'imaatti darbu %15.01 irraa %5tti hir'isuuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2.4 Sagantaa Eksiteenshinii Fayyaa**

Abbaa/Haadha warraa adda duree ta'an bara 2014tti %30.2 irra ture dhuma bara 2017tti gara %50'tti guddisuuf fi keellaawwan fayyaa tajaajila waliigalaa (comprehensive health services) %16 irraa gara %30tti fooyyessuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2.5 Haayijinii fi Eegumsa Fayyaa Naannoo**

Faalama qilleensaa fi naannoo dabalaa adeemuun saaxilamummaa fayyaa hawaasaa dabalaan kan jiru ta'uun ni beekama. Keessumaa, babal'inni magaalummaa fi warshaaleen walqabatee jiru haala qabinsa qulqullina naannoo gad-aana taasiseera. Hawasni qulqullina naannoo ofii eeguunii fi tajaajila saaniteeshinii bu'uuraa argachuun dhibeewwan dadarboo ta'aniirra akka of-eegu hojjachuu barbaachisa.

Haaluma kanaan, piropoorshinii Abbaa/Haadha Warraa saniteeshinii bu'uuraa (basic sanitation facility) qaban bara 2014tti %65 irra ture dhuma bara 2017tti %80'tti guddisuuf fi piropoorshinii gandoota udaan/boolii namaa dirreetti bobba'uu irraa bilisa ta'an (Open defecation free kebeles) %46 irra gara %60tti guddisuuf karoorri ta'ee jira.

### **3.3.2.6 Tajaajila Yaalii/Medical Services:**

Tajaajila deddeebi'anii yaalamuu (OPD/Capita) dhaabbilee fayyaa daawwatan bara 2014tti 0.6 irra ture dhuma bara 2017tti 1.5tti guddisuuf, baay'ina namni tokko waggaatti ciisee yaalamuu (IPD/Capita) argate 0.0119 irraa gara 0.06tti guddisuuf, reetii qabamiinsa siree %41.5 irraa gara

%75tti guddisuu fi reetii du'aatii dhaabbilee fayyaa keessatti qaqqabu %2.2 irraa gara %1.5tti hir'isuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2.7 Hoggansa saaxilamummaa balaa (disaster risk management),**

Akka adunyaatti balaan uumamaa fi nam-tolchee dabalaan kan dhufuu yoo ta'u weerarri uumamuu fi deebi'anii ka'uun miidhaa hawaasa irratti geessisuu danda'an dursanii adda baasuunii fi sirnaan too'achuuf hojjatamuu qaba. Gama kanaan, Indeksii balaa tasaa fayyaa /health emergencies/ bara 2014tti 0.63 irra ture gara 0.78tti guddisuu fi piroporshinii weerara dhukkuba ka'ee du'aatii hanga eeggamuun ol osoo hin dhaqqabsiisiin to'atamee %100 irra jiru itti fuksiisuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2.8 Dhiyeessii qorichaa fi meeshaalee yaalaa**

Akkuma beekamu dhiibbaa dinagdee addunya irraa kan ka'ee gatiin meeshaalee yaalaa fi qorichaa dabalaan kan jiru ta'uun ni beekama. Rakkoo gama kanaan mudatu xiqqeessuuf warshaalee qorichaa biyya keessatti fi naannoo keessatti akka oomishan irratti hojjachuuf ni hojjatama.

Haaluma kanaan, qorichoota murteessoo dhaabbilee fayyaa (Mootummaa fi Dhuunfaa) hunda keessatti argaman bara 2014tti %79 irra ture dhuma bara 2017tti %90tti guddisuu fi reetii qisaasama qorichaa (pharmaceuticals wastage) %2 irratti tursiisuuf karoori taa'ee jira.

### **3.3.2.9 Sirna to'annoq qulqullina tajaajila fayyaa**

Akka biyyaattisa ta'ee naannootti yeroo ammaa nyaatawwan warshaalee adda addaatiin oomishaman baay'achaa dhufuu fi too'annoon isaan irratti taasifamu laafaa ta'uun ni beekama. Dhimmi kuun sirnaan yoo to'atamuu baate midhaan fayaa hawaasaarra gahu ol'aanaadha. Kanaafuu, nyaatawwan warshaalee adda addaatiin oomishaman kanarratti sirna too'anno cimsuun barbaachisaadha.

Bu'uuruma kanaan, facaatii oomisha nyaataa nageenyummaan isaa hin eegamnee fi seeraan ala gabaa keessa jiru bara 2014tti %36 irra irra ture dhuma bara 2017tti gara %30tti hir'isuu, dhibbentaa qorichoota istandardii gadi ta'anii fi fakkeeffamanii gabaarra oolan %7 irraa gara %6tti hir'isuu, uwvisa inispeakshinii manneen nyaataa fi manneen qorichaa %90 fi %98.9 irra ture %100tti guddisuu fi dhibbentaa uwvisa inispeakshinii dhaabbilee fayyaa %80 irraa gara %100tti guddisuuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2.10 Bu'uuraalee Misooma Fayyaa**

Piropporshinii B/F fi hospitaalota bu'uraa misooma bishaanii qaban bara 2014tti %67 irra ture dhuma bara 2017tti %70tti guddisuu, piropporshinii B/F fi Hospitaalota ibsa guuttatan %66 irraa %70tti guddisuu, baay'ina hospitaalota Ispeeshaalaayizdii 4 irraa 8tti guddisuu, baay'ina Hospitaalota Waliigalaa 34 irraa 111 tti gudisuu, baay'ina Hospitaaloota sadarkaa jalqabaa amma jiran 67 irraa gara 121tti guddisuu, baay'ina B/F 1421 irraa 1587tti guddisuu fi baay'ina K/F bu'uraa /Dhaloota lammaffaa amma jiran 4123 irraa gara 4142tti guddisuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2.11 Misoomaa fi bulchiinsa qabeenya namaa**

Reeshoo baay'ina ogeeyyii fayyaa baay'ina ummata 1,000 jiru keessa bara 2014tti 0.57 irra ture dhuma bara 2017tti 1.71'tti fooyyessuu, reeshoo Hakimoota baay'ina ummata 10,000 keessa 0.28 irra ture gara 1.8tti fooyyessuu, reeshoo baay'ina Narsoota baay'ina ummata 10,000 keessa 4.2 irra ture 7tti fooyyessuufi reetii gadilakkisa hojjetaa 5 irra gara 4.5 xiqqeessuuf karoorfameera.

### **3.3.2.12 Kalaqaa fi Teeknoloojii Fayyaa**

Teeknoloojiwwan tajaajila fayyaa deeggaran ‘Tele medicine’ hanga bara 2014tti Hospitaaloota keessa hin jirre hanga xumura bara 2017tti 40(afurtama) jalqabsiisuu, uwissa Cimdaa Dhuunfaa Fayyaa (HealthNet) B/F %46 irraa %80tti guddissuu, uwissa Cimdaa Dhuunfaa Fayyaa (HealthNet) Hospitaalota %78 irraa %100tti guddissuu, K/F Sirna Odeeffannoo Fayyaa Hawaasaa Elektironikaawaa (eCHIS) hojiirra oolchan (3,535) %50 irraa %100tti guddisuufi galmees fi calallii maamiltootaa dhaabbilee fayyaa diijitaaleessuuf Galmeessa Ragaa Meedikaalaa Elektironikaawaa sadarkaa duraa EMR-MRU) giddu galeessaan %53 irraa %80 irraan gahuuf karoorfamee jira.

### **3.3.2.13 Sirna Faayinaansiingii Fayyaa**

Baasii Mootummaan tajaajila fayyaaf baasu hanga 2014tti %12.3 irra ture hanga 2017tti %13tti guddisuu, maatii miseensa Inshuraansii Fayyaa Hawaasaa ta'an %70 irraa %100tti guddisuu fi hojjettoota miseensa Inshuraansii Fayyaa Hawaasummaa ta'an %0 irra gara 100%tti guddisuuf karoorfamee jira.

### **3.4 Karoora Dhimmoota Seektaroota Hedduu**

#### **3.4.1 Misooma Dubartootaa**

Hirmaannaa dubartootaa gama dinagdee, siyaasaa fi hawaasummaatiin jiru guddisuun fayyadamummaa isaanii guddisuuf hojiilee hedduu raawwatamaa jiranuun jijiiramni qabatamaa ta'e mul'atee jira. Jijiiramaa fi bu'aalee itti fusiiisuu fi misooma hawaas dinagdee taasifamaa jiru keessatti dubartoota fayyadamoo taasisuuf ammallee hojii bal'aan hojjatamuu qaba. Haaluma kanaan, karoori waggaa sadii dhimmootii kana giddu galeessa godhatee kan qophaa'eedha.

Galmi misooma dubartootaa mirga, nageenya fi hirmaannaa dubartootaa mirkaneessuun sochii misooma hawaas dinagdee taasifamaa jiru keessatti fayyadamummaa isaanii mirkaneessuudha. Baroottan lamaan darban hirmaannaa fi fayyadamummaa dubartootaa gama siyaasaa fi dinagdeetiin guddisuuf hojii bal'aa hojjetamaa tureen milkaa'ina argame karaa itti fufiinsa qabuun hogganuun dubartoota misooma dam-daneessa keessatti fayyadamoo taasisuuf haala itti fufiinsa qabuun ni hojjatama. Galmaan gahiinsa hojii kanaaf gurmaa'insa dubartootaa cimsuurratti kan hojjatamu ta'a. Hawasa mirgaa fi nageenya dubartootaa eegsisuu fi miidhaa daa'immanii fi dubartoota irra gahu hir'isuu horachuurratti hojjatamuu kan qabuudha. Akkasumas, ijaaramoota daa'immanii sirna diimokiraasii keessatti guddisuuf xiyyeffannaan kan hojjatamu ta'a. Buu'uuruma kanaan, waggoottan sadeen keessatti galmoottaa ta'aan milkeessuuf hojiilee gurguddoon kan hojjataman ta'a.

**Mirgaa fi nageenya dubartootaa mirkaneessuu:** Gamtaa Misooma Dubartootaa (GMD) bara 2014tti 7,600,000 ture bara 2017tti gara 10,713,133tti guddisuun ijaarama siyaasaa fi dinagdee keessatti gumaata akka qabaatan taasisuu, marii hawaasaa gaggeeffameen gandoota barmaatilee miidhaa geessisan irraa bilisa ta'an 3,229 ture 7,321 irraan gahuuf karoorfamee jira.

Dubartoota miidhaan irra gahe kunuunsa fi deeggarsa argatan bara 2014tti 112 ture bara 2017tti gara 387 guddisuuf; dubartootaa miidhaan irra gahe tajaajila iddo tokko argatan 285 ture 843tti guddisuun tajaajila akka argatan taasisuu fi dubartoota balaa tasaatiin miidhaamanii deeggarsa namoomaa argatan 70,562 ture 185,296tti guddisuuf karoori taa'ee jira.

**Hirmaannaa fi fayyadamummaa dubartootaa guddisuuf:** Fayyadamummaa dinagdee dubartootaa guddisuuf dubartoota garee walgargaarsaan ijaaraaman bara 2014tti 1,606,554 ture dhuma bara 2017tti 6,352,040tti guddisuun rakkoo hawaasummaa isaanii hiikuu; dubartoota qusannaa irratti hirmaatan bara 2014tti 5,712,212 ture 9,524,653 (qar, 1,857,966,640 irraa gara

14,220,723,859)tti guddisuu; dubartoota liqii argatan bara 2014tti 1,117,181 (qar. 4,250,630,150) ture bara 2017tti 2,792,953 (qar. 15,112,532,085) tti guddisuu, dubartoota WHG 'tti miseensa ta'an 98,400 ture bara 2017tti gara 497,677tti guddisuun gurmaa'anii jiruu fi jirenya isaanii akka jijiiramu fi pirojektota misooma dubartootaa bocameen qabeenya sassabamee bara 2017tti qarshii 45,000,000 walitti qabuuf xiyyeffannaan kan hojjetamu ta'a.

### **3.4.2 Misooma Daa'immanii**

Misooma gaggeeffamaa jiru keessatti mirgaa daa'immanii kabachiisuun akkasumas balaa fi saaxilamummaa daa'imman irra gahu xiqqeessuun abdii egeree biyyaa mirkaneessuudha. Dhiibbaa dubartootaa fi daa'imman irra gahu xiqqeessuuf sagantaalee ardaa marii idileessuu, hirmaannaa hawaasaa, qooda fudhattootaa fi dhimmamtoota cimsuun miira aantummaa hawaasaa guddisuuf hojjatamu qaba. Akkasumas, dandeettii raawwachiisummaa dubartootaa fi daa'immanii akkasumas koree eegduu mirgoota daa'immanii /CRC/ cimsuun jijiirama gama kanaan dhufuu maluuf murteessaadha. Dadabarsa daa'immanii hir'isuuf qindoomina uumuun; gumii mirgaa daa'immanii manneen barnoota fi gumiiwwan walgargarsa hawaasa gandaa cimsuurratti xiyyeffatamee kan hojjatamu ta'a.

**Mirgaa fi nageenya daa'immanii mirkaneessuu:** Gandoota kittaannaa shamarranii fi heeruma umurii malee irraa bilisa ta'an bara 2014tti 3,229 ture xumura bara 2017tti gara gandoota 7,321tti guddisuu, daa'imman kunuunsa fi deeggarsa hawaasa bu'uureffate irraa fayyadamoo ta'an 1,174,518 (qarshiidhaan 2,363,696,794) ture gara 2,416,744 (qar.10,174,331,791)tti guddisuu, daa'imman haala rakkisaa keessa turan deeggarsa baajata %1 argatan 80,837 (qarshii 126,016,038) ture daa'imman 405,329 (qr. 1,714,876,038) guddisuu fi pirojektota daa'immanii qabeenya sassaabuuf bocameen maallaqa 7,500,000 argamee ture bara 2017tti gara 45,000,000tti ol-guddisuuf karoorfamee jira.

**Hirmaannaa Daa'immanii Guddisuu:** Ijaarama daa'immanii cimsuun mirga hirmaannaa isaanii mirkaneessuuf bara 2014tti paarlaamaa daa'immanii 1899 ture bara 2017tti 7,694tti guddisuu fi bakka bu'oota paarlaamaa daa'immanii 12,110 mana maree kessatti hirmaachaa turan bara 2017tti gara 15,388 guddisuun itti fufiinsaan akka hirmaatan taasisuuf karoorfameera.

**Fayyadamummaa hawaasummaa daa'immanii guddisuu:** Sababa adda addaan miidhaa daa'imman irra gaheen booda tajaajila xiin-sammuu, hawaasummaa, seeraa, Fayyaa fi kkf iddo tokkotti argatan bara 2014tti 1,049 (dhi 406 dub 644) ture bara 2017tti 3,323tti tajaajila guutuu iddo tokkoo akka argatanii dhiphina keessa bahan, daa'immanii haaroomsa argatanii maatii fi

hawaasatti makaman 1,614 ture 29,841tti guddisuu, daa'imman haala rakkisaa keessa jiraniif guddiifachaa biyyaa keessaa argatan 1,070 ture bara 2017tti 3,180tti guddisuuuf karoorfamee jira.

### **3.4.3 Misooma Dargaggoota**

Hirmaannaa dargaggoota gama hundaan cimsuun sochii siyaas-dinagdee biyya keessatti akka hirmaatanii fi gahee akka qabaatan taasisuun misooma itti fufiinsa qabu mirkaneessuu fi biyya ceesisuu keessatti gahee ol'aanaa ni qabaata. Akka biyyaa/naannoo keenyaatti, yeroo ammaa baayyina uummataa dabala jiru keessatti, %60 hanga %70 kan ta'u umrii dargaggummaa keessa akka jiraatu ragaan ni mul'isa. Humni kun misooma biyyaa fi ijaarsa sirna dimokraasii keessatti gahee akka qabaatu taasisuuf sirnaan oogganamuu qaba. Dargaggoota keenya akka carraa misooma tokkootti fayyadamuuf hirmaanna isaanii gama misooma-hawaas dinagdee fi siyaasaatiin jiru cimsuu gaafata.

Kanaafis, haala mijataa dargaagootaaf uumuu, hojimaata dargaggoota fooyyeessuu, fayyadamummaa gama fandii dargaggootaatiin jiru guddisuu akkasumas tajaajila lammummaa dargaggoota babal'isuun ijaarsa biyyaa keessatti gahee isaanii akka bahan taasisuun barbaachisaadha. Jijiiramoota gama kanaan eegaman dhugoomsuuf waggoottan sadan dhufan kallattii kanaan kan socho'amu ta'a. Mirga, nageenya, hirmaannaa fi fayyadamummaa dargaggoota mirkaneessuu ni hojjatama.

**Mirgaa fi nageenya dargaggoota:** Dargaggoota gurmaa'anii mirgaa fi faayidaa isaanii akka eegsifatan taasifame bara 2014tti 1,105,413 ture bara 2017tti 5,556,290 irraan gahuu; dargaggoota qaama miidhamtootaa xiyyeffannaa addaa barbaadan gurmaa'anii mirgaa fi faayidaa isaanii eegsisan 8,284 irraan gahuu; godaansa seeraan alaa irratti dargaggoota 6,126,758f hubannoontaa miidhaa xinsammuu, hawaasummaa fi dinagdee kennuun miidhaa isaan irra gahu xiqqeessuu, miidhaa bartee alaa galteerratti dargaggoota 3,500,000f hubannoontaa kennuun fi dargaggoota sochii nageenyaa fi tasgabbii hawaasaa eegsisuuf kominitii poolisii keessatti hirmaatan 623,390 ture bara 2017tti 683,390 irraan gahuuf karoorfamee jira.

**Hirmaannaa fi bakka bu'ummaa dargaggoota:** Hawaasa tajaajila lammummaa irraa fayyadaman bara 2014tti 21,234,123 ture bara 2017tti gara 30,561,234 irraan gahuu fi hojii kenna tajaajila lammummaatiin qabeenyaa baasii irraa quusatame qarshii bil. 3.10 ture gara qarshii biliyoona 20tti guddisuu, dargaggoota poolii hoggansa keessaa gara hoggansaatti dhufan 200 turan 2,000 irraan gahuu; dargaggoota seera baastuu keessatti hirmaatan %20 ture %25tti guddisuu; dargaggoota qaamolee raawwachiiftuu keessatti hirmaatan %30 irraa %37tti

guddisuu fi dargaggoota seera hiikuu keessatti hirmaatan %10 ture gara %20 irraan gahuun humna gaggeessummaa dargaggootaa guddisuuf karoorfamee jira.

Akkasumas, hirmaanna dargaggootaa guddisuuf baayina dargaggootaa taateewwan dargaggootaa gaggeeffame irratti hirmaatan bara 2014tti 5,011,361 ture bara 2017tti 5,646,301 irraan gahuu; konfiransii dargaggootaa gaggeeffame irratti dargaggoota hirmaatan bara 2014tti 5,045,240 ture 6,000,000 irraan gahuuf karoorfamee jira.

**Faayyadamummaa dinagdee fi hawaasummaa:** Fayyadamummaa dargaggootaa gama dinagdee, hawaasummaa fi siyaasaatiin jiru cimsuuf dargaggoota carraa hojii uummachuu fi aadaa hojii gabbiffachuu irratti hubannoo argatan bara 2014tti 1,739,930 ture bara 2017tti 5,800,000 irraan gahuu, fayyadamummaa dargaggootaa mirkaneessuuf badhaadhina namoomaa dargaggootaa ijaaraman 152 ture 166tti guddisuu; giddugala badhaadhina namoomaa ragaa abbaa qabeenyummaa argatan 70 irraan gahuu; dargaggoota GGBN keessatti fayyadamtoota ta'an 4,589,375 ture 4,652,368 irraan gahuu; dargaggoota qaama miidhamtoota GGBND keessatti fayyadamtoota ta'an 4,301 irraan gahuu; fi dargaggoota ijaarsa nageenya fi waldhabdee hiikuu irratti hirmaatan 1,600,500 irraan gahuun fayyadamummaa dargaggootaa gama hundaan mirkaneessuuf karoorfamee jira.

### **3.4.4 Hojjetaa fi Eegumsa Hawaasummaa**

Misooma invastimeentii adeemsifamaa jiruun babal'inni industirii yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Misooma industirii babal'achaa dhufe keessatti nageenya amansiisaa ta'e mirkaneessuun hojimaata qunnamtii hojii ammayyeessuu fi nageenya induustirii mirkaneessuun oomshaa fi oomshitummaa guddisuuf keessatti gahee ol'aanaa qaba. Milkaa'ina gama kanaan eegamu fiduuf sirna bulchiinsaa fayyummaa nagummaa ogummaa jarimiyaalee keessatti diriirsuu fi hojiirra oolmaa isaanii cimsurratti ni hojjatama. Gama biraatiin, sirna eegumsa hawaasummaa cimaa ta'e diriirsun fayyadamummaa qaamolee hawaasa adda addaa mirkaneessuurratti xiyyeffatamee ni hojjatama. Galmoota gurguddoo gama kanaan eegaman milkeessuu keessatti hammatatummaa dinagdee fi hawaasummaa cimsuu, carraa fi bobba'insa hojii babal'isuu akkasumas eegumsa hawasummaa haqa qabeessa taasisuun fayyadamummaa sadarkaa hundatti dhugoomsuu ta'a.

Akkuma waliigalaatti, ergama misooma hojjetaa fi hawaasummaatiif kenneme milkeessuu galmoota tarsiimoo'aa shan;nageenya fi tajaajila fayyummaa nagummaa ogummaa industirii mirkaneessuu, carraa hojii mijataa uumameen fayyadamummaa lammilee guddisuu, sirna

eegumsa hawaasummaa diriirsuu fi tajaajiloota guddisuu akkasumas hammatamummaa dinagdee fi hawaasummaa cimsuun hirmaanna fi fayyadamummaa mirkaneessuurratti kan hojjatamu ta'a.

**Nageenya Industirii keessatti mirkaneessuu:** Nageenya industirii mirkaneessuu keessatti kaayyoon ijoon tokko sirna marii hawaasaa industirii keessatti cimsuu fi babal'isuu yoo ta'u sirna marii gar-lamee bara 2014tti industiriwwan 673 keessatti diriirfamee ture bara 2017tti jaarmiyaalee 1,832 geessisuu, waldaalee hojjettotaa fi hojjechiisaa galmaa'anii qaama seerommaa argaatan bara 2014tti 2 ture 11 irraan ga'uufi, waliigaltee gamtaa haaraa industirii keessatti galmaa'an bara 2014tti 96 ture 2,100 irraan ga'uufi akkasumas waldiddaa hojjetaa fi hojjechisaa jidduu jiru waltaasisuun falmiiwwan hojii hiikaman bara 2014tti 6,309 ture gara 17,284 ol'guddisuuf karoorfamee jira.

**Tajaajila Fayyummaa Nagummaa Ogummaa Industirii:** Tajaajila Fayyummaa Nagummaa Ogummaa Industirii keessatti mirkaneessuun naannoo hojii balaa irraa bilisa ta'uu isaa fi meeshaaleen ittisa balaa hojjettoota industiriif haala barbaadamuun dhiyaachuu isaa mirkaneeffachuuf to'anno duraa indusirii keessatti adeemsifamu bara 2014tti 19,508 (%78.03) ture bara 2017tti gara 70,000 ol'guddisuuf fi to'anno bu'uuraa haala hojii duraa bara 2014tti industurii 20,528 keessatti gaggeeffamee ture 70,028 irraan gahuuf ni hojjatama. Haaluma walfakkaatuun, industiriwwan IMX tajaajila eegumsa Fayyummaa Nagummaa Ogummaa argatan bara 2014tti 2,090 ture 7,090 irraan gahuuf karoorfamee jira.

**Fayyadamummaa lammilee guddisuu:** Fayyadamummaa lammilee mirkaneessuuf waggoottan sadan dhufan kana keessatti hojiiwwan gurguddoo hojjataman keessaa hojii barbaaddota qulqullinaan galmeessuu fi hubannoo aadaa hojii irratti kennuu, ragaa fi odeeaffannoo hojii barbaaddotaa qindeessuun kaardii hojii barbaaddootaa kennuu, fedhii iddo hojii gabaan barbaadu fi humna namaa hojii irra jiru adda baasuu akkasumas hojii barbaaddotaaf odeeaffannoo gabaa hojii dhaqabamaa taasisuun carraa hojii biyya keessaa fi alaa akka mijatuuf ni hojjatama. Gama biraatiin, Ejensiwwan dhuunfaa hayyama seeraa qabeessaa ta'an bara 2014tti 127 ture bara 2017tti 508 irraan gahuuf fi Ejensiwwan hayyama haaromsiisuu argatan bara 2014tti 267 irraa gara 1,147tti guddisuuf karoorfamee jira.

Ejensiwwan dhuunfaa hojii fi hojjetaa biyya alaatti walqunamsiisan irratti to'anno fi hordoffii itti fufiinsa qabu gaggeessuun al-seerummaa gama kanaan mul'atu xiqqeessuuf ni hojjatama. Gama biraatiin, qooda fudhattoota wajjin qindoomuun godaansa seeraan alaa irratti qaama

hawaasaaf hubannoo kennamaa jiru cimsuun lammii biyya isaa jaal'atuu fi keessatti hojjete jijiiramu horachuuf karoorfamee jira.

**Sirna eegumsa hawaasummaa diriirsuu:** Sirna eegumsa hawaasummaa diriirsuun tajaajiloota guddisuuf Sirna Bulchiinsa Odeeffannoo (MIS) diriiree hojiirra oole bara 2017tti %25 irraan ga'uu, dhaabbata fandii eegumsa hawaasummaa tokko hundeessuun hawaasa fayyadamaa taasisuu, hawaasa walii isaatiin gurma'ee tajaajiloota eegumsa hawaasummaa kennan gumii walgargaarsa hawaasaa (Community Care Collision) ijaaraman bara 2014tti 4,376 ture bara 2017tti 7,500 gurmeessuun hojii eegalsiisuu, garee ofiin of gargaarsaa (GOOG) miseensoota isaanii waliin hayyama argatan bara 2014tti 5,588 ture 13,970 irraan ga'uu fi miseensoota garee walgargaarsaa hawaasummaa bara 2014tti 447,004 ture 1,117,510 ol'guddisuuf karoorfamee jira. Sagantaa eegumsa hawaasummaa baballateen baay'ina fayyadamtootaa sagantaa deeggarsa wabii nyaataa baadiyyaa fi magaalaa argatan bara 2014tti 260,410 ture 269,701 irraan ga'uu, baay'ina lammilee sagantaa Wabii nyaataa magaalaa (urban destitute) 30,834 fayyadamoo taasisuu fi lammilee sagantaa tajaajila deebisanii dhaabuu xiinsammuu, hawaasummaa fi kanneen biroo kamiyyuu keessatti hin hammatamnee fi jirenya isaanii daandii gubbaa taasisan 3,000 ture 21,000 irraan ga'uf ni hojjatama.

Baayina lammilee Gumii Walgargaarsaatiin deeggarsa maallaqaa gamtaan (CCC) walitti qabame irraa fayyadamoo ta'an 915,000 ture bara 2017tti 1,755,000 iraan ga'uu fi baay'ina maallaqaa Gumii Walgargaarsaa Gamtaan (CCC) walitti qabame hojiirra oole qar.346,460,824 ture bara 2017tti qar.683,921,647 irraan ga'uu fi baay'ina dubartoota, daa'imman, maanguddoota, qaama miidhamtootaa fi lammilee biroo balaa uumamaa fi namtolcheetiin rakkoo hawaasummaa fi dinagdeef saaxilamoo ta'anii gargaarsa namoomaa argatan 235,000 ture bara 2017tti 1,135,000 irraan ga'uf karoorfamee jira.

**Hammatummaa Dinagdee fi Hawaasummaa Cimsuu:** waggoottan sadan dhufan maanguddoota dandeettii gaggeessummaa qabanii fi leenjii kennuu irratti bobba'anii carraa hojii argatan fi maanguddoota waldaalee lammummaa irraa deeggarsaa fi kunuunsa argatan guddisurratti xiyyeffatamee ni hojjatama. Maanguddoota hirkoo fi gargaarsa hin qabnee fi hawaasaan deeggarsa argatan bara 2014tti 300,417 ture bara 2017tti 750,417 deeggarsa akka argatan taasisuu akkasumas maanguddoota buufataalee keessatti kunuunsa argatan bara 2014tti 3,795 ture 4,000 ol'guddisuuf karoorfamee jira. Haaluma walfakkaatuun, maatii harka qalleeyyi deeggarsa adda addaa argatan bara 2014tti mil.5.1 ture gara mil.9 tti guddisuuf fi qaama hawaasaa

rakkoo jirenya hawaasummaaf saaxilamanii kadhaan bultootaa fi jiraattoota daandii gubbaa ta'an deebi'anii dhaabbatan bara 2014tti 6,680 ture bara 2017tti 30,008 irraan gahuuf ni hojjatama. Fayydamtoota dawaalee sammuu hadoochanii deebi'anii dhaabbatan bara 2014tti 74,410 ture bara 2017tti 186,058 irraan gahuu akkasumas duartoota mana bunaa deebi'anii dhaabbatan bara 2014tti 297 ture bara 2017tti gara 2,502 tti guddisuuf karoorfamee jira.

### **3.4.5 Misoomni Ispoortii**

Misoomni ispoortii hawaasa fayya qabeessa, sammuu fi qaamaan gahoomee naamusa gaariin misoomni keessatti qooda akka qabaatuufi aadaa, duudhaa fi eenyummataa saba tokkoo beeksisuuf fi guddisuuf gahee ol'aanaa qaba. Gama biraatiin faayidaa dinagdummaa, tokkummaa, jaalalaa fi hariiroo hawaasummaa uummataa gidduutti akkasumas biyyaa fi biyya gidduutti uumuun riqicha ta'ee tajaajila. Kana dhugoomsuuf dhiyeessii bu'uuraalee misoomni ispoortii fooyyessuun ispoorteessitoota dandeettii fi gahumsa ol'aanaa qaban baay'inaa fi qulqullinnan horachuurratti xiyyeffatamee hojjatamuu qaba. Akkasumas, misoomni ispoortii keessatti dinagdee damee dhuunfaan durfamu mirkaneessuu fi qooda fudhatoota waliin qindoomina umamuun tarsiimoo sektara kanaa bifaa guutuu ta'een hojiirra oolchuun gahee dinagdummaa fi hawaasummaa gahumsaan akka bahu gochuun barbaachiisadha.

**Lammilee si'aawaa, dorgomaa fi mo'ataa uumuu:** Hirmaanna dargagootaa cimsuun ispoorteessitoota dandeettii fi ga'umsa guutuu qaban baay'inaa fi qullqullinaan horachuun sadarkaa biyyaa fi idil addunyaatti dorgomaa ta'uuf hojjetamaa ture daraan cimsuuf karoorri haala itti aanuun qophaa'ee jira.

**Sadarkaa Gurmaa'insota Ispoortii Uummataa eegsisuu:** Gurmaa'insoota ispoortii uumataa sadarkaa biyyalessaa fi idil-addunyaaya isaanii akka eegan taasisuuf gurma'insaa fi gahumsa raawwachiisummaa jaarmiyaalee ispoortii babal'isuun bu'uura uummatummaa akka qabaatu taasisuuf ni hojjatama. Jaarmiyaalee ispoortii uummataan gurmaa'an hanga bara 2014tti 83,027 ture bara 2017tti 88,150, mana maree sadarkaan gurmaa'an 7,350 ture 7,568tti akkasumas kilaboota ispoortii gurmaa'an hanga bara 2014tti 120 ture gara 300tti guddisuuf ni hojjatama.

Galii misoomni ispoortii cimuuf maddoota galii ispoortii qorachuun misoomni ispoortii babal'isuuf damee ispoortii sadarkaan jiran irraa hanga bara 2014tti qar.mil.327 sassaabamee ture dhuma bara 2017tti qar.bil.1.925tti guddisuun deeggersa mootummaan taasifamuu xiqqeessuuf karoorfamee jira

**Bakkeewwan oolmaa fi leenjii ispoortii guddisuu:** Bakkeewwan oolmaa fi leenjii ispoortii guddisuun seera qabeessummaa isaanii mirkaneessuu fi dhaqqabummaa guddisuuf kan hojjatamu ta'ee bakkeewwan oolmaa ispoortii Manneen Barnootaa fi Dhabbilee adda addaa keessatti argaman bara 2014tti 15,556 ture bara 2017tti 38,916tti, bakkeewwan oolmaa ispoortii dhuunfaan ijaaraman 4 ture 8tti, bakkeewwan oolmaa ispoortii ragaa abbaa qabeenyummaa argatan 24,265 ture gara 24,700tti guddisuuf ni hojjatama.

Bakkeewwan oolmaa ispoortii fi bashannanaa sadarkaa idil-addunyaa guutan hanga bara 2014tti 1 ture hanga bara 2017tti 2tti guddisuu fi bakkeewwan oolmaa ispoortii sadarkaa biyyalessaa guutan 52 ture 100tti akkasumas bakkeewwan oolmaa ispoortii qaqqabamummaan isaanii hanga bara 2014tti %55 irra ture gara %75tti guddisuuf karoorfamee jira.

Hanga bara 2014tti, abbootii qabeenyaa/dhuunfaa daldala industirii ispoortii keessatti hirmaachuun gahumsa mirkaneessa ogummaa fudhatan 70 ture gara 200tti guddisuun misooma industirii/ investimentii ispoortii sadarkaan gaggeeffameen carraawwan hojii damee ispoortii keessatti dargaggootaaf uumame 10,548 ture bara 2017tti gara 35,000 ni guddata.

**Ispoortii hawaasaa babal'isuu:** Ispoortii hawaasaa sadarkaa hundatti babal'isuun hawaasa fayyaa qabeessa ta'e horachuuf ni hojjatama. Hawaasa ispoortii fayyaa fi jabeenya qaamaa irratti hirmaate bara 2014tti mil. 10.5 ture bara 2017tti gara mil. 15tti guddisuun hawaasni fayyaa isaa akka eeggatu taasisuuf ni hojjatama. Manneen barnootaa keessatti sochii fayyaa fi jabeenya qaamaa babal'isuun akkasumas gareewan fayyaa sagantaa sochii qaamaa fi fayyaa hawaasa keessatti hirmaatan guddisuun fayyummaa isaanii akka eegsifataniif ni hojjatama.

Ayyaanota Ispoortii Aadaa /festivaalota ispoortii hundaa bara 2014tti 17 ture bara 2017tti 120tti guddisuun hawwaasa sagantaa kanaraa fayyadamaa ta'e bara 2014tti 2,812,781 ture mil. 7tti guddisuun, taateewan Ispoortii sadarkaan qophaa'an irratti hawwaasa 2,845,102 hirmaataa ture gara mil. 5 tti guddisuuf karoorfamee jira.

**Sagantaa leenjii ispoortii guddattootaa babal'isuu:** Waggoottan sadan dhufanitti, sagantaa leenjii ispoortii guddattootaa babal'isuun atileetota bakka bu'an baayyinaan horachuuf ni hojjatama. Buufattota leenjii guddattootaa deeggarsa mootummaatiin banaman bara 2014tti 286 ture bara 2017tti 417 irraan gahuun leenjifamtoota 7,150 ture 15,242tti guddisuu, leenjifamtoota giddugala dhuunfaa keessatti leenjii fudhatan 562 irraa 2,472 tti akkasumas leenjifamtoota kilaboota keessatti qabaman bara 2014tti 137 ture 7,750 irraan gahuuf karoorfameera. Akka

waliigalaatti, sagantaa leenjiwwan ispoortii guddattootaa cimsuun ispoorteessitoota bakka bu'oo ta'an dandeettii fi ga'uumsan horachuuf ni hojjatama.

**Atileetota/ispoortessitoota beekamoo horachuu:** Baayyina Atileetota guddattoota giddugaloota leenjii ispoortii guddattootaa diriirfame keessatti ga'umsaan xumuranii kilabootatti makaman itti fufiinsaan hirmaatan hanga bara 2014tti 90 ture, bara 2017tti 400 irraan gahuu; atileetota garee biyyalessaa keessatti hammataman 45 ture 50tti, fi kanneen waldorgommii sadarkaa ardii fi idil addunyaatti hirmaachuun milkaa'an 8 turan gara 200tti guddisuuf xiyyeffannaan hojjechuuf karoorfamee jira.

**Misooma ispoortii hawaasummaa, hariiroo fi tokkummaa:** Misooma ispoortii hawaasummaa, hariiroo fi tokkummaa cimsuuf ni hojjatama. Haaluma kanaan, taphoota michummaa biyya keessaa fi alaa qindaa'ee gaggeeffamu 3 irra 10tti guddisuuf ni hojjatama. Hawaasa tajaajila tola ooltummaa ispoortii irratti bobba'an 5,487 irra 10,000tti guddisuuf fi atileetotaa fi ogeessota ispoortii maqaa gaarii, ijaarsa biyyaa fi turizimii ispoortii guddisuuf ergamn horachuuf ni hojjatama.

### **3.4.6 Misooma Eegumsa Naannoo fi Dinagdee Magarisaa**

Guddina dinagdee qulqullinaa fi ittifufiinsa qabuu dhugoomsuu keessatti eegumsa naannoo gahee ol'aanaa ni qabaata. Guddina dinagdee itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf faalama naannoo xiqqeesuun dinagdee magariisaa jijiirama qilleensaa danadamattu dhugoomsuun barbaachisaadha. Sababa babali'na industiriitii fi sochiilee misoomaa adda addaa naannoo keenya keessatti dabalaan dhufeetiin dhiibbaan faalamaa naannoo irraa gahaa jiru dabalaan kan jiru yoo ta'u adeemsi kun fayyaa hawaasichaa miidhuudhaan oomishaa fi oomishtummaa xiqqeessuun guddina itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf rakkoo ta'a.

Tarsiimoo dinagdee magariisaa hojiirra oolchuu keessatti hojiin eegumsa naannoo fi gadi lakkisa gaazota ho`aa MmtCO<sub>2</sub>e hirisuu isaan ijoodha. Waggoottan lamaan dabran hojii kallattii adda addaan hojjatamaa ture keessatti jalqbibiin gaarii kan jiru yoo ta'u hanqinaalee gama hojiirra oolmaa seerota eegumsa naannoo, dhiibbaawan babal'ina industiriif fi magaalotaa, mancat'iinsa bosona, qabannaafi qubanaa seeran alla fi kkf jiru irratti ciminaan yoo hojjatama dhiibbaa gama kanaan gahu xiqqeessuun ni danda'ama. Jalqabbiawan gaarii jiranuu fi muuxannoowwan argaman qindeessuun xiyyeffannoowwan karoora waggaan sadii kun qophaa'eera.

**Bu'a qabeessummaa diinagdee magariisaa jijiirama qilleensaa dandsamatu fooyyeessuu:** Teeknolojiwwan diinagdee magariisaa jijiirama qilleensaa dandamatu adda baasu, Gadilakkisa

gaazota ho'aa ukkaamsanii bara 2014tti MtCO<sub>2</sub>equiv. 11.68 hir'ate bara 2017tti MtCO<sub>2</sub>equiv. 28.15dabaluun, MtCO<sub>2</sub>equiv. 39.83 hir'isuuf ni hojjetama. Hawaasa mil. 2.44 dandamanna jijiirama qilleensaa irraa fayyadamaa ta'ee ture bara 2017tti mil. 4 dabaluun, gara mil. 6.44 tti guddisuu.

**To'anno faalama naannoo:** Dokumantoota sakatta'insa dhiibbaa naannoo fi hawaasa xiinxaluudhan sartifikeetiin qulqullina naannoo (environmental clearance) kennuu, warshaalee karoora qabiinsa naannoo fi hawaasaa (ESMP) qopheeffatanii fi hojiirra oolchan taasisuu, jaarmiyaalee/dhaabbilee/ irrattii to'annoofi hordoffii dabaluun tarkaanfiin sirreefama akka fudhatamufi seerotnni eegumsa naannoo akka mirkanaa'u u ni taasisama. Akkasumas, warshaalee ulaagaalee bu'uuraa eegumsa naannoo (Environmental compliance) guuttachuun hojii kessaa kan galan taasisuu fi uwvisa odiitii naannoo dhaabbilee guddisuuun sadarkaa irra jiran adda baasuun sirreefamn barbaachisu akka fudhtamu ni taasifama.

**Uwwisa bosonaa dabaluu:** Qabeenya bosonaa fi lafa bosonaan misoomuu danda'uu fi bosona mancaatiirraa baraaruu danda'amee guddisuu, akkasumas qabeenya bosonaa, waldaalee hojii gamtaa bosonaa hirmaannaa uummataatiin buluu babal'isuun walumaagalatti bal'ina lafa bosonaa naannoo keenyaa bara 2014tti hekt.mil. 9.98 gahamee ture irratti hekt.mil.0.25 dabaluun gara hekt.10.23 dhaqabsiisuu fi uwvisa bosonaa % 27.2 turee gara %29.85tti guddisuu ni hojetama.

**Eegumsaa fi kunuunsa Bineelda Bosonaa fooyyeessuu:** Hanga bara 2014tti, idoowwaan eegaman 11 (Paarkiiwwaanfi dawwoo bineensota bosonaa 3 fi bakkeewwan eeko-tuuriizim 8) ture irratti 34 dabaluun (paarkii 21 fi eekootuuriiziii 13) hanga bara 2017tti gara 45tti guddisuu.

**Eegumsaa fi ittifayyadama qabeenya Hedдумина Lubbuу Qabeeyii fooyyeessuu:** Hanga bara 2014tti sanyiwwan hedдумина lubbu qabeeyii haphatamaniifi badiif saaxilaman 49 deebi'anii akka gabbatan, eegamanfi kunuunfaman taasifaman irrattii 159 dabaluun gara 208 tti guddisuu ni hojjatama. Akkasumas, iddoole eegumsaa fi kunuunsa hedдумина lubbu qabeeyii; Iddoon alaa Biqiltuulee qorichummaa qaban, Iddoole eegumsaa fi kununsu Heedдумина lubbu qabeeyii Iddoo (*In situ conservation*), *Iddoowan eegamaa* ('protected areas'), *Lafa caffaa daangessuun kunuunsuu*, '*Biospher Reserve*' irratti qabeenyi hedдумина lubbu qabeeyii akka eegaman ni taasifama.

**Galii Damee Bosonaa Guddisuu:** Akka waliigalaatt, galii rooyaalitii bu'aa bosonaa qar. mil. 124.95 ture gara qar. mil. 424.95 tti fi galii bu'aa bineensota bosonaarra sasabamu qar. mil. 0.67

ture gara qar. mil. 1.774 guddisuu akkasumas galii rooyaalitii bu'aa bosonaa fi bu'aa bineensota qar. mil. 125.62 ture gara qar. mil. 426.724 sasaabuuf karoorfameera.

### **3.4.7 Misooma Saayinsii, Teknooloiji fi Qunnamtii Odeeffannoo**

Biyya keenya biyyoota galii guddu-galeessaa qaban cinaa hiriirsuu fi dorgomaa taasisuu keessatti gaheen Saayinsii, Teknooloiji fi Qunnamtii Odeefanoo barbaachisaadha. Tarsiimoon misooma keenyaa kallattii hundaan beekumsa gama saayinsii, teknoloiji fi kalaqaatiin jiru kan bu'ureffate ta'uu kan qabu yommuu ta'u lammii beekumsa saayinsii fi teknoloojiin badhaadhe horachuuf xiyyeefannaan misooma damee kanaaf kennamu murteessaadha. Beekumsa saayinsii, teeknoloojii fi kalaqaa fooyyessuutiin hojiin hanga ammatti hojeetame gaarii yoo ta'es, fedhii jiru wallin kan wal hin gitne waan ta'eef muxannoo fi beekumsa gama kanan jiru maddaqisuudhan bifa feedhii saayinsii fi tekinolojii naannoo keenya guutu danda'un irratti hojjatamuu qaba.

Waggoottan lama KIB keessatti, bu'uura saayinsii fi teeknoloojii naannoo keenyaa lafa qabsiisuuf hojiin gama moosaajota fi weeb-poortaalii magaalota misoomsuun hojiirra oolchuurratti hojjatame gaarii ta'ee fedhii saayinsii, teeknoloojii fi misoomaa hawaasa bira jiru waliin bifa wal maddaluu danda'aun ammallee ciminaan hojjatamuu kan qabuudha. Kanaafuu, waggoottan sadan dhufan keessatti bu'aawwan argaman kana cimsuun naannoo keenya keessatti misoomaa fi cee'umsa teeknoloojii dhugoomsuuf ni hojjatama.

Haaluma kanan, karoori misooma wagga sadii (bara 2015-2017) kuniis bu'uuraalee misoomaa TQO babal'isuu, tiraanisfoormeeshinii dijitaalawaa cimsuu, ijaarsa dandeettii saayinsii fi teeknoloojii cimsuu, ooggansaa fi tamsaasa beekumsaa fi sirna qo'annoo fi qorannoo cimsuu, akkasumas misoomaa fi cee'umsa teeknoloojii guddisuuurratti kan xiyyeefateedha.

**Beekumsa fi itti fayyadama saayinsii fi teeknoloojii guddisuu:** Hojiin ce'uumsa teeknoloojii gudisuu itti fufiinsaan kan hojjatamu ta'ee sirna qabiinsa ragaa seekteroota Naannoo ammayyeessuuf hojii hojjatamaa jiruun raawwii hanga bara 2014tti 10 ture hanga bara 2017tti dabalatan 340 dijitaala'ez gochuu fi bu'uuraalee cimdaa hanga bara 2014tti 601 hojjatamee jiru irratti dabalatan wagga sadan kana keessatti 1,237 tti guddisuuuf ni hojjatama. Akkasumas, KIB wagga sadii kana keessatti hojimaattota ofummaa'an hanga bara 2014tti 2 irra jiru hanga bara 2017tti dabalatan 20 ofummeessuu fi beekumsa biyyaa keessa (indigenous knowledge) 8 ofummeessuun faayidaa hawasaaf oolchuuf ni hojjetama.

**Misoomaa fi Cee'umsa Teeknoloojii guddisuuu:** Bara 2017tti sirnoota ce'uumsa teeknoloojii hanga bara 2014tti tokko hojiirra oolee ture, wagga sadan kana (bara 2015-2017)tti tokko hojiirra oolchuuf karoorfameera. Akkasumas, teknoolojiiwwan jibaajii hanga bara 2014tti 7 raawwatame ture, wagga sadan kanatti 10 misoomsuu, teeknoloojiiwwaan jibaajii wagga shan keessatti 60 ce'eesiisuuf karoorfame, 2 ce'aan irratti waggoota sadan (bara 2015-2017)tti 58 cesisuu fi oomishaalee sona dabaluun haaratti oomishaman wagga shanan kana 20 karoorfame hanga ammatti 2 oomishaman irratti 18 haaraa oomishuuf xiyyeffannoon ni hojjatama.

**Eegumsa mirga qabeenyummaa sammuu cimsuu:** Kalaqa adda adda guddisuu fi eegumsa mirga qabeenyummaa sammuu cimsuuf qabeenyummaa sammuu mirga abbummaa wagga shan kana keessatti 525 eeguuf karoorfamee hanga bara 2014tti 109 kan raawwatame yommuu ta'u wagga sadan dhufan 416 eeguuf akkasumas KIB wagga shanii keessatti abbootti kalaqaa beekamtii argatanii/ jajjaboeffaman 250n gahuuf karoorfame bara 2014tti 29 raawwatame yeroo hafetti 160 akka jajjaboeffaman, kalaqaalee ce'umsa teeknoloojiif galtee ta'an KIB wagga shanii keessatti 45 karoorfame hanga xumura bara 2014tti 6 raawwate 39 raawwachuu fi wiirtuuwwan "TISC" kaaffewwan saayinsiifi teeknoloojii keessatti 22 hundeessuuf kan hojeetamu ta'a.

**Qo'annoo fi qorannoo cimsuu:** KIB wagga shanii keessatti qorannoowwanii fi qo'annoowwan 30 ce'sisuuf karooramme hanga bara 2014tti tokko kan ce'ee fi wagga sadan dhufanitti 29 cesisuu fi qorattoota beekamtiin kennameef hanga bara 2014tti 6f kenname, waggoota sadan dhufan 54f kenuuf ni hojeetama.

**Qulqullina oomishaa fi tajaajilaa fooyyessuuf:** KIB wagga shanii keessatti qulqull'ina omishaa fi sirreessa sirna safaraa %65 fooyya'essuuf karoorfame wagga laman kana %11.5n fooyya'ee jiru hanga bara 2017tti %50 fooyyessuu fi miidhaa teeknoloojii balaqqee nam-tolchee %50 hirisuuf karoorfame hanga bara 2014tti %4 qofa hiratee, hanga bara 2017tti %50 hirsuuf kan hojeetamu ta'a.

**Guddina dinagdee dijiitaalawaa naannoo dhugoome:** Tiraanisfoormeeshinii dijitaalawaa akka Naannootti cimsuuf moosaajota (software) hanga bara 2014tti 20 misoome irratti hanga bara 2017tti 100 misoomuu fi apiliikeeshinoota moobaayilaan hanga bara 2014tti 10 misooman irratti 80 misoomsuuf ciminan ni hojeetama.

### **3.5 Haqaa fi Nageenya**

Naannoon Oromiyaa, handhuura biyyaattiitti kan argamtuu ta'uu isheetiin olitti naannolee hedduu waliin kan wal daangeessuudha. Sosochiin dinagdee, siyaasaa fi hawaasummaa akka biyyaattiitti jiru Naannoo keenya waliin walitti hidhamiinsa cimaa kan qabuudha. Kanaafuu, nagaa ta'uun Oromiyaa dhimma nagaa ta'uu biyyaattiiti jechuun ni danda'ama. Sosochii dinagdee, hawaasummaa fi siyaasa biyyatti fayya qabeessa taasisuuf nagaa fi tasgabbii mirkaneessuun hojii ijoodha.

Biyya badhaate ijaaruu, tokkummaa sabdanneessummaa, kabaja lammii fi bilisummaa dhugoomsuu akkasumas badhaadhina waloo mirkaneessuu xiyyeffanna ijo KIB ta'uun ni beekama. Badhaadhina mirkaneessuu yoo jedhamu sirna kenniinsa tajaajila hawaasaa ga'umsa qabuu fi loogumaarra bilisa ta'e ijaaruu, dandeettii raawwachiisummaa mootummaa cimsuu fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuu, fedhii hawaasaa guddisuu akkasumas sirnoota nageenya fi haqaa ijaaruun ol'aantummaa seeraa fi mirga namoomaa kabachiisuun nagummaa dhalootaa mirkaneessuudha.

Kanaafuu, misoomaa fi ijaarsa sirna dimookiraasi dhugoomsuu keessatti nageenyi dhimma ijo fi murteessaa waan ta'eef, hawaasni sodaa fi yaaddoo nageenya tokko malee akka bahee galuu fi socho'uu danda'uuf hojjatamuu qaba. Akkasumas, rakkolee gama bulchiinsa gaarii mirkaneessutiin mudate hiikuu fi hojiirra oolmaa rifoormiwwan gama seektara haqaa fi nageenyaan eegalaman cimsuun nageenya ummataa mirkaneessuun hojii hojjatamu ta'a.

Ol'aantummaa seeraa fi nageenya ummataa mirkaneessuun xiyyeffanna KIB ol'aanaan ta'uun ni beekama. Haaluma walfakkaattuun, nageenya fi tasgabbii lammilee mirkaneessuun ol'aantummaa seeraa eegsisuu fi finxaaleessummaa amantaa fi eenyummaan walqabatanii ka'an hawaasa keessatti yaaddoo akka hin taane irratti hojjetamuu qaba.

Waggoottan darban keessatti dhabamuun tasgabbii siyaasaa biyya keenyatti uumamee tureen rakkolee hawaas dinagdee hammeesee jira. Haa ta'u malee, mootummaan Naannoo Oromiyaa nageenya naannoo keenya mirkaneessuudhaaf xiyyeffanno guddaa kennee hojjechaa tureera. Ummanni naannoo keenyas sochii nageenya mirkaneessuu, dimookiraasi dhugoomsuu fi birmadummaa biyya keenya kabachiisuuf mootummaan taasisaa ture keessatti dammaqinaan hirmaachuudhaan gahee isaa bahaa tureera. Hojii hanga ammaatti qindoomina caasaalee nageenya fi ummataa keenyaatiin hojjetameenis bu'aan argameera.

Akkasumas, gama walitti dhufeenya naannolee ollaa cimsuu fi walitti bu'iinsa ittisuu fi hiikuutiin hojii hojjetameen; waggoottan darban keessatti walitti dhufeenya mootummoota naannolee ollaa cimsuudhaaf hojii hojjatameen bu'aawwan gaggaarinis galmaa'uu danda'aniiru. Haata'uutti, waggoottan sadan dhufan keessatti nageenya amansiisaa fi itti fufiinsa qabu mirkaneessuun hawaasni yaaddoo fi sodaa nageenya tokko malee hojii qalbii guutuun misoomaa isaarratti akka bobba'uuf ol'aantummaa seeraa fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuuf ni hojjatama.

### **3.5.1 Ol'aantummaa seeraa fi bulchiinsa gaarii mirkaneessuu**

Si'oaminaa fi qulqullina tajaajila Abbaa Alangummaa dabaluuf hojiwwan galmee fi dhimmoota biroo daangaa yeroo kaawwamee keessatti xumuramanii g/galeesson hanga bara 2014tti %88 irra ture, dhuma bara 2017tti gara %90'n gahuuf akkasumas hojiwwan galmee fi dhimmoota biroo of harkaa xummuruu g/galeesson %86.79 irra ture %92tti guddisuuf kan hojjetamuudha.

Dhimmoota galmee yakkaa RTD'n murtii argatanii galmee himataa waliigalaa dhihaate keessaa hanga 2014tti %13.7 irra gahee ture, bara 2017tti %30.7n gahuuf karoorfameera. Akkasumas, dandeetti murtii balleessummaa kennisiisuu giddu-galeessa yakkaa hundaa hanga bara 2014tti %94 irra ture, bara 2017tti %95 gahuuf fi hanga himatamtootaatiin (himatamaan) %76 irra gara %85tti guddisuuf kan hojjetamu ta'a.

Sirni haqaa fi tajaajilli uummataa qulqullina akka qabaatu gochuu fi dhaqabamaa taasisuuf tajaajilli Abbaa Alangummaa namoota tajaajila deeggarsa seeraa bilisaan argatanii hanga bara 2014tti 40,528 irra gahe ture, hanga bara 2017tti dabalatan namoota 19,722 kennuuf karoorfameera. Bay'ina dhimmoota karaa damee dhaabbii fi dhaddachaalee naannawaan furmaata argatanii dabalurratti raawwii hanga bara 2014tti 2,810 irra ture, bara 2017tti 28,000tiin gahuuf ni hojjatama. Akkasumas, uwvisa uummataa/namoota hubannoo seeraatiin bira gahamanii hanga bara 2014tti %45.8 irra ture, bara 2017tti gara %68tti guddisuuf karoorfameera.

Harcaatii eeruu dantaa ummataa fi mootummaa ilaachisee hanga bara 2014tti %26 gahe ture, bara 2017tti gara %18tti gadii hir'isuu fi harcaatii galmee himataa yakkaa gosa hundaa %10 irra ture, %6tti gadi buusuuf ni hojjatama.

Gama biraatiin, maallaqaa/qabeenya bu'aa yakkaan dhorkame, hanga bara 2014tti qar.mil.794.3 irra gahe ture, bara 2017tti gara qar.bil.3.7 guddisuuf ni hojjatama. Maallaqaa bu'aa yakkaa tarkaanfii bulchiinsaanii fi falmiin mootummaadhaaf deebi'ee irratti hanga 2014tti qar.bil.0.79

irra ture, gara qar.bil.2.85 geessisuu akkasumas maallaqaa ykn qabeenya qisaassamee deebi'e hanga bara 2014tti qar.bil.1 irra gahe ture, hanga bara 2017tti qar.bil.4.1 deebisisuuf karoorfameera.

Himanna qabeenya mootummaa irratti dhihaatee ittifame hanga bara 2014tti qar.mil.200 irra gahee ture, bara 2017tti qar.mil.300 raawwachuuf kan karoorfame fi dandeettii hanga maallaqaa/qabeenya murtii dhimma hariroo hawaasaa raawwachiisuu irratti hanga 2014tti %36.37 irra ture, dhuma bara 2017tti %60'n gahuuf kan hojjetamu ta'a.

Qulqullina murtii Abbaa Alangaa gal mee yakkaa irratti sakatta'insa isaatiin "post Audit"tiin raawwii bara 2014tti %88 irraa ture bara 2017tti gara %91 guddisuuf ni hojjatama. Qulqullina murtii Abbaa Alangaa gal mee hariroo hawaasaa "postii Audit" hanga bara 2014tti %92 irra gahe ture, bara 2017tti %95'n gahuuf, sakatta'iinsa immoo hanga bara 2014tti %87 irra ture %90tiin gahuuf ni hojjatama.

Hi'rachaatii komii tajaajilamtoota BAAWO irratti qabanii bara 2014tti %8 irraa gara %5tti gadi xiqqeessuuf kan karoorfame yommuu ta'u qulqullina mirkaneessaa fi galmeessa sanadootaa dabalee (post Audit) %93.6 irra %97'n gahuuf karoorfameera. Gama biraatiin, dandeettii adabsiisuu dhimmoota naamusaa abukaattotaa fi barreessitoota dhimma seera Abukootaa %78 irraa %95'n geessisuuf ni hojjatama.

Dandeetii mo'achuu himata hariroo hawaasaa dantaa mootummaa fi ummataa dhiyaatan bara 2014tti %87 irraa ture bara 2017tti gara %92, haaluma walfakkaatuun, dandeetii mo'achuu himata hariroo hawaasaa dantaa mootummaa fi uummataa mootummaan himatamee galmeen %87 irra ture bara 2017tti %92'n akkasumas maallaqaan bara 2014tti %66 irra gahe ture bara 2017tti %85tti guddisuuf karoorfameera.

Bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbootii alangaa dabaluurratti hojii hojjatamuun itti quufinsa maamilaa hanga bara 2014tti %68 irra ture, bara 2017tti %78'n gahuu, komiin badii naamusaa A/Alangaa/hojjattoota irratti dhiyaatu ilaachisee raawwii hanga bara 2014tti %15 irra ture %4tti gadii buusuu, dandeetii qulqulleessuu dhimma badii naamusaa Abbootii Alangaa fi adabsiisuu dhimma himanna badii naamusaa Abbootii Alangaa bara 2014tti %60 irra ture, %93tti guddisuuf fi adabsiisuu irratti %84 irra %97 irran gahuuf karoorfameera.

Akka Oromiyaatti, taateewan yakkaa raawwataman bara 2014tti 79,666 gahee ture bara 2017tti gara 74,981'tti gadi buusuu, balaa konkolaataa akka biyyaa fi naannoo keenyaatti yaaddoo lubbuu dhala namaa ta'ee jiru ittisuudhaan balaa konkolaataa bara 2014tti muudate 4,421 irra

ture bara 2017tti 4,162tti gadi buusuuf ni hojjatama. Gama kanaan, balaa konkolaataa hir'isuuf meeshaalee teknolojii fayyadamuu (Raadaarii, Alkool teesterii fi kkf) irratti xiyyeffatamee ni hojjatama.

Yakkaa fi balaa tiraafikaa qaqqabu gahumsaa fi qulqullinaan qorachuudhaan Ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf hojii hojjatamu keessatti raawwii qulqullina qorannaak yakkaa bara 2014tti %95.5 ture bara 2017tti gara %96 tti guddisuuf karoorfamee jira.

Qulqullina qorannaak yakkaa guddisuun ol'aantummaa seeraa mirkaneessuun murtee haqaa kennisiisuuf gahe ol'aanaa qaba.Kanaafis, galmeek qorannaak yakkaa bifa amansiisaa ta'een ijaaruu, harcaatii malee shakkamtoota gocha yakkaa raawwatan seeratti dhiyeessanii adabsiisuudha akkasumas qulqullina qorannaak yakkaa gudisuuf adeemsa sakatta'insaa fooyyessuu fi ragaalee teeknikii fi taaktikii adda baafachuun galma ga'iinsa murtee haqaatiif hojjatamu cimsuuf ni hojjatama.

### **3.5.2 Nageenya waaraa mirkaneessuu**

Nageenya karaa guutuu ta'een mirkaneessuudhaan hawaasni soda nageenyaay tokko malee misoomaa irratti akka hirmaatu taasisuu akkasumas naannicha keessatti mirgi namoomaa fi ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'uuf ni hojjatama. Kanaafis, caasaale nageenyaay keessatti qulqullina ilaalchaa fiduu fi humna nageenyaay gahuumsa fi dandeetti qabu horachuun dhimma xiyyeffannoonti kennamee hojjaatamuudha.

**Sirna Odeeffannoo nageenyaay cimsuu:** Odeeffannoo nageenyaay sassaabuun yaa'iinsa odeeffannoo, qulqulluu, gahumsaa fi guutuu taasisuun rakkowwan nageenyaay uumamuu danda'an akka hafan taasisuuf xiyyeffannoonti kan hojjetamu ta'a. Hojii qo'annoo fi qorannoo haala nageenyaay gaggeessuun sodaa/yaaddoo nageenyaay jiran, carraawwan nagaa uumuuf gargaaranii fi yaada furmaataa adda baasuu akkasumas ka'umsaa fi madda rakkoo nageenyaay adda baasuun nagaa fi nageenyaay amansiisaan naannicha keessatti mirkanaa'ee hawwaasni nagaan akka jiraatu ni taasifama.

Haaluma walfakkaatuun, hojii nageenyaay fi ol'aantummaa seeraa mirkaneessuun teknolojiiidhaan deeggaruu, nageenya sayberii (cyber security) naannoo keenyaay eeguuf INSA fi AI (Arteficial Intelligence) waliin qindoomuun hojjachuu; kominiikeeshinii qaamolee nageenyaay cimsuuf teknolojii adda addaa fayyadamuu hawaasa hubachiisuu akkasumas hojii nageenyaay, qabiinsa ragaa fi odeeffannoo nageenyaay ammayyeessuun nageenyi naannoo keenyaay keessatti amansiisaan akka ta'u ni hojjatama.

**Hubannoo qaamoolee hawaasaa cimssuu:** Duudhaalee dhabbilee amantaa dagaagsuun waliin jirenya dhaabbilee amantaa foyyeessuun nagaa fi nageenya naannichaa itti fufinsaan akka mirkanaa'u aadaa nagaa fi waliin jirenya amantaa fi amantii foyyeessuuf hubannoo qaamoolee hawaasaa cimssuu, marii fi konfiraansiiwan adda addaa (abbootii amantaa, jaarsoolee biyyaa, darggagoota, dubarttoota, fi....kkf) akkasumas gurmaa'insa gumii dhaabbilee amantaa fi amantii ijaaruu fi deeggaruuf karoorfameera.

Keessumaa, waliin jirenya dhabbilee amantaa dagaagsuuf akkasumas komiiwwan dhaabbilee amantaa gidduutti fi keessatti sababoota adda addaatiin uumaman hanbisuuf qaamoota hawaasa adda addaa fi caasaa mootummaa naanno hanga aanaatti hirmaachisuun mariifi konfaransii gaggeessuu, marii fi konfiraasiin gaggeffaman kun karaa kutaa hawwaasa bal'aa hirmaachiseen aadaan nagaa fi waliin jirenyi amantaa fi amantii daran akka cimuuf ni hojjetama. Gama biraatiin, koreen ijaarsa aadaa nagaa sadarkaa sadarkaa adda addaatti cimsuudhaan aadaa nagaa waliin jirenya hawaasaa akka cimuu, rakkoon nageenya gidduu hawaasaatti akka hin uumne, bakkeewwan rakkoon uumamee argametti hojji Araara, hawaasa walitti dhiyeessuu fi Nagaa buusuu akka hojjatamu ni taasifama.

**Gumii nagaa manneen barnoota cimsuu:** Gumii nagaa manneen barnoota cimsuun daa'imman manneen barnootaa keessa jiran faaydaa nageenyaakka hubatan gochuu, farreen nageenya meeshaa badii isaanii akka hin godhanne, baattoo ilaalcha siyaasaa ta'uun manneen barnootaa keessatti akka hin tarkaanfachiifne gochuuf ni hojjatama. Kanaafis, manneen barnoota sadarkaa 1ffa fi 2ffa keessaatti kilaabii nagaa barattootaa babal'isuuf qindoomina Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin waliin ni hojjatama. Dabalataanis, Fooramii nagaa barattootaa yuuniveristiiwwanii fi kollejota keessatti cimsuuf godinaalee fi magaalonni dhaabbileen barnootaa ol'aanoon keessatti argaman waliin ni hojjatama.

**Obbolummaa ummata Oromoo fi Naannolee ollaa cimsuu:** Hawaasa naannolee ollaa jiraatu misoomaan walitti hidhuu fi obbolummaa ummataa akka guddatuuf hojiiwwan misoomaa waliinii babal'isuun hawaasa misoomaa fi jirenya hawaasummaan walitti hidhuudhaaf ni hojjatama.

Gama biraatiin, naanno daangaa fi keessaatti lammileen/hawaasni sababa walitti bu'iinsaan qe'ee isaanii irraa akka hin buqqaane hojiin ittisa walitti bu'insaa kan hojjetamu ta'a. Sababoota walitti bu'insaan naanno daangaa alaa fi keessatti miidhaan qabeenyaa fi lubbuu namaa akka hin qaqqabne hojiin walitti dhufeenya fi obbolummaa hawwaasaa cimsuu xiyyeffanno ni

hojjetama. Lammilee/hawwaasa sababa walitti bu'insaan qe'ee fi qabeenya isaanii irraa buqqa'an deebisanii dhaabuu fi rakkoo hawaasummaa isaan muudate irratti deeggarsa barbaachisu taasisuuf kan hojjetamu ta'a.

**Qindoominha humnoota nageenyaa cimsuu:** Nageenyaa fi olaantummaa seeraa naannicha keessatti mirkaneessuudhaaf qindoominni qaamolee nageenyaa naannichaa (Bulchiinsaa fi Nageenya, Poolisii fi milishaa) sadarkaa hundatti cimsuun kan hojjatamu ta'a. Qindoominha qaamolee nageenyaa cimsuuf manni mare nageenyaa sadarkaa hundatti argamu hojimaata idilee eegee caasaalee nageenyaa deeggaruu fi hawaasa qindeessuun nageenya fi siyaasaa walitti hidhuun hogganuu; qindoominha poolisii fi abbaa alangaa gidduu jiru fooyyessuun hojii ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf ni hojjatama.

Gama biraatiin, ijaarumsa dhaabbilee Nageenyaa fi Dandeettii raawwachiiftummaa qaamolee Nageenyaa fooyyeessuuf dhaabbata nageenyaa gurmaa'iinsan, teknoolojiin fi humna namaatiin akka cimu ni taasifama. Ijaarsaa fi bobba'iinsa caasaa nageenyaa fooyyessuuf Aanotaa fi gandoota hunda keessatti humna nageenyaa karaa ijaaramee fi qindaa'e qofaan bobbaasuu fi tarsimoodhaan hogganuurratti xiyyeffatamee ni hojjatama.

Sosochii hawaasaa uumuudhaan hawaasnii karaa gurmaa'een olola diinaa irratti dammaqee nageenya naannoo isaa akka eeggatuuf hawaasa gaacahana sirnaatiin ijaaruun dhimma nageenyaa irratti abboomsuu; dargagootaa naannoo keenya keessa jiran hunda karaa hirmaachiseen nageenyaa naannoo isaanii akka eeggatan taasisuu akkasumas dubartootaa gandoota baadiyyaa fi magaalaa keessa jiran hunda karaa ijaarsa adda addaatiin hirmaachisuun duudhaa Oromummaatiin gaheen dubartiin nageenya buusuu keessatti qabdu guddisuuf ni hojjatama.

Gama biraatiin, qubannaan seeraan alaa naannicha keessatti akka hin gaggeeffamne qindoominha qaamolee dhimmi ilaaluutiin ittisuu; iddoowan kanaan dura qubannaan seeraan alaa itti gaggeeffamee fi ka'uumsa rakkoo nageenyaa ta'aa jiru adda baasuun qindoominha qaamolee nageenyaatiin furmaata akka argatuuf ni hojjatama.

**Humna Nageenyaa Gahuumsa qabu horachuu:** Humna nageenyaa haala jijiirama yeroo, guddina teknoolojii fi baay'ina hawaasa yeroo gara yerootti jijiiramaa adeemu waliin guutachaa deemuun barbaachisaadha. Dhaqabamummaa gaachana sirnaa sadarkaa istandardii gandaatti 500n, gahuuf wagga waggaan %10 guddisaa deemuuf ni hojjatama. Haaluma kanaan baayyinni ummata naannoo Oromiyaa dabalaan adeemu waliin, istandardii poolisiin tokko

giddugaleessaan hawaasa 442 tajaajiluu danda'u dhugoomsuuf humna poolisii baayyinaa fi qulqullinaan horachuurratti xiyyeefatamee ni hojjatama.

### **3.5.3 Naamusaa fi Farra Malaamaltummaa**

Rakkoo naamusaa fi malaamaltummaa irratti gurmaa'insa, qindoominaa fi hirmaannaa hawaasaa, iftoominaa fi itti gaafatamummaa mirkaneessuu fi hojimaata sirrii diriirsuun, hawaasa naamusaa gaarii gonfate horaachuun malaammaltummaa ittisuun fayyadamuumma hawaasa keenya mirkaneessuu galma guddaa seektera kanaati.

Waggoottan dabran hojii naamusaa gaarii dagaagsuuf hubannoo hawaasaa akka dabaluu taasisuuf jalqabbiin jiru gaariidha. Qabeenyi mootummaa fi ummataa seeraan ala qisaasame akka deebi'u taasisuu, ittisaa fi miidhaa gocha malaammaltummaa irratti hubannoo uumuun, qabeenyaa mootummaa qisasame deebsiisuu fi madda galii hooggantota mootummaa fi namoota qabeenyaa galmessisuu qaban hunda akka galmeessisan taasisuurratti hojiin hojjatame gaariidha.

Gama biraatiin, manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee misooma mootummaa malaammaltummaa fi hojimaata badaaf saaxilamoo ta'an irratti qorannoo fi qo'annoowwan (corruption survey) hojimaataa gaggeessuu fi iddo yakki malaammaltummaa raawwatamee jiru irratti tarkaanfiin seeraa fudhachuun qabeenyi qisaasame kaazinaa mootummaatti akka deebi'u gochuun hojii sadarkaa gaariin rawwatamaa turanidha.

Haaluma walfakkaatuun, KIB waggoottan sadii keessatti qindomina fi hirmaannaa qamolee hawasaa uumuun sirna iftoominaa fi ittigaafatamummaa hojiirra oolchuun rakkoo naamusaa fi malaamaltummaa xiqqeessuuf ni hojjatama.

**Qo'anno fi qorannoo geggesuun:** KIB waggaa lamaan dabranii keessatti qorannoo fi qo'anno hojimaata malaammaltumma 391gaggesuun hojii irra oolchuuf karoorfame 149 kan qoratamee fi hojiirra ole yoommuu ta'u KIB wagga sadii kana keessa immoo 242 hojiirra oolchuuf kan hojeetamu yoo ta'u, qorannoo tarsiimoo ittisa yakka malaammaltummaa wagga sahan keessatti 3 geggesuuf karoorfame 1 hanga xumura bara 2014tti raawwate irratti hanga bara 2017tti 2 geggesuuf karoorfameera.

**Gurmaa'insa, qindoominaa fi hirmaannaa hawaasaa cimsuu:** Hojii naamusaa gaarii dagaagsuuf hubannoo hawaasaa akka dabaluuf hojjetamu qaba. KIB wagga shani keessatti gumii farraa malaamaltummaa fi ijaarsa namusa baraattoota manneen barnootaa 16,754 keessatti hundeessuuf karoorfamee, waggoottan laman darban 33,180 hunda'ee irratti KIB wagga sadii keessatti 16,754 kan huda'uu yoo ta'u, gamtaa farraa malaamaltummaa sadarkaa adda

addaatti 388 hundeessuuf karoorfame hanga xumura bara 2014tti 20 hunda'ee ture waggoatan sadan dhufan 348 hundeessuuf karoorfameera.

**Hubannoo fi barumsa naamusaa kennuu:** Hawaasa naamusa gaarii akka gonfatuuf hubannoo fi barumsa naamusaa kennuuf Karoora wagga shanii keessatti lammilee 6,577,390f naamusa irratti hubannoo kennuuf karoorfamee bara 2013-2014tti 890,942 argatan irratti hanga bara 2017tti 4,784,011 kennuuf karoorfameera, sagantaalee midiyaalee adda addaan qophaa'anii darbaan KIB wagga shanii keessatti 2,873 hirmachuuf karoorfame, waggoota laman darban keessa 808 raawwataman irratti 1,942 raawwachuuf karoorfame jira. Kana malees, marii paanaalii ayyaana farra malaammaltummaa irratti gaggeffamu 3 geggeessuuf ni hojeetama.

**Qabeenya beeksisuuf fi galmeessisuu:** qabeenya beeksisuuf fi galmeessisuun sirna iftoominaa fi ittigaafatamummaa hojiirra oolchuuf hojii hojjatamaa jiruun KIB wagga shanii keessatti qabeenya namoota 1,102,641 galmeessuun beeksiisuuf karoorfame bara 2013-2014tti 1,033,960 galmaa'ee kan beeksifame irratti waggoota sadan dhufan kana keessa 550,000 galmeessuu fi beeksiisuuf ni hojeetama. Dabalataniis sirrummaa qabeenya galmaa'ee beeksiisuuf wagga shan keessatti 2,670 raawwachuuf karoorfame waggoota laman darban 320 raawwatame kan hafe 1,950 galmeessuu fi beeksiisuuf karoorfameera.

## **Boqonnaa Afur: Haala Hojiirra oolmaa fi Raawwatiinsa KIB**

Mootummaan imaammatootaa fi tarsiimoowwan misoomaa bocaman sagantaalee fi pirojektoota misoomaan deeggaramanii akka hojiitti hiikaman hojjachaa jira. Sagantaalee fi pirojektootni kunneen karoora yeroo dheeraa fi giddugaleessaa keessatti hojiira kan oolan ta'ee milkaa'ina barbaadame akka dhufuuf haalli hojiirra oolmaa fi raawwatiinsi isaanii bakka ol'aanaa ni qabaata. Galmoota gurguddoo KIB dhugoomsuu keessatti hojiwwan raawwataman hundinuu jijiirama qabatamaa fiduu kan danda'an beekumsaa fi yaada haaraan yoo deeggaramaniidha. Galmoota imaammataa fi tarsiimoo misoomaa keenyaa milkeessuuf dhimmoota armaan gadiirratti xiyyeffatamee hojjatamuu kan qabu ta'uun hubatamuu qaba.

### **4.1 Hojiirra Oolmaa Imaammataa fi Tarsiimoowwanii**

**Qorannoowwan Hojiirra Oolmaa Imaamataa fi Tarsiimoowwanii babal'isuu:** Qorannoo hojiirra oolmaa imaammataa fi tarsiimoowwanii gaggeessuun yaadota galtee imaammataaf ta'an gaggeessuun akka hojiirra oolan taasisuun barbaachisaadha.

**Dandeetii qaama raawwachiiftuu Naannichaa fooyyessuu:** Raawnii manneen hojii qaama raawwachiiftuu naannichaa qophii karoora irraa eegalee raawnii isaanii hordofuu, deggeruu, gamaaggamuu fi duub-deebii kennaa deemuun karoorti qabatan akka milkaa'u taasisuuf ni hojjatama. Karoora fi gabaasaa mana mare bulchiinsaa fi yaa'ii Caffeef dhiyaatu irratti sakatta'iinsa gaggeessuun duub deebii kennaa deemuu fi uwvisa supparviizhini dirree cimsun sirna gaafatatummaa akka mirkanaa'uuf ni hojjatama.

Hojiirra oolmaan Karoorri *Imala Badhaadhina* xiyyeffanna ooggantootaa fi gaggeessitootaa argatee haala gaafatatummaa fichisiisuun (Legitimate Document) sagantaalee fi pirojaktoota bu'aa qabeessa ta'aniin deeggaramee akka hojiitti hiikamu taasisuuf hubannoo tokkoon socho'uu gaafata. Akkasumas, haala itti fufiinsa qabuun humna raawwachiisummaa sadarkaa sadarkaan jiru leenjiin cimsuun dhimma murteessaadha. Gama biraatii, imaammataa fi tarsiimoo mootummaa beeekuuun karoora misooma Naannoo hoogganuu fi deeggarsa kennuun beekumsaa fi gahuumsa ogummaa (Professional Competence) kan barbaaduudha. Guddinaa fi misooma hawaas dinagdee gaggeeffamu keessatti haala jijijiirama jiruu waliin deemuuf kallattii hundaan ogeessa kutannoo fi gahuumsa qabu horachuun barbaachisaadha.

**Qindoomina Qooda Qabdootaa fi Dhimmoota Sektara Hundaa Fooyyessuu:** Galmoota gurguddoo KIB milkeessuuf hojiwwan qindoominaa qaamolee garaa garaa akka milkaa'uuf kan hojjatamu yommuu ta'u qindoomina sadarkaa garaa garaa kun akka mirkanaa'uuf; hoggansa

olaanaa naannichaa irraa eegalee yeroo yeroon kallattiwwan garaa garaa kennuun karoorri qabame galmaan gahee fayyadamummaan uummataa akka mirkanaa'uuf ni taasifama.

Keesummaa, qindoomina seektaralee garaa garaatiin sirni bulchiinsa piroojeektootaa akka saffisu, rakkoleen kenna tajaajilaa waliin walqabatan fooyya'anii hawaasni tajaajila si'ataa fi haqa qabeessa akka argatu taasisuuf, hojimaata sirna hordoffii fi deeggarsaa sadarkaa adda addaatti karaa qindoomina qabuun akka gaggeeffamu ni taasifama. Rakkolee garaa garaa hawaasa mudatan sektaraalee dhimmi ilaalu qindeessuun falli akka barbaadamu ni taasifama.

**Hirmaanna Degartoota misoomaa fi Diyaaspoora cimsuu:** Misooma biyyaa fi naannoo keessatti hirmaanna diyaaspooraan qabu olaanaadha. Diyaaspooraan haala qabatamaa biyyaa fi naannoo isaanii wayitawaa ta'e qabaatanii hirmaanna akka taasisaniif xiyyeffannaa olaanaadhaan hojjetama jira. Haaluma kanaan, diyaaspooraan misooma biyyaa irrati hirmatu baayyinaan horachuuf ni hojjatama.

#### **4.2 Sirna qophii karoora misoomaa amayyeessuu**

Akka Naannoo keenyatti, bakkeewwan hundinuu carraa misoomuu kan qaban waan ta'eef guddinaa fi misooma walgiinsa qabu mirkaneessuuf sirna karoora misooma kanaaf mijate diriirsuun barbaachisaadha. Haala qabatamaa jiruun, qabeenyaa fi carraa misoomaa qabnu hunda adda baasuun haala guddinaa fi misooma naannoo/Qe'ee (localities) saffisiisuu dandeessisuun hojiirra oolchuun fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessun barbaachisaadha.

Keessumaa, yeroo ammaa gaaffii misoomaa bala'aa hawaasa keenyaa deebisuu keessatti dhimmi kun murteessaadha. Akka adunyaattis ta'ee akka biyya keenyatti balaa uumamaa fi nam-tolchee deddeebiin mudatu dursaanii beekuun miidhaan uumaamuu akka xiqlaatuu goochuun hojii xiyyeffannaa ol'aanaan hojjatamuu qabuudha. Kanaafis, sirnaa fi hojimaata diriirsuun dandeettii dandamanna balaa hawaasa keenyaa cimsuu fi sodaa saaxilamummaa balaa fi miidhaa balaan geessisuu danda'uu haala tarsiimo'aa ta'een oogganuun furmaata hatattamaa fi waaraa kennaa

deemuun murteessaadha. Tarkaanfiiwan balaa duraa, yeroo balaa fi balaan booda fudhatamuu qaban adda baasuun haala deebiin hatattamaa itti kennamuu danda'urratti hojjatamuu qaba.

**Sirna dursaanii akekkachisuu ammayyeessuu:** Milkaa'ina kanaafis, rakkoon osoo hin uumaamiin dursanii qoraachuun miidhaa uumaamu xiqqeessuu akkasumas hojjiin hoggansa sodaa balaa xiyyeffanna qaamolee hundaa ta'ee qindoominan irrati hojjatamuu qaba. Ragaalee duraan akekkachiisaa torbaanii fi ji'an sassaabaman, ragaa Metrolojii, FWSNET, LEAP irraa argaman irratti hundaa'uun ibsituu haala yeroorratti hundaa'uun deebii kennaa deemuu akkasumas qoronnno pirofaayilii saxilamummaa balaa aanaalee gaggeessuu, rakkoo saxilamummaa balaa hir'isuu karaa hiikuun danda'amuun irratti hojjachuuf karoorfameera.

Waggoottan sadan dhufan keessatti qorannoo pirofaayili saaxilamumma balaa gaggeesudhaan ka'umsa balaa adda baasuun hojji misoomaa saaxilamummaa balaa hir'isuu danda'an irraatti hojjehuun fi namoota balaa adda addaatiin midhamanif deebii hattattamaa keenuu lubuu baraaruu fi deebisanii dhaabuurratti xiyyeffatamee ni hojjatama.

**Aadaa walgargaarsaa cimsuu:** Duudhaa fi seenaan ummata Oromoo iddoosisaatti akka deebi'uuf sirna deeggarsa hawaasummaa waliif gochuudhaaf buusaa gonofaa ijaaruudhaan xiyyeffannaan hojjetamaa kan jiru yommuu ta'u sirna aadaa hojji qusaannaa fi walgargaarsaa dagaagsuuf woggootaan sadeen dhufaan keessaa miseensa Buusaa Gonofaa 11,451,810 horaachuun buusii miseensarrraa qar.bil. 4.8 sassaabuuf karoorfamee jira.

Qabeenya faandii Buusaa Gonofaa guddisuuf madda adda addarrraa xumura bara 2014tti sadarkaa naannoo fi aanaarraa qar.266,946,732 walitti qabamee ture, woggootaan sadeen dhufaan keessaa waligala qar.7,751,879,072 (sadarkaa naannoo 5,037,842,522, aanaa 2,321,574,600 fi magaalaa 392,461,950) horaachuuf ni hojjatama. Haaluma walfakkaatuun baajataa mootuummaarraa faandii buusaa gonofaaf qarshiin 150,000,000 ramaadamee ture woggootaan sadeen dhufaan keessaatti qar.260,000,000 ramaduuf karoorfamee jira.

Akka waliigalaatti, sirna hoogansa balaa haala guutuu ta'een hojji irra oolchuuf "Multi Agency Coordination System, Early Warning and Emergency Coordination Center and Incident Command System) sadarkaa sadarkaan hundessuun bu'aan barbaadame akka dhufu ni hojjatama.

#### **4.4 Kenniinsa tajaajilaa**

Rakkoo kenniinsa tajaajilaa fi bulchiinsa gaarii hiikuun bu'aa fi jijjiirama barbaadamu fiduuf hojiwwan hanga ammaatti hojjetamaa jiranakkuma jiraniitti ta'ee rakkolee kenna tajaajilaa manneen hojji mootummaa keessatti mul'atan hiikuuf sochii baroottan darban jalqabaman daran

cimsuun kan hojjatamu ta'ee gahumsa ogummaa pablik sarvantii fi cehumsa jaarmiyaalee fi dandeettii raawwachiisummaa cimsuu barbaachisa.

**Istaandaardii kenniinsa tajaajila manneen hojii fooyyessuu:** KIB wagga shani keessatti itti quufiinsa tajaajilamaa %70 irran gahuuf karoofame waggoota laman darban %51.47 irran gahuun kan danda'ame yoo ta'u, waggoota sadan (2015-2017)tti %70 irran gahuuf, baay'ina manneen hojii kenna tajaajila istaandaardawaa taasisan KIB wagga shani keessatti 54 karoofame utuu hin raawwatamin hafe waggoota sadan dhufan sekteeroota 54 irratti raawwachuuf karoofameera. Haaluma walfakkaatuun, sanada tiraansiformeshinii kenniinsa tajaajila mootummaa marsaa 2ffaa qophaa'ee sosochii hawaasaa uumuun bu'aa barbaadame akka fiduuf ni hojjatama.

Haaluma walfakkaatuun, haala simanna fi qabiinsa tajaajilamaa fooyyessuu, naannoo fi iddo hojii mijataa ta'ee uumuu, tajaajiloota manneen hojii mootummaa ammayyeessuu, tajaajilli mootummaa istaandaardii ofdanda'een akka kennaman gochuun, manneen hojii mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran moodeela taasisuurratti hojii hojjatamaa jiru cimsuuf karoofameera. Akkasumas, miidiya OBNtiin sagantaan 'Caaya' rakkolee kenniinsa tajaajilaa hiikuuf hojii hojjetamaa jiru hawaasaaf dhaqqabamaa akka ta'u gochuun, sirna gaafatamummaa hojiirra oolchuun tarkaanfii sirreffamaa fudhachuuniis kan itti fufu ta'a.

Rakkolee kenna tajaajilaa bu'uuraan hiikuun ammallee qormata guddaa naannoo keenyaa ta'uun hubatamee sadarkaa hundattuu dhimma xiyyeffanna addaa kan barbaaduu ta'ee gaafatamummaa mirkaneessuuf hojiin bal'aa hojjetamaa jiru sadarkaa hundaatti akka walfakkatuuf xiyyeffannaan hordoffiin ni taasifama.

**Sakatta'insa Jaarmiyaalee fi Qorannoo gaggeessuu:** Waggoota shan keessatti sakatta'insa jaarmiyaalee 46 geggeessuuf karoofame hanga bara 2014tti 5 irra kan jiru, bara 2015-2017tti 41 geggeessuuf karoofameera. Akkasumas, qorannoo rakkoo qabatamaa irraatti xiyyeffatame 105 gaggeessuuf karoofame waggoota laman darban 35 geessame irratti bara 2015-2017tti dabalatan 76 geggeessuu fi qo'annoo fi qorannoo waggoota shan keessatti 71 hojiirra oolchuuf karoofamanii hanga bara 2014tti 2 hojiirra oolan irratti waggoota sadan dhufan 69 hojiirra oolchuuf kan hojeetamu ta'a.

**Tajaajila mootummaa ammayyesuu:** Tajaajila Mootummaa ammayyesuuf dhiyeessii fi itti fayyadama teknolojii guddisuun murteessaa waan ta'eef KIB wagga shanii keessatti hojimaattota ofummaa'an 7 irran gahuuf karoofame 2 irra jiru hanga bara 2017tti dabalatan 20 ofummeessuu

karoorfameera. Uwwisa TQO waggoota shan keessatti %88 irran gahuuf karoorfame hanga bara 2014tti %77.53 irra gahee jiru, hanga bara 2017tti %88 irran gahuuf kan hojeetamu ta'a.

**Dandeettii qabeenya nama:** KIB wagga shani keessatti leenjii dandeetii raawwachisumma cimsuu 233,527 kennuuf karoorfame bara 2013 fi 2014 keessatti 41,444 kenname ture bara 2015-2017tti 192,083 kennuuf kan karoorfame yoo ta'u, KIB wagga shanii keessatti sagantaa barnootaa hunda keessatti waliigala namoota 48,665f carraan barnootaa kennuuf karoofame hanaga bara 2014tti 51,157f kenname hanga bara 2017tti namoota 14,300f dabalatan skennuf karoorfame jira.

**Sirna bulchiinsa qabeenya nama ammayyeessuu:** Sirna bulchiinsa qabeenya nama ammayyeessuu ilaachisee bu'a qabeessummaa ittifayyadama qabeenya nama KIB wagga shani keessatti %78n gahuuf karoorfame wagga laman kana %71 irratti argamu waggoota sadan dhufan (bara 2015-2017)tti %78 irran gahuuf kan hojjetamu ni ta'a, ragaa qabeenya nama KIB wagga shani keessatti %95 ICSMIS'n qindeessuuf karoorfame hanga bara 2014tti %28.5 qofa qinda'e, hanga bara 2017tti %95 qindeessuuf karoorfameera.

Akka waliigalaatti, hojiin kenna tajaajilaajandaa olaa'aanaa mootummaa ta'ee irratti hojjetamaa tureera. Tajaajila kennamu akkaataa istaandaardii qophaa'een madaalaa deemuu fi teekinooloojiidhaan akka deeggaramu hojjechuu barbaachisa. Kana milkeessufis; bulchiinsi gaariin haala qabatamaa naannootiin hojiirra akka oolu taasisuu fi hojiirra oolmaa isaa hordofuu, raawwii hojji dhimma bulchiinsaa, iyyannoo fi komii uummataa sadarkaa sadarkaan jiru xiinxaluu, gamaggamuu fi too`anno gaggeessuun duub-deebii kennuuf fi sadarkeessaa deemuu dhimmoota xiyyeffannoon hajjetamaa deemmamu ta'a. Akkasumas; dhimmoota yaa'insa iyyannoo fi komii uummataa irratti hubannoo karaa miidiyaa hawaasaa, TVn tamasaasuurrtatti xiyyeffatamee ni hojjatama.

#### **4.5 Komunikeshinii Misoomaa**

Misooma komunikeshiiniodeeffaannoowayitaawaafi amanamaa ta'e kennuudhaan hawwaasa sochii siyaasaa, hawwaasummaafi dinagdee keessaatti dammaqinaan hirmaachuudhaan Oromiyaa badhaate dhugoomsuudha. Kanaafuu, galmoota gurguddoo KIB milkeessuuf waggoottan sadan dhufan kana keessatti dhimmoota armaan gadiirratti xiyyeffatamee ni hojjatama.

**Sirna Kominikeeshinii Mootummaa Fooyyessuu:** Sirna kominikeeshinii mootummaa fooyeessuuf dhimmoota xiyyeffanno mootummaa ta'aniifi iftoomina barbaadan irratti ibsa

ejjannoo mootummaa qopheessuun miidiyaalee garagaraatiin akka tamsa'an taasisuu; raawwii hojii mootummaa, komii hawaasaa, rakkoo bulchiinsa gaarii, taateewwanniifi balaawan tasaarratti ibsa miidiya (Press Conference) kennuu fi qindeessuurratti ni hojjatama. Barreeffama oduu /Press release/ qopheessu, ajandaa bocuu, duula miidiya qindeessu, taateewwan mootummaafi dhimmoota haala yeroo irratti eeruu miidiya, akkasumas ajandaawan misoomaa, nageenyaafi milkaa'inota raawwii hojii motummaa fi kkf irratti oduu Mootummaa qopheessuun miidiya idileefi dijitaalaatiin akka tamsa'u ni taasifama.

Akkasumas, dhimmoota maqaa gaarii naannichaafi walta'insa biyyalessaa uumuuf gargaaran irratti dokumentarii gaggabaaboo qopheessu, "Youtube" fi 'Facebook" tamsaasuu, raawwii hojii mootummaafi ajandaalee hubanno hawaasaa cimsuuf gargaaran giddugaleessa godhachuun barruulee maxxansuu, karooraafi raawwii gurguddoo hojii mootummaa irratti kitaaba waggaa koppii maxxansuu, odeeffannoo miidiya maxxansaafi elektironiksii biyya keessaafi alaa irratti tamsa'an dhimmoota irratti hordofuufi xiinxaluuf karoorfamee jira.

Miidiyan tokko dorgomaafi hawwataa ta'uu kan danda'u hordoftoota hedduun yoo dhageeffatame, daawwatameefi duuka buutota hedduu horachuu yoo danda'edha. Kanaaf immoo qulqullinni qabiyee, odeeffannoo dhugaan dursee yoo argameefi hojimaata yaadni hordoftootaa itti keessummaa'u isaan murteessoodha.

#### **4.6 Gahee Miidiya cimsuu**

Qulqullina qabiyee oduufi sagantaalee Televiizhini bar 2014tti 80% ture bar 2017tti gara %85 guddisuu, qulqullina qabiyee oduufi sagantaalee raadiyoo bar 2014tti %80 ture %85tti akkasumas qulqullina waraabbi fi gulaallii bar 2014tti %80 ture %87tti ol guddisuuuf karoorfamee jira. Haaluma walfakkaatuun, qulqullinaa fi dhaqabamummaa tamsaasaa fooyyeessuu ilaachisee qulqullina tamsaasaa fooyyessuuf teknologii haaraa qorachuudhan hojii irra oolchuu 80% irra jiru 86% irraan gahuu, tamsaasa naannawaa FM laccofsaan 10 gara 14tti guddisuu, istudiyoo TV yeroo ammaa bakka lama tamsaasaa jiru gara afuriitti guddisuu, miidiya koompileksi meeshaalee istuudiyoo TV sadii fi Raadiyoo sadii hojii jalqabsiisuu ta'a. Haaluma walfakkaatuun, dhaqqabummaa tamsaasaa fooyyessuuf tamsaasa saatalaayitii C-Band fi KU-Band'n biyya keessaafi biyya alaatti tamsaasuu fi tamsaasa karaa intarneetii tamsa'an biyya keessaafi biyya alaatti "Livestreaming, Weebpoortaalii, Mobile app, Miidiya haarawaa (Facebook, You tube, Instagram, kkf) Tamsaasuuf ni hojjatama.

Akka waliigalaatti, OBN dhaqqabummaafi hawwattummaa isaa fooyessuufi dhaqqabummaa tamsaasa Televiizhini dabaluuf waggaan sadan dhufan keessatti chaanaaliin lama Bohaartiifi Dokimantarii akkasumas OBN Intarnaashinaal kan banaman ta'u. Kanaafis, Damee biyya alaafi keessaa babal'isuu, Gabaastota (korospoondaantii) biyyoota USA, Awurooppaa, biyyoota Bahaa g/galeessaafi Keeniya keessatti ramaduuf karoorfamee jira. Akkasumas, naannoolee ollaa Amaaraa, Somaalii, Sab-lammootaafi ummattoota Kibbaa, Affaar, Gambeellaa, Beenishangul Gumuz, Sidaamaa, Hararii fi Tigirayiitti keessatti hojiin kan eegalamu ta'a.

Pirojeektii tiraansimiitara FM (Combined)fi Afaan Dabalaataan Tamsaasuu Tiraansmiitaroota FM chaanaalota gara garaa al-tokkotti tamsaasuu danda'an babal'isuu fi dabalataanis afaanota gaanfa Afrikaafi Itiyoophiyaa keessatti bal'inaan dubbatamu kanneen akka Afaan Somaalii, Arabaa fi Kiswaahilii tamsaasaa ittiin geggeessuuf karoorfameera.

## **Boqonnaa Shan: Hordoffii fi Gamaggamaa Raawwii Karoora Misoomaa**

### **5.1 Karoora Hordoffii fi Gamaaggamaa Qophessuu**

#### **5.1.1 Hordoffii fi Gamaaggamaa Raawwii Karoora Misoomaa**

Karoora Imala Badhaadhinaa woggaa kudhanii keessaa karoora woggaa shanii qophaaye galmaan gahuuf karoortii Hordoffii fi Gamaaggamaa Raawwii Karoora Misoomaa qophaayee ture. Haa ta'uutii xiinxala raawwii karoora misoomaa woggaa lamaa gaggeeffamee irraa ka'uun karoora woggaa sadi irra deebiin qopheessuun barbaachisaa ta'e Karoora Hordoffii fi Gamaaggamaa Raawwii Karoora Misoomaa woggaa sadiis (2015-2017) karaa KIB safaruu danda'uun qopheessuun barbaachisaa ta'ee jira. Haaluma kanaan karoora hordoffii fi gamaaggamaa kun kaayyoo, barbaachisummaa, fi karoora hordoffii fi gamaaggamaa qophessuuf dhimmoota ka'uumsa ta'an fi hojiilee kilaastaraan hojjataman hammatee qophaayee jira

#### **Kaayyoo Karoora Hordoffii fi Gamaaggamaa**

- Karoorri hojii/Karoora Imala badhaadhinaa waggaa shanii (2013-2017) keessatti hojiin/akkaataa karoorfameen raawwachuu isaa hordofuu; bu'a qabeessuma, gahumsaa fi ittifufnsa qabaachuu sagataalee misoomaa gamaaggamun mirkaneessuu
- Manneen hojii hundi fi qaamni hordoffii fi gamaaggamaa gaggeessuu hubannoo waloo qabaatanii karoora beekamaan qindoominaan akka hogganaman taasisuu
- Raawwattoota fi faayadamtoota misooma biratti iftoomina fi gaafatamummaa akka jiraatu mirkaneessuu
- Sagataalee misoomaa raawwii keessa jiranii fi hanqina qabu jedhamee tilmaammu irratti qorannoo sababaa(case study) mata duree filataman irratti gaggeessuun murtoof dhiyeessuu Akka walii galaatti Karoorri imala badhaadhinaa waggaa sadii irra deebiin qophaa`ee hordoffii fi gamaaggamaa bu`aa irratti xiyyeefte gaggeessuun fayadamummaa hawaasa mirkaneeayuu kan itti laallamuu dha.

#### **5.1.2 Barbaachisummaa karoora Hordoffii fi Gamaggama Bu`aa irratti xiyyeefte**

Hordoffii fi gamaaggama raawwii karoora misooma naannoo gaggeessuudhaan milkaa'ina, bu'a-qabeessummaa, raawwii karoora hojii fooyyessuu; akkasumas jijiirama galmaa`e safaruu fi guddina itti fufiinsaan jiru mirkaneeffachuuf gargaara. Waluma galatti;

- Hojimaata fi sirna hordoffii fi gamaggamaa ifa ta'e diriirsun, raawwii hojii saffisiisuu fi bu`aa qabeessummaa KIB fooyyessuu.

- Gahumsa fi gurmaa`insa human nama foyyeessuu, qabeenya jiru qindeessuun hojii irra olchuun bu`a barbaadame argamsiisuuf gargaara.
- Qaamolee deeggartootaa misoomaa fi arjoomtota biratti deeggarsa fi gumaacha misoomaaf taasisan daran akka tumsan kaka`umsa keessatti horuuf gargaara.
- Gaggeessitoota sadarkaa sadarkaan jiran, raawwattotaa manneen hojii, fayadamtoota fi qooda fudhattootni qajeelfama wal-fakkatuun/bifa walfakkatuun gahee isaanii akka bahaan taasisuuf gargaara.

### **5.1.3 Karoraa Hordoffii Fi Gamaaggamaa Qophessuuf Dhimmoota Ka'uumsa Ta'an**

Hordoffii fi gamaggama gaggeessuu dura karoora hordoffii fi gamaggamaa qopheessuun murteessaadha. Kanaafuu, karoori hordoffii fi gamaaggamaa kun yeroo sagantaaleen, pirojektonnii fi hojiileen idilee karoora irraa eegalee yaadaman giddu galeessa godhatee karoorfamuu qaba. Faayidaalee karoori hordoffii fi gamaaggamaa qabu keessaa isaan gurguddoon: itti gaafatamummaa mirkaneessuu, iftoomina uumuu, ga'ee hirmaatotaa adda diobaasuu fi hojii irra oolmaa sirna hordoffii fi gamaaggamaa qajeelchuuf gargaara.

### **5.1.4 Hanqinoota Gamaggama Raawwii KIB Woggaa Lamaa Keessatti Mul'atan Fooyeessuuf**

Raawwii xiinxala KIB woggaa lamaa karoori raawwiin isaa akka naannootti xiinxalamee jira. Adeemsa gamaggamaa taasifame keessaatti hanqinaalee mul`ataa turan keessaa karoora hordoffii fi gamaggamaa qopheessuun ittiin hogganamuu dhabuun laallamee jira.kunis:-

- Sirni hordoffii fi gamaggama laafaa waan tureef yeroo, bakka fi qulqullina barbaadameen battalatti horddofuu fi deeggaruu dhabuu
- Adeemsa hojii fi bu`aa battalaal ilaalu malee, milkaa`ina argame fi kufaatii dhufe adda baasuu dhabuu,jijiirama jirenya hawaasaa irratti dhufe madaaluu dhabuu,
- Duub-deebii xiinxala gabaasa hojin booda kennaman irratti yeroo gabaabaa keessatti tarkaanfii sirreffamaa fudhachuu dhabuu,
  - Qaamni hordoffii fi gamaaggamaa gaggeessu qindomina waan hin qabneef caasaa sadarkaa sadarkaan jiru biratti hojin hordoffii fi gamaaggamaa nuffisiisaa akka ta'u gochuun hanqinalee gurgoddoo mul`achaa turanidha.

### **5.1.5 Karoora misoomaa waggaan sadii (2015-2017) irra deebiin qophaa'e galmaan gahuuf**

Xiinxala raawwii KIB woggaa lamaanii fi qophii karoora woggaa sadii irra deebiin qophaaaye kun bu`aa barbaadamu fiduu kan danda`u tarsiimoo milkaa`ina fi jijiirama safaruu danda`u sirna hordoffii fi gamaggamaa bu`aa irratti xiyyeffate qopheessuun xiyyeffannoo olaanaadhaan hojiitti yoo hiikamedha. Kanaafuu karoori hordoffii fi gamaggama raawwii bu`aa irratti

xiyyeffate kun karoora imala badhaadhinaa karaa milkeessuu danda`uun qophaa`ee hojii irra oolmaa karoorichaa gamaggamuuf meeshaa ijoo ta`ee akka fudhatamu akka ka'uumsaatti fudhatamee jira.

## **5.2 Tarsiimoo sirna gabaasa karoora tokkoof gabaasa tokkoo hojii irra oolchuufi sina madaallii hogansaa**

Raawwii karoora misoomaa fi hojimatni hordoffii fi gamaaggamaa akka wal-simu Qophii karoora misoomaa fi sirna hordoffii fi gamaaggamaa, bu'aa irratti xiyyeffate, ammayyaa, gahumsa qabuu fi qajeelfama Karoora Tokko Gabaasa Tokko ( One Plan One Report) hojiirra oolchuuf madaallii hojii agarsiiftuwwan bu'uureffate woggaatti yeroo lama ni gaggeeffama ni gaggeeffama

### **5.2.1 Hojilee Hordoffii fi gamaaggama Raawwii Karoora Misoomaawoggaa sadii**

Adeemsa raawwii karoora woggaa sadii qaama karoora imala badhaadhinaa wagga shanii ta'e kana keessatti hojileen haala karoorfamaniin hojjetama jiraachuu isaanii hordoffii fi deeggarsa gaggeessuun murteessadha. Hordoffiin sagantaalee, inishetiiviwan fi pirojektootaa sadarkaa raawniitti gaggeeffamu itti fufiinsaan kan raawwatu ta'ee, dhiyeessii galteewwanii irraa bu'aan eegamu argamaa jiraachuu isaa gadi fageenyaan hordoffiin ni taasifama. Dabalataanis, hordoffiin hojii qooda fudhatootaa fi qaama dhimmi ilaaluuf odeeffannoo gahaa kennuun karoora fi raawwii hojii akkaataa barbaachiisummaa isaatiin kurmaanaa kurmaanaan fi wagga waggaadhan manneen hojiitii fi qaamolee ga'en hordoffii gaggeessuu seeraan kennameefin ni raawwatama.

Hojii ijoon hordoffii raawwii karoora woggaa sadn kana keessatti raawwii hojii fiizikaalaa, raawwii hojii faayinaansii, qulqullina tajaajilaa fi bu'aa eegamuu akkasumaas ergama karoorichaa milkeessuu fi milkeessuu dhiisuu isaa irraatti sakatta`insa gaggeessuun sadarkaa irratti argamuu xiinxalun gabaasaani isaa yeroo yeroon kan dhiyaachaa deemuu ta'a.

## **5.3 Gamaaggama sadarkaa hojiirra oolmaa karoora**

Gamaaggamni raawwii sadarkaa hojiirra oolmaa kan gaggeefamu yeroo murtaa'e/walakeessa yeroo hojiichaaf taa'e/ keessatti ta'ee, ragaalee raawwii karoorichaa sakkatta'uu, xiinxaluu fi qaama murtoo kennuuf kallatii agarsiisuuf gargaara. Gamaaggamni karoora walakeessa imala badhaadhiina kun yeroo hojiirra oolaa jiru (iddoo fi yeroo rawwii karoora) keessatti sadarkaa naannootii hanga aanaatti kan gaggeefamu ta'a. Gabaasni bu`aa gamaaggamaa yeroo isaa

eeggatee qaama dhimmii ilaaluuf dhiyaatee sadarkaa adda addaatti dhimmamtootaa fi qooda fudhaattoota waliin mariin irratti ni gaggeeffama.

#### **5.4 Gamaaggama sadarkaa xumuraa**

Gamaaggamni sadarkaa xumuraa (summative evaluation) kan raawwatu xumura karoorichaa irratti hojiin hojjetame kaayyoo karoorfame bira gahuu fi dhiisuu isaa mirkaneeffachuuf kan gaggeeffamudha. Gamaaggamni sadarkaa xumuraa kun xumura raawwii karoora hojii idilee, sagantaalee fi piroktootairratti bu'aa fi milkaa'ina argamsiise xiinxaluuf, ragaalee duraan hordoffii keessatti sassaabame (baseline data) fi ragaalee erga hojichi xumuramee booda jiru sassaabuun xiinxalli gadi fageenya sadarkaa adda addatti ni gaggeeffama. Akkasumas, hirmaannaa qaamolee adda addaatiin karoora fi raawwiin ittiin madaalamee ciminaalee fi hanqinaaleen raawwii keessatti mul`atan adda baasuun akka irraa baratamu ni ta'a.

Haala kana olitti ibsame irratti hundaa`uudhan gamaggamni sadarkaa hojii irra oolmaa fi sadarkaa xumuraa kan raawwatamu sadarkaa naannootti KKMO ykn manneen hojii of danda`anii ykn qinddoomina KKMO fi Mana hojii mootummaa naanno waliin ta`uun agarsiistoota gurguddoo hojii idilee, inishetivoota,sagantaalee misoomaa fi projektoota gurguddoo filataman irratti kan gaggeeffamu ta`a.

#### **5.5 Sakatta`iinsa sababaa gaggeessuu**

Raawwiin Karoora Imala badhaadhinaa kan ittiin madalamu keessa inni tokko Sakatta`iinsa sababaa gadi fageenya/case study/ gaggeessuuniidha. Haaluma kanaan karoora walakeessaa imala badhaadhinaa keessatti piroktoota gurguddoo rakkoo harkifanna qaban fi osoo hinxumuramiin jiran keessa piroktoota filachuun marsaa marsaan sadarkaa irra jiruu fi hanqinoota qaban qorachuun gabaasa isaa mootummaaf akka dhiyaatu ni taasifama. Akkasumaas hojii idilee gurguddoo ykn sagantaalee misooma,inishetivoota filatamaan irratti akkaataa barbaachisummaa isaatti dhimmoota gurguddoo irratti qindoomna KKMDO tiin manneen hojii waliin ta`uun ni gaggeeffamaa. Akkasumaas akkataa barbaachiisummaa isaatiin manni hojii yuuniversitoota ykn gorsitoota waliin ta`uun kan gaggeeffamu ta`a.

#### **5.6 Ragaa hordoffii fi gamaggamaa guuruu, xiinxaluu fi Gabaasuu**

Filannoong ragaa funaanamuu fi maddi ragaa kaayyoo hordoffii fi gamaggamaa gaggeeffamu wajjin walsimuun ni raawwata. Adeemsi tooftaa fi haala ragaan rawwattoota hojii fi dhimmamtoota irraa ittiin guuramu irratti hundaa`a. Ragaan hangamtaa fi akkamtaa kan

barbaachisaniif adeemsa hojii fi fooyya`iinsa argame safaruun waa`ee raawwii hojii, bu`aa, milkaa`inaa fi dhiibbaa dhufe irratti murtoo kenuuf fayyadu.

### **5.7 Tooftaalee ragaan ittiin Sassaabamu**

- Gabaasaalee fi ragaalee kana dura jiran sakatta`uu ykn ilaaluu,
- Qaamaan bakkichatti argamuun daawwachuu,
- Gaaffii fi deebii qaama dhimmi ilaalu waliin gaggeessuu,
- Maree garee xiyyeffannoo fkn ogeessota fi gaggeessitoota gandaaa, aanaa ykn godinaa wajjin gaggeessuu,
- Gaafannoo qopheessuun ragaa guuruu fi kkf dha.

### **5.8 Xiinxala Ragaa**

Adeemsa hordoffii fi gamaaggamaa gaggeessuu keessatti hojii maaltu akka hojjetameef akkamiin akka hojjetame, bu`aa fi milkaa`ina argame, fi jijiirama ykn dhiibbaa dhufe madaaluu, xiinxaluu fi qaama dhimmi iaaluuf gabaasuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan adeemsa xiinxala raawwii karoora wagga kudhanii hojiawan qaamolee adda addaan sadarkaa adda addaatti raawwataman akkaataa sagantaa yeroo raawwii karoora qabameen sadarkaa qulqullina isaa eeguun, yeroo fi baasii ramadameen raawwachuu isaa ni madaalama.

Xiinxala gabaasa raawwii hojii keessatti sagantaalee/piroktoota karoorfaman kaayyoo fi galma barbaadame bira gahuu fi gahuu dhabuu isaanii sirriitti adda baasuun akkaataa milkaa`ina raawwii isaaniin bu`aa argamee fi jijiirama dhufe madaaluu, kanneen karoora gadi raawwataman sababa maaliin raawwiin isaanii gadi aanaa akka ta`e ifatti kaa`amu ta`a.

Gama biraan, xiinxalli raawwii hojii adeemsifamu kallattii aango fi gahee hojii mana hojichaaf kennameen hojiin raawwatame humna mana hojichaan kan walgitu (efficient) ta`uu isaa, imaammataa fi tarsiimoo galmaan gahuu isaa, hirmaanna, fayyadamummaa fi fedhii uummataa giddugaleessa godhachuu isaa, kallattii karoora yeroo dheeraa, giddugaleessa fi gabaabaa akkasumas guddina misoomaa itti fufiinsaan walbira qabuun ni madaalama. Rakkowwan gurguddoo bara karoora keessatti furmaata argatu jedhamanii karooraan qabaman furmaata argachuu isaanii ifatti akka mul`isutti ni raawwata.

### **5.9 sirna duub-deebii**

Kaayyoon duub-deebii, hojiin hordoffii fi gamaaggamaa erga gaggeeffamee booda rakkolee hojii misoomaa keessatti mu`late akka foyya`u taasiisuu, itti gaaffatamummaan akka jiraatu

gochuu, qaamni ilaallatu tarkaanfii sirreffamaa akka fudhatamu gochuu, gahumsaa fi bu'aa qabeessummaa dabaluu dha. Akkasumas, hanqinaalee (dogoggora) raawwii keessatti mul'atan irraa barachuun hojiwwan gara-fuulduraatti hojjetaman sirreessuu fi foyya'aa akka deemuufidha waan ta'eef duub-deebiin raawwii karoora waggoota kurnnan kana keessatti kennamu dhimmoota armaan gadii giddugaleessa kan godhate ta'a.

- ☞ Bu'aa kan argamsiisu ykn tarkanffii sirreffamaa fudhachuuf kan dandeessisu ni ta'a.
- ☞ Madaalawwaa; dogoggora ykn hanqina qofa funaanu irratti kan hinxiyyeffatnee fi yeroo isaa kan eeggatee dhiyaatu ni ta'a.
- ☞ Duub-deebiin dhiyat barrefama ifa ta'ee fi xiinxala ragaa qabatamaa fi haala salphaa ta'een qaamni biroo hubachuu danda'u bifa beekamaan ni dhiyaata.
- ☞ Sirna duub-deebii keessatti hojii idilees ta'ee pirojekti gabatee fi guca irratti waliigalame qabaatee kan dhiyaatu ta'a.

### **5.10 Raawwii misoomaa gurguddoo gamaaggamuu**

Manneen hojii mootummaa keessattu sekteroota hiyyummaa hir`isan irratti xiyyeffachuun Manni hojii of-danda`un ykn KKMO`n ykn qindoomina Manneen hojii fi KKMO ykn gamaaggamaa alaatiin hordoffii fi gamaaggamaa gaggeessuuf agarsiistoota sadarkaa sadarkaan filatman irratti hunda`un akka gaggeeffamuuf ta'a.

### **5.11 Sagantaalee Gurguddoo Gamaaggamuu**

Manneen hojii mootummaa sadarkaa sadarkaan jiran keessatti sagantaalee misoomaa filataman irratti gamaaggamtoota keessatiin ykn gamaaggamtoota alaatiin ykn qindoomina qaamolee keessaa fi alaatiin kan gamaaggamni kan gaggeeffamu ta'a. Innis, Manni hojii of danda`ee ykn KKMO`n ykn qindoomina KKMO fi manneen hojin gamaggamni kan gaggeeffamu ta'a. Waggoottan sadan itti aanan keessatti sagantaalee misoomaa hojii irra oolaa jiran gama qonnaan,bu'uuraalee misoomaan,hawaasummaan gamaaggama gaggeessuun ta'a.

### **5.12 Pirojektoota misoomaa gamaaggamuu**

pirojektooni misoomaa gurguddoo adda baasuun akka KKMO fi manneen hojii gamaaggama Waggoottan sadan itti aanan keessatti pirojektoota misoomaa hojii irra oolaa jiran gama qonnaan,bu'uuraalee misoomaan,hawaasummaan gamaaggama gaggeessuun bu'aa fi milkaayina argame adda baasu

### **5.13 Inisheetiiviwwan Haaraa**

Gama biraatiin Inisheetiiviwwan haaraa KIB keessatti qabaman kilaastera kilaasteeraan jiran hordoffii fi gamaaggamaa gaggeessuun bu`a qabeessumma taarsiimichaa sakatta`uun mirkaneessa deemuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan **Kilaasteera Baadiyyaa** inisheetiiviwwaan jiruufi jirenya Qonnaan bulaa Qabatamaadhaan jijiiruuf Biroon Qonnaafi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa hojjechaa jiru keessaa Misoomna Qamadii jallisii Misooma Muduraa (Hojii misooma paappayyee/Misooma Kilaastera Paappayyee, Avokaadoo, Muuziin fi Maangoo) fi kan biro adda bahuu gamaaggama ni gaggeeffamu. **Kilaasteera Misooma** Magaalaaiinis karra wal fakkaatuun raawwii karoora misooma magaalaa hordofuu fi gamaaggamuunakkuma eegametti ta'ee raawwii karoora Industrii Godoo babal`isuu, raawwii karoora Qonnaa magaalaa, carraa hojii uumuu, magarsummaa magaalaa babal`irrattii fi dhimmoota tarsiimawaa ta'an biroo irratti ni gaggeeffama. Kilaastera Hawaasummaa ilaachisees raawwii karoora Manneen Barnoota Babl`isuu/Manneen barnoota IfaBoruu,bu'uura boruu , sirna nyaataa barattootaa ,raawwii karoora hojii irra oolma Sagantaa eksteenшини fayyaa fi walii gala raawwii karoora misoomaa dabalatee hordoffii fi gamaaggamni akka hojii irra oolu ta'a.